Yuunvarsiitii Finfinnee
Kolleejjii Barnootaafi Qo’annoo Afaanotaa, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

# Agarsiistuuwwan Eenyummaa Oromoo Tuulamaa Magaalaa Finfinnee 1886 kaasee hanga ammaatti: Xiinxala Waallee Liixxaa Afeewwan Irratti

Duulaa Kafanaa Gonfaa

Waraqaa Qorannoo Digrii Falaasamaa (PhD) Afaan, Ogbarruufi Fooklooriin Guuttachuuf Dhihaate.

Waxabajjii, 2025/2017

Finfinnee

# Agarsiistuuwwan Eenyummaa Oromoo Tuulamaa Magaalaa Finfinnee 1886 kaasee hanga ammaatti: Xiinxala Waallee Liixxaa Afeewwan Irratti

Duulaa Kafanaa Gonfaa

Gorsitoonni: Addunyaa Barkeessaa (PhD, Ittaanaa Pirofeesaraa)

Masfiin Wadaajoo (PhD, Ittaanaa Pirofeesaraa)

Yuunvarsiitii Finfinnee

Kolleejjii Qo'annoo Barnootaafi Afaanii, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

## Labsa/ ibsa qorataa

Qorannoon kun qorannoowwan kanaan dura hojjetaman sakatta’uun qaawwa isaan hambisan guutuuf kan geggeeffameedha. Kanaaf, waraqaa qorannoo kanaan dura hojjetaman akka seera wabeeffannaatti wabeeffachun ala irraa garagalfamuun hanna beekumsaa akka hinqabneefi hojii dhuunfaa koo ta’uu ibsaa, yoo waan kan namaarraa garagalfame qabaate akka seera qorannootti kanan itti gaafatamu ta’uu mallattoo kootinan mirkaneessa.

Duulaa Kafanaa ______ ________________

## Mirkaneessaafi Mallattoo

Akka miseensa boordii qorannootti, waraqaa xumuraa PhD Duulaa Kafanaa Gonfaa mata duree **"Agarsiistuuwwan Eenyummaa Oromoo Tuulamaa Magaalaa Finfinnee 1886 hanga ammaatti: Xiinxala Waallee Liixxaa Afeewwan Irratti"** jedhu irratti dhiheesse dubbisnee madaaluu keenya ni mirkaneessina. Haaluma kanaan, hojiin kun ittiin guuttannaa digirii doktorummaa falaasamaa(PhD) Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklooriitiin ulaagaa guuttachuu isaan fudhatameera.

Itti Gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Sagantaa Eebba Boodaa

____________ ______________

Mallattoo Guyyaa

Dr. Mulugeetaa Nagaasaa ( To'ataa Waltajjichaa) ____________ ______________

Mallattoo Guyyaa

Dr. Tashoomaa Imaanaa (Qoraa Keessaa) ____________ ______________

Mallattoo Guyyaa

Dr. Wandimmuu Taganyee (Qoraa Alaa) ____________ ______________

Mallattoo Guyyaa

Hojii qorannoo gorsaafi qajeelcha keenya jalatti geggeeffame kana gulaallii xumuraa isaa dubbisnee ulaagaa waraqaa PhD guutee kan dhihaate ta'uu mirkaneessineerra.

Dr. Addunyaa Barkeessaa ____________ ______________

Mallattoo Guyyaa

Dr. Masfiin Wadaajoo ____________ ______________

Mallattoo Guyyaa

# Axeerara

*Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo Tuulamaa Finfinnee bara 1886 moggaasni maqaa "Addis Ababaa" jedhu kennamuurraa kaasee seeneffamu afeewwan keessaa xiinxaluudha. Giddugalli Oromiyaa har'a Finfinnee jedhamu jalqaba weerarri irratti geggeeffamuun buufata moototaa waan taateef Afaan, Aadaafi Eenyummaan Oromoo akka hindagaagne bakka itti taasifamaa tureedha. Dhiibbaa kanaan maqaa haaraadhaan magaalaan 'Addis Ababaa' akka hundooftu ta'e. Maqaa jijjiiruun eenyummaa haaraa barbaaduudha (Penick, 2019). Finfinneen giddugala siyaas-diinagdee ta'uun mootonni aadaa, afaaniifi eenyummaa ofii isaanii irratti babal'ifachaa turan. Ammas giddugala siyaas-diinagdeeti. Kana keessa Oromoon Tuulamaa Finfinnee, eenyummaa isaa akkamitti akka ijaarratuufi ibsatu afeewwan keessa xiinxaluun qoratame.Saxaxni qorannoon ittiin geggeeffame, qorannoo akkamtaa dhimma hawaasaa akka miira isaanitti xiinxaluu waan ta'eef ibsa,hiikaafi balballoomsaan xiyyeeffatame. Maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaafi lammaffaadha. Malleen iddatteessuu kaayyeeffataafi eeruutti dhimma bahame. Ragaan afgaaffiifi xiinxala barruuwwaniin walitti qabame liixxaadhaan xiinxalame. Irra caalatti dalagaa hawaasaaf xiyyeeffannaan laatamee jira. Xiinxala geggeeffameen akkaataa Oromoon Finfinnee eenyummaa isaanii itti ibsaniifi ijaaran hubatamee jira. Maqaaleen agarsiistuuwwan eenyummaa keessaa tokko ta'uun eenyummaa bakkaafi hawaasa maqicha baasee agarsiisanii jiru. Maqaaleen Oromoon Tuulamaa Finfinnee bakkeewwaniif baasan maqaa araddaalee, maqaa bakkeewwan sirnaafi maqaa gosaa waan ta'aniif agarsiistuu eenyummaa hawaasichaati. Maqaa bakkeewwanii kanneen jijjiiruun eenyummaan ture jijjiirame. Akkasumas,afaan agarsiistuu eenyummaa hawaasaa ta'e afaan biraatin caalamuun dalagaa hawaasaa irraa daanga'ee eenyummaan isaa sarbamee mul'ata. Sirnoonniifi bakkeewwan sirnaa eenyummaa garee dalaga hawaasaatiin itti hidhatu agarsiisan tajaajilli oolaniif, akkasumas, gareen dhimma itti bahu jijjiiramuun hubatamee jira. Tarsiimoo waallaawaan ofibsuun, dhiibbaan godaanuufi jijjiirama eenyummaa mormachuun afeewwan ogafaaniin ibsa eenyummaa taasisan qabu. Dhimmoota hawaasaa kanneen jijjiiruun eenyummaan bakkaafi garee hawaasaa jijjiirame. Yeroodhaa yerootti deebisee ijaaruuf mormii adda addaaf saaxilame. Ilaanyaan garee hawasaa adda addaa afaaniifi sirnoota Oromoo Tuulamaa Finfinnee iraatti mul'atan. Yeroo ammaa kana bulchiinsi magaalaa Finfinnee akkuma ijaarsaafi babal'ina magaalaa taasisu eenyummaa Oromoo Tuulamaa sirnoota darban keessa sarbame deebisee ijaaruun hariiroo gareewwanii dhugaarratti hundaa'e uumuuf hambaa aadaafi seenaa hawaasichaa kununsuufi misoomsuun barbaachisaadha. Mootummaan Federaalaa Imaammata afaanii sirrii hojiirra oolchuun xiyyeeffannaa Afaan Oromoof malu laachufiin irraa eegama. Akkasumas, mootummaan naannoo Oromiyaa karaa BATO, GAO, IQQO, BBO agarsiiftuwwan eenyummaa Oromoo Tuulamaa giddugala Oromiyaa kanaa jijjiirame deebisee damdamachiisuufi misoomsuun murteessaadha. Gama biraatiin, miidiyaaleen eenyummaa hawaasaa kana irratti hubannoo uumuuf qooda qabaachuun irraa eegama.*

*Jechoota Ijoo: Afeewwan, Eenyummaa, Oromoo Tuulamaa Finfinnee, Waallee*

# Galata

Hunda dura Waaqayyo isa milkaa'inaafi fiixaan bahiinsa hojii namaaf iddoo olaanaa qabun jajadha. Itti aansuun, gorsitoota koo bu'aa bayiifi ifaajjee hojii kanaa keessatti nuffii malee obsaafi jaalalaan yeroofi beekumsa isaaniitiin na gargaaran Dr. Addunyaa Barkeessaafi Dr. Masfiin Wadaajoo guddaan galateeffadha. Dabalataan, Yuunivarsiitii Amboo carraa barumsaa kana naaf kenneefi Yuunivarsiitii Finfinnee baasii qorannoo kanaaf baajata, barsiisotaafi gorsitoota naaf ramade nan galateeffadha.

Akkasumas, namoota hojii qorannoo kanaa keessatti yemmuun ragaa funaanu na gargaaruun namoota naaf barbaadaniifi beellamaan haala naaf mijeessaa turan Barsiisaa Olaanii Ita'aafi Aadde Kuulii Araarsoo guddaan galateeffadha. Haaluma walfakkaatuun, namoota funaansa ragaa qorannoo kanaa keessatti tumsa adda addaa naaf godhaa turan hundaaf galanni koo guddaadha. Gama biratiin, hirmaattota qorannoo kanaa ta'uun namoota ragaa naaf kennan hunda, namoota yaadaan na jajjabeessafi gorsa naaf kennaa turan mara, akkasumas, maatii koo gatii barumsa kana keessatti kaffalamu na waliin kaffaluuf obsaan waan hunda danda'anii naaf tumsaa turan nan galateeffadha.

Gama biraatiin hiriyyoota koo na gorsaa, jajjabeessaa, waanan irra gahe hordofaafi qorannoo kana baasii mataa isaaniitiin waraqaa irratti haala kanaan naaf maxxansan, Injiinar Gamtaa Abdiisaa, Kaasahuun Dabalaa, Barsiisaa Xannaa Fayisaa, Dr. Taasisaa Kumsaa, Dr. Lammii Taaddasaa, Aadde Burtukaan Tasfaayeefi kanneen hafan mara guddaan isaan galateeffadha.

# BAAFATA

**Qabiyyee** **Fuula**


Labsa ........................................................................................................ iii

Axeerara ........................................................................................................ v

Galata........................................................................................................ vi

**BOQONNAA TOKKO: SEENSA** ........................................................................1

1.1. Seenduubee........................................................................................1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........................................................................5

1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa ..................................................................9

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa............................................................9

1.5. Daangaa Qorannichaa ........................................................................11

1.6. Hanqina Qorannichaa........................................................................12

1.7. Galumsa/Galmoo Qorannichaa ..........................................................12

1.7.1.Galmoo haala qabatamaa naannoo .................................................. 12

1.7.2.Galmoo Aadaa Hawaasaa .................................................................. 20

1.7.3.Looga Hawaasa Naannaa Qorannoo .....................................................24

1.7.4.Bulchiinsa Sirna Gadaa ture ............................................................. 25

1.7.5.Hidda Latiinsa Oromoo Tuulamaa ........................................................ 27

1.7.6.Adeemsa Babal'inaafi Kaartaa Magaalaa Finfinnee ................................. 28

1.7.6.1.Adeemsa babal'ina Magaalaa Finfinnee ........................................... 28

1.7.6.2.Kaartaa Magaalaa Finfinnee............................................................29

1.7.7.Karraalee shananiifi Araddaalee magaalaa Finfinnee duraanii ................... 30

1.7.7.1.Karra Finfinnee Shanan.................................................................30

1.7.7.2. Araddaalee Finfinnee duraanii ……………………………………………….31

**BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUUWWANII** ....................32
2.1. Seensa ....................32
2.2. Yaadrimee Eenyummaa ....................33
2.2.1.Akaakuuwwan Eenyummaa ....................35
2.2.2.Ijaarsaafi Diigumsa Eenyummaa ....................37
2.2.3.Yaadrimee Waallee ....................39
2.2.3.1.Maalummaa Waallee ....................39
2.2.3.2.Waalleefi Afee ....................45
2.2.3.2.1.Afaan ....................48
2.2.3.2.2.Maqaa Baasamu ....................49
2.2.3.2.3.Bakkeewwan Ulfoo ....................52
2.2.3.2.4.Alaabaa ....................52
2.3. Eenyummaa, Aangoo, Ilaanyaafi Waallee ....................53
2.4. Caayaa Yaaxxinaa ....................55
2.4.1.Yaaxxina Dalagaa ....................55
2.4.2.Yaaxxina Seenawaa ....................57
2.4.3.Yaaxxina Eenyummaa Hawaasummaa ....................59
2.5. Qorannoo Aantee ....................61
**BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA** ....................64
3.1. Seensa ....................65
3.2. Beedduuba Qorannoo ....................65
3.3. Saxaxa Qorannichaa ....................68
3.4. Madda Ragaa ....................70
3.5. Iddattoofi Mala Iddatteessuu ....................71
3.6. Malleen Funaansa Ragaalee ....................73
3.7. Mala Qaaccessa Ragaa ....................77

3.8. Sakkoo Qorannoo ....................................................................................................85

**BOQONNAA AFUR: AFEEWWAN AGARSIISTUU EENYUMMAA** ..............................86

4.1. Seensa ....................................................................................................86

4.2. Maqaalee Bakkeewwanii ....................................................................................................87

4.2.1.Finfinnee ....................................................................................................88

4.2.2.Shaggar ....................................................................................................93

4.3. Maqaalee Gosaafi Araddaa ....................................................................................................102

4.4. Maqaalee Bakkeewwan sirnaa ....................................................................................................105

**BOQONNAA SHAN: JIJJIIRAMAA LUFUU AGARSIISTUUWWAAN EENYUMMAA**......116

5.1. Seensa ....................................................................................................116

5.2. Jijjiirama Maqaalee ....................................................................................................116

5.2.1.Jijjiirama Maqaalee bara moototaa ....................................................................................................116

5.2.2.Jijjiirama Garee Hawaasaa ....................................................................................................122

5.2.3.Sirnoota Garee Hawaasaa ....................................................................................................140

5.3. Bara Xaaliyaanii ....................................................................................................143

5.4. Bara Bulchiinsa ADWUI ....................................................................................................144

**BOQONNAA JAHA:TARSIIMOO WAALLAAWAAFI HIDHATA ILAANYAAN AFEEWWAN WALIIN QABU**....................................................................................................168

6.1. Seensa ....................................................................................................168

6.2. Tarsiimoo Waallaawaa Afeewwanii ………………………………........…………169

6.2.1.Garee Filachuu ....................................................................................................169

6.2.2.Qe'ee irraa buqqa'uu ibsuu ....................................................................................................177

6.2.3.Dhiibbaa Mormachuufi Qolachuu ....................................................................................................180

6.3. Ilaanyaafi Afeewwan ....................................................................................................186

6.4. Aangoo ....................................................................................................195

**BOQONNAA TORBA: CUUNFAA, GOOLABAAFI YABOO** ........................................199

7.1. Cuunfaa ........................................................................................................199

7.2. Goolaba ........................................................................................................202

7.3. Yaboo ........................................................................................................204

Wabiilee........................................................................................................208

**Suuraawwan Galumsa Qorannoo Gama Garagaraatiin Ibsan:**

Suuraa 1: Magaalaa Finfinnee yeroo garagaraafi haala garagaraan kan agarsiisan: ……..…13

Suuraa 2: Akkaataa itti qe’een qonnaan bulaa magaalaatti jijjiirame ……………………..…...14

Suura 3: Suuraawwan magaalaa Finfinnee  yeroo ammaa agarsiisan   ……………..……...20

Suuraa 4: Hora Finfinnee bara 1882/1890 keessaa………………………..…..……..…...21

Suuraa 5: Odaa Yaa’ii Gullallee kan Birbirsa Gooroo ture ……………………..…..……...…21

Suuraa 6: Bakka Irreechi Hora Finfinnee deebi’ee itti hundeeffamuuf filatame. …..……… 22

Suuraa 7: Irreecha Hora Finfinnee Bara 2012 ......................................................................22

Suuraa 8 fi 9 : Aadaa uffannaa hawaasa naannaa qorannoo    …………………..……..… 22

Suuraa 10: Nyaataafi dhugaatii hawaasa naannaa qorannoo …………………..…………… 24

Suuraa 11: Sochii Fardeen Tuulamaa  Magaalaa Finfinnee keessa   …………...……...…. 24

## Gabaajeewwan

BATO= Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa

BBO = Biiroo Barnootaa Oromiyaa

BMNO = Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

GAO = Giddugala Aadaa Oromoo

IQQO = Inistiitiyuutii Qorannoofi Qo’annoo Oromoo

XWL= Xiinxala waallee liixxaa

## Dabaleewwan

Dabalee A: Afgaaffii ……………………………………………………….………………222

Dabalee B: Odeeffannoo Waa'ee Madda Ragaa ………………………………………………224

Dabalee C: Barruu (Artikilii) 1ffaa ………………………………………………………….227

Dabalee D: Barruu (Artikilii) 2ffaa ………………………………………………………….228

Jibsoo

- Afseenessoo = Afseenessoon jecha jechoota lama irraa walitti fiduun fayyadama Afaan Oromoo keessatti moggaafameedha. Isaanis jechoota “Afaanii”fi “seenessoo” jedhaniidha. Innis, moggaasa jecha Afaan Ingiliziin Oral narrative /folk narrative jedhuuti. Moggaasni jecha ‘narrative’(Afseenessoo) jedhu kun jecha Afaan Laatiniin ‘anecdota’ jedhu kan ogafaaniin walqabatuudha. Hawaasni dhimma garee isaa afseenessoo gooroowwan akka baacoo, afseenaa, durdurii, himtee, weedduu … isaatiin qooddata. Jalqabbiin qorannoo afseenessoo hawaasa addunyaa, marii jalqaba bara 1962 taasifameen afseenessoo unkaawwan biroo irraa adda baasuu ibsuun eegale (Bascom, 1965)
- Afee = Afeen, kan barreeffames kan ogafaaniin jirus bakka bu’a. Afeen waallee qaba.

Haqa barbaadnu kamuu afee keessatti dhihaate keessaa argachuu dandeenya. “There is nothing outside the text” (Slembrouck,1985:23) jedha. Wanti hundinuu afee galumsa hawaasaa keessatti dhihaatu irraa argama jechuudha. Afeen waan barreeffamee kan barruun dhihaatuudha. Akkasumas, kan dubbii/afaaniin himinsaan dhihaatuudha. Fakkeenyaaf, mammaaksi, hibboon, faaruun, geerarsi, durduriin, weedduun, seeyyeen, himteen… afeewwan ogafaaniitiin beekamu.

- Eenyummaa = Eenyummaan akkaataa namoonni dhuunfaas ta’ee hawaasni tokko itti of ilaalan, akkaataa isaan kanneen biroo itti ilaalan, ilaalcha kanneen biroos akkaataa isaan itti ilaalaniidha (Kidd, 2002; Hall fi Bucholtz, 2005 fi Jenkins, 2008).

Eenyummaan kun kan nama, garee yookiin aadaa biraatiin namatti dhufu yookiin kan ofii beekkataniidha. “Ascribed identities are personal, social, or cultural identities that are placed on us by others, while avoded identities are those that we claim for ourselves (Martin & Nakayama, 2010). Eenyummaa ofii ijaarratanis ta’ee gareen biraa namaaf ijaaru haammata.

- Waallee = Waalleen dubbii yookiin barreeffama dhimma tokkorratti dhihaatu jechuudha. “Discourse is a serious speech or piece of writing on a particular subject” (Longman, 2001:388). Kana jechuun, waalleen dubbii afaaniinis ta’ee barruun dhimma tokko irratti dhihaate akka ta’e agarsiisa. Waalleen waan halle (waan hunda) kan qabachuu danda’uudha. Waalleen akkaataa dhimmoota addunyaa kanaa kan akka qaama wayii,

hawaasa, qoorqalbii itti bakka buusuun dhiheessaniidha. Waan addunyaa keessa jiraatanii ibsachuuf miira jiru kan ittiin bakka buusaniidha (Fairclough, 2003).

- Xiinxala Waallee Liixxaa= Xiinxalli waallee liixxaa, xiinxala waallee ilaalcha dabalatuudha (Van Dijk, 2001). Gosa xiinxala waallee keessaa tokko ta'ee, jalqabarra afee ogafaanii yookiin barruu galumsa hawaasaa yookiin siyaasaa keessa akkaataa itti aangoon hawaasa miidhu, walcaalmaafi walqixxummaa dhabuu, baay'achuufi dhoowwamuu kan qoratuudha (Van Dijk (1998).
- Ilaanyaa = Jechi ilaanyaa jedhu, jecha Afaan Ingiliziitiin 'Ideology' jedhu kan bakka bu'uudha. Ilaanyaan 'saayinsii yaadaa akkaataa itti yaadnu, akkaataa itti dubbannu, akkaataa itti falminuufi waliigallu kan ibsuudha. Ilaanyaan qaama hubannoo kan amantaafi sirna amantaa (belief and belief system) ibsuudha. Sirna akka hawaasummaa, siyaasaafi amantaa garee hawaasaan qooddatamuudha. Amantaa gareefi miseensa gareetiif bu'uura (Van Dijk , 2006). Ilaanyaan bu'uura amantaa hawaasaa kan hawaasa bakka bu'u beekumsaafi ilaalcha gareeti (Shahmirzadi, 2018). Kanaaf, moggaasa Ilaanyaa jedhu kana warri moggaasan ibsuu baatanilleen, jechoota ilaalchaafi yaada jedhan irraa waan walitti dhufeedha. Jecha kana koreen waaltinaa akka moggaase wiirtuu jildii 10 fuula 221 irraa argachuu dandeenya.
- Aangoo (Power)

Aangoon gita dubbataan (taayitaan, diinagdeen, sadarkaa hawaasaan…) dhaggeeffataa irraan dhiibbaa geessisuuf qabuudha. Humna hawaasni qabu /humna afaan fayyadamuuf qabuudha (Hang and Dang, 2017). Afaan humna/ aangoodha (Fairclough,1989).

- Caalmaa / olaantummaa (Dominancy)

Inni tokko isa tokko to'achuu, dhiibbaa irraan gahuudha.

- Irraajalummaa /sadarkaa (Hierarchy)

Gubbaa jala ta'uudha (Aangoodhaan, diinagdeedhaan, sadarkaa hawaasaatiin…)

- Walqixxummaa dhabuu (Inequality)

Carraa aangoo, leecalloo … fayyadamuu garee gidduutti addaaddummaa uumuudha (Daller, 2019)

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee

Eenyummaan dirreewwan qorannoo adda addaa keessatti kalattii garagaraatiin ibsama. Fakkeenyaaf, akka hayyoonni xiinqooqa hawaasaafi xiinqooqa xiinsammuu ibsanitti, namni dhuunfaanis ta'ee hawaasni tokko waan walii isaaniirraas ta'e kanneen biroorraa adda isaan taasisuufi walisaan fakkeessu qabu. Addummaafi walfakkeenyi kunis waan isaan ta'aniifi waan isaan hintaane agarsiisa (Erikson,1980). Walfakkeenyaafi addaddummaa kanarraa kan ka'e, ta'uunis, dhiisuunis eenyummaa isaaniiti. Kana malees, akkaataa namoonni dhuunfaas ta'ee hawaasni tokko itti of ilaalan, akkaataa isaan kanneen biroo itti ilaalan, ilaalcha kanneen biroos akkaataa isaan itti ilaalan eenyummaa isaaniiti (Kidd, 2002; Hall fi Bucholtz, 2005 fi Jenkins, 2008). Eenyummaa isaanii kana ijaarrachuu, agarsiisuufi dabarsuu keessatti fayyadamni afaanii kanneen akka fayyadama jechootaa, himaa, ogafaaniifi kkf ga'ee guddaa taphatu (Bloomaert, 2005 fi Fairclough, 2003).

Gama biraatiin, qorattoonni fookloorii immoo, 'folk' kan jedhu akka gareetti ibsuun qoodinsa hawaasa adda baasanii eenyummaa gareen waliin qooddatu ibsuu xiyyeeffatu. Qorannoo fookloorii keessatti aadaan, duudhaan, eenyummaan, gaheen koorniyaafi irraajalummaan galumsa giddugaleessa godhachuun waallee keessa niqoratama (Bauman,1976). Akka Narzari (2018) ibsetti, ogafaan hawaasni duudhaafi barsiifata isaanii waliin qooddachuun eenyummaa isaanii akka tursiisan gargaara. Fookloorii (Folklore) 'folk' fi 'lore'tti qooduun yemmuu ibsan, jechi 'folk' jedhu garee namoota waan kamiinuu haata'uu waa waliin qooddataniidha. Gareen sababa kamiinuu uumame sun duudhaafi barsiifata ofii kan ittiin waamaman qabu. Gareen sun namoota lamas ta'ee namoota baay'ee qabaachuu danda'a. Miseensonni garee namoota baay'ee qabu hundi walbeekuu dhiisuu danda'u; garuu ijoo/wiirtuu duudhaa waloo isaanii miseensa garee sanaa isaan taasise kan miira eenyummaa garee sanaa akka qabaatan isaan godhu beeku (Trubshaw, 2010). Kun akkaataa eenyummaan itti ijaaramu kan nama hubachiisuudha.

Namoonni akka Erikson (1980) eenyummaa dhuunfaafi eenyummaa hawaasaa jechuun kan ibsan nimul'ata. Eenyummaan kun hawaasa kam birattuu umurii ijoollummaa irraa eegaluun

“of/mataa ofii”(self) kan jedhu hariiroo hawaasaa keessaa argama. Akka ibsa hayyoota eenyummaa barreessaniitti hiikni isaan kennanis ta’ee xiyyeeffannaan yaadrimee isaanii dirree qorannoo isaanitiin kan walqabateedha. Erikson (1980:109) yemmuu ibsu, “The term identity points to an individual’s links with the unique values, fostered by a unique history of his people.”jedha. Kanaaf, eenyummaan hidhata namni dhuunfaan seenaa uummata isaa keessa guddifatuun walqabata.

Gama biraatiin, Jacobson-Widding (1983:14) immoo,“The cornerstones by which a personal identity is constructed are to be found in the person’s previous experiences of face-to-face interaction, the interpretation of these experiences is possible only by reference to those values that form his moral and cultural universe” jedha. Eenyummaan nama dhuunfaa kan ijaaramu muuxannoo hariiroo inni fuulaa fuulatti qabuufi hiika muuxannoo kanaa kan unkaa duudhaafi aadaadhaan itti jiraatuuti. Eenyummaan hawaasaa akkanatti ogafaan muuxannoo guyyuu isaa kan ibsamu ta’ee argama.

Biyyoota Afrikaa keessatti eenyummaan dhiibbaa caalmaafi ilaanyaa garagaraatin ijaaramuufi diigamuutti saaxilamaa deema. Keessaayyuu ilaanyaan siyaasaa eenyummaa garee hawaasaa jijjiiruu bira darbuun sadarkaa duguuggaa sanyiitti akka mul’atu taateewwan biyyoota akka Ruwaandaa, Sudaan-Daarfuur, Zimbaabuweefi Keeniyaatti ni ibsamu (Kochalumchuvattil, 2010). Ilaanyaa jirurraa kan ka’e eenyummaan gareewwan hawaasaa akkaataa itti ijaaramu, ibsamu, jijjiiramuufi diigamu Afrikaa keessatti bal’inaan beekama. Akka Lucas (2006) ibsetti, eenyummaan gareewwan hawaasa Afrikaa Kibbaa Koloneeffattoota bulchiinsa Appartaayidiitiin jijjiiramee ture. Eenyummaan koloneeffattootaa immoo, aangoo keessa akkaataa itti mul’atu barreessee jira. Akkasumas, meeshaalee aadaa keessa eenyummaan akkaataa itti mul’atu dhiheesse. Gama biraatin qoqqoodinsa eenyummaa sabaa, Appaartaayidiidhaan uumameefi dhiibbaa eenyummaarra gahe ibsee jira. Haaluma walfakkaatun, Guyot & Seethal (2007) bulchiinsa appartaayidii booda eenyummaa bakkeewwanii qoratan. Bulchiinsa appartaayidiitin maqaalee bakkeewwanii jijjiirun daangaa bakkichaa irradeebi’anii caasessuudha jedhan. Akka isaan ibsanitti, maqaalee bakkeewwanii eenyummaan walqabsiisanii siyaasaf oolchuun, eenyummaa haaraa uumuun impaayera Biritiish jalatti biyya haaraa ijaaruu ture. Appaartaayidiin Impaayera ijaaruu keessa eenyummaan gareewwan hawaasaa diigamanii

haaraan ijaarame. Kanarraa akkaataa itti eenyummaan itti diigameefi haaraan ijaarame hubachuun nidanda'ama. Biyya keenya keessattis eenyummaan dhiibbaa adda addaatiin diigamuufi ijaaramuun akka jiru ibsama.

Akka seenaa Itoophiyaa irraa hubachuun danda'amutti, ijaarsi eenyummaa, gareewwan hawaasaaf xiyyeeffannaan kan kenname osoo hintaane, maqaa ijaarsa biyyaa jedhuun garee hawaasaa tokko qofaa giddugaleessa godhate. Kun impaayera ijaaruuf jaarmiyaalee hawaasaa irraa-jalummaan aangoo ofii jala galcheera (Mohammed,1997 fi Mekuria, 1996). Irraa-jalummaafi caalmaan garee tokkoo uumamuun gareewwan kuuwwan weerareera. Namni yookiin gareen weerarame eenyummaa isaa, aadaa isaafi seenaa isaa haaluu danda'a; haalaniirus. "The conquered peoples were denied their identity, culture, and history" (Abbas,1995:1). Kun immoo, gareen tokko karaa itti eenyummaa isaa ijaaruufi ibsu akka dhabu, akkasumas, eenyummaa garee biraatti akka of dabalu isa taasisa. Ofdabaluun kun dirqamaan kan ofii dhiisanii kan biraa fudhachuuf weeraramuun kan dhufeedha. Asefa (2015:121) "After conquest and forced conversion, the people's identity became double: religious and natal" jechuun ibse. Kana jechuun erga weeraramaniifi akka jijjiiraman dirqamanii eenyummaan namaa lama ta'a: kan amantiifi kan dhalootaa. Akka ibsa Abbaasiifi Asaffaatti, akkaataan itti eenyummaan Itoophiyaa keessatti itti ijaaramu akka yaadrimee fooklooriitti kan miseensi garee duudhaa waloo isaanii fedha isaaniitiin qooddatan osoo hintaane dhiibbaa aangoo, caalmaafi irraa jalummaa uumameen ijaarameedha. Sabni kamiyyuu, eenyummaa sabummaa/ biyyummaa isaa dubbachuun sirna hawaasummaafi aadaa adda isa godhu qabaata. Eenyummaan tarii muuxannoofi raagamtaa jirurratti hundaa'a.

Gama biraatiin, Asafa (2010:1) ijaarsaafi dagaagina eenyummaa yemmuu ibsu, "In the formation and development of individual or collective identity, the social condition is an objective agent, arising from economic, political, social and cultural aspects which are characteristic of the growth and history of the society in question." jedha. Kana jechuun, ijaarsaafi dagaagina eenyummaa dhuunfaa yookiin waloo keessatti haalli hawaasaa amala guddinaafi seenaa gama diinagdee, siyaasa, hawaasummaafi aadaan jiru bakka bu'a.

Haaluma walfakkaatuun, galumsa Oromoo keessatti yemmuu ilaalamu, Asafa (2007:13) Oromummaan eenyummaa waloo Oromoo ta'uu ibsee jira. "*Oromummaa* as an element of culture, nationalism, and vision has the power to serve as a manifestation of the collective identity of the Oromo national movement." jedhe. Kana jechuun, Oromummaan akka caacculee aadaa, sabboonummaafi mul'ataatti humna eenyummaa waloo Oromoo warraaqsa akka biyyaatti jiru agarsiisuuf tajaajiluudha. Bu'uurri sabboonummaa aadaa Oromoo muuxannoo hawaasa Gadaa keessa jiru guutummaatti gaafachuudha (Admasu, 1995). Akka Admaasuun ibsetti, sirni Gadaa duudhaa dimokiraatawaa Oromoo, hirmaannaa hawaasaan qondaaltota isaa filatuudha. Filannoon isaa immoo, ga'umsa geggeessummaa irraa mul'atuun hawaasa Gadaa geggeessuu danda'uu kan waggaa saddeet saddeetiin wal harkaa fuudhamuuti. Yaa'iinsa seera tumuu isaa caffeetti walitti qabamuun ta'a. Kun agarsiiftuu eenyummaa saba Oromoo- Oromummaadha.

Akka ibsa keeyyata olii kanarraa hubannutti, sabni Oromoo sirna eenyummaa isaa akka sabaatti ibsu yookiin agarsiisu qaba. Innis adeemsa, dalagaalee hawaasaafi bakka adda bahee eenyummaa hawaasa ittiin buluu agarsiisuun beekama. Haata'u malee, bulchiinsota darban hedduu keessatti sirni kun eenyummaa hawaasichaa ibsuu irraa daanga'uun hawaasichi eenyummaa biraa akka fudhatu godhamaa ture. Dhaloonni dhufee darbus dirqamuun eenyummaa biraa fudhachuutti saaxilamuun qabsoon baay'ee cimaa ta'ee geggeeffamaa tureera. Yemmuu kana hawaasni kun eenyummaa isaa eeggachuu, tursiisuufi ittifufsiisuuf gahee bahaa ture niqabaata. Kun immoo, afee fookloorii isaa keessatti argama. Asefa (2015:27) "Culture and its traditions have a major role in preventing a loss of identity and serve as a means by which identity is conveyed and preserved" jedha. Aadaafi duudhaan isaa eenyummaa ofii gadhiisuu hambisuufi karaa ittiin eenyummaan lufuufi baraaramu ta'uuf gahee guddaa qabu.

Haaluma walfakkaatuun, Gemechu (1993:14) "Every culture has an organised system of thought which provides the basis upon which identity is constructed " jechuun ibse. Akka ibsa isaatti, aadaan kamiyyuu sirna yaadaa qindaa'aa ijaarsa eenyummaaf bu'uura ta'u qaba. Eenyummaan ijaaramuuf aadaan bu'uura ta'uu hubachiisa. Innumti fuula-20 irratti, beekumsi duudhaa hawaasaa keessa jiru eenyummaa waliin hariiroo cimaa akka qabu yemmuu ibsu immoo,"Knowledge perhaps is central to those elements that constitute the

identity of a people, whether in the form of self perception of the person or social, cultural or ethnic identity. Thus knowledge and identity are inseparably linked" jedhe. Kana jechuun, beekumsi wantoota eenyummaa namootaa ijaaraniif akka hubannoo eenyummaa ofii nama dhuunfaa, hawaasaa, aadaa yookiin eenyummaa gosaatti hubachuuf wiirtuudha.

Afaaniifi eenyummaan akka addaan bahuu hindandeenyetti kan walitti hidhataniidha. Hawaasni fayyadama afaan isaatiin ofibsa. Akka qorattoonni fooklooriis ta'ee xiinqooqa hawaasaa ibsanitti hawaasni afaaniin dhimma isaa ibsata; afaanis galumsa hawaasaa keessatti tajaajila. Kun fayyadama afaanii kam keessattuu faayidaa afaan hawaasaaf qabuudha. Fayyadamni afaanii hawaasa Oromoo, ogafaanitti daanga'ee waan tureef eenyummaan isaas afeewwan fookloorii isaa keessatti argama. Eenyummaa qorachuuf karaa fayyadama afaan isaa kana keessa ilaaluu barbaachisa. Waan kana ta'eef, qorannoon kun Oromoon Tuulamaa Finfinnee jiraachaa turaniifi jiran eenyummaa isaanii afeewwan keessa akkaataa itti ijaaraaniifi ibsan kan xiyyeeffateedha.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoon kun dhimma hawaasaa afeewwan jiran keessa kan qorateedha. Qorataa kakaasuun ka'umsa qorannoo kanaa kan ta'an sababoonni garagaraa jiru. Isaan keessaa inni jalqabaa haala qabatamaa muuxannoo qorataati. Amma qorataan dhimma Oromoo Finfinnee itti dhaga'aa tureefi yeroo magaalaa kanatti deddeebi'u arguufi beekutti agarsiiftuuwwan eenyummaa Oromoo ifa bahanii hinmul'atan. Qorataan kana irratti afeewwan seeneffaman garagaraa dhaga'uun muuxannoo qaba. Keessaayyuu weedduuwwan maqaalee Finfinneefi Shaggar jedhan fayyadamuun miira hawaasaa ibsan bal'inaan dhaga'amu. Seeneffamni Oromoo Tuulamaa Finfinnee, "Sii bahe biyyaa sii bahe, yoo muujjaan dallaa siif tahe, yoo jaldeessi daboo siif bahe …" jedhan jedhu nidhihaata. Kun immoo, eenyuuf, maaliif kan jedhu yaada namaa keessatti gaaffii uuma. "Qonneet lafa bahe yaa Tasammaa Maasaan, garaat nama bada waan darbe yoo kaasaanii" kan jedhu seeneffama Oromoo Tuulamaa Finfinnee dhaga'aa guddanne. Dhimmi agarsiiftuuwwan eenyummaa Oromoo Finfinnee seeneffamoota akkanaatiin dhihaata. Kana jechuun dhimmi garee hawaasaa kun waan tuqamuu, dubbatamuu hinqabne wayii qabaatee waan ukkaamfamee, cuqqaalamee, golgamee bira darbamu wayii waan qabu fakkaata. Kun seeneffamoota hawaasaa keessa

xiinxalamuu akka qabu qorataatti kaka'umsa uume. Dabalataan, koorsiiwwan qorataan barate keessaa maleenyi xiinxala waallee liixxaa muuxannoo qorataa kanaa caalatti cimsuun ka'umsa qorannoo kanaa ta'e. Sababni isaa, koorsiin kun yemmuu baratamuufi hojiin xiinxalaa garagaraa geggeeffamuun dhihaatu qorataaf hubannaa cimaa uume. Maleenyi kun yeroo ammaa dirreewwan qorannoo kamuu keessa seenuun dhimmoonni gareewwan hawaasaa irraa jalummaa qaban, caalmaa, walqixxummaa dhabuu, dhiibbaa olaantummaafi gadaantummaa garee uumuun dhufu, dhimma hawaasaa dabeefi cabe, ilaanyaa afaaniifi aadaa garee hawaasaa gidduu jiru, walumaa galatti haqa golgame saaxiluu dandeessisuufi bakka dhiibbaan rigataa dhimmoota hawaasaa gidduu jirutti maleenya qorachuuf ooluudha. Kun muuxannoo qorataa utubuun ka'umsa qorannoo kanaa cimse.

Gama biraatiin, wanti ogbarruu irraa hubannu, Oromoon Tuulamaa Finfinnee jiraatan, jalqaba sirni Gadaa laafuun, bulchiinsi sirnoota gita bittaa bakka bu'uurraa kaasee eenyummaa isaanirra dhiibbaan garagaraa gahaa tureera. Agarsiiftuuwwan eenyummaa isaanii aadaafi afaan sarbamaniiru. Finfinneen giddugala siyaas-diinagdee Bulchiinsa sirnoota dhufanii darbanii waan taateef Oromoon Tuulamaa achi jiraachaa ture gaaga'ama garagaraaf saaxilamuu seenaan ibsee jira. Agarsiistuuwwan eenyummaa kanneen akka: afaan, aadaafi seenaa Oromoo yeroo dheeraaf hacuuccaa jala ture. Giddugalli Oromiyaa har'a Finfinnee jedhamu kun jalqaba weerarri irratti geggeeffamuun buufata moototaa kan taatedha (Woldayohaannisiifi Gammachuu, 2009; Taaboor, 2008 fi Cerulli,1922). Kanarraa ka'uun Finfinneen akka magaalaatti hundaa'uu dandeesse. Akka Woldayohaannisiifi Gammachuu (2009) ibsanitti, bara Minilik irraa eegalee Itoophiyaa keessatti lammii ta'uun kan danda'amu ulaagaaleen akka amantii tokko fudhachuu, afaan tokko dubbachuu, aadaa tokkotti jiraachuu dirqama waan tureef, eenyummaan garee kaanii hacuuccaa jala ture. Yemmuu kana, aadaafi afaan hawaasa naannaa sana jiraatuu kan garee hawaasa biraan bakka buufamee ture. Kun immoo, Oromoonni Tuulamaa Finfinnee jiraatan hawaasa kutaa Oromiyaa biroo keessa jiraatan hunda caala sabaafi sablammoota garaagaraan wal keessa jiraachuun loorii garee isaanii jijjiiruuf kan saaxilamaniifi dirqaman ta'ani. Getahun (2002) akka ibsetti, hundeeffamni magaalaa seenaan akka jijjiiramu ka'umsa ta'a. Sababnisaa namoonni haala hawaasa sanaa jijjiiraa deemu. Yeroon booda haala naannoo sanaa to'achuufi qindeessuuf bakkichi giddugala ta'a. Waan kana ta'eef, Magaalaan hawaasummaa, diinagdee, siyaasaafi aadaa jijjiiruu keessatti gahee guddaa akka qabu ibse.

Minilikiifi haati warraa isaa Xaayituun naannaa hora Finfinnee dhufuun Maasaraa ijaarratanii magaalaan akka hundooftu godhan (Zelelem, 2018; Phillips, 2017; Elleni, 2010; Wessling, 2008; Dandena, 2008 fi Getahun, 2002). Sana booda Finfinneen giddugala siyaas-diinagdee moototaa ta'uun mootonni aadaa, afaanifi amantii ofii isaanii irratti babal'ifachaa turan. Ammas giddugala siyaas-diinagdeeti. Yemmuu kana Oromoon aadaa, afaaniifi eenyummaa isaa waan weerarameef ibsachuufi guddifachuu dhorkamaa ture. Oromoon akka waliigalaatti akka saba tokkootti fudhatamus ta'ee akka caasaa hawaasaa qabuun garee hawaasaa (Fookii) garagaraatiin ilaalamuu danda'u eenyummaa mataa isaa qaba. Eenyummaan kunis akkaataa itti ijaaramuufi ibsamuun dhalootaa dhalootatti lufaa deema. Haata'u malee, kan Oromoo karaa ogbarruu akka hinibsamne dhiibbaa garagaraan dhorkamaa turuu qorannoowwan ibsanii jiru. Hawaasni kun yeroo dheeraaf (1844-1994 A.L.A) dhiibbaa afaan isaarra gahaa tureen gara barnoota jabanaatti fiduun ogbarruun dhimma itti bahuu akka hindandeenye Makuria (1994) ibsee jira. Kun immoo, hawaasni afaan isaa gama barnootaatiin, sabaahimaaleen, ogbarruun, qo'annoofi qorannoon gargaaramee eenyummaa isaa akka hinibsanne dhorkaa tureera. Akka Makuriyaan ibsetti, Afaan Oromoo afaan hawaasa Oromoo qofaan dubbatamu osoo hintaane Afrikaa keessatti biyyoota akka Keeniyaafi Somaalee keessatti kan dubbatamuufi Itoophiyaa keessatti immoo, sabootni akka Adaree, Sidaamaa, Bartaa, Anyu'aak, Komaa, Kuulloofi Kafaa ollaa isaanii waliin waliigaluuf fayyadamaa kan turaniidha. Haata'u malee, fedhiin qorannoo qorattoota lammii biyyoota adda addaanis ta'ee Oromoon afaan, aadaafi seenaa isaa guddifachuuf qabu, fedhii eenyummaa tokko qofa afaan tokkoon uumuu sirna bulchitootaa irraa kan ka'e ukkaamfamee ture (Okbazghi,2001; Mohammed,1997; Mekuria, 1994 fi Baxter, 1986).

Ka'umsa qorannoo kanaa kan ta'e inni biraan, qorannoon dhimma eenyummaa Oromoo akka gareettis ta'ee hawaasaatti ilaaluun qoratame amma qorataan qorannoowwan maxxanfaman keessa barbaadetti bal'inaan mul'achuu dhabuudha. Qorannoowwan garagaraa 'joornaalii' qorannoo Oromoo irraafi toora marsariitii irraa kallattii adda addaan barbaaduun, akkasumas, kitaabbilee adda addaa dubbisuun sakatta'amaniitti qorannoowwan gama kanaan afee fookloorii keessa eenyummaa qorachuun bal'inaan dhiheessan gahoodha jechuun hindanda'amu. Garuu, akkaataa itti eenyummaan afee fookloorii keessa ijaaramuufi ibsamu xiinxaluun beekumsa hawaasaan dhimma hawaasaa ilaaluun kan qorannoo

barbaadudha. Kanaaf, gama kanaan qorachuun barbaachisaa ta'ee osoo jiruu waan hinxiyyeeffatamneef ka'umsa qorannoo kanaaf sababa ta'eera.

Qorannoowwan jiran keessaa tokko kan Makuriyaa "Eenyummaa biyyaalessaa Oromoo damdamachiisuufi deebisanii ijaaruu" jechuun bara 1996 qorateedha. Xiyyeeffannaan qorannaa kanaa eenyummaa biyyaalessaati. Guutummaa eenyummaa Oromoo akka biyyaalessaatti qorate malee kan Oromoo Tuulamaa Finfinnee qofaa xiyyeeffate miti. Inni biraan kan Gemechu (1996) "Oromummaa: barsiifata, dammaqinaafi eenyummaa jechuun qorateedha. Kun immoo, eenyummaa sabaa kan xiyyeeffateedha. Akkasumas, Asafaan bara 2007 OROMUMMAA: Aadaa Oromoo, Eenyummaafi Sabboonummaa jechuun dhiheessee jira. Qorannoowwan kunneen bal'inaan qorannoowwan aantee jalatti yemmuu ilaalaman qorannoo kanaaf qaawwa hambisan qabu. Qorannoowwan kunneen xiyyeeffannaan, yaaxxinaan, mala qorannoon, daangaa qorannoo kanaan garaagarummaa waan qabuuf, qorannoon kun qaawwa hafe kana guutuun beekumsa dabalu qabaata.

Walumaagalatti, qorannoo kanaaf ka'umsa kan ta'an muuxanoo seeneffamoota hawaasichaa qorataan qabu, koorsiiwwan barataman, ibsa ogbarruuwwaniifi qaawwa qorannoowwan geggeeffamaniin akeekamaniidha. Kanaaf, qorannoon kun Oromoon afeewwaniin eenyummaa isaanii haala itti ijaaraniifi ibsan seeneffamoota jiran xiyyeeffatee kan geggeeffame ta'ee gaaffilee armaan gadiitiif deebii kan barbaadedha. Gaaffileen bu'uuraa kunneenis:

- Magaalaa Finfinnee keessatti afeewwan akkamiitiin eenyummaan Oromoo agarsiifamani?
- Magaalaa Finfinnee keessatti agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo Tuulamaa jijjiiramaa lufuu akkamii qabu?
- Magaalaa Finfinnee keessatti afeewwan eenyummaa Oromoo Tuulamaa agarsiisan tarsiimoo waallawaa akkamiitti dhimma bahani?
- Afeewwan eenyummaa Oromoo Tuulamaa Finfinnee agarsiisan ilaanyaa waliin hidhata akkamii qabu?

## 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa, gahee afeewwanii eenyummaa Oromoo Magaalaa Finfinnee kaleesaafi har'aa keessaa xiinxaluudha. Kaayyoowwan gooreen qorannichaa immoo:

- Afeewwan eenyummaa Oromoo Tuulamaa Magaalaa Finfinnee tureefi jiru agarsiisan ibsuu
- Magaalaa Finfinnee keessatti agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo Tuulamaa jijjiiramaa lufuu qaban balballoomsuu.
- Tarsiimoo waallaawaa afeewwan Oromoonni Tuulamaa Finfinnee eenyummaa isaanii agarsiisuuf dhimma itti bahan ibsuu
- Hidhata afeewwaniifi ilaanyi Eenyummaa Oromoo Tuulamaa Magaalaa Finfinnee keessaa agarsiisuuf qaban balballoomsuu

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Argannoo qorannoo kanaas ta'ee adeemsi xiyyeeffannaa qorannichaa gama garagaraatiin faayidaa qabaata jedhamee abdatama. Adeemsi qorannichi ittiin geggeeffame xiinxala waallee liixxaa waan ta'eef, gama yaaxxinaan gumaacha guddaa niqabaata. Gama biraatiin, haqa hariiroo hawaasaatiin afeewwan fookloorii isaa keessa ijaaramuufi ibsamu waan hawaasichi jedhuufi godhuun qorachuun waalleen afeewwan fookloorii eenyummaa hawaasa tokkoo akkamitti akka ijaaruufi ibsu beekumsa dabaluun barbaachisummaa inni gama yaaxxinaan qabu ta'a. Inni biraan, maleenyiifi saxaxni xiyyeeffatame xiinxala waallee liixxaatiin eenyummaa garee hawaasaa afeewwan keessa ijaaramuufi ibsamu qorachuu giddugaleessa godhate. Kanaaf, gahee afeewwan fookloorii eenyummaa ijaaruufi ibsuu keessatti qaban akkaataa itti ibsuu, hiikuufi balballoomsuun danda'amu hubannoo uuma.

Inni biraan, gama haala qabatamaatiin rakkoolee bu'uuraa eenyummaa hawaasa Oromoo Tuulamaa Finfinnee jiraatuun walqabatanii ka'an furuu keessatti galtee guddaa ta'a. Haaluma walfakkaatuun, waraqaan qorannoo kun artikilootatti qoqqoodamuun waan maxxanfamuuf namoonni dubbisuun beekumsa qooddachuufi wabeeffachuu danda'u. Akkasumas, namoonni qorannoo geggeessuu barbaadan waan qoratameefi hinqoratamne adda baafatanii qaawwa hafe fuulleffachuuf ka'umsa ta'aaf. Kana qofa osoo hintaane, biiroowwaniifi waajjiraaleen dhimma hawaasaa irratti hojjetan hubannoo beekumsa xabboo eenyummaan hawaasichaa giddugaleessa godhatu hubachuun sona eenyummaa hawaasichaa akka tiksaniifi fufsiisanitti ciicata nita'a. Biiroon Aadaafi Turizimii Oromiyaa (BATO), Giddugalli Aadaa Oromoo (GAO), Inistiitiyuutiin Qorannoofi Qo'annoo Oromoo (IQQO), dhimmoota hawaasaa irratti waan hojjetaniif qorannoo kana ciicata taasifachuu danda'u. Aadaafi afaan qorachuun eenyummaa hawaasaa agarsiisuu waan xiyyeeffatuuf dhaabbileefi jaarmiyaalee dhimmoota hawaasaa kanneen xiyyeeffataniif qorannoon kun madda tokko ta'uun isaan gargaara. Gama biraatiin, Biiroon Barnoota Oromiyaa (BBO) sirna barnootaafi meeshaalee barnootaa yemmuu qopheessu eenyummaa barattootaa xiyyeeffannaa keessa akka galchu nigargaara. Akkasumas, Afaan agarsiistuu eenyummaa ta'ee Finfinnee keessaa Oromoo Tuulamaa waliin dhiibamaafi godaanaa ture, har'alleen ilaanyaa afaanii afheddummaa balaaleffatuun mormamaa jiru barnootaan akka guddisuufi misoomsuuf ciicata ta'a. Akkasumas, qaamonni afaaniifi aadaa hawaasa kanaa qoratanis ta'ee barsiisan hawaasni eenyummaa isaa akkamitti akka ijaaruufi ibsatu hubannoo akka horatan taasisa.

Walumaagalatti, barbaachisummaan qorannoo kanaa beekumsa hawaasni eenyummaa isaa ijaaruufi ibsachuun dhalootatti lufsiisuuf qabu namoota waraqaa qorannoo kana dubbisan hubachiisa.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun qabiyyee, maleenyaafi yoomessaan daangessamee jira. Qabiyyeedhaan afeewwanirratti yoo daangessamu isaan keessaas afseenaafi afwalaloorratti xiyyeeffate. Kana malees, eenyummaa garee hawaasa Oromoo Tuulamaarratti kan hundaa'edha. Sababni isaa Oromoo Tuulamaa Finfinnee jiraatan irratti daangessameef qe'een isaanii dirree siyaasni irratti geggeessamu ta'uufi babal'ina magaalaatiin irra deddebiin buqqa'aa waan har'a gahaniif diigumsa eenyummaa isaanii kana keessa mul'ate afeewwan agarsiisan xiinxale.

Akka maleenyaa goorootti, qorannichi xiinxala waallee liixxaa irratti yemmuu daangessamu, kana keessatti maleenyaa waallee akka dalagaa hawaasaatti (Fairclough, 1992)fi maleenyaa waallee seenawaatti (Wodak, 2001) dhimma bahame. Maleenyi kun bara 1999 erga hundeeffamee kaasee dirreewwan qorannoo garagaraa keessatti xiyyeeffannaa guddaa argateera (Wodak 2001). Sababnisaa, ibsa bira darbuun hiikuufi balballoomsuu bira waan ga'uuf qorannoon garanatti akka dhufu barbaaduurraa kan ka'eedha. Waan kana ta'eef, qorannoo kana keessatti sadarkaalee maleenyi kun xiyyeeffatu keessaa dalaga waallaawaafi dalagaa hawaasaatti daanga'uun kan geggeeffameedha. Yoomessaan Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee irratti yoo daangeffamu, yeroo afeewwan keessatti oomishamanii itti fayyadamaniin ammoo kan hundeeffama magaalattii bara 1886 irraa kaasuun jiran, kanneen yoomessa garagaraa keessatti dhihaataniidha. Baroota kana keessa afeewwan jiran hunda haammachiisuun waan hindanda'amneef afeewwan filataman qofaatti daanga'ee jira.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo kana geggeessuuf adeemsi ragaan itti fudhatameefi xiinxalame amala qorannoo akkamtaa irratti kan hundaa'edha. Qorannoon akkamtaa ragaa funaanuufi xiinxaluu keessatti galumsa giddugaleessa godhachuun jechaan dhihaate. Osoo amala qorannoo akkamtaafi ammamtaa walitti fiduun qorannoo makaa ta'ee tarii argannoofi ibsa dabalataa argachuun nidanda'ama ta'a. Kanaaf, kun waan qorannoon kun hingoone waan ta'eef qorannoon gama biraan dhimma kanarratti geggeeffamu kana xiyyeeffannaa keessa galchuu nidanda'a.

## 1.7 . Galumsa/Galmoo Qorannichaa (Context of the study)

### 1.7.1. Galmoo haala qabatamaa naannoo ( Physical context)


Bakki qorannoon kun xiyyeeffatee geggeeffame magaalaa yeroo amma kana maqaa Finfinnee jedhamuun waamamtuudha. Finfinneen magaalaa guddittii naannoo Oromiyaa wiirtuu Oromootaati. Akkasumas, akka magaalaa guddittii Itoophiyaafi iddoo waajjirri biyyoota Afrikaa gamtoomanii itti argamuudha. Dabalataan biiroowwan Imbaasii biyyoota Addunyaa garagaraa keessatti argamu. Kana Alamaayyoofi kuuwwan (2016:363) yemmuu ibsan "Yeroo ammaa Finfinneen magaalaa guddittii Oromiyaafi teessoo mootummaa naannoo Oromiyaati. Kana malees, teessoo mootummaa Federaalaa Itoophiyaa yoo taatu magaalaa muummittii Afrikaati. Finfinneen iddoo jaarmiyaaleen mootummoota gamtoomanii itti argamuufi wiirtuu siyaasaafi dippiloomaasiin addunyaa keessatti geggeeffamuudha" jedhu.

Magaalaan kun kan hundoofte bara 1886 kaasee yemmuu Minilik 2[ffaa]n weeraraan gara biyya Oromootti dhufeedha (Abnet and etal,2017; Wessling, 2008; Phillips,1974;Elleni 2010). Finfinneen magaalaa Tulluurra jirtuufi tulluun marfamtee argamtuudha. Argamni ishee mudhii lafaan gara kaabaatti 9°2' gara bahaatti immoo 38°45' ta'uun olka'iinsa galaanarraan giddugaleessaan meetira 2500 irra jirti. Garri kaaba ishee immoo Tulluu Xuuxxoo (Inxooxxoo) qabatee olka'insa galaanarraa hanga meetira 3000 kan gahu yemmuu ta'u gara kibbaatiin hanga meetira 2200 galaanarraa olka'uun beekamti (Dandena, 2008)

Haalli babal’ina ishee, karoora caasaa Magaalaa Finfinnee bara 2017-2027tti yaadamee qophaa’e irratti akka itti aanu kanaan ibsamee jira.

> Since its establishment in 1886, Addis Ababa has undergone many changes interms of its size and demographics, its finance and economic structure, its physical and spatial organization. The spatial development scheme of Empress Taitu had created a number of localities known as ‘Sefers’ around the houses of the novelty ( Lia, 2017:1).

Akka afeen kun ibsutti, Magaalaan Finfinnee hundeeffama ishee bara 1886 irraa eegaltee gama bal’ina qubsuma lafaan, diinagdeen, caasaafi qindaa’ina isheen jijjiirama baay’ee agarsiiftee jirti. Karoorri ijaarsaa Xaayituun qabame Afaan Amaaraan ‘safar’/ ሰፈር/ jedhamu hedduun naannaa mana haaraa qubsuma godhachuuf ijaarratanii sanatti uumame. Sana booda suuta suuta lafti qonnaa sadarkaa magaalaa har’a irra jirtuutti guddachaa kan dhufteedha. Suuraawwan buleeyyiin jiran kanaaf ragaadha.




**Suuraa 1**: Magaalaa Finfinnee yeroo garagaraafi haala garagaraan kan agarsiisan: Alamaayyoofi kuuwwan (2012 ) fi toora marsariitii irraa fudhatame.

Haaluma walfakkaatun, suurawwan armaan gadii babal’ina magaalaa kanaan akkaataa itti qe’een Oromoo Tuulamaa gara ijaarsa manneen magaalaatti itti jijjiiramuun hawaasni dhiibamee buqqa’u kan agarsiisaniidha.



Suuraa 2: Akkaataa itti qe’een qonnaan bulaa magaalaatti jijjiirame kan agarsiisan, toora intarneetii irraa fudhatame.

Qonni suurawwan armaan olii kanneen irraa mul’atu tekinoolojii qonna magaalaa miti. Hawaasa qe’ee isaarra qotatee jiraatu lafa qonnaa isaa irraa buqqisuun akkaataa itti manneen magaalaa itti ijaaramuun Magaalaan Finfinnee itti babal’atte kan agarsiisudha. Lafuma hawaasni qotatee midhaan nyaatee bulu irra oomishatuufi irratti jireenya isaa geggeeffatu irraa fudhachuun gamoo irra dhaabu. Amma gaafa iddoo inni qotaa jiru kanattis ijaarrataniitti akkanumatti jiraachuuf tattaafata. Gaafa guutummaatti laficha ijaarsaan uwwisan nigodaana; yookiin isaanumaaf waardiyyaa ta’ee qe’ee isaa qe’ee isaaniitti jijjiirratan eegaf. Kana Elleni (2010) yaada barreessiteen Magaalaan Finfinnee hawaasa qonnaan bulu akka ofkeessaa qabdu ibsitee jirti. Yaada armaan gadiin waan Finfinnee keessaa habuurte barreessite.

> Yet what is remarkable one hundred years later is that people continue to walk. Yes, here people walk, and they continue to bring their mules, their donkeys, their cows, and their sheep into town. And they walk. On their pack animals, they bring the wheat, the teff, and the rye that will feed the residents of Addis Ababa city (Elleni 2010:118).

Akka yaada afee kanarraa hubatamutti, qonnaan bulaan magaalaa kana keessa socho'uun oomisha isaa gurgurata. Qonnaan bulaan kun kan fageenya irraa geejibaan dhufu osoo hintaane achimaa miila isaan magaalaa keessa socho'uun waan qabu akka gurguratu ibsite. Kun immoo, qonnaan bulaa dhiibamuu, buqqa'uufi ariyyatama hedduu damdamatee naannaa sanatti hafuun akka suuraawwan armaan oliirraa mul'atutti gamoo jala qotee tokko buluudha. Akkasumatti qotee jirattota magaalattiif midhaan nyaataafi horii qalmaa dhiheessa. Haata'u malee, magaalaa babal'isuun ala jireenya qonnaan bulaa kanaaf xiyyeeffannaan hinlaatamne. Akkuma suurawwan olitti argaman irraa mul'atu amma gaafa buqqa'uutti lafa itti dhiphatte irratti qabsoo jireenyaatiin wal'aansoo qaba.

Finfinneen godinaalee yeroo ammaa shawaadhaan waamaman arfan kan adda qooddu taatee mul'atti. Finfinnee ka'umsa godhachuun gara baha isheetti kan argamu Shawaa Bahaa, gara kaaba isheetti kan argamu Shawaa Kaabaa, gara lixaan kan argamu Shawaa Lixaa, gara kibbaan kan argamu immoo, Shawaa Kibba Lixaa jedhamuun moggaafameera. Kun Shawaa bakka jedhamuuf handhuura ta'uu Finfinnee kan agarsiisu fakkaata. Haata'u malee, qorannoowwan akka ibsanitti, maqaan Shawaa jedhu kun moggaasni isaa jalqabaa yemmuu ilaalamu yaada walfalmisiisoo adda addaatu dhihaata. Moggaasni kun erga daangaa qorannoo kanaa haammatee yaadota kanneen ibsuun gaarii ta'a. Moggaasa maqaa shawaa jedhuu qorattoonni seenaa yaada garagaraa dhiheessaniiru. Mekuria (2011) dhuftee moggaasa jecha 'Shawaa' jedhu kanaa yemmuu ibsu odeeffannoowwan jiran irratti hundaa'uun akka itti aanu kana jedhee jira.

> It is important to note here that the Shoa (Shawa) were particularly mentioned together with the Gidayah, who were and still are inhabitants of the Shawan Plateau. The probable locations of both the Shawan sultanate and of Gidayah (also spelt or rather corrupted as Geda, Gadawi or Jedaya) of the Arabic sources were on the eastern part of the Shawan Plateau. It is possible to

> construe that a community of people called Shoa lived on the plateau at the time. It is important to note here that according to a contemporary Arabic source "before the middle of the tenth century, the Muslims were living in the region as clients of the local pagan or Christian rulers" (Masudi, in Tamrat, 1972; Mekuria, 2011:148).

Akka ibsa kanaatti moggaasni kun baha baddaa shawaa kana kan jiruun akka walqabatu mul'isa. Gama biraatiin Taboor (2015:83) akka itti aanu kanatti ibse.

> Naannoon kun maqaa kana kan argatte jecha Arabaa "shiiwaa" kan hiikni isaa "xiqqoo" jedhu irraati. Bulchiinsittiin jalqabumarratti xinneenya ishee wajjin walqabatee kan dhufe ta'uu ibsu. Baroota boodaa Muslimoonni mootummaa Sulxaaneetii Shiiwaa bara 896/7 irraa eegalee uumuun biyya bal'aa bulchaa turan. Boodarra garuu Muslimoonni Ifaat Sulxaaneetii Shiiwaa mo'achuun mootummaa mataa isaanii dhaabbachuun biyyicha dhuunfatan. Maqaan Shiiwaa jedhu suuta suutaan maqaa Shawaa jedhuun bakka bu'e. Dhugumattuu moggaasa ishee jecha Arabaa "Shiiwaa— xiqqoo" jedhurraa kan argatte Shawaan bulchiinsa ganda baay'ee xiqqoo turte.

Ibsi kunis maqaa yeroo ammaa kana Finfinnee irraa kallatti arfanitti qoodamuun Shawaa jedhamee waamamu kan bakka bu'u akka hintaane agarsiisa. Maqaa adeemsa keessa mootota dhufanii darbaniin lafa Oromoo giddugaleessa jiru kana akka haammatu taasifameedha malee moggaasa ganamaa hinturre. Daangaan isaas isa yeroo ammaa kana kan haammatu miti.

Dabalataan jechi 'Shawaa' jedhu yemmuu ibsamu:

> Oromoon Warjii bara 896/7 keessa seera shariyaa fudhatan. Sana booda gandoonni isaanii Willeelleefi Totosseen (Xooxessee) gandoota sheekotaatti moggaafaman. Araddaan Oromoo Tuulamaa yeroo sanaa kaaftee babal'achuun 'Yeshawa Sultanet' jedhamuun akka waamamaa turte nidubbatama. Maqaan shawaa jedhamus yeroo kanaa kaasee akka jabaachaa dhufeefi mootonni Kiristaanaa naannoo sana dhufanis maquma shawaa

jedhamuun akka biyya mo'aa turan nibeekama (Alamaayyoofi kuuwwan, 2020:11 fi Alamaayyoo, 2000:27)

Akkuma yaada kanarraa hubatamutti, maqaan tokko yemmuu jalaqaba kennamu sababa irratti hundaa'amu qabaata. Akkuma kana Shawaan yeroo sana warra Shari'aadhaan bulu jechuu irraa kan dhufeedha. Shari'aa jechuun seera amantii Musliimaa jechuudha. Warra seera gadaan buluu dhiisanii nuti shari'aadhaan bulla jedhaniin warra shaa, warra sheekiidhaan bulan jechuun dhawata keessa maqaan Shawaa jedhu moggaafamee dhufe jedhama. Shawaan kun daangaafi bakkaan beekamtuu hinturre. Gara Dabrabiraaninis ta'ee giddugala kanaan shawaadhuma jedhama. Haata'u malee, Mekuria (2011:149) "It is interesting to note that the only place that specifically bore the name shawa is a plain to the northwest of Debra Berhan town." jedha. Naannaan namoonni seera Shari'aan bulaniifi maqaan kun xiyyeeffatee moggaafame wiirtuun isaanii ganamaa kaaba lixaa Dabra Biraan ture. Akka kitaaba seenaa Oromoo Warjii irratti ibsametti, immoo, giddugalli Oromoota Warjii warra seera shari'aa kanaan buluu jalqabanii godina amma Shawaa kaabaa jedhamu keessatti naannaa Shinoo jedhamurraa gara bahaatti kan argamtu magaalaan isaanii durii Willeellee bakka jedhamtuudha jedha. Giddugalli isaanii achi ta'uun achirraa babal'achaa deemani. Kanaaf, bu'uurri moggaasa maqaa kanaa kanarraa dhufuun babal'achaa kan deemeedha. Yeroo sana keessa Oromoon gadaan waan buluuf warra amantaa Musliimaa fudhataniif moggaasa amantii keessan kenname akka ta'e ibsama (Alamaayyoofi kuuwwan, 2013; 2012 fi 2000 )

Akka yaada namoota kanneenii irraa hubatamutti, Shawaa maqaan jedhu maqaa gama amantiin kennameedha malee Oromoon Tuulamaa naannaa keessa jiraatu ittiin moggaafate miti. Isaan naannaa keessa jiraatanitti Shawaa osoo hintaane biyya Tuulama jedhamuun beekamu turan. Araddaafi qe'ee isaanii immoo, maqaa gosa achi jiraatuun yookiin ta'iinsa beekamaan walqabsiisuun jecha afaan isaanitiin moggaasuun waamaa turani. Oromoon moggaasa ofii isaatii kennuun biyyaafi qe'ee isaa beeka. Kan Tuulamaaf Tuulama, kan Maccaaf Macca, Raayyaa, Asseeboo, Sabboo, Goona, Sikkoo, Mandoo jechuun wal waamu; wal beeku.

Gama kamiinuu haa ta'uu, maqaan kun lafa Oromoo irratti kan moggaafame ture. Mootonni jaarraa 17[ffaa] keessa of moosisuun mootii shawaa ofiin jechaa turan lafa kana qabachuun babal'ifachaa hanga daanga isa har'aa kanatti dhufe. Mootummaan sanyiin dhaalamu bara 1690 Nagaasii Kiristoosiin Manzitti gurmaa'uun mootii Shawaa jedhamuun eegale hanga bara 1912tti lafa Oromoo weeraraa deeman malee mootota Oromoo miti. Oromoon weeraramuun dura sirna Gadaatiin bulaa ture malee mootota mootummaa dhaalaan waliif dabarsan kanneeniin bulaa hinturre. Daangaan moggaasa maqaa Shawaa jedhu kanaas isa har'aa kana hinturre (Alamaayyoofi kuuwwan, 2012 fi Alamaayyoo, 2016).

Gama biraatiin, namni Harris jedhamu kitaabota isaa bara 1844 barreesse sadan keessatti waa'ee kanaa kallattii garagaraatiin ibsee ture. Kitaaba isaa keessatti akka itti aanu kana jedhee jira. "During the reign of the sire and grandsire of the present monarch, the entire tract between Ankober and Debra Berhan was in the hands of the heathen [Oromo]; and Tenna Kaloo, the last daring chieftain who disputed its possession, has left in the minds of the present generation the recollection of his prowess in arms, as evinced to their fathers, numbers of whom fell in the strife" (Harris 1844 Vol 2: 48).

Kanarraa kan hubatamu, lafti buufata mootota dhaalaa taatee tajaajiluun maqaa shawaa jedhu argatte kun harka Oromoo kan turte qe'ee Oromootaati. Erga weeraraan biyya Halkoo buufatanii maqaa '*Ankober'* jedhutti jijjiiruun gara maqaa shawaa jedhuutti haammachuuf Oromoota didanii fincilan hedduu fixuun kan qabatameedha. Haaluma walfakkaatuun ኀሩይ (1999:52) yemmuu ibsu, "መርድ አዝማች አብዬ ወደ አንኮበር መጥቶ ከተማ በቆረቆረ ጊዜ በዚያ ትኖር የነበረችዉ አንኮ ለሞቿን ነድታ አገር ጥላ ወደ ከረዩ ገባች፡፡ እንደዚህም ታፍሮና ተፈርቶ ሸዋን 25 ዓመት ከገዛ በኃላ በየካቲት 2, 1737 ዓ.ም አረፈና እራሱ በሰረዉ በሐር-አምባ ቤተክርስቲያን ተቀበረ፡፡" jechuun ibse. Kunis haala hundeeffama magaalaa Ankoobar yeroo sanaa kan ibsuufi akkaataa itti daangaan Shawaa jedhu hawaasa achi ture buqqisuun itti babal'ate agarsiisa. Oromoo achi turan Ankoo humna caaluun bakka sanaa godaansisuun magaalaan Ankoobar hundoofte. Maqaa magaalichaas maquma ishee Ankoo fayyadamuun '-bar' kan jedhu itti dabalanii "Ankoobar" jedhanii waaman. Waa'ee Ankoo Harris yemmuu ibse "Anko, who was queen over the [Oromo] tribe, by which this mountain was peopled from the invasion of Graanyi until its reconquest by the crown of Shoa, has bequeathed her name to the narrow winding path

which forms the " ber" or gate to the suburbs. Ankober is thus literally ‘the gate of Anko’." (Harris 1844 Vol 2: 9).

Afseenessoo Oromoo keessatti Ankoon maqaa Ankoo Manoyyeetiin beekamtuudha. Akka ibsa Hiruy irraa hubatamutti, Mootiin Abbiyyee jedhamu yeroo dhufee Magaalaa achitti hundeessu humna ishee caaluun akka isheen godaantu godhe. Haala kanaan bakki sunis bulchiinsa mootii shawaa jedhamu jala galuu danda’e. Mootonni dhaalaan walitti dabarsaa turan haala kanaan Shawaa maqaa jedhuufi daangaa isaa babal’ifachaa deemuun giddugalli Tuulamaafi wiirtuun Oromoo kun maqaa kanaan waamamuu jala galuu hubanna. Qe’een Oromoo nama Ankoo/Halkoo jedhamtuun bulaa ture kun amma kana eenyummaafi seenaa isaa dhabee maqaa jijjiirrachuun shawaa ta’e jechuudha.

Gama biraatiin, akkaataa itti maqaa mootummoota Shawaa jedhuun lafti Oromoo fudhatamaa ture yemmuu ibsu, “ነጋሢም ወደ አጼ ኢያሱ ቀርቦ የአጼ ድንግል ዘር መሆኑን ስለ ተናገረና ወዲያዉም ኃይለኛ ጎበዝ መሆኑ ስለተመሰከረለት ከኦሮሞዉ አገር ግዛት ጨምሮለት ሹመትና ሽልማት ሰጥቶት ወደ ጎንደር ተመለሰ” ኅሩይ (1999:45). Akkuma yaada barreessaa kanaarraa hubannu lafti Oromoo Tuulamaa haala kanaan maqaa shawaa jedhuun mootonni dhaalaa yeroo sana naannicha turaniin qabatame. Hawaasa abbaa qe’ee irraa ajjeesuufi buqqisuun qe’ee isaa badhaasa waliif kennaa irrattis walmoosisaa turan. Babal’insi daangaa maqaa shawaa jedhuus akkanatti hubatama. Shawaangizawu, Shawaandaanyawu maqaa jedhanis waliif baasaa turan. Akka Hiruy ibsetti, Saahila Sillaaseetu bulchiinsa Shawaa babal’ise. “አባቶቻቸዉም ያቀኑትን በአንኮበር ዙሪያ ያለዉን አገር መሠረት አድርገዉ ግሼን፣ ግድምን፣ ኤፍራታን፣ አንጾኪያን፣ ይፋትን፣ መንዝን፣ ተጉለትን፣ አፍቀራን፣ ወግዳን፣ ቀያን፣ ደብብን፣ ዶባን፣ መርሐቤቴን፣ ላምዋሻን፣ ሞራትን፣ እንሳሮን፣ አህያፈጅን፣ ቀይአፈርን፣ ቡልጋን፣ ምንጃርን፣ የአፋር አገርን፣ የኦሮሞ አገርን እስከ ሶዶ ድረስ አቅንተዉ አንድ መንግስት አደረጉት” ኅሩይ (1999:67). Shawaan moggaasaafi bulchiinsa haala kanaan dhufeedha malee maqaa Oromoon giddugaleessa Oromiyaa jiru kun moggaafate miti.

Walumaagalatti, akka seenaa irraa hubatamutti, moggaasni maqaa Shawaa jedhuu kun maqaa biyya Oromoo Tuulamaafi Maccaa giddugaleessa Oromiyaa kanaaf kenname akka hinturre beekamaadha. Yeroo ammaa kana garuu akka waan wiirtuun biyya mootota dhaalaa kan shawaa jedhamaa turtee Finfinnee taateetti Finfinneerraa kalattii garagaraatti moggaasni kennamee jira. Moggaasni godinaalee Oromiyaa Finfinnee irraa kallattii arfaniin argaman kunneen yeroo dhihoo keessa kan laatamaniidha. Sana dura maqaan shawaa Lixaa,

shawaa kaabaa, shawaa kibba lixaafi shawaa bahaa jedhamuun moggaafaman hinturre. Amma danda'ametti maqaa gosa Oromoo achi jiraatuun kan beekamu ture. Kun hubatamuun eenyummaa qe'eefi hawaasa abbaa qe'ee sanaa hubachuuf gargaara. Bakki qorannoo kanaa magaalaa yeroo ammaa kana Finfinnee jedhamuun beekamtuudha. Isheenis, giddugala Shawaa osoo hintaane Oromoo Tuulamaafi Oromiyaa ta'uun xiyyeeffatamte. Kunuu eenyummaa ishee ibsa. Walumaagalatti, bakki qorannoo kanaa qe'ee Oromoo Tuulamaa, Magaalaa Finfinnee giddugala Oromiyaati. Yeroo ammaa kana hundeeffama magaalaatiin ijaarsa manneenii taasifamaniin akka suurawwan armaan gadii ta'ee jira.



Suura 3: Suuraawwan magaalaa Finfinnee yeroo ammaa agarsiisan, miidiyaalee irraa

Finfinneen osoo weerara garee biraa—Minilik 2ffaan hinqabamin lafa Oromoon Tuulamaa akka aadaa Oromootti irra jiraachaa tureedha. Ilmaan Tuulamaa sadan kallattii garagaraan giddugala Oromiyaa kana keessa jiraachaa jiran durii kaasuun bakka amma magaalaa guddittii taatee Finfinnee jedhamtee waamamtu kana aadaa isaaniin kan jiraachaa turaniidha. Lafti amma magaalaan Finfinnee irratti hundooftee yeroodhaa yerootti itti babal'aachaa jirtu, araddaa bal'aa Oromoon Tuulamaa qotachaafi loon isaa irra bobbaasaa ture qe'ee Oromooti (Terefe 2012; Waldayohaannisiifi Gammachuu 2009). Akkasumas, wiirtuu ardaa jilaa Oromootaa turte. Aadaan hawaasaa ture kana yemmuu ta'u, yeroo ammaa kana hawaasa aadaafi afaan garagaraa qabutu keessa jiraata. Aad-heddummaafi afhedduummaan jiraatus xiyyeeffannaan guddinaafi misooma isaanii walfakkaataa miti. Waan kana ta'eef, aadaan hawaasa naannaa qorannoo kana keessa jiraatuus kan garee biraan caalamee jijjiirama sona aadaa mul'isee argama.



Suuraa 4: Hora Finfinnee bara 1882/1890 (Alamaayyoofi kuuwwan 2012:77)



Suuraa 5: Odaa Yaa'ii Gullallee kan Birbirsa Gooroo ture. Maddi: Alamaayyoofi kuuwwan (2012:169)

Haata'u malee, hawaasni xiyyeeffannaa qorannoo kanaa aadaa, duudhaa, afaaniifi eenyummaa ittiin beekamu qabatee jiraata. Oromoon Tuulamaa Finfinnee yeroo dheeraaf hacuuccaa alagaa jalatti kufulleen aadaa isaa cimsee qabachuun tursiifachuu danda'eera.




Suuraa 6: Bakka Irreechi Hora Finfinnee deebi'ee itti hundeeffamuuf filatame.
(Maddi: barreeffama BATO bara 2011 qopheesserraa)



Suuraa 7: Irreecha Hora Finfinnee Bara 2012 (Maddi: OBN irraa)

Suuraawwan olitti mul'atan kunneen galmoo duudhaan hawaasaa keessatti raawwatu kan yoomessa mataa mataa isaanii qabaniidha. Galumsa kanneen keessatti afeewwan oomishaman tarsiimoo waallaawaafi dalagaa hawaasaa namatti agarsiisu. Qorannoon kun galmoo kanneen kan xiyyeeffateefis ta'iinsota hawaasaa keessa afeewwan agarsiiftuu eenyummaa hawaasa bakka qorannoo kanaa barbaaduun yaalameeti.

Akkasumas, aadaan uffannaa isaa, aadaan nyaata isaa, taphoonni aadaa isaa kan akka gugsii fardaa garee hawaasaa kana garee hwaasa aadaa mataa isaa qabu isa taasisa.



Suuraa 8: Aadaa uffannaa hawaasa naannaa qorannoo



Suuraa 9: Uffannaa Oromoo Tuulamaa Finfinnee agarsiisu, kan sirna ayyaana Irreechaarraa fudhatame.

Gareen hawaasaa kun dhiibbaan fedhe jiraatus aadaa uffannaa isaa kana tursiifachuun ittiin faayamee yeroo Finfinnee keessatti eenyummaa isaa ittiin agarsiifatu nimul'ata. Kana qofa osoo hintaane, sirnootaafi dhimmoota isaa hedduu hawaasa tifkatee damdamachiisee asiin gahe ta'uun beekama.

Gama biraatiin, nyaata aadaafi dhugaatii hawaasa xiyyeeffannaa qorannoo kanaa yoo ilaalle bal'inaan kan beekamu suuraa itti aanu kanarraa hubachuun nidanda'ama.



Suuraa 10: Nyaataafi dhugaatii hawaasa naannaa qorannoo sirna agarsiisaa irraa fudhatame

Akkasumas, Oromoon Tuulamaa Farda leenjisuu, gugsii ooluufi fardaan garmaamuun eenyummaa isaati.




Suuraa 11: Sochii Fardeen Tuulamaa  Magaalaa Finfinnee keessa

### 1.7.3. Looga Hawaasa Naannaa Qorannoo

Loogni hawaasa naannoo kanaas loogawwan Afaan Oromoo keessatti beekaman keessaa isa tokko. Hundeeffama magalaatiin dura hawaasni bakka kana jiraachaa ture Oromoo waan ta'eef, afaan naannaa kanatti dubbatamaa tures Afaan Oromooti. Oromoon  Tuulamaa as jiraatu looga Afaan Oromoo giddugaleessa kanatti dubbatamuun beekama. Akka Feda (2015) ibsetti, hayyoonni baay'ina looga Oromoo kana lakkoofsa walfakkaataan hinibsan. Haata'u malee, inni namoota akka Bender, Mulugeetaafi Stinson wabeeffachuun  qoodinsa looga Oromoo yemmuu tarreessu: looga  Tuulamaa, Looga Maccaa, Looga Walloo, Looga Raayyaa, Looga Arsii, Looga Gujiifi Looga Booranaa jechuun daangaa lafaa irratti hundaa'uun dhiheesse.

Gama biraatiin, Cerulli (1922) immoo, looga Oromoo kana iddoo gurguddoo sadiitti qooduun akka itti aanu kanatti ibsee jira.

> The 'Oromo' spoken in Abyssinia, is divided into three groups of dialects: 1)Macca dialects 2)Tulama dialects 3) Borana or Eastern 'Oromo' dialects. Tulama dialects spoken in Shoa, with dialectal peculiarities by the Abbiccu-Galan and Salale tribes. In addition to lexicological differences and the greater influence of Amharic vocabularies, the Tulama dialects also differ grammatically from the Macca, e.g. in Tulama the pronominal suffix of the

> first person singular is -kiya; in Macca -ko. The Tulama dialects have two sets of pronominal suffixes: masculine, -kiya, -k~ feminine, -tiya, .tie, etc. The Macca dialects show no difference between the masculine and feminine gender of the pronominal suffix (Cerulli 1922:12).

Qoodinsi looga Oromoo gurguddoon kunneen bakka itti dubbataman waliin ibsuu kan yaaledha. Akkasumas, garaagarummaa looga Tuulamaafi looga Maccaa keessaa fakkeenya fudhatee argisiiseera.

| Looga Tuulamaa | Looga Maccaa |
|---|---|
| Kiyya ….. tiyya | Koo |
| Abbaa kiyya, obboleessa kiyya … | Abbaa koo, obboleessa koo … |
| Haadha tiyya, obboleettii tiyya … | Haadha koo, obboleettii koo … |

akka kanatti koorniya adda baasuufi dhiisuu looga lamaan gidduu jiru ilaaluun kan ibseedha.

Haaluma walfakkaatuun, Kebede (2009) jechoota caasessuun loogatti qooduun yemmuu qoratu jechootaafi dhamjechoota looga Tuulamaa keessatti beekaman jechuun dhiheesse qaba. Kanneen inni Tuulamaafi Maccaa biratti garaagarummaa qabaachuu isaanii agarsiise keessaa fakkeenya muraasa ilaaluun nidanda’ama.

| Tuulamaa | Maccaa |
|---|---|
| Keecha | keessa |
| Laboobaa | baallee |
| Buuphaa | Hanqaaquu |
| Gulana | booda |
| Yaa (yaa deemu) | haa ( haa deemu) |
| Odoo ( odoo dhufee) | osoo ( osoo dhufee) |

Oromoon Tuulamaa Finfinnee jiraatu loogawwan dhihaatan kanneen keessaa looga Tuulamaa kan dubbatuudha.

### 1.7.4. Bulchiinsa Sirna Gadaa ture

Lafti Oromoo Tuulamaa bakki amma Finfinnee jedhamee waamamu kunis ta’ee naannaan ishee akkuma Oromoo wiirtuuwwan biroo sirna Gadaatiin akka bulaa ture ogbarruuwwan


buleeyyiin ni-ibsu. Akka Cerulli (1922) waraana abbootii Gadaa Tuulamaafi Minilik gidduutti taasifame ibsuutti, weerara Minilik dura sirna gadaatiin bulaa akka turan agarsiisa.

> Among the first expeditions made against the [Oromoo] during the reign of Menilek II, one worthy of note is that of Daggac Waldie Baseyum against the Gullallie and the Abbiccu living in the district where Addis Abeba was afterwards established. The assembly of the Gullallie resolved to stand resolutely against the Amara led by Waldie. Here is the text of the law passed by the assembly. Like most [Oromoo] laws, it is drawn up in verse.
>
> Luugama fardattii hinbaasin
> Aadduu addarraa hinbuufatin
> Meedhicha harkarraa hinbuufatin
> Tume seera
> Mure seera
> Seera abbaa lubaati
> Bokkuudha
> Caffeedha
> Caffee abbaa
> Akka Caffee keenyaa bal'isi
> Amaara Agabuu isa oolchi (Cerulli 1922:117)

Abbootiin gadaa biyya bulchan seera akkanaa tumuun waraana itti dhufetti waraana labsanii ofirraa qolachaa turan. Ibsa nama kanaarraa, sirni bulchiinsa hawaasa naannaa qorannoo kanaa Gadaa akka ture hubanna. Seera abbaan gadaa tumee, muree labseen hawaasni jiraata.Amma Dajjaach Waldee Basiyyum waraana Minilik hoogganee waraana deddeebii qabuufi tumsaafi deeggarsa meeshaan dabaalameen dhufee sirni gadaa cabutti bulchiinsa mataa isaa qaba ture. Kun amma bulchiinsi isaa bulchiinsa Minilikiin bakka bu'utti akka tures ibsa kanarraa hubachuun nidanda'ama. Babal'iinsa bara bulchiinsa Minilikiin taasifameen naannaan dura sirna bulchiinsa isaa dhabe Gullalleefi Abbichuu akka ta'e agarsiisuun Finfinneen akka hundeeffamte ibse. Kanaaf, bulchiinsa hawaasa naannaa qorannoo kanaa osoo

bulchiinsa garee biraan bakka hinbu’in sirna gadaa kan ture yemmuu ta’u sana booda bulchiinsa Minilikitti jijjiiramee ture.

### 1.7.5. Hidda Latiinsa Oromoo Tuulamaa





**Maddi: Seenaa Oromoo Hanga jaarraa 16ffaa (Alamaayyoofi kuuwwan, 2012: 169)**

Qomoowwan ilmaan Tuulamaa keessaa kan bakka qorannoo kanaafi naannaa bakka qorannoo kanaa irra dhiheenyaan jiraatan ilmaan Daacii akka ta’an gareen qorannoo seenaa giddugala aadaa Oromoo kitaaba seenaa Oromoo hanga jaarraa 16ffaa jedhu keessatti barreessaniiru. Ilmaan Daacii keessaa immoo ilmaan Galaaniifi ilmaan Oboo keessaa akka ta’an ibsama.

### 1.7.6. Adeemsa Babal'inaafi Kaartaa Magaalaa Finfinnee

1.7.6.1. Adeemsa babal'ina Magaalaa Finfinnee




Maddi: Abnet and etal (2017)

Akka ibsa kaartaa kanarraa hubachuun danda'amutti, babal'inni magaalaa Finfinnee yeroodhaa yerootti dabalaa kan deemeedha. Hundeeffama ishee bara 1886 kaasee hanga bara 1935tti kan halluu gurraachaan agarsiifame kutaa amma giddugala magaalattii ta'e qofaatu magaala ta'ee ture. Kan sanarraa hafe Oromoo Tuulamaatu akka aadaa isaatti irra jiraachaa ture. Kanaaf, aadaa ganamaa hawaasa naannaa kanaa ibsuun barbaachisa. Itti aansun, bara Xaaliyaaniin biyya kana galtee turtetti, halluun bifa magaala-diimaa fakkaatee lammaffaarra ka'ameen kan ibsame kanatti akka babal'achaa turte hubanna. Erga Xaaliyaaniin biyya kana keessaa baatee bara 1941 kaasee hanga bara 1974 mootummaan dargii aangoo qabatuutti immoo, halluu bifa magaala-daalachaa'aa qabaachuun sadarkaa sadaffaarra kaa'ameen kan agarsiifame kun itti dabalame. Bara mootummaa Dargii (1974-


1991ttis halluu daalachaan kan agarsiifame itti dabalamuun gara magaalaatti jijjiirame. Dargiin booda bara 1991 kaasee hanga yeroo kaartaan kun hojjetame bara 2013A.L.A ga'utti, babal'inni jiru halluu sadarkaa shanaffaarra jiruun agarsiifameera. Akkuma kanarraa hubatamu, magaalaan kun dhawata dhawataan babal'aachaa kan dhufteefi ammalleen babal'aa jirtuudha. Maappiin kun waggoota kudhan dura kan kaafame waan ta'eef malee ammalleen babal'inni jira. Waggoota kurnan kana keessatti immoo, babal'inni jiru hanga karoora qindaa'a/'Maastar pilaanii' Finfinnee haaraa bara 2017-2027tti yaadamee qophaa'e gahee ture (Lia, 2017).

Kanarraa kan ka'e, yeroo dhihootti kutaan bulchiinsa magaalaa tokko maqaa Lammii Kuraa jedhuun moggaafamuun itti dabalameera. Kanaaf, aadaa ganamaa hawaasa naannaa kanaa adeemsa babal'ina magaalaa keessa dhufe ibsuun barbaachisaadha.

### 1.7.6.2. Kaartaa Magaalaa Finfinnee


Yeroo ammaa kana Finfinneen adeemsa olitti ibsame kanaan babal'achuu itti fufuun kutaa bulchiinsa magaalaa kudha tokko taatee jirti.

Maappiin kun kan bara 2022 GIS Itiyoophiyaan hojjetameedha.




Maddi: Ethio GIS 2022

Onkoloolessa15, 2015ALI irraa kaasee Magaalaan Shaggar dambiidhaan hundaa'uun Finfinneetti naannoftee argamti. Yeroo qorannoon kun geggeeffamu kaartaa Magaalaa Shaggar keessaan ibsuun nidanda'ama.





### 1.7.7. Karraalee shananiifi Araddaalee magaalaa Finfinnee duraanii

#### 1.7.7.1. Karra Finfinnee Shanan

Karaaleen kallattii garagaraan Magaalaa kanatti dhufan karra gurguddoo shaniin beekamu. Magaalaa kana seenuuf karra shantu beekama (Biratu and Tesema, 2024). Isaaniis,

1. Karaa Kaabaan gara Sulultatiin diilallaa/ Gaara Xuuxxoo/ Inxooxxoo irraan dhufu - Karra Qirxii jedhama.
2. Karaa Kaaba Bahaan Kotobeen kan dhufu - Karra Alloo jedhama.
3. Karaa Bahaan Qaallittiin kan dhufu - Karra Qaalluu jedhama.
4. Karaa Kibba Lixaan Jamoon kan dhufu– Karra Qoree jedhama.
5. Kara Lixaan Burraayyuudhan kan dhufu – Karra Gafarsaa jedhama.




### 1.7.7.2. Araddaalee Finfinnee duraanii

Akka ibsa kitaaba “Seenaa Oromoofi Hundeeffama Magaalaa Finfinnee” jedhu keessatti ibsametti, araddaalee beekamantu jiru. Kutaaleen lafa magaalaa Finfinneen yeroo ammaa maqaa garagaraa afaanota adda addaatin baasamaniin beekamu maqaalee ganamaa araddaalen turan ittiin beekaman qaba. Isaaniis, 1) Ona Birbirsaa (Yaa’ii Goroo): Waddeessa, Maarama Birbirsaa, 2) Ona qarsaa: Hurufa Raaree, Sokorruu, Sulula garbii, Garbii, Qarsaa, Baaroo Kormaa, Dachee Golbaa, 3) Ona Gullallee ykn Mana Gullallee: Adaamii, Diddiimtuu, Kattaa, Buraayyuu, Harbuu Irreechaa, 4)Ona Abbichuu: Burqaa Ejeree, Baddaa Ejersaa, Hurrumaa, 5) Ona Xiixaa (Inxooxxoo): Haxxee Laalii, Muujjaa, Waayyuu, Karraa Qirxii, 6) Ona Eekkaa: Burqaa Qorichaa, Karra Alloo, Harbuu, Kotobee, Dooqaa Booraa, 7) Ona Boolee: Garjii, Bulbulaa, Warra Ganuu, 8) Ona Teechoo: Golboo, Lumee , Laaftoo Tumtuu, Tulluu Ejersaa, Tulluu Dheertuu, Baabboo, 9) Ona Caffee Annanii: Caffee muudaa, Harbuu, Harawaa, 10) Ona Jaarsayu: Calcalii, Mardee, Bakkanniisa, 11) Ona Kolfee: Daalattii, Labuu, Xaarroo jedhamuun beekamu.( Alammaayyoofi kuuwwan, 2012:101-104)

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUUWWANII

## 2.1. Seensa

Boqonnaan kana keessatti, barruuwwan qorannoo kanaan hidhata qabaachuu danda’antu sakatta’amee qindaa’e. Kana jechuun barruuwwan qorannoo kanaaf yaada gumaachan isaanuma as keessatti dhihaatan qofa jechuu miti. Barruuwwan jiran keessaa kan qorannoo kana keessatti qorataan xiyyeeffachuun qindeesseedha. Kanaaf, boqonnaa kana keessatti yaadonni ijoon gurguddoo ta’an sadii dhihaatanii jiru. Isaanis, inni jalqabaa caaya yaadrimeeti. Caaya yaadrimee jalatti yaadrimeen qabiyyeewwan ijoo qorannoo kanaa ta’an yaadrimee Eenyummaa, kanneen akka akaakuun isaa, agarsiiftuuwwan eenyummaa keessaa Afaan, Maqaa baasuu, bakkeewwan ulfoo, faajjii/ dhihaatanii jiru. Akkasumas, yaadrimee waallee, waalleefi eenyummaa, hidhata eenyummaa, ilaanyaafi aangoo waallee keessa kan jedhan boqonnaa kana keessatti ibsaman.

Inni lammataa caaya yaaxxinaati. yaaxxinoonni qorannoo kana keessatti dhimma itti bahaman akkaataa itti waldeeggaruun adeemsa gaaffilee bu’uuraa qorannoo kanaa deebisuu keessatti dhiimma itti bahamaniin walqabachuun dhihaatan. Yaaxxinoonni qorannoo kana keessatti xiyyeeffatamanis yaxxina dalagaa, yaaxxina seenawaa, yaaxxina eenyummaa iddoo, yaaxxina eenyummaa hawaasaati. haaluma walfakkaatuun yaaxxinota kanneen waliin maleenyi dhimma itti bahamuun boqonnaa kana jalatti dhihaatanii jiran maleenya xiinxala waallee liixxaa fi maleenya seenawaati.

Inni sadaffaan qorannoowwan aantee qorannoo kanaa ta’uu danda’an sakatta’uun dhiheessuudha. Boqonnaa kana jalatti qorannoowwan aantee qorannoo kanaa ta’uu danda’a sakatta’amuun dhihaatanii jiru. Walfakkeenyiifi garaagarummaan isaanii, akkasumas, waan isaan xiyyeeffataniifi waan qorannoon kun xiyyeeffatu adda baasuun boqonnaa lamaffaa kana jalatti dhihaatee jira. Walumaa galatti boqonnaa kana jalatti yaadonni ijoon sadii dhihaatanii jiru.

## 2.2. Yaadrimee Eenyummaa

Jecha eenyummaa jedhuuf hiika garagaraatu kennama. Jechi kun kan afaan Ingiliziin ‘Identity’ jedhu kan bakka bu’u yemmuu ta’u Afaan Laatiiniitiin ‘Idem” jedhurraa akka dhufeefi hiikni isaa immoo, walfakkaachuu akka ta’e, qorannoon Dundes hojjetee kitaaba Jacobson-Widding (1983) keessatti maxxanfame irratti ibsamee jira. Akka Dundes ibsetti walfakkaataa jechuun tokko ta’uu jechuu miti. Kanaaf walfakkaachuun tokko ta’uun osoo hintaane iddoo jireenyaa walfakkaataa tokko waliin jiraachuun, seera walfakkaataa tokko waliin qabaachuu, haala jireenyaa walfakkaataa waliin qabaachuu… jechuu akka ta’e Noonan (1980) wabeeffachuun ibsee jira. Akka Dundes (1983) hayyoota adda addaa wabeeffachuun hiika eenyummaa ibsutti, dhimmoota lama irratti akka xiyyeeffatan agarsiisa. Isaanis, dammaqinaafi ittifufiinsa. Kanas namoota akka (Erikson,1968; Locke,1959; Greenacre,1958) wabeeffachuun yemmuu ibsu “The conscious feeling of having a personal identity is based on two simultaneous observation: the perception of selfsameness and continuity of one’s existence in time and space and the perception ofthe fact that others recognize one’s sameness and continuity.”Dundes (1983:238). Akka yaada kanaatti dammaqina miira eenyummaa dhuunfaa qabaachun altokkoon habuurraa lama irratti hundaa’a. Isaanis, hubannaa ofummaafi fufiinsan yeroofi bakka wayii keessa jiraachuu nama tokkoo, akkasumas, hubannaa namoonni biroos walfakkeenya kanaaf qaban beekuudha. Ulaagaan biraa ittifufiinsa qabaachuu kan jedhuudha. Fufiinsa qabaachuun immoo, deddeebiin mul’achuufi lufaa deemuu barbaada. Eenyummaan dhuunfaas ta’ee hawaasaa, hawaasa barsiifata eenyummaa isaa ibsu afaaniin seenessuun lufsiisaa deemu biratti fooklooriin gahee guddaa qaba.

Dabalataan eenyummaan akkuma walfakkeenya ilaalu addaaddummas akka ilaallatu ibsuun waa lama qabajedhu. Eenyummaan waa lama qaba; walfakkaachuu/tokko ta’uufi addaddummaadha. Gama biratiin, hiika eenyummaa hayyoonni biroo kennan yoo ilaalle, Hogg, Terry, and White (1995:262) “Identity is the socially constructed self.” jedhu. Eenyummaan ofummaa hawaasummaan ijaaramuudha. McCarthy (1999) hiikuma kanaan kan walitti dhihaatu, yemmuu kaasu, eenyummaan hariiroo hawaasaa keessaafi ijaarsa aadaa keessa kan ijaaramuudha jedha. Yaada kanarraa ijaarsaafi ibsa eenyummaa keessatti dhimmoonni hawaasaa murteessoo ta’uu hubanna. Dhimmoonni hawaasaa kanneen akka

diinagdee, siyaasaa, hawaasummaa, aadaa, eenyummaa ijaaruufi ibsuu keessatti murteessoodha. Kana jechuun eenyummaan dhimmoota hawaasaa waliin hidhata qabaachuu agarsiisa. Dhimmota hawaasaa ibsa; akkasumas, dhimmoota hawaasaatiin ijaaramuus jijjiiramuus danda'a (Asafa, 2010)

Jalqabbiin xiyyeeffannaa qorannoo dhimma eenyummaa hojii hayyoota xiinsammuu kan akka Erik Erikson bara 1950n keessaan akka eegale Jacobson-Widding (1983) ibseera. Yeroo dhihoo as garuu qorannoon dirreewwan qorannoo saayinsii hawaasaafi namoomaan bahan hedduun dhimma 'Eenyummaa' qorachuu akka xiyyeeffatan waraqaaleen maxxanfamanii argaman hedduun nidhugoomsu. Akkasumas, Fearon (1999:1) "In recent years, scholars working in a remarkable array of social science and humanities disciplines have taken an intense interest in questions concerning identity." Jedha. Qorataan saayinsii siyaasaa kun qorannoon gaaffii eenyummaan walqabatu hayyoota dirree qorannoo saayinsii hawaasaafi namoomaatti fedhii guddaa waan horeef yeroo dhihoo as akka barbaachisaa ta'etti qorataa jiru jedha.

Haaluma walfakkaatuun, Jacobson-Widding (1983:236) qorannoon eenyummaa saayinsii hawaasaafi namoomaa keessatti yaadrimee ijoo ta'aa akka dhufe yemmuu ibsu akka itti aanu kana jedha."Identity has become a central concept in social science and humanities. Philosophy, sociology, social psychology, anthropology, and discourse studies have provided different approaches, definitions and research tools for identity."Jedha.Akka ibsa hayyuu kanaatti dirreewwan qorannoo akka falaasamaa, xiinhawaasaa, xiinqooqa hawaasaa, xiinmaddaafi qorannoon wallee eenyummaa irratti maleenya, hiikaafi mala qorannoo adda addaa dhiheessaniiru. Akkasumas, hayyuun xiinmadda aadaa (Cultural Anthropology) kun dirree qorannoo isaa xiinmadda keessatti "Eenyummaan" yeroo dhihoo keessa eenyummaa gosaa/ gosummaa kan jedhuun jecha walfakkaataa ta'aa akka dhufe ibsa.

Haaluma walfakkaatuun, (Deng 1995:1) "Identity is used to describe the way individuals and groups define themselves and are defined by others on the basis of race, ethnicity, religion, language, and culture" jechuun ibsa. Kana jechuun eenyummaan akkataa namoonni dhuunfaafi gareen itti of ibsaniifi kanneen biroon sanyii, sabummaa, amantii, afaaniifi aadaa irratti hundaa'uun itti ibsamaniidha. Sims & Stephens (2005:36,71) immoo, "Group identity

depends not only on shared communication within the group, but also on interaction with other groups, which helps define and reinforce a sense of “groupness.”… Folklore concerns the identity of groups as defined by the group.” jedhu. Eenyummaan garee waan gareen sun waliin qooddatu qofa kan xiyyeeffatu osoo hintaane hariiroo gareen sun garee biraa waliin qabaatu ibsuufis nigargaara.

Akkasumas, (Hogg & Abrams 1988:2) eenyummaa yemmuu ibsan, Eenyummaan hubannoo namoonni eenyu akka ta’an, namoota akkamii akka ta’an, akkamitti akka warra kaanitti dhihaatan qabaachuti jechuun ibsu. Haaluma walfakkaatuun Deng (1995:1) Eenyummaan akkaataa namni dhuunfaafi gareen itti of ibsan, akkasumas, namoota biroon sanyii, qomoo, amantii, afaaniifi aadaa irratti hundaa’uun itti ibsamaniidhajedha. Hiikni hayyoota kanneenii akkaataa itti ofibsan kan giddugaleessa godhataniidha. Gama biraatiin hariiroo uumamu ta’uu yemmuu ibsan, Jenkins (1996:4) Eenyummaan akkaataa itti namoonni dhuunfaafi gamtaan hariiroo hawaasaa keessatti namoota biroofi gamtaa biroorraa adda baafaman kan agarsiisudhajedha. Akkasumas, Hall (1989) yemmuu ibsu, Eenyummaan walitti dhufeenya namni tokko kanneen biroo waliin qabuudha jedha. Kanaaf, hiika eenyummaa hayyoonni kennan kanneen irraa eenyummaan akkaataa itti ofibsaniifi itti hariiroo uumuu keessatti beekaman akka agarsiisu hubanna.

### 2.2.1. Akaakuuwwan Eenyummaa

Eenyummaan akaakuuwwan garagaraatiin beekama. Akka Hortobágyi (2009) Huntington (2004) wabeeffachuun ibsutti, akaakuuwwan eenyummaa garagaraatu jira. Namni tokko eenyummaa kallattii garagaraan ilaalamu waan qabuuf caasaa hawaasaatti kan hidhatus eenyummaa kanneenin ta’a. Amala hariiroo qunnamtii irratti hundaa’uun yemmuu ibsu, “Each person has multiple dimensions ofidentities, usually depending on the natureof the social interaction” Hortobágyi (2009:259) jedha. Kana jechuun haala hariiroo qunnamtii hawaasaa irratti hundaa’uun namni kamiyyuu eenyummaa kallattii hedduun ilaalamu qaba. Kanarraa ka’uun, akaakuuwwan eenyummaa garagaraa akka jiran ibse.

Akkasumas, Bamberg (2010:4) addaddummaa qabaachuun gosoota eenyummaa kan agarsiisan yemmuu ibsu, “Identities can be differentiated and claimed according to varying socio-cultural categories, e.g., gender, age, race, occupation, gangs, socio-economic status,

ethnicity, class, nation states, or regional territory." jedha. Kana jechuun eenyummaan akkaataa qoodinsa garaagarummaa aadaa hawaasaa kanneen akka: koorniyaa, umurii, sanyii, dalaga, haala hawaas-diinagdee, sabummaa, biyyummaa, daangaa naannoo irratti hundaa'uun addaaddummaa qabaata. Kanaaf, eenyummaan kallattii adda addaatiin ilaalamuu waan danda'uuf Hortobágyi(2009) eenyummaa hawaasaafi aadaa ibsee jira.

Akaakuuwwan eenyummaa jiran keessaa inni tokko eenyummaa koorniyaati (Gender identity). Eenyummaan koorniyaa akkaataa itti namoonni aadaa guyyuu isaanii keessatti koorniya adda baasuun itti wal keessummeessan kan ilaallatuudha. Hawaasa kamiyyuu keessaatti akkaataa hariiroon itti uumamu garaagarummaa koorniya (dhiira, dhalaa) ta'uu xiyyeeffannaa keessa galchuun ilaaluun duudhaa waliin qooddatamu qaba. Yeroo ammaa kana sabaahimaaleen garagaraa eenyummaa kana akka ibsaa jiran nibeekama.

Inni biraan eenyummaa umuriiti. Eenyummaan umurii, aadaan namoota umurii garagaraa keessa jiran akka adda addaatti keessummeessudha. Kun umurii irratti hundaa'uun hawaasa keessatti akka itti ilaalamaniifi ibsamaniidha. Fayyadama afaanii keessatti jechoonni kabaja agarsiisuuf dhimma itti bahaman kana agarsiisu.

Kan biraa, eenyummaa hafuuraa/amantii (Spiritual identity) akka ta'e ibsa. Kunis aadaafi galumsa irratti hundaa'uun eenyummaa beekamuudha. Gareen hawaasaa tokko akka amantii ( dhimma hafuuraa) waliin qabaatuufi geggeessuun eenyummaa ibsamuudha.

Akkasumas, gosti eenyummaa inni biraan, Eenyummaa biyyaa (National identity) kan jedhamu akka ta'e ibsa. Kun akka Hortobágyi (2009) ibsetti lammummaa kan agarsiisudha. Akkasumas, Eenyummaan hawaasaa ( Social identity) akaakuuwwan eenyummaa keessaa tokko akka ta'e ibse. Kun akka hawaasaatti kan ibsamu ta'ee, eenyummaa hiriyyummaa, garee, miiltoo hojiifi walitti dhufeenya hawaasummaan uumaman biroo akka agarsiisu ibse.

Gama biraatiin, Stets and Serpe (2013:34) hayyoota adda addaa wabeeffachuun akaakuuwwan eenyummaa yemmuu ibsan akka itti aanu kana jedhu."An identity is a set of meanings attached to roles individuals occupy in the social structure (Stryker, [1980] 2002) (role identities), groups they identify with and belong to (group identities), and uniqueways in which they see themselves (person identities) (Burke & Stets, 2009)" jedhu. Akka ibsa

kanaatti akaakuuwwan eenyummaa sadiitu dhihaate. Isaaniis: kan gahee namni tokko caasaa hawaasaa keessaa qabu agarsiisuu “ Eenyummaa gahee”, garee isaan waliin adda bahaniifi itti ramadaman  kan agarsiisu, “Eenyummaa garee” fi karaa adda ta’een kan isaan ittiin of ilaalan kan agarsiisu, “Eenyummaa ofii/dhuunfaa) kanneen jedhamaniidha.

Akkasumas, Rovira (2008:66) akaakuuwwan eenyummaa yemmuu ibsu, “We can speak about social identity, gender identity, cultural identity, religious identity, national identity and many other identities.” Jedha.Innis akaakuuwwan eenyummaa yemmuu tarreessu eenyummaa hawaasaa, eenyummaa koorniyaa, eenyummaa aadaa, eenyummaa amantii, eenyummaa biyyaafi kanneen biroo kaasuu dandeenya jedha. Kanarraa kan hubatamu eenyummaan kallattii garagraatiin akka ibsamuudha. Namni dhuunfaanis ta’ee gareen eenyummaa kanneen keessaa kan ittiin ibsaman qabaatu jechuudha. Kun immoo waan waliin qooddatan kan agarsiiftuu eenyummaa isaanii ta’aniin mul’ata. Kanaaf, qorannoo kana keessatti akaakuuwwan eenyummaa kanneen osoo hintaane agarsiiftuuwwan eenyummaa irratti xiyyeeffatame.

### 2.2.2. Ijaarsaafi Diigumsa Eenyummaa

Ijaarsa eenyummaa, Ainsworth and Hardy (2006:19) (Gergen 2001) wabeeffachuun yemmuu ibsan, “The construction of identity in discourse is also the construction of meaning and relationships” jedhu.Kana jechuun waallee keessatti eenyummaa ijaaruun hiikaafi walitti dhufeenyas ijaaruudha.

Hayyoonni fookloorii dhimma hawaasaa garee hawaasaa sanaafi beekumsa gareen sun waliin qooddataniin walqabsiisuun akka ilaalaniifi kun immoo hundagaleessa akka ta’e yaadrimeen dirree qorannoo kanaa nimul’isa. Kanaaf, hayyoonni fookloorii ijaarsa eenyummaa yemmuu ibsan hariiroo gareefi qooda miseensa garee sanaan walqabsiisu. Bauman (1971)  Fooklooriin tajaajila eenyummaa waliin qooddataniiti yemmuu  jedhu yaada gareen hawaasaa waliin qooddatu loorii kan hayyoonni akka  Dundes (1965), Brunvand (1968) dhiheessan wabeeffata. Bauman yemmuu ibsu, miseensonni gareewwan aadaafi afaan adda addaa qaban lama addaddummaa eenyummaa isaaniitti dammaqoodha. Badone (1987:168) “Intergroup contact is essential for the development of local or ethnic identity” jedha. Kana jechuun hariiroon garee eenyummaa naannoos ta’ee hawaasaa ijaaruuf

murteessaadha. Kanaaf, ijaarsa eenyummaaf walitti dhufeenyi miseensota garee murteessaadha. Sababnisaa miseensi garee eenyummaa dhuunfaa mirkaneessuu yookiin eenyummaa waloo waliin qooddachuuf gargaara.

Yemmuu kana immoo, afeewwan fookloorii garagaraatti dhimma bahu. Lynch (2004: VII) "Humans use mythology and ritual to establish a sense of community, identity, and an understanding of their place in the universe" jedha. Akka ibsa kanaatti, namoonni raagamtaafi jila fayyadamuun miira hawaasummaa, eenyummaafi hubannaa addunyaa kanarraa iddoo jiranii akka qabaatan ijaaru. Haaluma walfakkaatuun, Narzari (2018: 10) "So it can be said that myths documents shared beliefs that help a community to maintain common identity" jedha. Kana jechuun, raagamtaan amantii waliin qooddatamu kan hawaasni eenyummaa waloo akka ijaarratu gargaarudha.

Akka hayyoonni xiinsammuu ibsanitti yaadrimee eenyummaa yeroo jalqabaatiif Sigmund Freud bara 1923 keessa dhiheesse jedhu. Kana ibsuuf Burt and Halpin (1998) hojii Erikson (1959:102) wabeeffachuun SigmundFreud yemmuu sana walitti bu'iinsa dhuunfaa isaafi Yihudii gidduutti uumame irraa ka'uun jijjiirama hawaasaafi seenaa guddina namaa keessatti mul'atu dhiheesse. Kanaaf Burt and Halpin (1998:2) "Identity is the integration of an individual within the group and how he or she learns to interact within that group as well ashow he or she interacts with other groups" jedha. Hiikni isaa, eenyummaan walitti hidhatiinsa namni dhuunfaa garee waliin taasisuufi akkaataa inni yookiin isheen garee sana keessatti hariiroo uumuu baratu ykn barattu, akkasumas, akkaataa inni yookiin isheen garee biraa waliin walitti dhufu/ dhuftuudha. Yaadni hayyoota xiinsammuu kun fooklooriin hidhata guddaa qaba. Akka ibsa kanaatti eenyummaan hariiroo namni dhuunfaa garee waliin qabaatu kan inni/isheen garee sana keessatti qooda isaa/ishee bahuuf walitti dhufeenya uumamuun qabaatuufi mul'isuudha. Dhimmi garee hawaasaa /fookii walitti fidu, loorii waan ta'eef hariiroo kanaan eenyummaan ijaarama.

Akka Burt and Halpin (1998) Erikson (1959) wabeeffachuun ibsanitti, eenyummaan yemmuu ijaaramu, namni hubannaa eenyummaa sirrii qabu naannoo isaa qixaan hubata; amala addaa tokkoon beekama; ofiifi addunyaa sirriitti hubachuu danda'a. Akkasumas, akka hayyoonni kun (Erikson, 1959, 1968) wabeeffachuun ibsanitti,

eenyummaan sirriin ijaraamuu kan danda'u umurii dagaagina wantoota walitti hidhatoo adda addaafi hariiroo uumuu keessatti. "While the number and quality of interactions vary from culture to culture, healthy personality or identity development is governed by a proper and sequential rate of experiences by the child with his or her environment." Burt and Halpin (1998:2) baay'inniifi qulqullinni hariiroo ykn walitti dhufeenya godhamuu aadaadhaa aadaatti garaagarummaa qabaatulleen ijaarsi eenyummaa sirriin haalaafi tooraan naannoo isaa ykn naannoo ishee muuxannoo taasifachuu ijoolleetiin to'atama. Kana jechuun ijaarsi eenyummaa muuxannoo naannoon walqabata jechuudha. Kun immoo, akkaataa aadaa hawaasaatti hariiroo umurii ijoollummaatii kaasanii taasisaniifi dhiibbaa hawaasummaa naannoo irra jiruun murtaa'a.

Akka hayyoonni xiinsammuu hawaasaa (Social Psychology) ibsanitti, ijaarsa eenyummaaf umurii dargaggummaa (adolescence) akka yeroo murteessatti fudhatu. Akka isaan ibsanitti, umurii kanatti namni mamiifi shakkii keessaa bahuun yemmuu itti waa'ee ciminaafi mudaa ofiitti dammaqina horatuudha. Yemmuu kana ga'umsa addaa ofiitti ofitti amanamummaa godhatu. Waa'ee fedhii ofii yaaduufi ibsuu eegalu. Adeemsa kanaan of ibsuun eenyummaa isaanii ijaaraa deemu jedhu. Eenyummaa namni dhuunfaa kan ijaarratu ta'ee namoota biroon kan mirkanaa'ufi beekamtiin itti kennamu ta'uu Buckingham (2008:3) yemmuu ibsu, "Identity is developed by the individual, but it has to be recognized and confirmed by others" jedha. Kunis umurii dargaggummaatti ofdanda'uun dammaqina ofii qabaachaa deemuun hariiroo uumaniin kan dhufuudha jedhu.

### 2.2.3. Yaadrimee Waallee

#### 2.2.3.1.Maalummaa Waallee

Jechi waallee jedhu jecha Afaan Ingiliziin "Discourse" jedhu kan bakka bu'uudha. Hiika jecha kanaa hubachuuf, achii as dhufti jalqabi isaa yoo ilaalame akkuma jechoota biroo Afaan Laatinii irraa kan argameedha. Akka Drid (2010) McArthur (1996) wabeeffachuun ibsutti jechi " Discourse" jedhu jecha Afaan Laatiinii "discursus" jedhu irraa kan dhufeedha. Hiikni isaa immoo, dubbii/haasaa (conversation) jechuudha jedha. Akkasumas, guboon jechootaa (Longman Dictionary of Contemporary English, 2001:388) irratti "Discourse is a

serious speech or piece of writing on a particular subject" jedha. Kana jechuun waalleen dubbii yookiin barreeffama dhimma tokkorratti dhihaatu jechuudha. Kun immoo, waalleen dubbii afaaniinis ta'ee barruun dhimma tokko irratti waan dhihaate akka ta'e agarsiisa.

Gama biraatiin Foulclough waallee yemmuu ibsu, "A discourse is a particular way of representing some part of the (physical, social, psychological) world." jedha ( Foulclough, 2003:13). Akka hiika kanaatti, waalleen akkaataa dhimmoota addunyaa kanaa kanneen akka qaama wayii, hawaasaafi qoorqalbii itti bakka buusuun dhiheessaniidha. Waan addunyaa keessa jiraatanii ibsachuuf kan miira jiru ittiin bakka buusaniidha. Akkasumas, Jorgense & Phillips (2002:12) "Discourse is a particular way of talking about and understanding the world (or an aspect of the world)" jechuun ibsu. Akka hiika hayyoota kanaatti waalleen dhimmoota addunyaa dubbachuufi hubachuudha. Dhimmoonni addunyaa kunneen ammoo, ta'iinsota hawaasaa gama garagaraan jiraniidha. Isaaniis muuxannoo, falaasama hawaasaa, beekumsaa, dandeettiifi kalaqa hawaasichaa keessaa kan dhufaniifi afaan hawaasichi dhimma itti bahuun kan ibsamuudha. Kunis akkuma Wodak (2002) ibsitutti, kan ogafaaniinis ta'ee ogbarruun dhihaatu unkaa dalagaa hawaasaati.

Akkasumas, Schiffrin and Tanner (2001:1) "Discourse has generally been defined as anything beyond the sentence." jechuun ibsu. Kana jechuun waalleen akka walii galaatti yemmuu ibsamu yaada himaan duuba jiruu kamiyyuuti. Akka ibsa kanaatti waalleen waan caasaa hima dubbatamu yookiin barreeffamerra mul'atu bira darbuun yaada jiruudha. Akkasuams, hayyoonni garagaraa waalleef hiika adda addaa kennaniiru. Waalleen himoota walqabatoo kuufama beekamaa qabaniidha (Wetherell 2001). Waalleen fayyadama afaanii akka dhaabbataattiifi afaan akka sirna mallattooleetti ilaala(Davies and Harré 1990). Waalleen tuuta dalagaalee hawaasaa hiika kennaniidha (Jaworski and Coupland 1999). Waalleen karaa afaanii beekumsa uumuufi karaa itti beekumsichi mul'atu /bakka bu'amuufi dhaabbatatti dhufu, dalagaa hawaasaa qajeelchuufi dalagaa haaraan akka raawwatamu godhuudha(Du Gay 1996).

Waalleen afee keessa kan dhugoomu yemmuu ta'u waan bal'aa afee bira darbuun hawaasa, caasaa aadaafi dalagaalee uumamaniifi dhimma itti bahaman kan haammatuudha. Wood, 2006: x) waallee yemmuu ibsu, "Discourse is, at the very least, language plus context – by

which I mean the context that we bring with us when we use language; the context that includes our experience, assumptions and expectations; the context we change (and which is itself changed) in our relationships with others, as we both construct and negotiate our way through the social practices of the world we live in" jedha. Kana jechuun waalleen gabaabumatti yemmuu ibsamu, afaani irratti galumsa dabaluu jechuudha. Galumsi immoo, kan yemmuu afaan fayyadamnu keessa jirru, kan muuxannoo keenya, yaadaafi tilmaama keenya dabalatu kan nuti hariiroo namoota biroo waliin goonuun dalagaa hawaasaa addunyaa keessa jiraannutti yaadaan waliigaluun jijjiirru yookiin ofii isaatii jijjiiramuudha. Akka ibsa nama kanaatti waalleen fayyadama afaanii galumsaan walqabatuudha.

Haaluma walfakkaatuun, Pedersen (2009:5) "Discourse theory sees all social phenomena as discursive constructions, and assumes that all social phenomena can be studied by discourse analysis. It is in this sense that discourse theory turns social phenomena into language, and language into an object for discourse analysis." Jechuun yaadni ibse waalleefi afaan walqabsiisuuf yaadota gurguddoo garagaraa ofkeessaa qaba. Akka yaada kanaatti yaaxxinni waallee ta'iinsa hawaasaa hunda akka ijaarsa waallaawaatti fudhata. Akkasumas, ta'iinsota hawaasaa mara akka xiinxala waallaawaatti qorachuun akka danda'amutti tilmaama. Akka yaada kanaatti yaaxxinni waallaawaan ta'iinsota hawaasaa gara afaaniitti deebisuun afaan immoo, gara wanta xiinxala waallaawaatti deebisa.

Dabalataan, Van Dijk (2001:116) waallee yemmuu ibsu, "Discourse is often defined as a communicative event, and occurring in a social situation, featuring a setting, participants in different roles, actions, and so on." Hiiknisaa, waalleen yeroo mara akka taatee walqunnamtee haala hawaasaa keessatti mul'atu, yoomessa argisiisu, hirmaattota gahee adda addaa, gochaafi kan kana fakkaatanitti hiikama. Gama biraatiin, Fairclough (1992:3) "Discourse can be also defined as 'different ways of structuring areas of knowledge and social practice" jedha. Waalleen akkaataa caasessa beekumsaafi dalagaa hawaasaa adda addaatti hiikamuu danda'a.

Waalleen dubbiifi barreeffamaan kan dhihaatu waan ta'eef kan dubbiin dhihaatan keessaa xiyyeeffannaa qorannoo kanaa kan ta'e tokko afseenessoodha. Afseenessoon jecha jechoota lama walitti fiduun fayyadama Afaan Oromoo keessatti moggaafameedha. Isaanis jechoota

Afaaniifi seenessoo jedhaniidha. Jechi kun Afaan Oromoo keessatti moggaafamee kan dhimma itti bahamaa jiru yaadrimee fookloorii keessatti. Jechi kun moggaasa jecha Afaan Ingiliziin Oral/folk narrative jedhuuti. Kun immoo akka Green (1997:17) ibsetti “The etymology of the term narrative indicates (Latin anecdota, have always been closely associated with oral tradition. They share their particular folk-narrative niche with closely related genres such as joke, legend, exemplum, rumor, tall tale and the kind of humorous story that in German is called schwank.”jedha. Jechi afseenessoo jedhu kun jecha Afaan Laatiniin ‘anecdota’ jedhu kan ogafaaniin walqabatuudha.

Jalqabbii fayyadama jecha ‘Afseenessoo’ ibsuuf, Bascom (1965) namoota isa dura hojii isaanii keessatti dhimma itti bahan adda addaa kanneen akka (Boggs,1949; Davenport, 1953; Berry, 1961; Clarke, 1963 fi Harskovitse, 1958) jedhaman wabeeffachuun dhiheesse. Akkasumas, hundeeffama qorannoo afseenessoo hawaasa addunyaa marii jalqabaa bara 1962 taasifameen afseenessoo unkaawwan biroo irraa adda baasuu ibsa. Yaada hayyoota kanaa keessaa Boggs (1949) afseenessoo yemmuu ibsu durdurii/ Sheekkoo, Raagamtaafi afseenaawwaan haammachiisee akka barreesse ibsee jira.

Haaluma walfakkaatuun, Bascom (1965) unkaa fookloorii yemmuu qoratu afseenessoo xiyyeeffachuun bal’inaan ibseera. Akka ibsa hayyuu kanaatti unkaan fookloorii keessaa afseenessi hololoo unkaa isa bal’aa durdurii, raagamtaafi afseenawaa haammatuudha. Afeewwan fookloorii sadan kunneen unkaa seeneffama hololootiin walfakkaatoodha. Kanaaniis afeewwan fookloorii biroorraa akka adda ta’an ibsee jira. Yaadni inni Afseenessoo hololoo (prose narratives) jechuun ibsu kan hayyoonni biroon Afaan Jarmaniitiin “Marchen”, Afaan Ingiliziin immoo “folktale” jechuun unkaawwan durdurii, raagamtaafi afseenawaa walitti qabuun moggaasanii turaniidha. Inni immoo, afeewwan fookloorii kana sadan jechi isaan ittiin walitti qabanii ibsan akka isaan yaadanitti walitti qabuu hindanda’u jedha. Falmii kana cimsachuuf immoo, unkaa ilaaluun barbaachisa akka ta’e ibsuun Afseenessoo hololoo jechuu wayya jedha. Moggaasni garagaraa jiran kunneen (Marchen, folktale, prose narratives …) maqaa adda adda haata’an malee, afeewwan fookloorii isaan bakka bu’an walfakkaataadha. Haata’u malee, Bascom (1965) moggaasni hayyoota kuuwwanii unkaa hinilaalle jedhee falmuun moggaasa afseenessoo hololoo jedhu fayyadamuun akka gaarii ta’u dhiheesse.

Kanarraa ka'uun, afeewwan fookloorii unkaa Afseenessoo qabu jedhee qorate sadiif bal'inaan ibsa laateera. Isaanis inni tokko oduu durii yemmuu ta'u afseenessoo hololoo akka hojii kalaqaatti ilaalamuudha jedha. Innis akaakuuwwan garagaraa kan akka durdurii waa'ee namaa (human tales), durdurii waa'ee bineensotaa (animal tales), durdurii gowwoomsituu (trickster tale), oduu durii dheeraa (tall tales), durdurii kan filatan nama wallaalchisu (Dilemma tales), durdurii waa'ee hamilee (moral/fable tales) kan haammatuudha jedha. Akkasumas, raagamtaan afseenessoo hololoo kan hawaasa keessatti akka waan yeroo dheeraan dura raawwatameetti dubbatamuun akka dhugaatti fudhatamuudha. Akka amantiitti ilaalamuun fudhatama jechuunis ibse. Afseenawaan immoo, afseenessoo hololoo nama seenessuufi dhaggeeffatu biratti akka dhugaatti fudhatamu ta'ee, kan addunyaa yeroo ammaa fakkaatu keessatti keessatti yeroo baay'ee dheeraa hintaane keessatti raawwatameetti ilaalamu akka ta'e ibsa.

Gama biraatiin, Green (1997:98)

> Folk narratives that, in the context of their telling, have degrees of belief as a factor. Folklorists classify folk narratives into a multitude of categories (genres) that overlap and cause confusion because these genres are based on different principles, such as content (themes, motif, concepts, and ideas), context (degree of belief, social function, and distance between storyteller and audience), and texture (point of view, imagery, tone, and other stylistic variables) jedha.

Kana jechuun, qorattoonni fookloorii afseenessoo fookii gooroowwan walfakkaatoofi yaadni isaanii tokko ta'e hedduutti akka qoodan ibse. Qoodinsi gooroowwan afseenessoo kunneenis ulaagaalee adda addaa kanneen akka qabiyyee (ergaa, ijoo, yaadrimeefi yaada), galumsa (sadarkaa itti amanuu, tajaajila hawaasaa, fageenya nama seenessuufi dhaggeeffatu gidduu jiru), keessoo afee (ilaalcha, suuryaada, olka'uufi gadi bu'uu sagaleefi haala itti dhihaatu adda addaa) xiyyeeffachuuniidha.

Gooroon ogafaanii biroon qorannoo kana keessatti xiyyeeffatame afwalaloodha. Afwalaloon kalaqa adda ta'een dhihaachuun salphaatti sammuutti qabatamuu kan danda'uudha. Kun immoo dhalootaa dhalootatti darbuuf gargaara. Dereje (2013:1) afwalaloo yemmuu ibsu,

“Oral poetry results from mental processes to serve immediate personal, social or cultural purposes, which enforce its creativities” jedha. Ogwalaloon kan hawaasni miira isaa ittiin ibsatu kan qindaa’ina kalaqaafi aartii qabuudha. Kan inni afseenessoo irraa adda ittiin ta’u, jechoota filatamoo, gaalee gaggabaaboo, Yaada dimshaashaafi yaa’a dhikkisa qabuun dhihaata. Akkasumas, hurruubummaan dhugoomuu danda’a. Irra caalatti miira ofii ittiin baafachuuf oola.

Qorannoon kun xiinxala waallee liixxaa kan xiyyeeffateedha. Seenaa jalqabbii maleenya xiinxala waallee liixxaa Van Dijk (2001) hayyoota hedduu wabeeffachuun akka ibsutti, xiinxalli waallee liixxaa, dirreewwan qorannoo akka xiinqooqa hawaasaa, xiinsammuu, saayinsii hawaasaa keessatti 1970n keessa dagaagaa dhufeen walqabata. Kanaaf bu’uura kan ta’anilleen yemmuu ibsu waraana Addunyaa 2ffaa dura biyya Jarman mana barumsaa Firaankifarti keessatti yaaxxina liixxaa (Critical theory) keessatti barsiifamaa akka ture ibse. Akkasumas, Wodak (2001) yemmuu ibsitu, xiinxalli waallee liixxaa gumii hayyoota hedduun waltajjii marii Amajjii 1999 Amastardaamitti geggeeffameen gara yaada tokkootti dhufuun hundeeffame jetti. Kanarratti namoonni guyyoota lamaaf Yuunivarsiitii Amaastardaam waaliin turuun mariyyatan, Teun Vandijk, Norman Fairclough, Gunther Kress, Theo Van Leeuwen fi Ruth Wodak akka ta’aniifi waa’ee xiinxala waallee liixxaa yaada hedduu akka mariyyatan ibsite. Namoonni isheen eerte kunniin immoo, xiinxala waallee liixxaan walqabatee qorannoowwan garagaraa akka hojjetaniifi kitaabbilee kan irratti barreessan hundeessitoota yaaxxinichaati.

Erga hubannoon walfakkaataan akkanatti hayyoota hundeessitoota ta’an gidduutti uumamee xiinxalli liixxaa waallee hayyoota dirree qorannoo adda addaa keessa jiraniin akka yaaxxina qorannootti dhimma bahamuun qorannoon garagaraa akka ittiin hojjetamaan ogbarruuwwan hedduu argina. Sababisaa maleenyi kun qorannoo kam keessattuus ta’ee maleenya biroo waliiniis deemuu danda’a.

Gama biraatiin, Van Dijk (2001:2) “Critical Discourse Analysis can be conducted in, and combined with any approach and subdiscipline in the humanities and the social sciences” jedha. Kana jechuun xiinxalli waallee liixxaa qorannoo namoomaafi saayinsii hawaasaa keessatti dirree qorannoo kam keessattuufi maleenya qorannoo kam waliinuu ittiin

qorachuun nidanda'ama jechuudha. Haaluma walfakkaatuun,Wodak & Meyer (2009) garaagarummaa xiinxala waallee ( Discourse analysis) fi xiinxala waallee liixxaa ( Critical Discourse analysis ) yemmuu ibsan xiinxalli liixxaa waallee dirreewwan qorannoo hedduu keessa galuu danda'uu (interdisciplinary ) isaati jedhu.

Akka Van Dijk (2007) fi Wodak (2008) ibsanitti, dirreewwan qorannoo saayinsii hawaasaafi namoomaa keessaa jiran hedduun addaddummaa seenduubee qabaniifi malaafi kaayyoo ittiin qorataman qabu. Dirreewwan qorannoo akka: qorannoo mallattoofi fakkii, xiinhiikalaa, xiinqooqa xiinsammuu, xiinqooqa xiinhawaasaa, qorannoo Sanyaabsaa, waliin dubbii xiinxaluufi kkf. giddu gala bara 1960 fi 1970 keessa xiinxala waalleetin qoratamuu eegalamani. Yemmuu kana qorannoon xiinxala waallee liixxaa kallattii haalaa (Dimensions) dhimmoota torba akka waliin qaban ibsu. Isaaniis, Fayyadamaa afaanichaan afaan uumama dhugaa keessatti dhimma bahamu xiyyeeffachuun sirna afaanii isa dhokataa qorachuuf fedhii qabaachuun isa tokko ture. Inni biraan, jechaafi hima tokkorratti hundaa'uurra unkaa guddaa irratti xiyyeeffachuu (afee, waallee, waliin dubbii/haasaa, haasgocha, taatee walqunnamtee) xiyyeeffachuun akka danda'amu kaasu. Akkasumas, gochaafi hariiroo qorachuuf xiinqooqa seerluga himaa bira dabarsuun bal'isuun nidanda'ama. Dhimmoota hariiroofi qunnamtee gara qunnamtee jechaan alaatti (non-verbal) bal'isuu, Jijijjiirama (dynamic) hawaasaa yookiin sochiifi tarsiimoo walitti dhufeenyaa xiyyeeffachuuf, tajaajila galumsa fayyadama afaanii (hawaasaa, aadaa, yoomessaa, beekumsa) qorachuuf, ta'iinsota hedduu seerluga afee/ dubbarruufi fayyadama afaanii xiinxaluuf gargaara. Xiinxalli waallee liixxaa eenyummaa qorachuu keessattii iddoo guddaa akka qabu, Ainsworth & Hardy (2006:2) yemmuu ibsan, "Critical Discourse Analysis represents a valuable way of approaching the study of identity."jedhu. Xiinxalli liixxaa waallee qorannoo eenyummaa keessatti maleenya gatiqabeessa jedha.

### 2.2.3.2. Waalleefi Afee

Waalleen afeewwan eenyummaa agarsiisu. Eenyummaanis galumsa hawaasaa keessaa kan dhufuufi guddatuudha. Akkasumas, ta'iinsonni eenyummaan ittiin ibsaman galumsa hawaasaa, seenaa, ilaanyaafi siyaasa irraa kan adda bahu miti. Hayyoonni hiika waallee kallattii garagaraan haa kennaniyyuu malee, hayyoonni akka: Foucault (1982), Fairclough

(1992) wallee akka caasessaa beekumsaafi dalagaa hawaasaatti ibsu. Kun yaadrimee waallee afee wayii ilaaluu bira dabarsuun bal'isee akkaataa itti yaadni qunnamtii hawaasaa keessatti itti ibsamu agarsiisa. Yeroo kana waalleen dhugaa hawaasaa ta'a. Fairclough (1992) kitaaba isaa waalleefi jijjiirama hawaasaa jechuun barreesse keessatti waallee xiinqooqa giddu-galeessa godhachuu bira darbuun dhimma hawaasaatiin walqabsiisa. Hayyuun kun hojii Foucault yeroo garagaraatti yaaxxina hawaasaa xiyyeeffachuun barreesse wabeeffachuun xiinxalli waallee unkaa hawaasaa xiinxaluudha jechuun ibse. Akkasumas, "My multidimensional approach as a synthesis of socially and linguistically-oriented views of discourse, moving towards what I call a 'social theory of discourse" (Fairclough, 1992:5) jedha. Namni kun maleenya kalheddee hawaasaafi xiinqooqa giddu-galeessa godhate walitti fiduun ilaalcha waallee gara waallee yaaxxina hawaasaatti geessuu isaa ibsa.

Afseenessi afee fookloorii ta'ee, akka waalleetti fudhatamu kun meeshaa eenyummaa ijaaruuf oolu ta'uu danda'a. Kanas, eenyummaafi fookloorii gidduu walitti hidhanni cimaan akka jiru Dundes (1983) yaada hayyoota garagaraa wabeeffachuun ibsee jira. Akka inni ibsetti, Spicer (1971) jecha fookloorii jedhu fayyadamuu baatulleen eenyummaa yemmuu ibsu eenyummaa hidhata amantii namni tokko meeshaaleefi waan meeshaaleen sun bakka bu'aniin qabuun walqabsiise. Akkasumas, sirba, ragada, gootummaa … eenyummaa akka ijaaran walqabsiisee ibse. Kun immoo, afeewwan fooklooriiti.

Haaluma walfakkaatuun, Bauman (1971:32) eenyummaafi fookloorii yemmuu walqabsiisu "Folklore is a function of shared identity" jedha. Kana jechuun fooklooriin eenyummaa waliin qooddachuuf tajaajila. Gareen tokko waan qabu kan ittiin qooddatu fookloorii isaati. Akkasumas, Max Weber (1968) qorannoo isaa garee gosaa (Ethnic group) keessatti irra deddeebi'uun duudhaa hawaasaa fayyadamee jira. Duudhaan hawaasaa immoo, gooroo fookloorii keessaa isa tokkoodha. Kanaaf, gooroon fookloorii eenyummaa ibsuu keessatti gahee qabu waan ibsuuf hariiroo fooklooriifi eenyummaan qaban irraa hubachuun nidanda'ama. Dundes (1983) kana yemmuu ibsu, yaadni fooklooriin eenyummaa garee/fookii ibsa jedhu waan haaraa osoo hintaane, Erikson (1963) yemmuu eenyummaa qoratu odeefkennitoonni isaa barsiifata hawaasaan walqabsiisaa akka ibsaafii turan Erikson (1963:129) "The way you see me now is the way i really am, and it is the way of my forefathers" jechuun ibseera. Kana jechuun, akki ati amma itti na ilaaltu kun kanan ani

dhugumaan ta'eefi akka abootiin koo darban ta'aniidha jechuudha. Kun eenyummaan barsiifata hawaasaan walqabatee deemuu agarsiisa.

Dabalataan, Dundes (1983) N'Diaye (1980:17) wabeeffachuun "Folklore may be the principal insurer of cultural identity" jedha. Kana jechuun fooklooriin tarii oogganaa eenyummaa aadaa mirkaneessu ta'uu danda'a jechuudha. Akkasumas, Dundes hojii isaa yeroo garagaraa keessatti akka itti aanu kana jedhee barreessee jira.

> The term "folk" can refer to any group of people what so ever who share at least one common factor. A member of the group may not know all other members, but he will probably know the common core of traditions belonging to the group, traditions which help the group have a sense of group identity. A folk can be as small as family, and as large as a nation. Dundes (1965:2, 1980)

Jechi 'Fook'jechu garee hawaasaa yoo xiqqaate wanta tokko waliin qooddatu kan bakka bu'u jechuudha. Miseensi garee tokko miseensota garee sanaa hunda beekuu dhiisuu danda'a. Garuu sona barsiifata waloo garee sana isa/ishee taasise kan gareen sun miira eenyummaa garee akka qabaatan gargaare beekuu danda'a. Fookiin amma maatii xiqqaachuu yookiin amma sabaa guddachuu danda'a. Kun hariiroo fooklooriifi eenyummaan qaban kallattii garagaraan agarsiisa. Inni jalqabaa, wanti fookiin tokko waliin qooddachuu danda'u tokko eenyummaa ta'uu hubanna. Eenyumman kun kan miseensonni garee sanaa barsiifata hawaasaa keessa waliin qooddatan isa hayyoonni dirree qorannoo biroo eenyummaa hawaasaa jedhaniinitti nu geessa. Inni biraan eenyummaan barsiifata hawaasaan hidhata qabaachuu isaati. Barsiifanni kun immoo, miira eenyummaa garee sanaa beekuutti isaan geessa.

Walumaagalatti, afseenessoon gumbii eenyummaa hawaasaati. Hawaasni agarsiiftuuwwan eenyummaa isaa afseenessoo isaa keessatti kuufatee dhalootaa dhalootatti qaxxamursaa deema. Narzari (2018:35) akaakuuwwan afseenessoo fookloorii ta'an tarreessuun eenyummaan walqabsiisee yemmuu ibsu, "These oral narratives or the folklore is the storehouse of identity of a community which helps in bringing them together." jedha. Hiikni kanaa, afeewwan afseenessoo yookiin fooklooriin mankuusa eenyummaa hawaasaa kan

walitti isaan fiduuf gargaarudha. Akkamu hayyuun kun jedhu afeewwan fookloorii afseenessoo jedhamuun qoodaman eenyummaa hawaasni duudhaafi barsiifata isaatiin waliin qooddatu waliin hariiroo cimaa qabu. Akkasumas, hayyuun kun afseenessoon seenaafi lafee dugdaa eenyummaa hawaasa tokkoo akka ta'e ibsa. Akkuma qoosaatti namoota bohaarsuuf yookiin waan bara angafoota isaanii ta'e namoonni haa beekaniif himu. "The traditional oral narratives are seen by a community just as their history and backbone of identity; and they are simply told for entertainment or just to let the people of the community know about what had happened during their ancestor's time" Narzari (2018:49). Kanaaf fooklooriifi eenyummaan kan hariiroo cimaa walutubu qabaniidha. Dhimmoonni eenyummaa hawaasaa agarsiisan beekumsa garee hawaasaa (fookiin) waliin qooddatan keessa jira; inni immoo, fookloorii hawaasichaatti. Waalleen Afaan (dubbiifi barreeffama)fi mallattoolee (hurruubummaa/sochiiwaan, fakkiiwwan, bobboca) waan haammatuuf, agarsiiftuuwwan eenyummaa ibsa. Eenyummaan akkuma gooroowwan adda addaa qabu agarsiiftuu garagaraa akka qabu hayyoonni ni-ibsu.

#### 2.2.3.2.1. Afaan

Akka hayyoonni ibsanitti afaan agarsiiftuuwwan eenyummaa keessaa isa tokko. Edwards & Chisholm (1987:393), afaan agarsiiftuu eenyummaa ta'uu yemmuu ibsan, "Language is a marker of identity" jedhu. Dabalataan, Abere (2008:64) "Language is considered an essential mark of identity and a resource" jedha. Afaan akka mul'iftuu eenyummaa isa guddaafi qabeenyaatti fudhatama. Afaan eenyummaa agarsiisuu keessatti isa ijoofi guddaa ta'uu isaa ibsa. Haaluma walfakkaatuun, Brown( 2009:320 ), "Language is a key part of each person's identity and is an essential component of a group's cultural and social heritage.Speakers whose languages are not endangered are also aware of the importance of language as a marker of identity and pay great attention to differences in dialects and speech patterns."jedha. Kana jechuun afaan eenyummaa nama kamiifuu qaama isa ijoofi aadaa gareefi hambaa hawaasaatiif qaama isa murteessaadha. Dubbattoonni afaan isaanii yaaddoo baduu jala hingalle, barbaachisummaa afaan agarsiiftuu eenyummaa ta'uutti dammaquun addaaddummaa loogaafi unkaa haasaatti xiyyeeffannaa guddaa kennu. Afaan dhimmoota hawaasaa eenyummaafi aadaa keessatti qaama isa ijoo ta'uu ibsuudha.

Akkasumas, hayyuun Thank-God jedhamu artikilii bara 2017 maxxansiise irratti afaan ta'iinsa hawaasaa akka ta'e ibseera. Sababni inni dhiheessu immoo, fayyadamaan afaan tokkoo hawaasa keessa jiraata, akkasumas, hariiroo isaanii keessatti afaaniin ilaalcha addunyaa hawaasichaa calaqqisiisa. Kanaaf, afaan ta'iinsa hawaasaati jedha. "Language is a social phenomenon because the users of any particular language live in a society and their interaction through the language reflects the worldview of the society." Thank-God (2017:1). Kana qofa osoo hintaane, namni kun afaan haala jireenya hawaasichaa ibsuuf hawaasa keessa jiraataniin kan ijaaramu akka ta'e barreessee jira.

Gama biraatiin, afaan daawitii hawaasaati. Dhimmoonni hawaasaa afaaniin ibsamu. Afaan akka jaarmiya hawaasaatti warri fudhatanis jiru. "Language is a social institution" jechuun ibsu. Afaan jaarmiya hawaasaati. Kun immoo, afaan dhimma hawaasaa keessaa isa olaanaafi ijoo ta'uu ibsa. Dhimmoonni hawaasaa kan akka aadaa hawaasaa afaaniin bocama. Akkasumas, afaan dalagaa hawaasaati. Waalleenis ta'ee xiinxalli waallee dhimmuma kana kan xiyyeeffatuufi giddu-galeessa godhatuudha. Ta'iinsonni afaanii akka Breeze (2011:5) ibsitutti qaama guddaa hariiroo walqixxummaa dhabuu aangootiin murtaa'uudha

Walumaagalatti, afaan dalagaa hawaasaa akka ta'eefi hariiroon hawaasummaa keenya afaaniin akka dhugoomu waa hunda keenya ijaaruuf akka humna cimaa qabu yaada hayyuu kanaarraa haa hubannu. "For language is a social practice – and many would want to say that it is the defining social practice. Our social relationships are almost wholly realized in language; language leads us to act and behave in certain ways, and it is a powerful shaping force in how we think about and construct the world we live in"( Woods, 2006:9)

#### 2.2.3.2.2. Maqaa Baasamu

Maqaan namaa, bakkaa, wanta tokkoo kan moggaafamuuf qaama sana kan biraa irraa adda baasuun kan agarsiisuudha. Aksholakova (2014:267) "Name symbolizes the identity of an individual, i.e. a man states about his identity with the help of a name." jechuun ibsa. Maqaan fakkoommii eenyummaati. Namni eenyummaa isaa maqaa isaatiin ibsata. Namni maqaa hinqabne hawaasa keessatti eenyummaa ittiin ibsamu dhaba.

Akka Zhang (2020) eenyummaa ibsetti, eenyummaan loorii garee hawaasaa sanaan kan agarsiifamuudha. Yaadrimee fookloorii keessatti looriin agarsiiftuu eenyummaa gareeti jechuun ibse.

> The concept of folklore has been used to frame lore as identity markers of certain groups, and to draw boundaries separating*us* from *them*. This *normal* stage fell into a *crisis* when "context" and "performance" were introduced into the study offolklore. The *revolution* following this crisis led to a *new normal,*our current stage, where "ethnic" prevails as an adjective to redefine "identity," "group," and "folklore." Zhang (2020:126)

Akka ibsa nama kanaatti, eenyummaan loorii[1] hawaasaan agarsiifamuun, tokko kan biraa irraa adda baasu kun haalaafi dalagaa irratti hundaa'uun gaaga'amuu danda'a. Gaaga'ama kana booda eenyummaa, gareefi fooklooriin hawaasa sanaa irradeebiin ibsamuu barbaada. Loorii hawaasaa keessaa maqaan baasamu akka aadaa garee sanaatti hiika giddugaleessa godhate waan qabaatuuf eenyummaatti kan hidhate ta'a.

Eenyummaan amala, amantii, gocha, sansakkaa, nama tokko,garee tokko yookiin gareewwan waloon, akkasumas, saba tokko ibsuun beeksisuudha. Garee tokko garee biraaf kan ibsu yookiin gareenis ta'ee qaamni tokko kan ittiin ibsamuudha (Burke,2005). Eenyummaan akka yaaxxina eenyummaatti yemmuu ibsamu akka finna/ilmoo aadaatti fudhatama (Stryker and Burke, 2000 fi Nagel, 1995). Eenyummaan aadaa ibsuun kan adda baasee waamsisuudha. Eenyummaan ofiis ta'ee garee kan hawaasan walqabatuudha. Gama biraatiin, akka Lange (2020) ibsetti, namoonni eenyummaa kallattii garagaraan hubachuun hiika itti laatu. Haata'u malee, ibsi tokko tokko dogoggora hubatamuun kan dhihaataniidha. Akka inni ibsetti, namoonni tokko tokko eenyumman waanuma salphaafi dhaabbataa tokko godhanii ilaalu. Kun dogoggora akka ta'etti yemmuu ibsu eenyummaan nama tokkoo nama sana ibsuuf waan salphaa miti. Akkasumas, amma dhuma jireenya nama sanaatti dhaabbataa ta'ee kan hafu osoo hintaane yeroofi haala ittiin jijjiiramu qabaachuu danda'a. Gama biraatiin, dogoggorri jiru, namoonni tokko tokko eenyummaan waanuma akka salphaatti jijjiiramuun jijjiiramaa ta'eetti hubatu. Kunis, hubannaa dogoggoraa ta'uu yemmuu ibsu

[1] looriin beekumsa gareen tokko ijaaree waliin qooddatu, dhimmoota miseensa garee tokkoo walitti fidaniidha.

eenyummaan akkamitti akka jijjiiramuufi maaliif akka jijjiiramu osoo hinhubatin salphisuun ilaaluun hiika kennamuudha jedha. Kanarraa kan hubannu eenyummaan yaadrimee dhimmoota garee hawaasaa waliin ciminaan kan walqabu ta'uu isaati. Salphaatti kan hinjijjiiramneefi sababoonni dhimmoota hawaasaa irraan dhiibbaa geessisan adeemsa keessa kan jijjiiran ta'uu nama hubachiisa.

Eenyummaan  qaama ibsu sana irratti hundaa'uun gulantaa adda addaan ibsama. Isaanis akka fakkeenyaatti, eenyummaa dhuunfaa, eenyummaa garee, eenyummaa gosaa, eenyummaa sabaa, eenyummaa biyyaa, eenyummaa aadaa, eenyummaa ogummaa, eenyummaa koorniyaa jedhamuun ibsamu.

Gama biraatiin, maqaafi eenyummaan hariiroo cimaa kan qabaniidha. Maqaan eenyummaa ijaaruu keessatti iddoo olaanaa qaba. Akkasumas, agarsiiftuu eenyummaa isa bu'uuraati. Maqaan bakkaa moggaasa iddoo sana bakka bu'u qofa osoo hintaane eenyummaafi ilaalcha hawaasaa waliin hidhata guddaa qaba (Penick, 2019; Alasli, 2019).

Haaluma walfakkaatun maqaan bakkeewwanii eenyummaa waliin hidhata qabaachuu (Alasli, 2019:2) yemmuu ibsu akka itti aanu kana jedha.

> Toponyms are essential building blocks of communities and identity. Place names hold the power of constructing social identities. This complex process is accomplished through two concepts: place identity and place attachment. Place identity displays the self-image of the immediate community by projecting how people relate with places. Individuals alter it to reflect who they think they are and whom they aspire to be.

Akka ibsa kanaatti maqaaleen bakkaahawaasaafi eenyummaa isaa ijaaruu keessatti iddoo murteessaa qaba. Hariiroon maqaafi eenyummaa kun eenyummaa bakkichaafi hidhata hawaasni bakkicha waliin qabuun walqabata. Maqaan bakkaa afaan hawaasichaan baasama. Afaan immoo eenyumma hawaasa abbaa afaanichaa bakka bu'a. Akka Spolsky (1999:181) ibsetti, "A language is a powerful symbol of national and ethnic identity". Akkasumas, akka Qazimi (2014:307) hidhata bakkaafi eenyummaa ibsetti. "Place attachment is part of place identity, but place identity is more than attachment. Place identity is substructure of social

identity, like gender and social class.” jedha. Hidhanni maqaan bakkaafi eenyummaan waliin qaban eenyummaa bakkichaanis ta’ee garee hawaasaa ibsa.

Assefa (2015:94) “While place names and personal names are key identity markers, the Shawan rulers changed the original Oromo place names into Amharic and Geez names, and in so doing, to disrupt the native culture and dislocate the “folk ideas.”Jedha. Kun hiikni isaa, maqaan bakkeewwaniifi namootaa agarsiiftuu eenyummaa isaan ijoo yemmuu ta’an, bulchitoonni/mootonni Shawaa turan maqaa ganamaa bakkeewwanii Oromoo gara Afaan Amaaraafi Afaan Gi’iiziitti jijjiiran. Akkasumas, aadaa jiraattota achii jeequun yaada garee hawaasaa bakkaa godaansisan. Kun maqaan agarsiiftuu eenyummaa ta’uu mul’isa. Kanaaf, maqaan agarsiiftuuwwan eenyummaa keessaa isa tokko.

#### 2.2.3.2.3. Bakkeewwan Ulfoo


Bakkeewwan dhimma duudhaa hawaasa tokkoon walqabatan agarsiiftuu eenyummaa hawaasichaa ta’uun tajaajilu.Akka Badone(1987) hayyoota adda addaa wabeeffachuun ibsutti, 1980n keessa qorattoonni qorannoo sanyaabsaa warra Awurooppaa hedduun eenyummaa bakkaan walqabatu qorachuu irratti xiyyeeffatan.Innis yemmuu ibsu, bakkeewwan eenyummaa garee hidhata itti qabuu adda baasuuf yookiin agarsiisuuf oola jedha.Haaluma walfakkaatuun, Assefa (2015: 90) “The role of space is obvious not only in identity formation but also in its deformation.” Jedha.Gaheen bakkeen qabu eenyummaa ijaaruu qofa osoo hintaane eenyummaa garee tokkoo balleessuu keessattis beekamaadha jedha. Bakkeen gareen hawaasaa tokko waliin jiraachuun hidhata waliin qooddatu itti qabaatu eenyummaa garee sanaa agarsiisuuf gahee qaba.

Mallattoon hawaasni bifa waalta’aan dhimma itti bahu akka faajjii hawaasichaatti beekama. Innis kan hawaasicha bakka bu’uun ibsu ta’uun agarsiiftuu eenyummaa hawaasa sanaa ta’u. Isaan keessaa tokko dha. n Mallattoo hawaasaa halluu garagaraan bakka buufamuun murtaa’udha. Hallichis hiika falaasama hawaasaan kan bakka bu’amuudha. “Flags narrate constructions of belonging that become tethered to negotiations for power and resistance over time and throughout a people’s history” (Wagner 2019:2).

#### 2.2.3.2.4. Alaabaa

Mallattoon hawaasni bifa waalta'aan dhimma itti bahu akka faajjii hawaasichaatti beekama. Innis kan hawaasicha bakka bu'uun ibsu ta'uun agarsiiftuu eenyummaa hawaasa sanaa ta'u. Isaan keessaa tokko alaabaadha. Alaabaan Mallattoo hawaasaa halluu garagaraan bakka buufamuun murtaa'udha. Hallichis hiika falaasama hawaasaan kan bakka bu'amuudha. "Flags narrate constructions of belonging that become tethered to negotiations for power and resistance over time and throughout a people's history" (Wagner 2019:2).

Waan kana ta'eef xiyyeeffannaan caayi yaadrimee (Conseptual Framwork) qorannoo kanaa akka kanaan gadiitti cuunfamee jira.




Kan irraa Qindeeffame: Fairclough (1989, 2001; Halliday, 1994, 2004, 2014; Amoussou and Allagbe, 2018)

## 2.3. Eenyummaa, Aangoo, Ilaanyaafi Waallee

Eenyummaan waallee keessa yemmuu ibsamu, hubannaa muuxannoo sirna waallaawaa ittiin hiikni ijaaramun walqabata.

> Identity is an essential, cognitive, and socialized phenomenon known as discursive one. Identity is relocation from private and cognitive experience to public and other semiotic experience which is discursive system of meaning making. Therefore, it is argued that identity can be found in discourse that entails power and directs individuals. Marx also proposed that identity shapes through the authoritative voice that language carries (Shahmirzadi, 2018:3071).

Eenyummaan waallee keessa yemmuu ibsamu hubannoofi taatee hawaasummaa waallaawaa ta'uun beekamuudha. Kun immoo, aangoo qajeelchu ofkeessaa qaba. Akka xiinxala Foucault (Hayyuu falaasamaa warra Faransaay) geggeessetti aangoon iddoo hundatti waan hunda keessatti argama. Hariiroon aangoo immoo jireenya hawaasaa keessatti haammatama. Akka Gramsci (hayyuu Maarkisizimii warra Itaaliyaanii) ibsetti immoo, hariiroo aangoo lakkuu faallaawwanii (kan geggeessu-kan geggeeffamu, kan bulchu-kan jalatti bulu …) keessa ilaala (Daldal, 2014). Kun waallee keessa ni-ibsama. Waallee dalagaa hawaasaa keessa eenyummaan hawaasaa ibsama. Aangoon waallee afee keessa xiyyeeffatamuu akka danda'u Van Dijk yemmoo ibsu "Power is enacted, expressed, described, concealed, or legitimated by text and talk in the social context" jedha (Van Dijk 2015:18). Aangoon galumsa hawaasaa giddugaleessa godhachuun afee ogbarruu yookiin afee ogafaanii keessa agarsiifama.

Gama biraan namnumti kun aangoon hawaasaa, hariiroo garee, qaamota hawaasaafi miseensota garee hawaasaa gidduu jiru kan akkaataa waallee adda addaan akka dhihaatu ta'e ibse. Akkasumas, hariiroon aangoo hawaasaa qunnamtii keessa akka mul'atu ibsame.

> Social power relationships are characteristically manifested in interaction. Thus we say that group A (or its members) has power over group B (or its members) when the real or potential actions of A exercise social control over B. Since the notion of action itself involves the notion of (cognitive) control by agents, the social control over B by the actions of A induces a limitation

> of the self-control of B.Except in the case of bodily force, power of A over B's actual or possible actions presupposes that A must have control over the cognitive conditions of actions of B, such as desires, wishes, plans, and beliefs. For whatever reasons, B may accept or agree to do as A wishes, or to follow the law, rules, or consensus to act in agreement with (the interests of)(Van Dijk 2015:20).

Akka ibsa kanaatti gareen “A”fi miseensi isaa garee “B” fi miseensa garee “B” irratti aangoo qabaachuun dalagaan hawaasa garee “B” gochaa garee “A”tiin to’atamuudha.

Jecha Ilaanyaa jedhu Antoine Destutt de Tracy (1798 fi 1801) jalqabaaf yemmuu fayyadamu ‘saayinsii yaadaa/ science of ideas jechuuf ture. Sana booda yaadrimee ilaanyaa ibsa, hiikafi hidhata adda addaa dirreewwan qorannoo garagaraa keessatti argataa deeme (Kopytowska, 2012). Ilaanyaan akka Van Dijk (2006) ibsetti, qaama hubannoo kan amantaafi sirna amantaa (belief and belief system) ibsuudha. Kun immoo, ilaanyaan dalagaa ilaanyaawaa akka hinbarbaadne agarsiisa. Kanaaf, ilaanyaan dhuunfaa kan jiru osoo hintaane sirna amantaa miseensi garee sanaa waliin qooddatuudha. Kana jechuun ilaanyaan sirna amantaa akkaataa jireenyaa waliin qooddachuu hawaasaa kan ogeeyyotaan, qaama siyaasaafi kanaafi kan kana fakkaataniin ibsamuudha (Van dijk, 2006; Shahmirzadi, 2018). Akkasumas, ilaanyaan bu’uura amantaa hawaasaa kan hawaasa bakka bu’u beekumsaafi ilaalcha gareeti (Shahmirzadi, 2018).

## 2.4. Caayaa Yaaxxinaa

Dirreewwan qorannoo saayinsii hawaasaa keessatti hayyoonni kallattii garagaraan yaaxxinoota dhimmi hawaasaa ittiin qorataman adda addaa qoratanii dhiheessanii jiru. Yaaxxinoota kanneen keessaa yaaxxinni dalagaa hawaasaafi yaaxxinni seenawaan dhimmoota hawaasaa qorachuuf xiyyeeffannaa mataa mataa isaanii kan qabaniidha. Qorannoon kun yaaxxinota kanneen lamaanitti dhimma bahuun kan geggeeffameedha.

### 2.4.1. Yaaxxina Dalagaa

Yaaxxinni kun hojii Bourdieu (1999) dhiheesseen akka hundeeffame hayyoonni ni ibsu. Blommaert (2015:1) yemmuu ibsu, “Terms designed by Bourdieu –‘habitus,’ ‘field,’ ‘Capital’, ‘symbolic violence’ and so forth–have become part of the core vocabulary of anthropology, sociology, sociolinguistics, discourse analysis, cultural studies and media studies, to name just a few disciplines” jedha. Kana jechuun jechoonni nama kanaan wixineeffaman kanneen akka ‘habitus,’ ‘field,’ ‘capital’ jedhaman dirreewwan qorannoo akka xiinmaddaa, xiinhawaasaa, xiinqooqa hawaasaa, xiinxala waallee, qorannoo aadaafi qorannoo sabaahimaalee keessatti jechoota ijoo ta’aa dhufaniiru. Tokko tokkoo isaaniis yemmuu ibsan ‘Habitus’ kan jedhu sirna yaadaa caasaalee barruufi mitibarruu dalagaalee namoota dhuunfaa yookiin gareewwaniitti ilaalama. Sirni yaaduu akkanaa ittifufiinsaan galumsatti kan sirreessuufi muuxannoo dabalataan onnatuudha. Akkasumas, akka Mayrhofer et al.(2007) ibsanitti, ‘Habitus’ kan inni jedhu kun hawaasummaa keessa horatama. Jalqabarra umurii ijoollummaatti manatti haala yaaduu, fedhiifi amala sadarkaa hawaasaa keessatti maatiin qaban fudhachuudha. Sirni jalqabaa yeroo hundumaa akkaataa guddina sirna itti aanee dhufuu irraan dhiibbaa geessisa. Dirree (Field) kan inni jedhu immoo, galumsa hariiroo caaseffamaa, seera ittiin geggeeffamu kan dalagaalee galumsa keessatti dhihaatan to’atuudha. Dirreen akka galumsa beektotaa iddoo itti dalagaaleen idileefi jaarmiyaalee ogeeyyotaan akka seera isaanitti itti raawwatamutti ilaalama. Yaaxxina dalagaa keessatti dirreen dabaree dabareen waallee dhiheessuun walqabata (Fairclough, 2003). Dabareen waallee bakka itti hariiroon aangoo hirmaattotaan itti shaakalamuudha. Diinagdee (Capital) kan jedhu immoo, leecalloo ilaallata (Bourdieu, 1999).

Yaaxxinni qorannoo kana keessatti xiyyeeffatame yaaxxina dalagaa (practice theory) kana ta’a. Seidl & Whittington (2014), akka ibsanitti, yaaxxinni kun dalagaa akka ijaartuu caacculee jireenya hawaasaatti fudhatama. Akka Schatzki (1996) ibsetti, yaaxxinni dalagaa hariiroo dalagaa hawaasaafi hawaasa gidduu jiru xiyyeeffata. Dalagaan hawaasaa hundiifi taateen hawaasaa walkeessoo kan argamaniidha. Dhugaan hawaasaa gulantaa tokko qaba malee gulantaa xiqqaa (micro) fi gulantaa guddaatti (Macro) hinqoodamu jedha. Taateen hawaasaa dalagaa akka saaphaphuu walkeessa makamoo ta’aniidha jechuun ibsa. Akkuma kana hayyoonni yaaxxina kana xiyyeeffatan,“There is only one single level of social reality: the level of social practices”(Loscher, Seidl & Splitter, 2019 fi Seidl & Whittington, 2014).

Akka yaada kanaatti dhugaan hawaasaa gulantaadhuma tokkoon ilaalama; innis gulantaa dalagaa hawaasaati.

Gama biraatiin, Loscher, Seidl & Splitter (2019:3) yemmuu ibsan, “The fundamental elements of a practice are formed by doings and sayings, both of which are also called activities” jedhu. Kana jechuun caacculeen dalagaa bu’uurri gochaafi jecha irraa kan ijaaramu ta’ee, lachuu immoo gochaalee jedhamuun kan beekamaniidha. Jechaa yemmuu ibsan haasgocha (speech acts) akka xiyyeeffatan agarsiisa. Hayyuun Fooklorii Bronner (2012) yemmuu ibsu, yaaxxinni dalagaa dirree qorannoo xiinqooqa hawaasaa keessatti kan bu’uureffame ta’ulleen fookloorii keessatti kan tajaajiluudha jedha. Hiikni dalagaa, gochoota barsiifata duudhaa keessaa kan ta’iinsa waltajjii tokko oso hintaane mul’ataa ta’eedha jedha. Qorannoon kun ija yaaxxina kanaatiin dalaga waallaawaa afeewwan ragaa fudhataman keessa eenyummaa hawaasaa daangaa qorannoo kanaa ta’e xiinxale.

### 2.4.2. Yaaxxina Seenawaa

Yaaxxinni seenaawaa yaaxxina taateewwan yeroo darbanii kan yeroo ammaan walqabsiisuuf gargaaruudha. Dhimmi hawaasaa kaleessaa har’a keessa jira; har’i immoo boru fuulcha. Kanaaf, yaaxxina kanaan ibsa eenyummaa Oromoo Tuulamaa afeewwan haalota adda addaa keessatti dhimma itti bahaman keessaa xiinxaluun barbaachisaadha. Akka Gay (1981) ibsetti, qorannoon seenawaan sirna funaansa ragaafi kaayyoo ragaa yeroo darbeen walqabatee raawwachuun isaa beekamu sababa, fidumsaafi taateen sun taatee yeroo ammaa ibsuu, akkasumas, taatee gara fuulduraatti ta’uu danda’u ittiin raaguun danda’amu madaaluudha. Kun immoo dhimmoota hawaasaa jijjiiramaa lufan hubachuuf gargaara.

Akka Špiláčková (2012:22) ibsetti, “The folk wisdom say us: *‘The nation which forgets its history is forced to repeat the same mistakes’”*jedha.Kanaaf, kaleessaafi har’a waliin ilaaluuf fookloorii keessatti yaaxxinni seenawaa beekamaadha. Yaaxxina qorannoo seenawaa yookiin qorannoon yaaxxina kana hordofu, hariiroo taatee yeroo darberraan dhiibbaa geessisuun yeroo ammaatti ce’eefi yeroo dhufurraanis dhiibbaa geessisuu malu qorachuudha (Glass 1989; Lune and Berg 2017). Qorannoon yaaxxina seenawaan geggeeffamu seenaa darbe qorachuu qofa osoo hintaane dhimmoota yeroo darbe keessa

raawwataman irraa dhimmoota hawaasaa xiinxaluu haammata (Berg 2001). Qorannoon seenawaan taateewwan yeroo darbanii qorachuu qofa osoo hintaane taatee darbe kan yeroo ammaafi dhufuun walqabsiisa. “Without a past, there is no meaning to the present, nor can we develop a sense of ourselves as individuals and as members of groups” Leininger (1985:109). Kanaaf, dhimma hawaasaa qoratamu kan darbeen walqabsiisuun jijjiirama mul’ateen eenyummaa tureefi jiru xiinxaluuf oola.

Gama biraatiin, qorannoon yaaxxina seenawaa hordofu akkaataa funaansa ragaa qorannoon akkamtaa barbaadu bal’inaan xiyyeeffata. “Historical research is the systematic collection and objective evaluation of data related to past occurrences in order to test hypotheses concerning causes, effects, or trends of those events which may help to explain present events and anticipate future events” Esther (2018:3). Haaluma walfakkaatuun, yaaxxina kana hordofuun galmeewwan, hambaaleefi kkf keessa dhimma hawaasaa barbaaduu akka ta’e Kothari akka itti aanutti ibsee jira. “Historical research is that which utilizes historical sources like documents, remains, etc. to study events or ideas of the past, including the philosophy of persons and groups at any remote point of time” Kothari (2004:4)

Kaayyoon yaaxxina kanatti dhimma bahamuuf hariiroo taateewwan yeroo darbaniifi ammaa qorachuudha. Sabanisaa, wanti yeroo darbe keessa raawwate kan yeroo keessa jirruuf hubannaa sirrii qabaachuuf baay’ee nu gargaara. Akka ( Howard and Bruce 2012) ibsanitti, qorannoon yaaxxina seenawaan kan geggeeffamuuf sababoota adda addaa giddugaleessa godhata. Isaan keessaa, waan hinbeekmne bira gahuuf, gaaffii wayii deebisuuf, hariiroo taatee yeroo darbeefi yeroo ammaa hagam akka walqabatu barbaaduuf, taateewwan yeroo darbee barbaaduun dhimma namoota dhuunfaa, jaarmiyaa, akkasumas, garee, aadaa hawaasaa keessa hubachuudha. Akkasumas, yaaxxinni seenawaan seengooroo Seengooroo (Macro history)fi Seengooree (Micro history) bu’uureffachuu danda’a. Seengooroofi seengooreen dirreewwan qorannoo seenaa ta’anii bal’ina daangaa isaanitiin kan ibsamaniidha. Seengooroon seenaa ilaalcha bal’aa qabaachuun hawaasaafi saboota hedduu haammachuun goolaba bal’aadhaafi dimshaashaarra gahuudha. Seengooreen garuu, dhimma dhuunfaa tokko yookiin hawaasa tokko irratti xiyyeeffachuun qorachuufi xiinxaluun hubannaa bal’aarra ga’uudha (Fernand, 1992). Waan kana ta’eef, qorannoo kanaaf yaaxxina seenawaatti yemmuu dhimma bahamu taateewwan yeroo darbeefi yeroo ammaan jijjiirama

ibsa eenyummaa Oromoo Tuulamaa Finfinnee xiyyeeffachuun yaadameeti. Ragaan giddugaleessa godhatamus kan garee hawaasa Oromoo malee kan bal'atee seengooroo ta'u miti. Xiyyeeffannaa seengooreetiin eenyummaan Oromoo Tuulamaa Finfinnee kan qoratameedha.

### 2.4.3. Yaaxxina Eenyummaa Hawaasummaa

Yaaxxinota hedduu jiran keessaa yaaxxinni eenyummaa hawaasaa isa tokko. Yaaxxinni hayyoota dirree qorannoo xiinsammuu hawaasaa (Social Psychology) akkasumas, xiinhawaasaa (sociology) adda addaatiin akka xiyyeeffatame ogbarruun ni mul'isa. Akka Stets & Burke(2014) ibsanitti, dagaaginni yaaxxina kanaa hojii hayyuun Mead (1934) keessa hawaasni amala ofii boca; amala hawaasummaas boca, jechuun barreesse ijoo godhachuun hayyoota hedduun xiyyeeffatamaa akka dhufe ibsu. Akka hayyoonni kun ibsanitti hanga 1988 yaaxxinni eenyummaa hayyootaan dhihaatutti qorannoowwan eenyummaa irratti geggeeffaman kallattii garagaraatiin ilaalaa turani. Qorattoonni tokko tokko eenyummaa gahee filachuudhaan ( role choice) walqabsiisu. Tokko tokko immoo, gulantaa (irraa jalummaa) waan addaa ( Salience hierarchy) yemmuu ibsan, kaan amala calaqqisiisan ( behavior and identity) walqabsiisuun qorachaa turani.

Gama biraatiin, akka Hogg (2001) ibsutti, yaaxxina eenyummaa hawaasaa hojii Tajfel (1972) dhiheesseetu beeksise. Hayyoonni hedduunis, jalqabbiin yaaxxina kanaa yaada Tajfel dhiheesseen akka ta'e ibsuun hojii isaanii keessatti wabeeffataniiru. Tajfel eenyummaa hawaasaa ilaalchisee kan ibse Hogg (2001, F.186), yemmuu waraabuun dhiheessu,

> I defined social identity as the individual's knowledge that he belongs to certain social groups together with some emotional and value significance to him of this group membership. Because groups only exist in relation to other

> groups, they derive their descriptive and evaluative properties, and thus their social meaning, in relation to these other groups (Tajfel, 1972: 292). Jedha.

Kana jechuun, Tajfel eenyummaa hawaasaa yemmuu ibsu, beekumsa namni tokko kan garee hawaasaa sana ta'uu isaa miira wayiifi gatii miseensa garee sanaa ta'uun qabuuf beekuuti. Sababnisaa gareen jiraachuu kan danda'u gareen biraa jiraachuun. Ibsiifi maddaalliin qabeenyaa isaanii, akkasumas, hiikni hawaasaa gareewwan kanneeniin ilaalama.

Yaaxxinni eenyummaa yaadrimee caasaa hawaasaa gabbisuun isa bal'aa, isa giddugaleessaaas ta'ee isa xiqqaa kan ilaaludha. Kanaaf hayyoonni kun akka itti aanu kana jedhu.

> The idea was that people did not just act in ways that were consistent with their identities. Rather they used feedback from others (reflected appraisals) as well as their own direct appraisals to understand the meanings of the behaviors they were enacting. On the basis of this, they altered their behavior in order to make their perceptions of the meaning match the meanings in their identity standard. .. it is the meaning that is important not the behavior itself, and meaning is subject to social confirmation. … achieving a match between perceived meanings and the meanings held in the identity standard was identity verification, while failure to achieve this match was identity nonverification (Stets & Burke (2014: 62).

Akka yaada kanaatti, namni akka eenyummaa dhuunfaa isaa qofatti kan jiraatu osoo hintaane namoota biroorraa duubdeebii madaallii fudhachaafi kallattii maatii ofii isaatiin hiika amalaa tumate hubachuuf madaallii taasisa. Yemmuu kana, hubannaan hiika isaanii hiika eenyummaa isaaniin walitti firoomsuuf amala isaanii jijjiiru. Amala osoo hintaane hiikatu barbaachisa. Hiikni immoo, xiyyeeffannaa hawaasaatiin mirkaneeffama. Hubannaan hiikaa yaadameefi hiika eenyummaa keessa jiruu walitti firoomnaan eenyummaa adda baasa (dhugoomsa).

Akka Stets &  Burke (2014) ibsanitti, namni tokko dhaloota isaatii kaasee hidhata hawaasni waliin qabu, hariiroo hawaasaa dursee turetti dabalama malee hawaasaan ala jiraachuu hindanda'u. Hawaasni immoo caasaa hawaasaa, amalaafi walitti dhufeenya haammata. Kunis, gulantaa lama qabaachuu akka danda'u ibsu. Gulantaan jalqabaa, kan hidhatni namootaafi eenyummaan isaanii walitti dabalamuudha. Fakkeenyaaf, maatii isaanii keessatti, daree barnootaatti, garee hojii kan eenyummaan maatii, eenyummaan barataafi eenyummaan hojjetaa irraa mul'atuudha.  Gulantaa inni lammataan immoo, bal'aafi caasaa hawaasaa kan akka jaarmiyaalee hawaasaa kan carraa eenyummaa namni dhuunfaa qabatee hidhata caasaa hawaasaa sanatti dabalame irraan dhiibbaa geessisuu danda'uudha.

Yaaxxinni  eenyummaa hawaasaa bal'aafi kan bakkeewwan hawaasaa hariiroo waliin qabulleen dabalatuudha. Waan kana ta'eef, yaaxxina eenyummaa iddoo kan haammatuudha. Bara 1970 keessaa kaasee hariiroon namaafi iddoo xiyyeeffannaa argachaa deemuun kallattii garagaraatiin qoratamuu eegale. Dirreewwan qorannoo akka xiinsammuu hawaasummaa, saayinsii hawaasaa, namoomaa, siyaasaa, hooggansa magaalaa keessatti xiyyeeffatame( Omnia and et al, 2022). Akka namoonni kun ibsanitti, yaaxxinni iddoos kana keessa guddachuun  dhiibbaa naannoon eenyummaa dhuunfaa irraan gahu, hariiroo namaafi naannoo xiyyeeffate. Ilmaannamootaa naannoo isaanii adda baasuufi wantoota naannoon walitti hidhuun ilaalu. Kana keessa aadaan guddata, hawaasummaan uumama, iddoon/bakki addaa uumamuun sana booda amaleeffatama.

## 2.5. Qorannoo Aantee

Qorannoowwan eenyummaa irratti kallattii garagaraatiin geggeeffaman ogbarruu keessaa nimul'atu. Akka qorannoowwan dhimmoota Oromoo garagaraa irratti geggeeffamanii maxxanfamaniifi marsariitii yookiin toora 'intarneetii' adda addaa irratti argamaniitti gooroowwan fookloorii qorataman tokko tokko jiru. Isaan keessaa kanneen naannaa matadureen kun xiyyeeffateen walitti dhiheenya qaban kanneen armaan gadiiti.

Kitaaba “Being and Becoming Oromo” jedhu keessatti qorannoowwan dhimma eenyummaan Oromoon walqabatan lama dhihaatanii jiru. Inni tokko, kan Makuriyaa (1996) mataduree “The Survival and Reconstruction of Oromo National Identity” jechuun barreessedha. Kun Afaan in “Eenyummaa biyyaalessaa Oromoo damdamachiisuufi deebisanii ijaaruu” kan jedhu ta’a. Xiyyeeffannaan qorannoo kanaa, aadaafi eenyummaan hawaasa Oromoo kan Amaaraatti jijjiiramaa jiraachuufi bara 1860mootaa kaasee lafti Oromoo weeraramaa jiraachuu ibse. Weerara eenyummaa hawaasa kanaarra gahaa ture gama seenaatiin qorate. Kanaaf, eenyummaan Oromoo deebi’ee ijaaramee Oromummaan deebi’uu akka qabu kan ibseedha. Qorannoo isaa irraa qorannoo kana wanti adda godhu xiyyeeffannaa, adeemsaafi maleenya qorannooti. Qorannoon kun waallee afeewwan ogafaankeessa akkaataa itti eenyummaan ijaaramuufi ibsamu qorachuudha. Lachuu dhimma eenyummaa kan kaasan ta’anilleen haalli itti ilaalaniifi malli ittiin xiinxalaman, ijoon isaan giddu-galeessa godhatan, akkasumas, daangaan xiyyeeffannaa qorannoo isaanii adda adda.

Qorannoon biraa, kan Gemechu (1996:92) “Oromummaa: Tradition, consciousness and Identity” jedhuudha. Kana jechuun, Oromummaa: barsiifata, dammaqinaafi eenyummaa jechuun barreesseedha. Qorannoon isaa kun Oromummaa bal’inaan kan ibseedha. Oromummaan wantoota sansakaa Oromoo ibsan hunda jedha. Sansakaan kun immoo, amaloota keessaafi alaa kan Oromoo lafa isaatti, gaarren isaatti, laggeen isaatti hidhuufi biqilootaafi bineensota, haala qilleensaa, waqtilee, akkasumas, aadaalee biroo waliin walitti isa fidu ta’uu ibsa. Qorannoon kun hubannoo Oromummaa giddu-galeessa godhatee kan dhihaatedha. Akkasumas, aadaan garee hawaasaa gidduutti garaagarummaa qabaachuu Raayyaafi Asseeboo, Maccaafi Tuulamaa, Sabboofi Goona, Sikkoofi Mandoo, Ituufi Humbannaa kaasuun ibse. Aadaan akka waliigalaatti hawaasa Oromoo walfakkeessu akka jiruufi sona aadaa waliin qooddatu akka qabu ibsee jira.Seenaanis hiikuma sirna duudhaa hawaasaa keessaa madduun jabaata. Hiikni ijaaramu kunis sirna barsiifata hawaasaa keessa dhalootaa dhalootatti lufaa deema jedha. Akka qorannoon kun ibsutti, sirni amantii, gosummaafi eenyummaan dhalootaan kennama. Oromoon tokko Oromummaa waliin dhalata.“For the Oromo, the belief system, ethnicity and identity are given with birth. An Oromo is born with Oromummaa. Thus, the simplest definition of an Oromo would be that he/she is born of an Oromo father” Gemechu (1996:94) jedha.

Kanaaf, xiyyeeffannaan ijoon qorannoo Gammachuu waa'ee aadaa, barsiifataa, eenyummaa Oromoofi dammaqinni Oromoo dhimmoota walitti hidhatoo akka ta'an walqabsiisee ibse. Kun immoo ilaalchota eenyummaa irratti jiran lamaan keessaa kan Weedon (2004) 'primordial view' jedhuudha. Akka ilaalcha kanaatti eenyummaan kan uumamaan kennamuufi jijjiiramuu hindandeenyedha.

Qorannoo kana keessatti garuu Oromoon eenyummaa karaa baayolojikaalaa itti dhalatu qofa osoo hintaane kan beekumsa hawaasaatiin shaakalaafi itti dammaqaa guddate, akkasumas, haala itti ibsatu afee fookloorii keessa qorachuudha. Kun immoo ilaalcha haalawaa ykn ijaarsaa kan (situational/constructive views) jedhamu ta'a. Waan kana ta'eef, qorannoon kun Oromummaa dhaalootan fudhatanii dhalatan qofa osoo hintaane kan sona duudhaa hawaasaa keessa itti guddataniifi akka aadaa hawaasaatti ijaaramaa deemuu danda'u ilaalcha hayyoota yaaxxina dalagaa hawaasaafi yaaxxina seenaan ilaaluun kan waa dabaluuf geggeeffameedha.

Inni biraa, qorannoo Beenyaan (2006) 'Joornaalii qorannoo Oromoo irratti mataduree "Knowledge, identity and power: the case of Ethiopia and Ethiopianess" jechuun maxxansiisedha. Kun Afaan Oromootin mataduree "Beekumsa, Eenyummaafi Aangoo: akka Itoophiyaafi Itoophiyaanotaatti" jedhuudha. Qorannoon Beenyaa kun, aangoon walqabsiisee waan qorateef eenyummaa nama koloneeffamee—eenyummaa daangeffamaa (bounded identities) jechuun ibse. Xiyyeeffannaan isaa akkaataafi maaliif mirga dhala namaa osoo beekaniisarbuun akka barame, kanaan eenyu akka balaaf saaxilamu, akkamitti namoota dhuunfaa yookiin garee bartee kanaa irraa dhorkuun akka danda'amuudha. Kanaaf, qabxilee waallee beekumsa koloneeffame keessaafi eenyummaa, Itoophiyaafi Itoophiyaanota, bu'aa beekumsa koloniifi eenyummaa jedhaniifi dhimmoota biyya kana keessatti mirga dhala namaatiin walqabatan qorate. Kunis, waa'ee eenyummaan qorannoo kana waliin wal haa fakkaatan malee xiyyeeffannaan isaanii garagara. Beenyaan mirga namaa sarbamaa jiru kan xiyyeeffate yemmuu ta'u qorannoon kun immoo, dhiibbaa sana keessa ta'ee akkaataa itti Oromoon Finfinnee ogafaan keessa eenyummaa isaa itti ijaarratuufi ibsatu xiinxaluudha. Kanaaf, garaagarummaa qorannoowwan kanneen irraa qabuun qorannoon kun waan dabalu qabaata.

Abreham (2012) qorannoo mataduree “Narrating Local Identity Among The Southwestern Oromo of Ethiopia: Case of the Jimma and Gera” jedhuun maxxansiisee jira. Xiyyeeffannaan qorannoo isaa seeneffama ijaarsaafi ibsa eenyummaa Oromoo kibba-lixa Oromiyaa keessaa Oromoo Jimmaafi Geeraa yemmuu ta’u akkaataa, maal irratti hundaa’uufi gama kamiin eenyummaa iaanii ilaaluun Oromoo biraarraa akka adda baasuun of seenessan ibsuu ture.Seenaafi caasaa gosa isanii seenessuun daangaa naannaa qabaniin gareewwan jiran akkamitti hariiroo jiru akka hubatan ifa gochuun, Oromoo Jimmaafi Geeraa ibse. Fayyadamni maleenya isaa seenessuu bakkaafi yeroon gargaaramuun kan dhiheessedha.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

## 3.1. Seensa

Qorannoon adeemsa saayinsaawaafi sirnaawaa hordofu qaba. Kun immoo xiimmala qorannoo keessatti xiyyeeffatama. Kanaaf, boqonnaa kana keessatti beedduubni qorannoo xiyyeeffatamuun dhihaatee jira. Beedduuba qorannoo jiran keessaa kan qorannoo kana keessatti xiyyeeffatame adda bahuun sababa waliin ibsamee jira. Yaadonni kallatti garagaraan jiran qorannoo kana keessatti akkamitti akka ilaalaman ibsamuun kan qorannoo kana keessatti giddugaleessa godhatametti dhimma bahame. Beeddubni qorannoo boqonnaa mataduree mala qorannoo jechuun dhiihate kana jalatti dhihaate adeemsa qorannoo agarsiisuf isa ijoodha. Kun xiyyeeffatamuun boqonnaa kana keessatti beedduubni qorannoo, saxaxni qorannoo, maddi ragaa qorannoo kanaaf ragaan irraa fudhatame, iddattoofi malli iddatteessuu, malleen funaansa ragaa, malli qaaccessa ragaafi sakkoon qorannoo ibsamuun dhihaatanii jiru.

## 3.2. Beedduuba Qorannoo

Jechi beedduba (Paradigm) jedhu yeroo jalqabaaf bara 1962 nama Thomas Kuhn jedhamuun kan dhimma itti bahame yemmuu ta'u akkaataa falaasama yaaduu kan agarsiisudha (Albsoul, 2016). Beedduubni falaasama adeemsa qorannoo qajeelchuudha. Karaa haqa addunyaa itti barbaadaniifi hubataniidha (Rehman and Alharthi, 2016). Akkasumas, dirreewwan qorannoo keessatti caayaa qorannoofi dalagaa dirree qorannoo sanaa kan kallattii qabsiisuudha (Willis, Jost, and Nilakanta, 2007). Akkasumas, beedduubni leensii qorattoonni ittiin ilaalalaniifi haqa addunyaa ittiin hubataniidha (Shek and Wu, 2018). Beedduubni qorannoo dhimma amala bu'uuraa yaada hirmaattotaa hubachuun kan walqabatuudha. Kanaaf, malli qorannoos ta'iinsota ilaalchawwan (perspectives) hirmaattota

qorannichaa irratti hundaa'uun ibsuu, addeessuu, hiikuu akka dandeessisutti filatama. Kanaaf qorannoo keessatti yaadota beedduuba qorannoo jiran shanan xiyyeeffannaa keessa galchuun, adeemsa saayinsaawaa qorannoon hordofuuf murteessaadha. Akka Cresswell (2007) ibsetti, yaadota beedduuba qorannoo shantu jiru. Isaaniis, 1) Dhugaa qabatamaafi amala isaa (ontology), 2) Hariiroo qorataafi waan qoratamuu, beekumsaafi akkaataa itti beekumsi horatamu (epistemology), 3) Gahee sonawwan achi keessa jiranii ( Axiological), 4) Fayyadama Afaan Qorannoo (Rhetorical) fi 5) xiimmala (Methodology) – adeemsa qorannooti. Yaadonni kunneen beedduuba qorannoo xiyyeeffatamuu qabaniidha .

Qorannoo keessatti, dhugaan qabatamaafi amalli isaa akkaataa itti ilaalamu qaba. Qorataan akkaataa itti dhugaa qabatamaa ilaaluufi amala namaa itti hubatuudha. Kun karaa dhugaan addunyaa uumamaa yookiin addunyaa hawaasaa keessatti ilaalamuudha. Waan beekan akkatti beekan, yaadrimee waantotaa akkatti hubataniidha (Cresswell, 2007; Corrado, 2022). Kun akka yaaxxina ijaarsaatti dhugaa qabatamaan aadaafi hawaasaan ijaarama; tokko qofas miti. Kana Cresswell (2007:16) yemmuu ibsu, "When researcher conduct qualitative research, they are embracing the idea of multiple realities" jedha. Qorannoon kun yaaxxina ijaarsaa bu'uura godhachuun yaaxxinoota qorannoo gaaffilee bu'uuraaf deebii barbaaduuf gargaaraniin kan geggeeffameedha. Yaaxxinni ijaarsa hawaasaa (Social Constructivism) kan yaaxxina hiikaa (Interpretivism) haammatu ilaalcha addunyaa kan namoonni addunyaa keessa jiraataniifi keessatti hojjetan ittiin hubachuu barbaadaniidha. Namoonni wanta tokko irraa muuxannoo dhuunfaa isaaniitiin hiika adda addaa ijaaru. Hiikni kun garagariifi baay'ina kan qabu ta'a. Hayyoonni yaaxxina ijaarsaa, akkaataa itti addunyaa ilaalaniifi waa'ee addunyaa itti beekan kan hawaasaan ijaaramuudha jedhu. Kun immoo amala

dhugaa/haqaafi amala beekumsaa kan qorannoo afaanii keessatti dhimma qoratamu/haqa (ontology) ilaallatuudha.

Akka Kim (2001) ibsetti, dhugaan dalagaa hawaasaa keessa uumama. Gareen hawaasaa waliin amala addunyaa kalaqa. Dhugaan waanuma ifa galeessan mul'atu osoo hintaane kalaqa hawaasaa keessa jira. Beekumsi immoo, oomisha namaati; akka aadaafi hawaasaatti ijaarama jedhu. Haala walfakkaatuun, qorannoon kunis, dhugaa hawaasaa kana yoomessa dhugaa keessaa ragaa qabatamaa walitti qabuun kan geggeeffameedha. Sababnisaa waalleen afseenessoo hawaasaa miira dhugaafi beekumsa hawaasaa akkaataa itti eenyummaan ijaaramuufi ibsamu agarsiisuu danda'a.

Akkasumas, hayyoonni garagaraa yemmuu ibsan, "Social constructivism emphasizes the importance of culture and context in understanding what occurs in society and constructing knowledge based on this understanding" (Derry, 1999; McMahon, 1997) jedhu. Kana jechuun ijaarsi hawaasaa barbaachisummaa aadaafi galumsa taateen sun hawaasa keessatti itti ta'eefi hubannoo kana irratti hundaa'un beekumsa ijaaramu irratti xiyyeeffata.

Inni biraan, beekumsi wanta qoratamu yookiin dhugaa qabatamaan horatamuun hubatamee dhimma itti bahama. Kun immoo, hariiroo iyyaafannoofi beekumsa horatameen mirkanaa'a. Qorataan gaaffilee akka beekumsi maali? Beekumsa akkamitti horanna? Daangaan isaa hoo maali? Amanamaadhaa? Itti fufnee qorachuu barbaadaa? jedhan waan kaasuuf qorataa kan geggeessudha. Qorannoon akkamtaa yemmuu geggeeffamu qorataan dhimma qoratu dhiheenyaan beekuuf hirmaattota qorannichaatti sirriitti dhihaachuu qaba. Galumsa hirmaattonni qorannichaa keessa jiraataniifi keessatti hojjetan dirree irraa qoratama. Kun waan hirmaattonni jedhan hubachuuf galumsa barbaachisaadha (Cresswell, 2007). Kun

qorannoo akkamtaa keessatti sonawwan jiran ifa gochuun (Axiological) wal hubannoo uuma. Kanaaf, qorannoon kun beedduuba qorannoo kana xiyyeeffachuun geggeeffame. Walumaagalatti, beedduuba qorannoo kanaa akka itti aanu kanatti ibsuun nidanda'ama.

| Beedduuba ↳ | Akkaataa Dhugaan qabatamaan itti ilaalamu (Ontology) | Akkaataa beekumsi waan qoratamuu itti horatamu (Epistemology) | Ilaalcha/ caayaa yaaxxinaa | Mala |
|---|---|---|---|---|
| Yaaxxina Ijaarsaa | Dhugaan qeenxeen hinjiru. Namootaan garee keessatti uumama. | Dhugaan hiika taatee, dalagaaleefi amala namaa irratti hundaa'uun hiikamuu qaba | xiinxala Waallee liixxaa | ~ Afgaaffii<br>~Seeneffama afee |

Yaada (Patel, 2015 fi Hasa, 2016) irraatti hundaa'uun qindaa'e.

## 3.3. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo kanaa ibsaa, hiikkaafi balballoomsa kan xiyyeeffateedha. Waan kana ta'eef, yaaxxinaafi mala qorannoo kanaaf mijatu fayyadamuuf ilaalcha namaatti hiikuu (Interpretivism) irratti hundaa'e. Kanaaf, ragaa ibsuu, hiikkuufi balballoomsuun xiinxalee kan dhiheessedha. Qorattoonni hiikaa xiyyeeffatan, dhugaan hubannoofi muuxannoo hawaasni addunyaaf qaburraa ijaarama jechuun amanu. Kanaaf xiyyeeffannaa waan qorataniin dhugaan hawaasummaa ijaarama jechuun hawaasaafi aadaa xiinxalu. Qorannoo kana keessattis, hiikni xiyyeeffatamuun dhimmi hawaasaa qoratame.

Qorannoon kun qorannoo akkamtaati. Akka Creswell (2003) ibsetti, saxaxa qorannoo qopheessuu keessatti maleenya jiran sadan keessaa kan mataduree qorannichaaf mijatu xiyyeeffachuun barbaachisaadha. Isaanis akkamtaa, ammamtaafi makaadha. Maleenyi kun

sadanuu xiyyeeffannaa mataduree qorataan qabatee ka’e irratti hundaa’uun kan dhimma itti bahamaniidha. Dirree qorannoofi amala mataduree sanaatu kan filatamu murteessa. Qorannoo kana keessatti akka amala mataduree qorannoo kanaafi dirree qorannoo kanaan beekumsa hawaasaa qoratuutti akkamtaatu filatame. Sababnisaa, akka Creswell (2003:9) ibsetti, “Meanings are constructed by human beings as they engagewith the world they are interpreting. Qualitative researchers tend to use open-ended questions so that participants can express their views” jedhe. Kana jechuun hiikni kan ijaaramu addunyaa namoonni itti hidhatan irraa hiikaa argamuun jechuudha.

Haaluma walfakkaatun, Creswell (2003:20) xiyyeeffannaa qorannoo akkamtaan geggeeffamuu yemmuu ibsu “Qualitative approach: constructivist knowledge claims, ethnographic design, and observation of behavior... participatory knowledge claims, narrative design, and open-ended interviewing” jedha. Akka yaada kanaatti, qorannoon maleenya akkamtaan geggeeffamu saxaxa sanyaabsaafi habuurraa amalaatiin beekumsa hayyoota ijaarsaa barbaada. Akkasamus, seenessaafi afgaaffii miti qindaa’aatiin beekumsa hirmaattotaa iyyaafata.

Maleenya kana fayyadamuun yoomessa dhugaa keessatti waan geggeeffamuuf ibsa gabbataa kennuuf gargaara. Sababnisaa, haqa qabatamaa, ragaa bal’aa kan unkaa gochaa guyyuu agarsiisuufi hiika akka ilaalcha hawaasaatti ijaarame argachuu nama dandeessisuudha. Yemmuu kana kaayyoon isaa guutuu, ibsa gadifagoofi bal’aa kennuu ta’a. Ragaan funaanamus jecha, suuraa, fakkiifi meeshaalee ta’uu danda’a. Waan kana ta’eef, qorannoon akkamtaa haqa akka hawaasaatti ijaaramu qorachuu, galumsatti fiduun akka ilaalcha raawwattoota ta’iinsichaatti hiikuuf keessaan ilaaluu (Emic) kan xiyyeeffatu akka ta’e hayyoonni ibsanii jiru (Weinreich 2009; Neill 2007 fi Glesne & Peshkin, 1992).

Gama biraatiin, Wu (2010:1) “Social cultural analysis regards discourse as interactional activities and emphasizes the social function of language. This method not only analyses word and sentence expression of form and meaning, but also analyzes all kinds of social and cultural factors related to discourse” jechuun ibsa. Akka ibsa nama kanaatti, xiinxalli aadaa hawaasaa waallee akka gochaalee walitti dhufeenyaatti, akkasumas, xiyyeeffannaa faayidaa afaan hawaasaatti ilaalama. Maleenyi kun ibsa unkaafi hiikaa jechaafi himaa qofa xiinxala osoo hintaane, dhimmoota aadaa hawaasaa waalleen walqabatan hunda xiinxala. Kanaaf, amala qorannoo akkamtaa keessatti qorattoonni gaaffilee banaa hirmaattota qorannoo sanaa gaafachuun ilaalcha isaan qaban sana walitti qabuun dhiheessu. Qorannoon kunis qorannoo maleenya akkamtaa hordofu waan ta’eef amala qorannoo akkamtaa kana qaba.

Ragaan argame xiinxala waallee liixxaatiin kan xiinxalameedha. Akka Nikander (2006) Phillips & Hardy (2002) wabeeffachuun ibsetti, xiinxalli waallee liixxaa yeroo ammaa kana akka mala qorannoo yookiin ilaalcha yaaxxinaatti fudhatama. Akkasumas, maleenyaafi yaadrimeewwan haammata. Qorannoo kana keessatti xiinxala Waallee liixxaatiin dhimmoonni eenyummaa hawaasaatiin wal qabatan xiinxalamanii jiru. Ragaan afee himinsa afaaniin jiraniis ta’ee afee barreeffamaan fudhataman walduraa duuba gaaffilee bu’uuraatiin xiinxalamuun ibsamanii, hiikkamaniifi balballoomanii jiru.

## 3.4. Madda Ragaa

Qorannoon kun madda ragaa tokkooffaafi lammaffaatti fayyadamuun geggeeffame. Maddi ragaa tokkooffaan hawaasa keessaa iyyaafannoon afeewwan agarsiiftuu eenyummaa himaman funaanuudha. Hawaasni karaa itti dhimmoota isaa ilaaluufi ibsu isumarraa fudhachuun xiinxaluun madda ragaa tokkoffaa qorannoo kanaati. Ragaan madda ragaa

tokkoffaa, kan yeroo jalqabaatiif madda isaarraa fudhatamu kan amala duraa qabuudha (Kothari, 2004). Afeewwan agarsiistuu eenyummaa namoota hirmaattota qorannoo kanaa ta'an irraa afgaaffiin fudhataman ragaa madda jalqabaati. Qorannoo akkamtaa keessatti ragaan madda radaa tokkoffaa irraa fudhatamu qorataadhumaan geggeeffama. Sababnisaa xiinxalli ragaa qorannoo akkamtaa galumsa keessaa funaaname keessatti hubannoo uumameen eegala. Amanamummaan ragaas achumatti hubannoofi miira nama ragaa kennuu irraa mirkanaa'a.

Maddi ragaa lammaffaan, afeewwan hawaasa keessaa namoota biroon fudhatamanii barreeffamaafi suursagaleen dhihaataniidha. Ragaan namoonni biroo hawaasicha irraa fudhatanii barreessan, sagaleen dhiheessan, suuraan kaa'an akka madda ragaa lammaaffatti dhimma itti bahamee jira.

Kanaafuu, jamaan qorannoo kanaa Oromoo Tuulamaa Magaalaa Finfinnee jiraatan waan ta'eef, dhimmi isaanii qorannoo kana keessatti ka'e kamiyyuu ragaa isaanirraa fudhatameefi yeroo garagaraatti isaan ibsuuf barreeffame irraa kan walitti qabameedha. Gareen hawaasaa qorannoon kun xiyyeeffate ulaagaa kamiinuu (umuriin, siyaas-diinagdeen, koorniyaan, qaama hawaasaan) osoo adda hinbaahin jamaa qorannichaa ta'anii jiru.

## 3.5. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Jamaan qorannoo kanaa hawaasa Oromoo Tuulamaa Magaalaa Finfinnee jiraatan waan ta'eef jamaa guutuu irraa ragaa qorannichaaf barbaachisu iyyaafachuun hindanda'amu. Akka adeemsa saayinsaawaa qorannoottis jamaa bal'aa kana hundarraa ragaa fudhachuun dirqama miti. Kan barbaachisu adeemsa saayinsaawadhaan qaama jamaa kana bakka bu'ee ragaa kennu filachuu danda'uudha. Akkasumas, qorannoo akkamtaa waan ta'eef, iddattoon

fudhatamu akka qorannoo ammamtaa baay'ina lakkoofsa namootaan kan murtaa'u miti. Qorannoo akkamtaa keessatti, haalli iddattoon itti fudhatamu baay'ina namootaatiin osoo hintaane amma odeeffannoon qorannoof barbaachisu argamutti deemuu danda'uudha. Ragaan qorannoof barbaachisu sanaa oli akka hinjirre kan ittiin beekuun danda'amu immoo, ragaan namoota himanirraa argamu irradeddeebiin kan walfakkaatu ta'aa yemmuu deemu dhimma sana irratti odeeffannoon haaraan waan hinjirreef sanuma jechuudha. Kana jechuun, adeemsa qorannoo akkamtaa keessatti iddatteessuun amma odeeffannoon haaraan argamuu dhiisutti yookiin akkaataan itti ilaalan haaraan dhabamutti itti fufuun deemama. Akkasumas, gaaffilee bu'uuraa qabatanii ka'aniif deebiin argamuu danda'udha. Waan kana ta'eef, iddattoon qorannoo kanaa, malleen iddatteessuu kaayyeffataafi eeruun kan argamaniidha.

Mala iddatteessuu kaayyeffataatti dhimma bahuun biiroowwan lama: Giddugala Aadaa Oromoo (GAO)fi Biiroon Aadaafi Turizimii Oromiyaa (BATO) kaayyeffataman. Sababni biiroowwan kanneen irraa ka'ameef sababoota gurguddoo lama qaba. Inni jalqabaa, namoonni qorattoota ta'aniifi muuxannoo naannoo qorannoo kanaa qaban kan akka obbo Alamaayyoo Hayilee, obbo Magarsaa Daadhii, obbo Girmaa Namarraa … achii waan hojjetaniif isaan hirmaachisuun eegaluun yaadameeti. Muuxannoon namoota kanaa qorannoo kanaaf tumsa guddaa taasise. Inni lammaffaan, namoonni biiroowwan kanneen keessa hojjetan, dhimma Oromoo waan xiyyeeffataniif namoota naannaa qorannoo kana keessaa ragaa ragaa kennuu danda'an quba qabaachuun eeruu kennuu danda'u jechuun yaadameeti. Akkuma yaadame namoonni, hirmaattota qorannoo kanaa ta'uun ragaan irraa fudhatame kanneen akka: obbo Zawuduu Maammoo Abeebee Tufaa, obbo Hundee Gazzaahiny , Obbo Alamuu Hordofaa, obbo Daadhii Raayyaa , obbo Abbabaa Hayiluu, … namoonni hirmaattota qorannoo kanaa ta'an eeruu teessoo isaanii kennameen kan

argamaniidha. Namoonni kunneen ragaa ofii beekan kennuun namoota ragaa dabalataa kennuu danda'an eeruu laatani. Adeemsa kanaan mala iddatteessuu eeruutiin namoota dhimma qoratamu irratti hubannoo qaban barbaaduun ragaan funaaname. Namoonni akka waliigalaatti, ragaa qorannoo kanaaf barbaachisu kennuu irratti hirmaatan afurtamii jahaadha.

Afeewwan madda ragaa lammaffaa irraa fudhataman immoo mala iddatteessuu ammargeen qorataan kanneen argachuu danda'etti dhimma bahee jira. Afeewwan xiinxala dokumantiif walitti qabaman kitaabbilee irraa, barruu qorannoo irraa, waraabbii suursagalee irraa waliigalatti qabaman adda addaati. Kanaaf, mala iddatteessuu kaayyeffataafi mala iddatteessuu eeruun hirmaattota qorannoo kanaa kan ta'an namoota soddomii tokkoodha. Akkasumas, afeewwan barreeffamaa akka madda ragaa lammaffaatti fudhataman mala iddatteessuu amargeen fudhataman.

## 3.6. Malleen Funaansa Ragaalee

Ragaa qorannoof ta'u barbaaduuf malleen ragaan ittiin funaanaman adda baafachuun barbaachisaadha. Qorannoon yemmuu geggeeffamu maleenya qorannichi xiyyeeffatu irratti hundaa'uun malleen funaansa ragaa garagaraatti dhimma bahama. Qorannoon kun qorannoo akkamtaa waan ta'eef, malleen ragaan ittiin funaanamu kanneen mataduree qorannoo kanaaf mijatan lama filatamanii kan dhimma itti bahamaniidha. Isaanis, Afgaaffiifi xiinxala afee barreeffamootaati.

Mala funaansa ragaa filataman keessaa afgaaffii akka tooftaa funaansa ragaa isa ijootti dhimma kan itti bahameedha. Qorannoo kanaaf ragaa walitti qabachuuf tooftaa iddatteessuu kaayyeffataafi eeruutiin namoota iddattootti fudhatamanii hirmaattota qorannichaa ta'an

irraa ragaan ittiin iyyaafatame. Afgaaffiin karaa ittiin ragaa qorannoo iyyaafatanii walitti qabatan, akkasumas, nama/ namoota irraa beekumsa itti argataniidha. Namoota lama yookiin sanaa ol gidduutti yaada, ilaalcha, hubannoo qaban waljijjiiruudha. Afgaaffiin mala funaansa ragaa hirmaattonni/ ragaa kennitoonni qorannichaa yaada isaanii bal'inaan akka ibsan carraa banuudha. Sababni isaa namoonni ragaa kennan tokko tokkoon carraa yaada isaanii ibsachuu argatu. Akkasumas, barreeffamaan qindeessuuf yeroo fudhachuufi dandeettii barreessuu waan hingaafanneef himinsaan waan yaadan dubbachuun dhiheessu. Faayidaan afgaaffii inni biraan, qaama hawaasaa dubbisuufi barreessuu danda'u irraayis ta'ee hindandeenye irraa ragaa iyyaafachuuf nama gargaara. Qorannoo akkamtaa keessatti, afgaaffiin mala bal'inaan dhimma itti bahamuudha (Mann, 2016). Akkasumas, mala ragaa qorannoo hubannoo uumamuun walitti qabachuuti (Hamza, 2014). Kun amala qorannoo akkamtaati.

Kanaaf qorannoon kunis mala funaansa ragaa afgaaffiitti kan dhimma bahameedha. Sababni malli funaansa ragaa kun xiyyeeffatameef afgaaffiidhaan ragaan gadigafoon iyyaafatamuu danda'a jedhameeti. Gama baatiin, afgaaffiin amantaa, muuxannoo, miira, ilaalcha addunyaa namoota ragaa kennanii hubachuu nama dandeessisa. Kanaaf, qorannoo kana keessatti xiyyeeffannaan itti kennamuun amala qorannoo akkamtaatiin gaaffilee kaayyoo qorannichaa bira gahuuf gargaaraniin ragaan walitti qabamee jira.

Qorannoo akkamtaa keessatti mala funaansa ragaa afgaaffiitti yemmuu dhimma bahamu, gaaffileen akka sadiin dhihaachuu danda'u. Isaanis, gaaffilee baay'ee qindaa'aa (in-depth), gamisaan qindaa'aa (semi-structured) fi baay'ee qindaa'aa hintaane/ miti qindaa'aa jechuun qoodamu (Mason, 2002). Afgaaffiin qindaa'aan/ gadi fageenyaan dhihaatu akkuma maqaan isaa agarsiisu gaaffileen ittiin ragaan iyyaafatamu gadifageenyaafi bal'inaan akka kaayyoo

qorannichaatti qindaa'anii qophaa'uun hirmaattota qorannichaaf tokko tokkoon qorataan/tuun dubbifamuun dhihaatu. Afgaaffiin gamisaan qindaa'aan immoo, barreeffamarra caalatti haasaa uumamaa ta'uun mata duree tokko irratti bal'inaan akka haasa'amu taasisuudha (Hancock et al., 2007). Akkasumas, "A semi-structured interview is quite flexible and most of the questions are crafted during the interview" (Neergaard & Leitch, 2015). jedhamuun ibsama. Afgaaffiin miti qindaa'aan garuu, qorataan/ttuun dursuun karoorsuun gaaffii osoo hinqopheessin yeroodhuma hirmaattota irraa ragaa fudhatu kan qindeessudha (Hancock et al., 2007).

Qorannoon kun afgaaffii gamisaan qindaa'aa qopheeffachuun hirmaattota qorannoo kanaatiif kan dhiheessedha. Qorataan gaaffilee karoorsuun qopheessuun hirmaattotaaf dhiheessuun yaada dabalataaf gaaffii dabalataa kaasuun bal'inaan ragaan barbaadamu akka argamu caarraa uume.

Kanaaf, gaaffilee qopheessuun gaafachuun akkaataa itti eenyummaan ijaaramuufi ibsamu hirmaattota qorannichaarraa ragaan ittiin walitti qabame. Yoomessi afgaaffiin keessatti geggeeffame bakka hirmaattonni itti argaman deemuun waan ta'eef haala garagaraa keessatti kan raawwatameedha. Afgaaffiin ragaa funaanuun galumsa xiyyeeffatamuu barbaadu qaba. Akka (Mann, 2016) ibsetti, afgaaffiin ragaa funaanuuf galumsa keessatti funaanan mijeeffachuun barbaachisaadha. Yemmuu kun ta'u gaaffilee akka "eenyu irraa", "maaliif", "akkamitti", "maal" jedhan deebisuuf yaaduun galumsi keessatti geggeeffamu ijaarama. "Eessatti" kan jedhu galumsa bakkaa, hawaasaafi jaarmiyaa haammata. Waan kana ta'eef, galumsi bakkaa qorannoo kanaa xiyyeeffatamuun ragaan funaaname. Hirmaattonni qorannoo kanaa tokko tokko hojiin magaalaa Finfinnee oolanii gara Burraayyuu, Sabbataa, Duukam, Laga Xaafoo galu. Kanaaf, namoota akkanaa biiroo isaanii

deemuun heeyyamsiisuun yeroo garagaraatti afgaaffiin ragaan irraa fudhatame. Isaanis hojii isaaniif haala mijeessuun ragaa qorannoo kanaa kennuuf bakka filachuun tumsa guddaa taasisanii jiru. Hirmaattota qorannoo kanaa tokko tokko immoo mana isaanii deemuun argachuun ragaan funaaname. Dabalataan namoota tokko tokko, bakka isaaniif mijatutti beellamuun yeroo adda addaa keessatti ragaan funaanamaa ture. Ragaan isaan kennan yaadannoo qabachuufi sagalee isaanii waraabuun fudhatame.

Akkasumas, "maaliif" kan jedhu galumsa kaayyoo qorannoo irraa ka'uun xiyyeeffannaa mataduree qorannichaan kan walqabatuudha. Afgaaffiin qorannoo kanaaf ragaan ittiin funaanamuuf qophaa'an tartiiba kaayyoo qorannichaa giddugaleessa godhachuun qindaa'anii hirmaattota qorannoo kanaaf ragaa kennaniif dhihaatanii jiru. "Eenyu" gaaffiin jedhu galumsa qorataafi hirmaattota ragaa kennan agarsiisudha. Kun gama galumsa qorataafi hirmaattota ragaa kennan gidduutti hariiroo uumamuun ilaalamuu danda'a. Kanaaf, qorannoo kana keessatti, qorataan akka sakkoo qorannoo akkamtaatti xiyyeeffachuun hirmaattota qorannoo kanaa waliin hariiroo uumee ragaan funaanamee jira.

Gama biraatiin akka (Mann, 2016) akka ibsetti, afgaaffiin ragaa funaanuu keessatti galumsi fayyadama afaaniis murteessaadha. Sababnisaa, afaan ittiin gaaffiin gaafatamuufi deebiin kennamu wal hubannaa uumuun ragaa kennamu murteessa. Afgaaffiin ragaa gahaa argachuuf afaan namni ragaa kennu beekuun gaafachuun murteessaadha. Namni ragaa kennu afaan sirriitti hinbeekneen yaada isaa akka ibsu gaafatamuun sababa afaanichaan yaada ofii ibsachuu dadhabuun ragaan barbaadamu harca'ee hafa. Qorataan ragaa kennitoota koo keessaa eenyufan afaan kam fayyadama jedhanii yaaduufi jijjiirraan na barbaachisa moo hinbarbaachisu jechuun galumsa afaaniiti. Qorannoo kana keessatti, qorataafi

hirmaattonni qorannoo kanaa afaan tokkotti waan dhimma bahaniif galumsi afaanii kan rakkoo uumu hintaane. Haata'u malee, qorataan yaada hirmaattota ragaa kennanii hawwachuufi waan gaafatu irratti hubannoo uumuuf fayyadama jechootaa naamusa qorataan tumsee gargaaramee jira.

Malli funaansa ragaa inni biraan, xiinxala barreeffamootaati. Ogafaan hawaasa daangaa qorannoo kanaa funaanamanii barreeffamaan jiran, akkasumas, waraabbiiwwan suursagaleewwaniin jiran xiinxaluu ture. Afeen waan ogafaanin jiruus ta'ee barruun dhihaatu, akkasumas, fakkiiwwan waan haammatuf qorannoo kana keessatti ogafaan himinsaan dhihaataniifi funaanamanii barreeffaman kan xiyyeeffatamaniidha. Afeen qorannoo kana keessatti dhihaatanis kan ogafaaniin argaman yemmuu ta'u ragaa cimsuuf afeewwan ogafaan keessaa funaanamanii barreeffamuun barruun argaman hiika itti laatame osoo hintaane, bu'uura isaanii xiyyeeffachuun dhimma itti bahamaniiru. Kanaaf, barreeffamoonni kitaabbileefi artikiloota adda addaan jiran xiinxalamanii jiru. Akkasumas, waraabbiiwwan suursagalee namoonni dhuunfaa yeroo garagaraa waraabanii qaban irraa fudhatamanii jiru. Dabalataan waraabbiiwwan miidiyaalee akka OBS fi OBN dhihaatan akka madda ragaa lammaaffaatti fudhatamanii dhimma itti bahamanii jiru.

## 3.7. Mala Qaaccessa Ragaa

Ragaan afgaaffiin hawaasa keessaa fudhataman akka tartiiba walduraa duuba dhufaatii kaayyoo qorannichaatti qindaa'e. Malleen lama gargaaramuun ragaa argachuufi xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha. Maleenyi kunneen maleenya qorattoonni caasaan boodaa (post-structuralist) fayyadaman kan dhimma hawaasaa gadifageenyaan qorachuuf oolaniidha. Yaaxxina caasaa booda yaaxxinoonni kallatti garagaraan dhimma hawaasaa qorachuu

xiyyeeffatanii dhihaatanii jiru. Hayyoonni yaaxxina caasaa boodaa hedduun dirreewwan qorannoo adda addaarraa yaada isaanii dhimma hawaasaatti deebisani. Akka Slembrouck (1985) ibsetti, warri yaada caasessa boodaa qaban, dhimmoota hawaasaa kanneen akka jaarmiyaa hawaasaa, wiirtuulee hawaasaa, akaakuu hawaasaa, yaadrimee hawaasummaa, eenyummaa, hariiroo waliiniifi kkf, giddu-galeessa godhatani. Isaan keessaa maleenyi seenessaafi maleenyi xiinxala waallee Liixxaa qorannoo kana keessatti xiyyeeffatamanii jiru.

Maleenyi seenessaa seeneffama jireenya hawaasaa keessatti himamu xiyyeeffata. Wanti haasa'amuufi seeneffamu, qaama jireenya hawaasaati. Seeneffama malee hariiroon hawaasummaafi qunnamtiin uumamuu hindanda'u (Loseke, 2007). Seeneffama keessa dhimmi hawaasaa ijaaramuufi ibsamuu danda'a. Tajaajila seeneffamaa xiyyeeffachuun yemmuu ibsamu, walta'iinsa qorataafi hirmaattota gidduu akka ta'etti fudhatama. Sababnisaa seenaa yookiin afseenaa hinhimamin jiru gadifageenyaafi bal'inaan kan beekamu bira darbuun akka ibsan gaafachuufi deebisuu haammata (Riessman, 2008 fi Etherington, 2007).

Maleenyi kun bara 1980moota keessaa eegalee xiyyeeffatamaa deemuun yeroo ammaa kana dirreewwan qorannoo garagaraa keessatti beekamaadha (Clandinin, 2006; Denzin & Lincoln, 2005; Riessman, 2008 fi Squire, 2008). Xiyyeeffannaa maleenya kanaa Nigar (2020:13) yemmuu ibsu "With the epistemological shift from positivism to post-structuralism, humanism and deconstructionism narrative has been embraced as a way of knowing human experiences in qualitative research. Narrative research supports the nature of reality as changing and becoming and the way of knowing reality as constructivist" jedha. Maleenyi kun bu'uura falaasama qorannoo warra 'Positivism' irraa gara kan caasaan

boodaatti xiyyeeffachuun hawaasaafi muuxannoo namaa qorannoo akkamtaa keessa qorachuuf oola. Muuxannoo namaa giddugaleessa godhachuun qorannoo namoomaa keessatti waan qoratamu (ontology) adda baasuuf gargaara. Akkasumas, akkaataa itti dhugaan jijjiiramaa dhufeefi haqa/ dhugaa akkaataa qorattoota yaaxxina ijaarsaa hordofaniitti beekuuf gargaara.

Akka Nigar (2020) ibsetti, maleenyi kun seeneffama muuxannoo namaa jiru walitti qabuu qofa osoo hintaane, akkaataa itti ijaarame, eenyu akka ijaare, maal akka of keessaa qabu, kaayyoo maaliif akka ijaaran, waallee maalii akka keessaa qaban, hubachuu yaaluu dabalata. Akkasumas, akka Gadamer (1976) fi Ricoeur (1992) seenessa ibsanitti, eenyummaan keenya jijjiiramaa lufuu irratti hundaa'uun, seeneffama keenya irra deddeebiin hiikuun ijaarama. Kanaaf, maleenyi kun, qorannoo kana keessatti ragaa funaanuun qaaccessuuf kan filatameef dhimmoota hawaasaa muuxannoo namaa giddu galeessa godhachuun qorachuufidha. Ragaan funaanameefi qaacceffame kana bu'uura godhachuun kan raawwatameedha.

Gama biraatiin, xiinxalli waallee liixxaa ragaa qorannoo kanaa xiinxaluuf iddoo olaanaa kan qabateedha. Maleenya kun yeroo dhihoon as xiyyeeffannaa argataa kan deemeedha. Slembrouck (1985: 23) waallee xiinxaluu xiyyeeffachuun iddoo olaanaa akka qabu yemmuu ibsu "There is nothing outside the text" jedha. Kana jechuun waanti hundinuu afee galumsa hawaasaa keessatti dhihaatu irraa argama jechuudha. Afeen immoo, kan barreeffames kan ogafaaniin jirus bakka bu'a. Afeen waallee qaba. Kanaaf, haqa barbaadnu kamuu waallee keessatti dhihaate keessaa argachuu dandeenya jechuudha. Dabalataan Slembrouck (1985) waalleen saayinsii hawaasaa keessatti gahee olaanaa qabaachuu ibsee jira.

Haaluma walfakkaatuun, Fairclough (1992:65) “Discursive practice is constitutive in both conventional and creative ways: it contributes to reproducing society (social identities, Social relationships, systems of knowledge and belief) as it is, yet also contributes to transforming society” jedhe. Akka ibsa kanaatti,dalagaan waallee akkaataa waliin dubbii keessattis ta’ee kalaqa keessatti xiyyeeffatamaadha. Dhimma hawaasa kan akka eenyummaa hawaasaa, walitti dhufeenya hawaasaa, sirna beekumsaafi itti amanuu irradeebi’ee ijaaruun dhaloota itti aanutti ceesisa. Kun immoo, dalagaan waallee waanti hawaasni jechaa godhu eenyummaa hawaasaa keessaa akka qooda qabu nutti agarsiisa. Hawaasni dhimma isaa ibsuuf waagochaa waajedha. Dalagaan waallaawaan kalaqa hawaasaa keessaa kun eenyummaa hawaasichaa ijaaruufi ibsuuf akka oolu yaada hayyuu kanarraa ni hubanna. Dabalataan, hayyuun kun meeshaafi dhimmi hawaasaa dalaga waallaawaan akka bochamu ibsa. Akkasumas, dalagaan hawaasaa kamiyyuu Waallee keessa nimul’ata jedha.

Waan kana ta’eef, xiinxalli waallee liixxaa ragaan qorannoo kanaa funaanuufi xiinxaluu keessatti xiyyeeffatame. Eenyummaa qorachuuf hayyoonni yaaxxinaafi maleenya garagaraatti fayyadaman jiru. Qorannoo kana keessatti garuu, qorataan hunda caala eenyummaa qorachuuf mijataafi dhimmoota hedduu hubachuu nama dandeessisa jedhee amane xiinxala waallee liixxaatti dhimma bahee jira. Akkuma Ainsworth & Hardy (2006:5) “CDA represents a valuable way of approaching the study of identity. CDA can assist in purposefully unpacking this notion by providing ways to understand and examine how social identity is constructed, as well as the effects of such identity construction” jedhan eenyummaa qorachuuf xiinxalli waallee liixxaa qorannoo kana keessatti murteessaadha.

Qorannoo kana keessatti waallee akka dalagaa hawaasaatti bu’uureffachuun xiinxalli waallee liixxaa afseenessoo Oromoo geggeeffame. Gama biraatiin, xiinxalli waallee liixxaa,

waallee akka dalagaa hawaasaatti dhimma hawaasaa keessa qorachuuf waan gargaaruuf kan xiyyeeffatameedha. Van Dijk (1998) xiinxala waallee liixxaa yemmuu ibsu, gosa xiinxala waallee keessaa tokko ta'ee, jalqabarra afee ogafaanii yookiin barruu galumsa hawaasaa yookiin siyaasaa keessa akkaataa itti aangoon hawaasa miidhu, walcaalmaafi walqixxummaa dhabuu, baay'achuufi dhoowwamu kan qoratuudha.

Xiinxalli waallee liixxaa dirreewwan qorannoo garagaraa keessatti akka xiyyeeffatamu hayyoonni ni ibsu. Wodak & Meyer (2001) "The manifold roots of CDA lie in Rhetoric, Text linguistics, Anthropology, Philosophy, Socio-Psychology, Cognitive Science, Literary Studies and Sociolinguistics, as well as in Applied Linguistics and Pragmatics." Xiinxala Liixxaa waallee dirreewwaan qorannoo garagaraa hedduu irratti kan hundaa'e, kanneen akka xiinqooqaa, xiinmaddaa, falaasamaa, xiinsammuu hawaasaa, saayinsii hubannoo, qo'annoo ogbarruu, xiinqooqa hawaasaa, xiinqooqa hujoofi xiinhikaalaa akka bu'uureffate ibsu.

Akka Van Dijk (2001) ibsutti, xiinxalli waallee liixxaa, xiinxala waallee ilaalcha dabalatuudha. Gahee waalleen miidhaa uumuu aangoo ykn caalmaa agarsiisuuf qabu xiyyeeffata. Namni kun xiinxala waallee liixxaa yemmuu ibsu hubannoo hawaasaatiin (socio-Cognitive) walqabsiisa. Kanarraa ka'uun xiinxala waallee liixxaa keessatti dhimmoota akka waallee, hawaasaafi hubannoo walitti fiduun rogsadeessuun akka barbaachisu qorannoo isaa bara 2001 taasiseen ibseera. Akka ibsa isaatti, waalleen taatee walqunnamtee kanneen akka: haasaa, barruu, sochiilee qaamaa qindaa'oo, hojii fuulaa, fakkiiwwan, mallattoolee haammata. Hawaasa kan jennu ammoo, sadarkaa naannootti yookiin addunyaatti (local or global) bal'inaan deemuu kan danda'u akka ta'e ibse. Kunis, caasaa xixiqqoo fuulaafi fuulaan walitti dhufan, caasaa bal'aa, caasaa dhimma hawaasaafi

siyaasaa, hariiroo garee, sochiilee, jaarmiyaalee, adeemsa hawaasaa, amala hawaasaafi aadaa … kan ilaallatuudha.

Gama biraatiin, Van Dijk (2001:2) “Critical Discourse Analysis can be conducted in, and combined with any approach and subdiscipline in the humanities and the social sciences” jedha. Kana jechuun xiinxalli waallee liixxaa qorannoo namoomaafi saayinsii hawaasaa keessatti dirree qorannoo kam keessattuufi maleenya qorannoo kam waliinuu ittiin qorachuun nidanda’ama jechuudha. Haaluma walfakkaatuun,Wodak & Meyer (2009) garaagarummaa xiinxala waallee ( Discourse analysis) fi xiinxala waallee liixxaa ( Critical Discourse analysis ) yemmuu ibsan xiinxalli liixxaa waallee dirreewwan qorannoo hedduu keessa galuu danda’uu (interdisciplinary ) isaati jedhu.


Gama biraatiin, barreessitoonni akka (Fairclough, 1992; Van Djik, 1997 and 2001; Wodak, 2001 fi Gee, 1996, 1999, 2008) xiinxala waallee liixxaa akkataa itti ibsan qabu. Isaan keessaa kan Fairclough (1992) fi Van Djik (1997, 2001) akka itti aanu kanatti ibsuun qorannoo kana keessatti xiyyeeffatamanii jiru. Fairclough (1992) xiinxala waallee, caayaalee kalsadiitti (three-dimensional) qooduun afee, dalaga waallaawaafi dalaga hawaasaa jechuun dhiheesse. Yemmuu kana waallee akka dalagaa hawaasaatti ilaaluu xiyyeeffate. Waallee yaaxxina hawaasaa jechuun yemmuu dhiheessu hubannaa dhimmoota kana sadanii walqabsiisee ibse. Xiinxala waallee akka dalagaa hawaasaatti ilaaluufi eenyummaa yemmuu walqabsiisu immoo, hawaasni dalagaa hawaasaafi walitti dhufeenya keessa kan seenu eenyummaa hawaasaa raawwatamuuni jedha. Eenyummaan dalagaa irraan dhiibbaa geessisuu danda’a; dalagaan garuu dhiibbaa irraan hinga’u jedha. Dalagaan hawaasaa hubannoo dhimmoota adda addaa kanneen akka: diinagdee, siyaasaa, aadaa, Ilaanyaa qaba. Waalleen immoo, dhimmoota kanneen keessatti hojiirra oola. Dabalataan, “Discourse is a

way of signifying a particular domain of social practice from a particular perspective" (Fairclough, 1995:14) jedhe. Qorannoo kanaaf, maleenyi hayyuu kanaa xiyyeeffatamuun dhimma eenyummaa hawaasaa afeewwan keessa xiinxalamuun hubannoo ture bira ga'uun barbaachisaadha.

Inni biraan, kan Van Djik (1997; 2001) dhiheesse yemmuu ta'u, waallee akka hawaas-hubannootti (Social Cognitive) ilaaluuti. Xiinxala waallee geggeessu keessatti hawaas-hubannoo xiyyeeffata. Hubannaa kan inni jedhu immoo, hubannaa hawaasaa kanneen akka: amantii, galma, madaallii, miira, beekumsa, ilaalcha, ilaanyaa, duudhaafi sona, bakka bu'ummaa yookiin adeemsa waallee keessatti argamuufi walitti dhufeenya, waantota hubannoo sammuun walqabatan biroo ilaallata. Kanaaf, xiinxala waallee liixxaa keessatti waallee, hawaas-hubannoofi hawaasa rogsadeessuu barbaachisa jedhe. Kun qorannoo kanaa keessatti nixiyyeeffatama. Sababnisaa hawaasni hubannoo dhimma isaa kamuu waalleedhaan ibsata. Dhimmoota hawaasaa keessaa tokko eenyummaa isaati. Qorannoon kun maleenya xiinxala waallee liixxaatiin ragaa argame ibsuu, hiikuufi balballoomsuuf yaada (Fairclough, 1992; Van Djik, 1997, 2001; Wodak, 2001 fi Gee, 1996, 1999, 2008).

Walumaagalatti bu'uura xiinxalli waallee liixxaa (Fairclough,1992 fi Wodak 1997) akka itti aanu kanatti dimshaashessuun ibsanii jiru. Isaanis, Xiinxalli Waallee liixxaa rakkoo hawaasaa dhiheessa. Hariiroon aangoo waallaawaadha. Waalleen hawaasaafi aadaa ijaara. Waalleen hojii ilaanyaa hojjeta. Waalleen seenawaadha. Hariiroo afeefi hawaasa walitti fida. Xiinxalli waallee hiikuufi balballoomsuudha. Kanaaf, xiinxala waallee liixxaa ragaa qorannoo funaanuufi xiinxaluuf dhimma itti bahame. Gaaffiin gaafatames ta'ee afeen fudhatame mala qaaccessa ragaa kanaan ibsa, hiikkaafi balballoomsaan dhihaate.

Walumaagalatti mala qaaccessa ragaa qorannoo kanaa, akka itti aanu kana irratti hindaa'uun kan geggeeffameedha.




Xiyyeeffannaa Xiinxala waallee liixxaa irraa kan qindaa'e

## 3.8. Sakkoo Qorannoo

Xiyyeeffannaan sakkoo qorannoo adeemsaafi bu’aa qorannichaa jalqabaa kaasee hanga xumuraatti jiru waliin hidhata cimaa qaba. Mataduree qorannichaa, gaaffilee bu’uuraa dhihaata, galumsa qorannichi keessatti geggeeffamu, hariiroo qorataan wanta qoratamee jiru waliin qabu, Walitti dhufeenya qorataafi hirmaattota ragaa qorannichaa, akkasumas, falaasama qorataan kan walqabatuudha. Qorataan hirmaattota qorannichaaf galata qabaachuu qaba. Sakkoon qorannoo heera duudhaa qorannichaa qajeelchudha. Duudhaa filannoo amalaafi hariiroo qaama biraa waliin uumuu danda’uuti (Blumberg, et al, 2005). Qorannoo keessatti xiyyeeffannaa sakkoo qorannoo qabaachuun balaawwan hambisuufi xiqqeessu hedduu qaba.

Qorannoon kun hawaasaafi dhimma hawaasaa qorachuu kan xiyyeeffateedha. Matadureen qorannoon akkanaa dhimmoota hawaasaa waan bu’uureffatuuf of eeggannoon sakkoo qorannoo barbaadu qaba. Kanaaf, qorannoo kana keessatti wantoonni akka duudhaa sakkoo qorannootti xiyyeeffatamuu qaban hordofamanii jiru. Isaaniis, 1) wantoonni akka heera (Principles) sakkoo qorannootti fudhatamuu qaban xiyyeeffatamanii jiru. Kanneen akka, wantoota hirmaattota ragaa qorannichaa miidhuu danda’an hambisuu, hirmaattonni yaadichatti waliigalanii fedhiin hirmaachuu mirkaneeffachuu, namummaa hirmaattotaa kabajuufi dabasanii amansiisuu yaaluu dhiisuun qorataadhaan giddugaleessa godhatamanii jiru. 2) Hirmaattonni ragaa qorannichaaf barbaachisu kennuuf odeeffannoo gahaa argachuu qabu. Ragaa isaan irraa fudhatamu sana eenyu maal akka itti godhu ibsuufiin murteessadha. Kun soda, yaaddoofi shakkii namoota ragaa kennanitti uumamu hambisa. Kanaaf, sakkoo qorannoo kanaan qorataan namoota ragaa kennaniif ofibsuun qorannoo hojjetu, kaayyoo qorannoo hojjetuu, ragaa akkamii akka barbaadu, ragaa fudhate maaliifi akkamitti akka itti fayyadamu ibsuun fedhiin akka hirmaatan godheera.

# BOQONNAA AFUR: AFEEWWAN AGARSIISTUU EENYUMMAA

## 4.1. Seensa

Boqonnaa kana keessatti ragaan maleenya xiinxala waallee liixxaatiin ibsamuun, hiikamuufi balballoomuun dhihaatee jira. Kanaaf, hubannoo xiinxala ragaa irraa argameen hidhata maqaaleen bakkeewwanii/iddoowwanii eenyummaa ibsuu keessatti qaban boqonnaa kana keessatti ibsamee jira.

Gama biraatiin, qabiyyeen gurguddoon sadiitu ibsamee dhihaate. Isaan keessaa maqaan bakkeewwanii isa tokko. Akka xiinxala ragaa geggeeffameetti maqaaleen bakkeewwaniif hawaasni baase, agarsiiftuu eenyummaa bakka sanaati. Akkasumas, eenyummaa hawaasa maqicha baasee ittiin eenyummaa sana ijaaree agarsiisa. Maqaaleen akka Finfinnee, Shaggar, hora Finfinnee jedhaniifi araddaalee lafichaaf baasaman eenyummaa iddoofi hawaasaa agarsiisuu danda'uun as jalatti dhihaatee jira.

Akkasumas, maqaan bakkeewwan kanneenii maqaa bakkaa, maqaa namaafi maqaa gosaa ta'uun tajaajilan maqaa tokko keessa eenyummaa adda addaa kanneen hubachuu nama dandeessisu. Maqaaleen sirnoota hawaasaan walqabatan eenyummaa hawaasa sirnichatti dhimma bahuu agarsiisu. Maqaan Finfinnee jedhu maqaa horaan walqabatu akka ta'e ragaan argame ibsee jira. Horri immoo, sirna hawaasni loon isaa obaafachuun ittiin horatuufi itti irreeffachuun uumaa isaa galateeffatuuti. Kun sirna hawaasaa guddaa eenyummaa hawaasichaa ibsuudha. Haala kanaan agarsiistuuwwan eenyummaa kan ta'an maqaafi sirni hawaasaa akkaataan itti eenyummaa bakkaa/ iddoos ta'e hawaasaa itti ibsan boqonnaa kana jalatti bal'inaan dhihaatee jira.

Walumaagalatti, boqonnaa kana keessatti, karaa itti eenyummaan ibsamu yookiin agarsiistuuwwan eenyummaa keessaa maqaaleen bakkeewwaniif Afaan Oromoon baasaman, maqaalee gosaa maqaalee bakkaa ta'an, maqaalee bakkeewwan sirnaafi ulfoo, garee hawaasaafi faajjiin garee hawaasaa akkaataa itti eenyummaa Oromoo Finfinnee itti ibsan dhihaatee jira.

### 4.2. Maqaalee Bakkeewwanii

Maqaan aadaa hawaasa, maqaa sana fayyadamuun waan hiika qabaatuuf agarsiiftuu eenyummaati. Maqaan namaaf, gosaaf, bakkaaf, uumama naannoo ofiif kan kennamu afaaniini. Kana jechuun miira qaban karaa maqaa sanaa ibsuuf bakka bu'aafi bakka bu'amaa walitti fidu. Kunis aadaa hawaasni fayyadama afaan isaa keessatti qabuun kan raawwatuudha. Miirri jiru immoo, dhimmoota hawaasaa garagaraa xiyyeeffachuu danda'a. Maqaaleen daangaa qorannoo kana keessatti beekamanis eenyummaa waliin hidhata qabaatu. Akka Andersson fi miiltoowwan isaa (1998) ibsanitti, maqaafi eenyummaan hariiroo cimaa qabaachuun kan walkeessa argamaniidha. Haaluma kanaan, maqaaleen bakkeewwanii Finfinnee keessaa Oromoon Tuulamaa baasee dhimma itti bahu eenyummaa isaaniifi bakkichaan kan walqabataniidha.

Maqaaleen bakkaa, araddaaleefi bakkeewwan seena qabeeyyii hawaasaan beekaman kan agarsiisudha. Maqaan bakkaa, eenyummaa bakka sanaafi bu'uura yaadrimee miira hawaasaa agarsiisa (Tuan, 1989). Eenyummaan bakkaa yeroo baay'ee garee tokkoo garee biraatti garaagarummaan jiraachuun amala bakkichaa irratti jijjiiramni dhufa. Seenaa tureen hiika isa jalqabaa kennuun galumsaafi garee walhingitne gidduutti yoo raawwatame waldhabdee uuma. Waldhabdeen uumamu dhugaa jirurraa goruun sababa walcaalmaa hawaasummaa, diinagdee, aadaafi siyaasaa ta'a (Raadik-Cottrell, 2010; Massey & Jess, 1995). Akka ibsa kanarraa hubatamutti, maqaan bakkaa eenyummaa bakka tokkoo ibsuun beekama. Bakki maqaan sun kennameef akka hawaasa bakkichatti dhimma bahuutti eenyummaa qabuun akka beekamu taasisa. Hawaasni bakka sanaaf miira qabuufi tajaajila irraa argatuun walitti hidhuun maqaa sana baase. Kanaaf, maqaan bakkaa eenyummaa bakkichaafi miira hawaasaa kan ibsuudha.

Dabalataan ibsa kanarraa kan hubatamu, eenyummaan bakka tokkoo garee tokkoon beekamuufi akkaataan gareen biraa itti ilaalu addaaddummaa qaba. Achii as dhufa seenaatiin yemmuu ilaalamu, bakki tokko seenaa hawaasa achi jiraatun walqabatu qaba. Kana muuxannoon seenaa ni-agarsiisa. Muuxannoo seenaa kana ibsuunis sababa walcaalmaafi ilaanyaa jiruun dhugaarraa maksamuu danda'a. Akka ragaa hirmaattota qorannoo kanaarraa argameetti maqaaleen bakkeewwan magaalaa Finfinnee keessa jiranii

eenyummaa lama qabu. Eenyumma bakkichaa kan Oromoon akka qe'ee isaatti ittiin beeku, maqaa jalqaba ofii baaseefi maqaa yeroon booda jijjiirama bulchiinsaan gareen biraa baaseedha.

### 4.2.1. Finfinnee

Finfinneen maqaa bakki qorannoo kanaa ittiin waamamuudha. Maqaa magaalaa guddittii Oromiyaati. Dachee Oromoo, qe'ee Oromoo Tuulamaa, lafa olka'aafi tulluuwwaniin marfamee jiru irratti magaalaa hundeeffamteedha. Akka hirmaattonni ragaa qorannoo kanaa ibsanitti Finfinneen tulluurra jirti. Tulluuwwan naannaa ishee marsanii jiranis akka isheen qilleensa baddaa qabaachuun jireenyaaf mijattuu taatu ishee taasisaniiru. Tulluuwwan jiran kanneen keessaa kan gara kaaba isheetti argamu Tulluu xuuxxoo yookiin tulluu dildilaati. Maqaan kun yeroo ammaa kana dabsamee Inxooxxoo jedhamuun waamama. Akka ragaa hirmaattota irraa argameetti, Tulluun kun ilaala Guddaadha. Olka'iinsa qaburraa kan ka'e baddaa qorra qabuudha. Araddaan isaas araddaa diilallaa'aa jedhama ture. Akkasumas, akka hirmaattonni qorannoo kanaa ibsanitti, Tulluun Xuuxxoo olka'iinsa dheeraa waan qabuuf Minilik achirra taa'ee Salaale, Barraak, Roggee, Eerar, Jiddaa, Bacho ilaaluuf akka itti mijatuuf filatee ture.

Kallattii kaaba bahaan tulluun argamu immoo, Tulluu Eekkaati. Kunis tulluu olka'iinsa dheeraan beekamu kan haala qilleensa magaalattiif gumaacha qabuudha. Akka ibsa hirmaattota qorannoo kanaatti, tulluun kun yeroo dhihoodhaa as magaalaan marfame malee lafa qonnaa Oromoota gosa Eekkaa ture. Maqaan tullichaatuu gosa Oromoo Tuulamaa warra achi jiraatan irraa kan moggaafameedha. Eekkaan gosa Oromoo Tuulamaa keessaa tokko kan ta'eedha. Eekkaa ~Oboo ~Daaccii ~Tuulamaati. Moggaasni tulluu kanaas maqaa gosa Oromoo Tuulamaa achi jiraatu kanarraa kan kennaameefidha. Gara lixaatiin tulluun argamu, Tulluu Eegduu kan Koloobootti (Mannaaggashaa) argamuudha. Innis Tulluu olka'iinsa qabuudha. Tulluun kibba lixaan jiru immoo Tulluu Wacacaa jedhama. Akkasumas, gara kibbaan Tulluun Furiifi Tulluun Jamoo jiru. Gara bahaan kan jiru Tulluu Eerar akka jedhamu ragaan qorannoo kanaan argame ibseera. Gidduu Tulluuwwan kanneenitti lafa olka'aa, diriiraa, bal'aa, qilleensa baddaa qabu, kan qonnaafi dheedaaf mijatu, lafa

midhaanii irratti magaalaa hundeeffamtetu yeroo ammaa kana Finfinnee jedhamee waamama.

Dhuftee maqaa kanaa agarsiisuuf yaadawwan garagaraatu jiru. Haata'u malee, akka ragaan ogafaan Oromoo agarsiisutti, maqaan Finfinnee jedhu kun jalaqabarra maqaa ardaa muudaa kan bakka bu'uudha. Afseenaan jiruu:

(1)

*Bara durii keessa, Oromoon Tuulamaa yeroo bosona saaqee giddugala kana jiraachuu eegale geggeessaa isaan durfamee hora Finfinnee kana argate. Achi yemmuu ga'u eebbifatee yemmuu itti qalu horri finiineef. Hora finiine sanatu yeroon booda olfiniinuu isaa ilaaluun finiine kan jedhurraa gara Finfinneetti jijjiiramaa deeme. Horri Finfinnee hora hormaataati. Saawwan Tuulamaa achirratti horu. Horri kun hora isaan kaanirraa kan ittiin adda ta'u saawwan hora kana dhugan garaa isaanii qulqulleessuun dhibeerraa fayyisuu qofa osoo hintaane akka horan godha. Horri Finfinnee hora quxusuudha; garuu hora ulfoodha. Sababnisaa saawwan Tuulamaa isarratti horu. (Afgaaffii hirmaata qorannoo kanaa H-008 waliin Amajjii, 2014 taasifamerraa)*

Afeen kun afseenaa hawaasni eenyummaa bakkaa ibsuuf seenesseedha. Caasaan isaa walduraa duuba ta'iinsaa ibsuuf fayyadama jechoota guyyuun kan dhihaatedha. Afseenaan kun yeroon isaa beekamuu baatulleen bara durii keessa taatee ta'e kan ibsuudha. Yeroo hawaasni akka adeemsa sirnaafi seera isaatti bosona saaqee itti jiraachuu jalqabe keessa taatee ta'e seenessuuf afee himameedha. Akkaataa itti Oromoon horaafi malkaa eebbifatee saaqqatu agarsiisa.

Akka afee ogafaan afseenessaan himamu kanarraa hubachuun danda'amutti, maqaan 'Finfinnee' jedhuu, kan burqaa hora akka duudhaa Oromootti hawaasni itti qalee argateen walqabatuudha. Hawaasni kun jalqabuma yemmuu bakka kana saaqqatee jiraachuu jalqabu hora horii isaaf barbaachisu argate. Kun waan yeroo keessa ta'e osoo hintaane akka duudhaa hawaasaa ganamaatti kan raawwate ta'uu afseenaan olitti dhihaate kun ni-ibsa. Akka duudhaa isaaniitti geggeeffamuun Waaqa kadhatanii horri finiine. Horri kun bishaan hoo'aa

oldarbatu waan qabuuf nifiniina malee ciisaa maddi isaa hinbeekamne miti. Hora isheetu akka horawwan kaanii kan yaa’ee ciise osoo hintaane hoo’arraa kan ka’e ol finniintu yookiin utaaltudha. Kanarraa ka’uun nuuf finiine, bakka horri finiinu jechuu hawaasaati. Jechi kun finiinuu, finiine, finiinte, jechuun bu’uura jecha Afaan Oromoo kan qabuudha. Kun immoo, maqaa Finfinnee jedhuuf bu’uura dhuftee isaa ta’uu afseenaa kanarraa hubachuun nidanda’ama. Hora finiinu kanarraa Finfinnee maqaan jedhu dhufe. Maqaan Finfinnee jedhu hora kanarraa kan dhufe ta’uu hubatama. Kun immoo, maqaa bakka obaafi sirnaa horaan walqabatu kan haammatuudha.Kana keessa eenyummaa maqaa bakkaafi hawaasa maqicha baasee dhimma itti bahuutu ibsama.

Akka ragaa afseenaa kana irraa hubatamutti, horri kun, hora hormaataati. Horri kun horawwan Tuulamaa naannaa kana jiran birootiif quxusuu ta’ulleen hora hormaata horii isaaniif faayidaa olaanaa qabu ture. Akka afseenichi ibsutti, horiin Tuulamaa hora kana dhugan baay’ee horu. Hormaata horii isaanii madda diinagdee tureef bu’aa inni qabu ibsa. Waan kana ta’eef, hawaasni naannaa kana jiraatu ilmaan Tuulamaa bira darbuun amma ilmaan Maccaa dhufanii hobaafatanitti beekamaa akka tures hirmaattonni qorannoo kanaa ibsanii jiru. Kanarraa kan ka’e, maqaan kun yeroon booda suuta suuta Finfinnee jedhamaafi babal’atee beekamaa akka dhufe ibsame. Gama biraatiin, afseenaan olitti dhihate, horri kun hora ulfoo akka ture ibsa. Sirnoonniifi bakkeewwan ulfoon duudhaa kabaja hawaasni qabuun walqabata. Bakki yookiin sirni ulfoon tokko hawaasa biratti hidhata kabajaafi ayyaneffannaan beekama. Oromoon Tuulamaa hora isaa kanaaf, kabaja sadarkaa bakka ulfootti isa fudhachiisu qabaachuu hubanna. Bakka ulfoo ta’uun, bakka obaa loonii ta’uu bira darbee bakka itti Waaqa kadhatanii itti qalanii horri sun bahe waan ta’eef bakka itti galata galchaniidha. Sababnisaa, bakka ulfoo jechuun kabajaafi ayyana kana bira gaha.Yeroo ammaa kana sababa jijjiirama tureen kabajni ulfoon kun hafulleen dur bakka hidhata eenyummaa hawaasaa ibsuu danda’uun akka beekamu hubachuun nidanda’ama.

Haaluma walfakkaatuun, akka ragaan hirmaattota qorannoo kanaa irraa argame ibsutti, Finfinneen maqaa ardaa muudaati; muudaa qaalluuti. Finfinnee jechuun finne jechuudha. Waanti fidan, kennaa, wareega, harkafuudha/ harkafuuchaa, galata qaalluudhaaf kennamuun walqabata jedhu. Qaalluu isaanii guddaa bakka amma Finfinnee jedhamu warra Tuulamaa keessa jiruuf kennaa, galata, wareega fidaniin walqabatee kan uumameedha. Akka

hirmaataan qorannoo kanaa ibsanitti warri Booranaa kanaaf ogafaan agarsiisu fayyadamu. Ogafaan isaanii kunis,

(2)

*Muudaan keenya Finfinnee,*

*Finni Waaqa Jaallee*

*Malkaa Jabduu bullee*

*Jaalalaan oofkallee.*

Ogafaan kun Muudaan warra Boorana Finfinneetti akka ta'e agarsiisa."Muudaan Keenya Finfinnee" kan jedhu bakki isaan deemanii qaalluu isaanii guddaa biratti muuddatan Finfinneedha jechuudha. Karaa bulaa bakka ardaa muudaa isaanii guddaan jiru kana dhufuu isaanii ibsa. Iddoon itti muudaman qaalluu Finfinnee akka ta'e kan mul'isuudha.Ogafaan kanarraa kan hubatamu, Booranni ardaa muudaa mataa isaa osoo qabuu kan Oromoo maraa akka giddugalaatti Tuulama keessa bakka Finfinneen waamamu kana akka tureefi as dhufuun muuddatee jaalalaan oofkala. Ardaan Muudaa Finfinnee qaalluu giddugaleessaa Oromoo akka ta'e moggaasuma maqaa Finfinneen kan walqabatu ta'uu nu hubachiisa. Gara qaalluu isaanii kana yemmuu dhufan finne, wareega finne; ooqubaa finne; harka fuuchaa finne jechaa dhihaachuu isaaniin walqabatee adeemsa keessa maqaan qe'ee Oromoo Tuulamaa kun gara Finfinnee jedhamuun waamamuutti dhufe jechuun hirmaattonni ragaa qorannoo kanaa ibsanii jiru.

Gama biraatiin, hirmaattonni ragaa qorannoo kanaa afseenaa armaan gadii kana himan.

(3)

*Bara durii akaakayyuun Minilik abbootii gadaa Oromoo heeyyamsiifachuun bishaan hoo'aa hora Finfinnee dhiqachuuf dhufee ture. Yemmuu sana jiidha laga horaa irraa gara lafa olkaatti olsiquun bakka Dhakaa Araaraa jedhamu naannaa maasaraan mootummaa itti ijaaramee jiru buufachuun hora dhiqachaa ture. Turtii yeroo gabaabaaf bishaan hoo'aa hora Finfinnee dhiqachuuf as turetti bakkicha baay'ee jaallatee hawwii isaa dubbataa ture*

*jedhu. Hawwiin inni akka raaguu fakkeechee dubbate "Waggoota wayiitiin booda ilmi ilma kootii magaalaa sirratti hundeecha" kan jedhuudha jedhu. Erga bishaan hoo'aa kana dhiqatee deemees tooftaa ittiin abbootii gadaa naannaa kanaa lolee as qubatu yaalaa ture. Ergasii kaasee bakki kun yeroodhaa yerootti warra dhufee qubateen xiyyeeffatamaa deemte. (Afgaaffiin hirmaata qorannoo kanaa H-010 irraa Amajjii, 2014 fudhatame)*

Akka ragaa afseenaa kanarraa hubatamutti, bara bulchiinsa gadaa Oromoo, bakki kun abbootii gadaatiin kan bulu ture. Abbootiin gadaa keessummaa dhukkubsatee hora kana dhiqachuu barbaadee isaan gaafateef heeyyamuun akaakayyuun Minlik - Saayila Sillaaseen hora kana qorichummaaf fayyadamuun bakkattiin mijattuu akka taate gaaduu isaa agarsiisa. Maqaan Finfinnee jedhu yeroo sana gara Afaan Amaaraatti waan hinjijjiiramneef maqaa Oromoon baasefiin turte jechuudha. Akkasumas, hawwiin bakkattii qabachuuf qabu amma ilma ilma isaa (akaakayyuu isaatti) akka itti fufu raaga isaarraa nihubatama. Haaluma walfakkaatuun, Hiruy yaada kana akkana jechuun ibsee jira. "ንጉሥ ሣህለ ሥላሴ አገሩን ሲያቀኑ አሁን ዛሬ ቤተመንግሥቱ በተሠራበት ሥፍራ ላይ ድንኳናቸዉን ተክለዉ በዚህ ሥፍራ ላይ የልጅ ልጄ ከተማ ይሰራበታል ብለዉ እንደ ትንቢት ተናግረዉ ነበር"(ህሩይ 1999፡67)፡፡ Yaadni kun afseenaa hawaasni himu waliin kan walfakkeenya qabuudha. Akka Yaada kanarraa hubatamutti, Saayilasillaaseen magaalaan kun hundaa'uu isheen dura bakka kana dhufee hawwii qabu ibsatee ture.

Waalleen gaalee biyya yeroo qajeelchan "አገሩን ሲያቀኑ" jedhu yemmuu Saayilasillaaseen naannaa Finfinnee kana weeraruun buufachuuf Oromoo Tuulamaatti waggaatti al sadii lola banaa turan jechuudha. Biyya qajeechuu jechuun biyyafi sirna Oromoo weeraruun kan ofii taasifachuu jechuudha. Finfinneen weerara kana dura qe'ee Oromoo Tuulamaa moggaasa bakkeewwanii, sirnootaafi eenyummaa mataa ofiin qabaachuun beekamtuudha. Weerara maqaa biyya qajeelchuu jedhuun ibsame kanaan qabamuun dura kan beekamtuudha. Weerara kana kan itti kaasiseyyuu hora Finfinnee kana dhiqatanii arguu isaanii akka ta'e hirmaattonni qorannoo kanaa ibsanii jiru.

Finfinneen araddaa miidhagduufi hawwisiiftuu ta'uu ogafaan ibsu hirmaattonni qorannoo kanaa yemmuu ibsan afee afwalaloo kana himu.

(4)

*Finfinnee kanan bahaa Finfinnee bareedduu tumaa bunaa*

*Silaa si fudheen gala atoo daa'imaa hoodhu saamunaa*

*Egaa bara eeggadhu siinan galadhaa ati kootumaa. ( Afgaaffii H-008 irraa)*

Afeen kun galumsa jaalala ibsachuu keessatti kan sirbamuudha. Haata'u malee, jaalala xiyyeeffatame ibsachuuf miidhagina Finfinnee seensa godhachuun kan dhihaatedha. Akka afee afwalaloo kanarraa mul'atutti, Finfinneen bakka bareedduudha. Bareedina ishee kana tumaa bunaatti fakkeessanii yemmuu ibsatan bo'oo jalqabaa afee kanaarraa arguun nidanda'ama. Jalqabarra Araddaan Finfinneedhaan haammatamu naannaa horaan waan walqabatuuf, lafa diriiraa jiidhina qabaachuun magariisa ta'ee bareedudha. Akkasumas, haala qilleensaa mijataafi taa'umsa lafaa giddugaleessummaa qabuudha. Kanaaf, afeen kun miidhagina bakka Finfinnee jedhamuun beekamuu ibsee jira.

### 4.2.2. Shaggar

Maqaa inni biraan qorannoo kana keessatti xiyyeeffatame maqaa Shaggar jedhuudha. Maqaa Finfinnee jedhuufi Shaggar jedhu Oromoon walkeessa fuudhuun fayyadama. Yeroo ammaa kana ogbarruuwwan jiraniifi moggaasni seeraa Finfinnee kan jedhu xiyyeeffatanii mul'atu. Shaggar kun maal akka ta'eefi hidhanni eenyummaa waliin qabu hinibsamu. Kanaafis, ragaan kallattii garagaratiin ogafaan hawaasaafi ogbarruu keessa barbaadameera. Akka ragaan afgaaffiin fudhatame ibsutti maqaan shaggar jedhu kun kan bakka giddugala Tuulamaa, akkasumas, giddugala Oromiyaa ta'e bakka bu'uudha.Akka Tamene (1983) ogafaan hawaasaa armaan gadii fudhachuun ibsetti, Shaggar maqaa Addis Ababaa jedhu waliin kan moggaafameedha. Ogafaan inni dhiheesse kan Oromoon yemmuu gibira fidee dhufu gidiraa argu ibsachuuf dhimma itti bahaa tureedha. Innis,

(5)

*Shaggaritti*[27] *marmaaruu*

*Callaa namaa hammaarruu*

*Calleessee namaa hiruu (Tamene, 1983:322)*

Ogafaan kana dhiheessee miiljaleetti Shaggar yemmuu ibsu akka itti aanu kana jedhee jira.

> 27. *Addis Ababa. It was at this time and in this situation that the Oromo gave the name 'Saggar' to Addis Ababa. Empress Taytu had named Finfinnee 'Addis Ababa', which means 'new flower' in Amharic. The word 'Saggar' is derived from the Amharic word 'ciggar', which means' misery. In the Oromo region of Sawaa, almost all the people call the capital (Addis Ababa) 'Saggar' to this day (Tamene,1983:322).*

Akka yaada kanaatti, maqaan Shaggar jedhu maqaa 'Addis Ababaa' jechuun Xaayituun Finfinneedhaaf baafte kan bakka bu'uudha. Xaayituun yemmuu bakkicha argitu Abaaboon naannaa hora Finfinneetti biqile haaraa itti taanaan 'Addis Ababaa'jettee maqaa bakkichaa jijjiirte. 'Addis Ababaa' jechuun Abaaboo haaraa jechuudha. Oromoon gibira fidee kallattii garagaraatin dhufu immoo afee ogafaanii olitti dhihaate kanaan yemmuu karaa deemu qorraafi beela isa mudate ibsata. Qorraaf jecha akka qoraan baatanii deeman, akkasumas, qorri Hoolotaa akka isaan hoollachiisaa bulu ibsatan. Akaayii nyaataa callaa oomisha isaanii warra kaaniif hammaaranii gabbaru. Afeen ogafaanii olitti dhihaate kun erga Minilik lafa Oromoo qabatee gibira akka kaffalan itti muree, dhamaatii isaan gibira isaaf fiduuf argan kan agarsiisudha. Dararaa qorraan deemuu, galaa akaayii nyaachuu, waan ofii itti dadhabanii oomishan irraa callaa hammaaranii kennuufi quuqqaa taasifachuun mormaa jiraachuu kan agarsiisudha. Akka Tamene (1983) ibsetti, haala kana keessatti maqaa Shaggar jedhu Addis Ababaa bakka buusuuf baasani. Maqaa Xaayituun Addis Ababaa jettee baafte mormuun lakki kun bakka Chiggariiti jechuun maqaadhufeedha jedha. Kanarraa gara Shaggaritti jijjiiramaa dhufuun (Chiggaar= Shaggar) ta'e. Akka ibsa kanaatti, maqaan Shaggar jedhu 'chiggaar' kan jedhurraa dhufe.

Haata'u malee, kun maqaa Oromoon kan Xaayituun baasten mormuuf bahe akka hintaane galumsi yeroo sanaafi ragaan afseenaan jiru nimul'isa. Maqaan kun lachuu Afaan Amaaraatiin kan baafamaniifi adeemsa maqaa baasuu aadaa Oromoo keessatti hinbeekamne, akkasumas, eenyummaa Oromoon kan wal hinqabanneedha. Oromoon maqaa arrabsoo hinbaasu. Irra caala kan ittiin beekamu maqaa maseefachuu kan jaalala agarsiisu xiyyeeffata.

Yeroo Xaayituun maqaa kana Afaan Amaaratiin ‘Addis Ababaa’ jettee baste sana Oromoon Afaan Amaaraatti dhimma bahuun ‘Chiggaar’ jechuun kan baase hinta’u.Ogafaan olitti dhihaate irraa garuu ‘Chiggaar’ maqaa moggaasa Oromoo akka ta’etti dhimma itti bahame. Moggaasa Xaayituutiin mormuuf kan moggaafameedha jedha. Dacheen Oromoo Tuulamaa kun Oromoof lafa mijattuu dheedaafi qonnaati malee lafa gidiraa taatee waan Oromoon Afaan Amaaraatiin ‘Chiggaar’ jedhee moggaasees hinta’u. Galumsi kanatti nama geessus afee dhihaate irraa walqabatiinsa fuulchaa ragaa hinagarsiisu. Oromoon sirna weeraraaf dhufee rakkoo itti uume amma meeshaan waraanaa biyyoota hambaarraa dhufe humna isaatii ol itti ta’utti ofirraa qolachaa kan tureedha. Kun qe’ee isaatiin ‘Chiggaar’ jedhee akka moggaasu godhe jechuun hindanda’amu. Gareen yeroo sana sirna bulchiinsatiin dhufanii bakka kana buufatanis mijannaafiin jireenya haaraa arganii ‘Addis Ababaa’ waan jedhaniif, wanti itti badee ‘Chiggaar’jedhanii biyyicha mogaasaniifis hinjiru. Yoo waan rakkatan qabaatanii ‘Chiggaar’ jedhanilleen maqaa Oromoon baase osoo hintaane kan warra dhufee weeraree qubateen bahe ta’a. Kun immoo, eenyumma bakkaafi hawaasa Oromoo bakkicha jiraatuun kan walqabatu hinta’u. Kanaaf, yaadni maqaan Shaggar jedhu maqaa ‘Chiggaar’ jedhurra dhufee kan Addis Ababaa bakka bu’uudha jedhu madda eenyummaa bakkaafi garee hawaasa bakkicha turee hinibsu.

Gama biraatiin, Alammaayyoofi kuuwwan (2016) moggaasni maqaa Shaggar jedhuu maqaa “Addis Ababaa” jechuun mooggaafameen mormuu irraa akka ka’e ibsu.

(6)

> *Minilik Tulluu irraa gadi ilaalee manichi hora Finfinnee wajjin yoo wal biratti ilaalamu itti tole ‘yihimmaa iwunatim Addis Ababaa new’ jedhee maqaa Xaayituun baafte mirkaneesse. Yeroo kana mormii maqaa kanaa Oromoon naannichaan ‘Shaggar’ ykn ‘Shaggituu’ jechuun moggaase. Booda maqaan ‘Addis Ababaa’ jedhuufi ‘Shaggar’ jedhu hanga bara 1993tti wal maddii bakki amma Finfinnee jedhamu ittiin waamamaa ture (Alammaayyoofi kuuwwan, 2012:92). Dabalataan, Shaggar maqaa morkii Addis Ababaan moggaafameedha. Kanaaf, Shaggar lafa bal’aa Addis Ababaa jedhamu kan ibsuudha. Finfinneen garuu naannoo Filwuhaa qofa kan ibsuudha (Alamaayyoofi kuuwwan, 2016:365)*

Akka ibsa kanaatti, maqaan Shaggar jedhu bara araddaafi horri warra Tuulamaa kun garee biraan qabatamee maqaan 'Addis Ababaa' jedhu itti moggaafame kan baafameedha. Yemmuu Afaan Amaaraan 'Addis Ababaa' jechuun maqaan haaraan baafameef Oromoon mormii maqaa kanaa lakki kun biyyaa shaggaa waan taateef Shaggar jedhamuu qabdi jedhanii diduun maqaa Shaggar jedhutti dhimma bahuu eegalan. Kana jechuun yeroo warri Afaan Amaaraan waaman Addis Ababaa jedhan Oromoon immoo Shaggar jechuun waamaa ture. Ergasii kaasee Oromoon bakka amma Finfinneetti jijjiirame kanaan Shaggar jedhee waamaa ture jechuudha.

Akka ibsa kanaatti, maqaan Shaggar jedhu maqaa Afaan in haala mijannaafi shaggaa ta'uu naannichaa irratti hundaa'uun baafameedha malee, 'Ciggaar' kan jedhurraa kan dhufe miti. Shaggar maqaa Oromoon achi jiraatan akka aadaafi afaan isaanitti kan aadaafi afaan garee biraan baasame mormuuf baaseedha. Kun bu'uura jecha Afaan in kan mijaa'ina haala naannichaan walqabatee baafame waan ta'eef eenyummaa bakkaafi garee hawaasaan kan walqabatuudha. Akkasumas, haala itti gareen hawaasaa kun eenyummaa mulqame mormee deebisee itti ijaaru kan agarsiisudha.

Haaluma walfakkaatun, akka ragaan afseenaa hawaasaa keessaa himamu agarsiisutti Shaggar maqaa giddugala Oromiyaa naannaa amma Finfinnee jedhamuun beekamtu kanaaf Oromoon baasedha. Akka ragaa afgaaffiin fudhatameetti maqaan Shaggar jedhu kan yeroo dhihoo osoo hintaane kan jalqabuma yeroo Oromoon hora Finfinnee saaqqatu baafameedha. Gama biraatin afeen afseenaa armaan gadii akka itti aanu kana jedha.

(7)

> *Finfinneen moggaasa erga abbaan malkaa hora Finfinnee argateen booda laatameedha. Namni jalqaba lafa kana qubatee hora Finfinnee argate nama maqaan isaa Mutulu Raayyaa jedhamuudha. Yeroo jalqaba malkaa Hawaas ce'an, lagni guutee ceesisuu dide. Angafni waan dura ce'uuf angafti sun Kuraa Jiddaa kan jedhamu waan tureef inni itti qalee jennaan malkaan saaqamuufii didde jedhan. Namni Mutulu Raayyaa jedhamu kun nama beekaa, goota beekamaa, gamna wanta baay'ee gochuun Oromoo lafa rakkoo meeqatti ulaa ceesiseedha jedhama. Garuu inni Tuulamuma ta'ee quxusuudha. Angafti isaa Kuraa Jiddaa kun meeqa itti qalee waan*

*dadhabeef isa quxusuudhaan angafummaa koo siif hinkennuu, Ka'a*[2] *koo siif kennee ati itti qali jedheen. Namni kun eebbifatee yemmuu itti qalu malkaan Dubbisaa hora Hulluuqaa jedhamu banameef. Innis, Hawaas ta'i jedhee malkaa kana eebbise. Kan dura baname isa waan ta'eef, Hawaas malkaa angafaati. Hawaas jechuun hangafa jechuudha. Ilmi angafaas Oromoo biratti maqaan isaa Hawaas ture. Malkaa sanaan hulluuqanii bahan. Horri jalqabaa isa kana. Hora ja'an Galaan keessaa isa angafati. Sana booda gaara Cuqqaalaa (Sarxaay) dhufan. Ammas Mutulu Billaacha lafa jiidhaatii waa xuuxxu argee achitti dhaabbatee Waaqa itti kadhatee, korma itti qalee jennaan haroon achirra jiru dhoheef. Amma haroon sun hidhata isaa gahutti keessa dhaabbatee Waaqa kadhate. Hidhata isaa oldabarraan cuqqaallaa ta'i! Yaa rabbi cuqqaallaa naaf buqqiftee jedhe. Lafa hoodaa kan sarboon*[3] *itti hinqalle, kan adamoon irratti hinqabamne ta'i; jedhe jedhama. Lafa hoodaatti sarboon hinqaltu; adamoon irratti hinqabamu; hooda sana tumeef. Sana booda harsadiis isumatu saaqe jedhama. Achumaan dhufee hora Finfinnee kana argate. Isas itti qalee horri finniinnafiin achirratti nafa dhiqatee shaggar ta'i jedheen. Bakkichaan shaggaa ta'i; biyya beekaafi shaggaan sirra bulu ta'i! Biyya sa'aa namni sirratti horee bareedu ta'i! jedhee eebbise. Malkaa hora finiinef sanatu Finfinneetti jijjiirame. (Afgaaffii H-014 waliin bara 2014 taasifamerraa )*

Akka afee afseenaa kanarraa hubatamutti, moggaasni maqaa Shaggar jedhuu kan yeroo dhihoo keessa bulchiinsa weerartoon booda 'Chiggaar' jechuurraa dhufe osoo hintaane kan Oromoon jalqabumarra moggaasedha. Akka afseenaa dhihaate kanaatti maqaan bakkaa Shaggar jedhu kun kan Finfinnee jedhamee beekamu kana dursee kan baafameedha. Maqaan Finfinnee jedhu hora finiinu ilaaluun horaaf kan baafame yemmuu ta'u Shaggar garuu yemmuu bakkicha saaqqatanii hora sana argatan "Bakkichaan shaggaa ta'i; biyya beekaafi shaggaan sirra bulu ta'i! Biyya sa'aa namni sirratti horee bareedu ta'i! jechuun eebbisuun maqaa argameedha. Waan kana ta'eef, maqaa bakkaa Finfinnee dursuun naannaa qubatan sanaaf baasameedha. Bakkichi garuu akka naannaa sanaatti shaggar jedhamee ture. Akka

[2] . Ka'a = Waaqa yookiin Ayyaana
[3] Sarboo = nama Gadaa kan hintaane jechuudha.

Ogafaan seenaa isaaniitti, bakki giddu gala Oromiyaa kun ilmaan Tuulamaatin shaggar jedhamuun akka waamamtu agarsiisa.

Lafti giddugaleessa bakka amma Finfinnee jedhame kun shaggaa ta'uu isaa yemmuu argan maqaa kennameedha. Oromoon Tuulamaa jechoota Shaggaa, Shaggee, Shaggituu, jedhan bal'inaan fayyadama. Jecha kana warri Afaan Amaaraa dubbatanis ergifatanii yemmuu dhimma itti bahan nidhaga'ama. Namoonni Shaggar jechuun 'chiggaar' kan jedhurraa dhufe jedhanis ta'ee,'Shaggaa agar'jechuudha jedhan bu'uura jecha kanaa hinxiinxalle. Akka ragaa afseenaa kana irraa hubatamutti, moggaasni maqaa kanaa eebba "Shaggaa ta'i! biyya beekaafi shaggaan sirra bulu ta'i! Biyya sa'aa namni sirratti horee bareedu ta'i!" jedhu irraa kan maddeedha. Akka ragaa kanaatti, moggaasni maqaa Shaggar jedhu kun kan duruma osoo magaalaan har'a Finfinnee jedhamtee waamamtu hinhundeeffamin Oromoon giddugala hora Finfinnee kana ittiin waamaa ture maqaa Afaan Oromoo ta'uu hubanna.Eenyummaan bakkaa kana akkanatti ibsu.

Erga gara magaalaatti jijjiiramtees namoonni buleeyyin Shaggar jechuun yemmuu waaman dhaga'ama. Ogafaan hawaasa keessatti dhihaatan hedduunis maqaa Shaggar jedhuun kan dhihaatan malee Finfinnee jechuun kan dhihaatan hinmul'atan. Akka ragaa afgaaffiin hirmaattota qorannoo kanaarraa fudhatametti ogafaan kun Shaggar ibsuuf dhimma itti bahama.

(8)

*Shaggarii galuufan deema ya awwaara miila kootii*

*Shan taatee na dura yaati mammagaalleen biyya kootii. (Afgaaffii H-008 irraa)*

Afeen ogafaan olitti toora lamaan dhihaate kun weedduu hawaasni afwalaloo isaa keessa qabuudha. Afwalaloo caasaafi unkaa walaloon amala aartummaa qabaachuun kan dhihaatedha. Akka afee ogafaan kanarraa hubatamutti, Shaggar kun iddoo dhaqanii dhimma ofii raawwatatanii galan maqaa bakkaa ta'uu argisiisa. Dhimmi raawwatanii galan beekamuu baatulleen Finfinneen wiirtuu Qaalluu isaaniifi hora hormaata loon isaanii waan taatef sirna hawaasaa kana raawwatachuuf dhufuu ta'uu danda'a. Akkasumas, akka seenaan ibsutti giddugalli Oromiyaa kun durii kaaftee wiirtuu daldalaa turte. Daldala karaa dheeraa

jedhamuun kan beekamu ka’umsi isaa gubbaa Diilallaa (Gaara Xuuxxoo[4]) kana ta’uu ibsama. Kitaaba seenaa Oromoo Warjii bara 2020 barreeffame keessatti waa’een wiirtuu daldalaa akka itti aanu kanatti ibsameera.

> *Hawaasni Oromoo Warjii seenaa daldala daandii dheeraa keessatti hirmaannaan qaban olaanaadha. Daldalli biyya keessaafi alaa yeroo babal’achaa deemu wiirtuuleen daldalaas iddoo baay’eetti hundeeffamaa dhufan. Wiirtuulee bebbeekamoo yeroo sanatti hundaa’an keessaa tokko Roggeedha. Roggeen wiirtuu daldala Oromoota Warjii ishee guddoo yoo taatu magaalota daldalaa akka Abdul-Rassuul, Xuuxxoo (Inxooxxoo), warra Jaarsoo, Lichee, Baasoo, Handoodee, Aliyyuu Aambaa, Sooddoo wajjin walitti dhiyeenyaan hojjechaa kan turaniidha(Alamaayyof kuuwwan, 2020:174)*

Waan kana ta’eef, giddugala Gaara Xuuxxoo kana osoo Minilik hinqabatin Oromoon akka wiirtuu dandalaatti gargaaramaa waan tureef dhimma daldalaaf dhufu jechuudha. Dhimma kamiifuu haata’u Oromoon giddugala dachee isaa kana dhufee akka galu ogafaan agarsiisudha. Waalleen afee ogafaan dhihaateetoora jalqabaa irratti “Shaggarii galuufan deema ya awwaara miila kootii” jechu nama achi jiraatuun osoo hintaane nama dhaqee galuun dhihaachuu nu hubachiisa. Namni dhimmaaf iddoo tokko dhaqee galu immoo, bakka dhaqee galu sana maqaa bakka sanaa yookiin biyya sanaa dhahuun ibsa.

Dhimmi Oromoon Tuulamaa kun yeroo ammaa kanalleen gara magaalaa Shaggar kanaatti dhufee deebi’ee galuuf maal akka ta’e *Elleni (2010)*yemmuu ibsitu akka itti aanu kana jetti.

> *Yet what is remarkable one hundred years later is that people continue to walk. Yes, here people walk, and they continue to bring their mules, their donkeys, their cows, and their sheep into town. And they walk. On their pack animals, they bring the wheat, the teff, and the rye that will feed the residents of this city. Often an animal is put up for sale because the farmer is in trouble and needs a little extra cash. There are many sheep markets around town.*

[4] xuuxxoon muka leemmana jedhamu akka ta’e obbo Alamaayyoon ibsanii jiru.Gaarri xuuxxoo gaara mukti kun baay’inaan itti argamuudha jedhu.

*You can buy a sheep, take it home, hire a boy to help you skin it, and eat it fresh that same day. This is common. The sheep are tasty. Perhaps you are wondering how farmers and the slaughter of animals fit in with a capital city. But the tides of people that come in and out of this place are a part of the city, and they are many. Early each morning one sees farmers and herders entering the streets of Addis Ababa. Elleni (2010:118)*

Shaggar akkuma wiirtuu dhimmoota Oromoo ta'uun akka giddugala hawaasichaatti tajaajilti. Oromoon Tuulamaa giddugala kanaa buqqa'uun dhiibamee qarqaratti baheefi osoo hinfagaatiin dhiheenya irra jiru yeroo ammaa kana oomisha isaa fidee akka gurguratu ibsite. Oromoon Tuulamaa naannaa kanaa eenyummaa isaa qabatee haala itti magaalaa kanatti dhufuufi akkaataa itti jiraattota magaalaa kanaa sooraa jiru mul'iste. Oromoon naannaa kanaa lafa qonnaa isaa irraa oomisha akka qamadii, xaafii, garbuu, shumburaa,… akkasumas, horii qalmaa dhiheessufiin hawaasa magaalicha keessa qubatan nyaachisa. Kanaaf, ammalleen oomisha isaa gara magaalaa kanaatti fidatee gurguratee gala. Erga bakki kun magaalaa taatee, akkaataa aadaa isaatti qotachaafi horachaa keessa jiraachuu hindandeenye. Oromoon eenyummaa isaa keessatti horii jaallata. Waan sa'aatiin nyaata; aannan dhuga. Kanarraa kan ka'e eenyummaa isaatin hariiroo guddaa qaba. Shaggar keessa gareen biraa dhufee buufate, Oromoon Tuulamaa Finfinnee aadaafi eenyummaa isaa kana akka gadhiisu waan dirqisiiseef gadhiisee godaane. Kan qarqaratti hafees haala Elleniin ibsite kanaan dhufee gala malee keessa jiraachuu hindandeenye. Haata'u malee, qaamni akkanatti jiraattota magaalichaa sooruufi fardaafi gaangee isaatiin magaalicha keessa socho'u erga weeraramee waggoota dhibba tokkoon boodalleen eenyummaa isaa akka hingadhiifne, aadaa isaa akka hindhiifne, qe'ee isaa akka hindaganne nu hubachiisa. Kanaaf, Shaggarii galuufan deema jechuun hawaasniogafaan kanatti dhimma bahu maqaa lafa giddugala kanaa Shaggar jedhee waamuu nutti agarsiisa.

Haaluma walfakkaatun, afeen ogafaan shaggar lafa giddugala Oromoo Tuulamaa kana ta'uu ibsu akka itti aanu kana jedha.

(9)

*Yaa Shaggar yaa Shaggarii*

*Yaa Katamaa Iyyaasuu (x2)*

*Haa jedhan waan jedhanii*

*Jechi biyyaa nu hinbaasuu ( Afgaaffii H-005 irraa fudhatame)*

Akkuma seenaa irraa hubatamu bara Minilik du'e namni siree isaatti darbu (bakka isaa bu'ee bulchu) Iyyaasuu akka ta'u yaadamee ture. Afeen ogafaanii kun yeroo sana keessa kan dhihaatedha. Yeroo afeen kun dhihaatutti shaggar magaalaa Iyyaasuun keessa jiraatu ta'uu kan ibsuudha. Iyyaasuun aangootti darbuuf falmiin ture cimaafi Oromoota hedduufi abbaa Waraanaa (Fitaawuraarii) Abeebee[5] Tufaa kan gaaga'e ture. Yeroo sana keessa ilmaan Tuulamaa afee kana dhiheessuun eenyummaa isaaniif falmataa turani. Waalleen afee kanaa magaalaan giddugaleettiin kun Shaggar akka jedhamtu ibse. Akkasumas, wanti dhiibbaa isaan irraan ga'u akka ture, waan garagaraa jedhanii akka eenyummaa isaanii dhiiban *"Haa jedhan waan jedhanii, jechi biyyaa nu hinbaasu"* jechuun ibsatu. Jecha eenyummaa isaanii gadhiisisuuf gareen biraa isaanin jedhuun qe'eefi biyya isaanii akka hingadhiifnes xiiqeffannaa jiru agarsiisu. Waan kana ta'eef, afee ogafaan kanarraa moggaasni maqaa shaggar jedhu kan Oromoodhaan dhimma itti bahamu maqaa giddugala yeroo ammaa kana Finfinnee jedhamuun beekamu bakka bu'u ta'uu hubanna.

Haaluma walfakkaatuun, hawaasni ogafaan akka itti aanu jedhu kanatti akka dhimma bahu hirmaattonni ragaa kennan ibsanii jiru.

(10)

*Yoggaa Shaggarii galtuu Maa ulee lafaan dhaanta ya Garbii*
*Garaafi anat wal lolee mee walitti araarsi ya qalbii ( Afgaaffii H-008)*

Waalleen afee kanaas Shaggar bakka dhimmaaf hawaasni naannoo sanaa dhaqee dhimma isaa itti oolu, giddugala isaa ta'uu hubanna. Akka hirmaattonni ragaa qorannoo kanaa ibsanitti Garbii Bultoo Goota Oromoo beekamaa warra Meettaati Garbii Bultoo goota Xaaliyaaniin falmaafi booji'aa tureedha. Afeen ogafaanii olitti dhihaategootni kun Shaggar oolee yemmuu galu agarsiisa. Kanarraa kan hubatamu Shaggar bakka Oromoon naannaa

---

[5] Abeebeen, ilma Tufaa Araddooti. Tufaa Araddoo, yeroo Minilik giddugala qe'ee warra Tuulamaa kana buufatu Ilmaan Tulamaa keessaa warra Eekkaa bulchaa kan tureedha.

sanaa dhaqanii dhimma isaanii oolanii galan giddugala isaanii ta'uudha. Kun immoo maqaa bakkaa eenyummaa bakkaafi garee hawaasaa achi jiraachuun maqicha baaseen walqabata.

Walumaagalatti, eenyummaan maqaa bakka yeroo ammaa Finfinnee jedhamuu [Shaggar→ Finfinnee→Addis Ababaa→ Finfinnee /Addis Ababaa] eenyummaa jijjiiramaa tureedha. Akka ragaa afeewwan ogafaanii garagaraa irraa hubatametti, maqaan Shaggar jedhuufi Finfinnee jedhu bakka amma 'Addis Ababaa' jedhamuun beekamu kan bakka bu'aniidha. Maqaan akka iddoo namoonni jiraataniin yookiin biyyaatti jalqaba baasameef Shaggar kan jedhuudha. Shaggaar ta'i biyya shaggaafi beekaan sirra bulu kan jedhu afseenaa olii keessatti ibsamee jira. Bakki akka ardaa jilaatti beekamu kan horaafi ardaa muudaafi irreechaan walqabatu immoo Finfinneedha. Maqaaleen kunneen lamaan Oromoo biratti eenyummaa ittiin beekaman qabu.

Akkasumas, akka ragaa afgaaffiifi sakatta'aan argameetti, maqaaleen bakkeewwan magaalaa Finfinnee keessaa Afaan Oromoon baafaman wantoota eenyummaa hawaasichaan walqabataniifi ibsaniin ta'uun beekamu. Maqaaleen kunneen eenyummaa bakkaas ta'ee garee hawaasaa maqaa kana baasee ibsuu danda'u.

## 4.3. Maqaalee Gosaafi Araddaa

Maqaaleen magaalaa Finfinnee keessatti Afaan n baasamanii beekaman hedduun akka jiran ragaan afgaaffiifi xiinxala barreeffamoota garagaraa irraa argame nimul'isa. Yeroon booda jijjiirama maqaafi eenyummaa taasifamaa deemeen kanneen biroon bakka bu'anilleen maqaaleen Oromoo eenyummaa isaa ibsan hedduun nijiru.

Maqaaleen kutaa Finfinnee tokko tokko ibsuuf yeroo ammaa kana dhimma itti bahaman maqaa gosaati. Oromoon dur bakka tokko yeroo waamu gosuma achi jiraatuun warra akkanaa, warra akkasii jechuun maqaa dhahuun waamuun beekama. Akkuma warra Tuulamaa, Maccaa, Raayyaa, Asseeboo, Sabboo, Goona, Sikkoo, Mandoo jechuun waamu naannaa isaan irra jiraatanis maqaa gosa achi jiraatuun waama. Akka hirmaattonni qorannoo kanaa ibsanitti, Oromoon maqaa bakkaa maqaa gosa hawaasa naannaa sana jiraatuun waama. Maqa Oromiyaa jedhu kana fakkeenya fudhachuun yemmuu ibsan, biyya Oromoo qe'ee Oromoon irra jiraaturraa maqaa dhufeedha jedhu. Akkuma kana maqaaleen bakka

jireenya garee hawaasaa gosa naannaa sana jiraatuun maqaan bahuufin akka waamamu ibsan. Kun yeroon booda jijjiiramaa deemuun moggaasni garagaraa kennamuutti ka'e malee maqaan gosaafi balbala garee hawaasaa achi jiraatu iddoo olaanaa qaba ture jedhu.

Haaluma walfakkaatuun, maqaaleen magaalaa Finfinnee keessaa yeroo ammaa afaanota garagaraatti jijjiiraman maqaa bu'uuraa Oromoon Tuulamaa araddaa isaa ittiin beeku kan mataa isaanii qabu turan. Oromoon Tuulamaa giddugala kana jiraatu hidda latiinsa isaan gosaafi balbala qaba. Ilmaan walirraa dhalataa deemaniif maqaa baasa. Abbaafi ilmummaatti, akkasumas, obbolummaatti ittiin beekamu. Maqaa sanaan eenyummaan isaa adda bahee ittiin waamama. Innis darbee ilma godhachuun maqaa baasaaf. Maqaan kun ammuma hawaasichi babal'achaa deemu maqaa gosaa ta'uun hidda latiinsa maatii hawaasichaa agarsiisa.

Maqaaleen bakkeewwanii Finfinnee keessaa tokko tokko maqaa ilma bakki sun kennameefin walqabatu. Akka hirmaattonni qorannoo kanaa ibsanitti, bakki Galaan jiraatu qe'ee warra Galaaniin beekama ture. Bakki Ada'aan jiraatu Ada'aa, bakki Meettaan jiraatu Meettaa, bakki Gullalleen jiraatu Gullallee, bakki Eekkaan jiraatu Eekkaa, bakki Sooddoo jiraatu Sooddoo jechuun beekama ture. Kana jechuun maqaa ilmaa kan maqaa gosaa bakka bu'e sanaan akka gosti sun bakka sana jiraatu agarsiisuun beekama jechuudha. Gosti bakka sana jiraatu sun immoo, araddaa isaa keessaa bakkeewwan akka tajaajilaafi dhimma isaan waliin qabuutti maqaa baasufiin beeka. Bakkeewwan sirna isaa itti raawwatu, bakkeewwan ulfoo, hurufa dheedichaa, araddaa qonnaa, tulluuwwan, laggeen, bosona … naannaa isaa jiraniif maqaa baasa. Maqaan baasamu kun aadaafi afaan hawaasichaan kan daanga'eefi eenyummaa hawaasichaa ibsuudha.

Maqaalee bakkaa Oromoon baasee Magaalaa Finfinnee keessaa osoo hinjijjiiramin jiran muraasni kan maqaa gosaa bakka bu'aniidha. Akka ragaan agarsiisutti, Galaan ilmaan Tuulamaa sadan keessaa inni angafaa Daaccin kan godhate ilma Daacciiti.(Galaan Daacci Tuulama). Maqaan kun latiinsa maatii ilmaan Tuulamaa keessatti gosa bakka bu'eera. Akkasumas, akka maqaa bakkaatti tajaajila. Maqaa namaa, Maqaa gosaa, Maqaa bakkaa ta'e. Kanaaf, bakki amma Finfinnee keessaa maqaa Galaan jedhuun beekamu kun maqaa bakkaa, maqaa namaafi eenyummaa garee hawaasaa amma hidda latiinsaatti ibsuudha. Kun

hariiroo maqaafi eenyummaan qabaniidha. Haaluma walfakkaatuun, maqaaleen itti aanan kunneenis maqaa namaatu maqaa gosaatti jijjiirame. Isaanumaan immoo maqaan bakkaa baasamee beekama.

Gullalleen ilma Obooti. Oboo ilma Daacciti. Daaccin ilama Tuulamaati (Gullallee→ Oboo →Daacci→Tuulama). Maqaan bakkaa Gullallee jedhu yeroo ammaa magaalaa Finfinnee keessatti argamu akka maqaa Afaan Oromoon baasameetti maqaa namaati.Akkasumas, maqaa gosaafi maqaa bakkaati. Maqaa kana keessa eenyummaa sadan kanatu mul’ata. Magaalaa Finfinnee keessaa  bakki amma Gullallee jedhamuun beekamu osoo akka kana magaalaa hinta’in qe’ee hidda latiinsa ilmaan ilmaan Tuulamaa keessaa Gullallee inni jedhamu jiraatu balbala warra tokkooti. Akka hirmaattonni qorannoo kanaa ibsanitti, amma bulchiinsi sirna gadaa cabuun gara bulchiinsa moototaatti jijjiiramuutti bakki kun geggeessitoota gosaa abbaa Gadaa isaanitiin bulaa turte. Yeroo weerrarri taasifamu sanatti warra Gullallee geggeessaa kan turan warra Duulaa Arra’ee akka ta’e ibsan. Bulchiinsi moototaa gaara Xuuxxoo buufachuun yemmuu maqaa ‘Addis Ababaa’ jedhu baasufiin bulchuu egalanii kaasanii sirna gadaa garee hawaasa achi turee dhiibuufi balleessuutti ka’an.

Yeroo ammaa kana maqaan Gullallee jedhu kun maqaa bakkaa kan eenyummaan bakkichaa irraa hubatamuudha. Akka hawaasa maqicha baasetti eenyummaa bakkaa ibsa. Dabalataan eenyummaa bakkaa ibsuu bira darbuun eenyummaa gosaa kan ibsuudha. Maqaa kana keessa hidda latiinsa ilmaan Tuulamaa ilaaluu, hubachuufi ibsuun nidanda’ama. Gareewwan hawaasaa  akka gosa gosa isaanitti bakka jirataniin ibsaman eenyummaa maqaa bakkaa keessa hubatamu.

Haaluma walfakkaatun, Eekkaan ilma Obooti. Oboo ilma Daacciti. Daacciin ilama Tuulamaati (Eekkaa→ Oboo →Daacci → Tuulama). Maqaan bakkaa Eekkaa jedhu kunis maqaa bakkaa qofa osoo hintaane maqaa namaafi gosaati. Eenyummaan as keessaa hubatamus kan garee hawaasa achi jiraatuu, hidda latiinsa ilmaan Tuulamaafi bakkichi qe’ee eenyuu akka ta’eedha. Inni biraan, maqaa bakkaa Abbaadhoo jedhuudha.Abbaadhoon ilma Aabbuti. Aabbu ilma Galaan. Galaan ilma Daacciiti. Daacci ilma Tuulamaati. (Abbaadhoo →Aabbu  → Galaan →Daacci → Tuulama).

Akkasumas, Kooyyeen ilma Liiban. Liiban ilma Sooddooti. Sooddo ilma Daacciti. Daacci ilma Tuulamaati. (Kooyye → Liiban → Sooddo → Daacci → Tuulama). Maqaan bakkaa Kooyyee Faccee jedhu maqaa gosaa kanarraa dhufuu hubanna. Maqaan bakkaa Arraabsaa jedhus maddi isaa maqaa gosaati. Arraabsaa ilma Jiddaati. Jidda ilma Galaan. Galaan ilma Daacciti. Daacci ilma Tuulamaati. (Arraabsaa→Jiddaa→ Galaan→Daacci→ Tuulama). Boolee Arraabsaa jedhamee maqaan bakkaa baasame hidhata eenyummaa kana of keessaa qaba.

Gama biraatin, maqaaleen bakkaa Kuraafi Waayyuu jedhan maqaa gosaarraa kan argamaniidha. Kura ilma Jiddaati. Jidda ilma Galaan. Galaan ilma Daacciti. Daacci ilma Tuulamaati.( Kura→Jiddaa→Galaan→Daacci→Tuulama). Maqaa bakkaa Lammii Kuraa jedhu maqaa bakkaa keessaatti argama.Waayyii/ Waayyuu ilma Handaati. Handa ilma Ada'aati. Ada'aan ilma Galaan. Galaan ilma Daacciti. Daacci ilma Tuulamaati. (Waayyuu→ Handa→Ada'aa→Galaan→Daacci →Tuulama)

Maqaaleen bakkaa kunneen, maqaa gosaati. Kun immoo, maqaan bakkaaf baasame maqaa ilmaafi gosaan walqabachuun akka geggeeffamaa ture nama hubachiisa. Maqaan agarsiiftuu eenyummaa ta'uun gosti naannaa sana jiraatu eenyu ykn ilmaan Tuulamaa keessaa kam akka ta'e adda baasuun maqaa baasameedha. Kanaaf, maqaan baasame maqaa bakkaa, maqaa abbaa achi jiraatuu, maqaa gosaa (latiinsa maatii ilmaan Tuulamaa) akka agarsiisutti kan baasame ta'uu nama hubachiisa.

## 4.4. Maqaalee Bakkeewwan sirnaa

Akka hirmaattonni qorannoo kanaa ragaa kennaniin ibsanitti, maqaaleen bakkeewwanii magaalaa Finfinnee keessatti Afaan Oromoon baasamanii argaman bakkeewwan sirnoota hawaasichaan kan walqabatan jiru. Akka namoonni ragaa kennan ibsanitti, maqaaleen bakkeewwanii armaan gadii kunneen bakkeewwan sirnota Oromoo Tuulamaa turani.

(11)

*Finfinnee → Addis Ababaa*

*Birbirsa Gooroo – Araadaa/ Piyaasaa*

*Dhagaa Araaraa → Taallaaqu Beeta Mangisti* innaa *Akkabaabiwu*

*Caffee Tumaa→ Shiroo meedaa*

*Caffee Muudaa → Lidataa ( Afgaaffii hirmaataa H-017 irraa fudhatame)*

Akka hirmaattonni ragaa qorannoo kanaa ibsanitti, maqaaleen olitti dhihaatan kunneen bakkeewwan sirni itti raawwataman kan agarsiisaniidha. Finfinneen maqaa Ardaa jilaati. Maqaa Hora hormaataafi Irreeffannaati. Akka ibsa namoota afgaaffiin ragaa kennaniitti, Oromoon dur hora Finfinnee horii isaa obaafata. Malkaa horichaattis Irreeffata. Kanaaf, maqaan kun agarsiiftuu eenyummaa bakka sirnaafi hawaasa sirnichatti buluuti. Horri Finfinnee ka'umsa maqaa Finfinnee akka ta'e afseenaawwan olitti dhihaatan irraa hubatameera. Maqaan kun yemmuu jalqaba baasame bakka sirnaa kanaan kan walqabatu maqaa eenyummaa bakkaafi sirna bakkichatti raawwatu agarsiisudha. Afeen itti aanu kun Finfinneefi hora walqabsiisee kan ibsuufi Finfinneen bakka horaa ta'uu agarsiisa.

(12)

Inxooxxoo dhaabatanii
Caffee gallaaluun hafee
Finfinnee loon geessanii
Hora obaasuun hafee (Tamene 1983:318)

Akka afee kanarraa hubachuun danda'amutti, Gaara Xuuxxoo irra yemmuu dhaabatan caffeetu gadi ilaalama. Caffeen kun jiidhina naannaa horaa kan Abaaboo isaa ilaaluun Addis Ababaa jedhaniin walqabata.Suurri itti aanu kun bakka sana akka ta'e kitaabni giddugalli aadaa Oromoo barreessefi ragaan toora miidiyaalee hawaasaa garagaraa irratti dhihaatan ni agarsiisu. Horri kun Finfinnee jedhamee beekama. Hawaasni Oromoo Tuulamaa naannaa sana jiraatu hora kana irratti sirna eenyummaa isaa ibsu raawwata. Yeroo eegee loon isaa obaafata. Waqtii isaa eegee itti irreeffata. Kun Hora Finfinnee yeroo sanaa kan eenyummaa bakka sanaa agarsiisudha. Tajaajilli yeroo sana kennaa ture, obaafannaafi irreeffannaadha. Hawaasni Oromoo naannichaa loon isaa fidee obaafata. Hora hormaataafi fayyummaa horii isaanitiif dhimma itti bahan ture. Akkasumas, bakkee Irreechaaf walitti bahanii uumaa isaaniif galata galchan kan tureedha. Gareen hawaasaa naannichatti haala kanaan dhimma bahuun beekamu ilmaan Oromoo Tuulamaa akka gosa gosa isaaniin naannicha jiraataniidha. Kanaaf,eenyummaa bakkaafi garee hawaasa achirraa dhimma ittiin beekamu qabu Oromoo Tuulamaa achi jiraachaa turan kan ibsuudha.

Akkuma ragaa irraa hubatame, Finfinneen maqaa iddoo sirnaati. Ardaa muudaa Oromoon kallattii arfaniin jiru dhufee itti muuddatu, wiirtuu Oromootaati. Maqaan kunis adeemsa sirna kanarratti hirmaachuuf yemmuu dhufu waan fidee dhufe finne finne jedhurraa argate yaadni jedhus kanarraa madde. Kun maqaa sirna muudaa qaalluu Oromoo guddaa giddugala kana turerraa dhufeedha.

Jaarmiyaan Qaalluu Oromoo duudhaa hawaasaa keessatti hariiroo hawaasni Waaqa waliin qabu ibsuun eenyummaa hawaasichaa kan agarsiisudha. Jaarmiyaa hawaasaa tokkoodhas. Waa'ee Qalluufi muudaa, Mohaammad yemmuu ibsu akka itti aanu kana jedhe.

> The Qaalluu institution and its relation with Waaqaa were the core of traditional religion. Adult men visited the Qaalluu for blessing. This brings us to the story of Abbaa Muudaa. "The term Muudaa, when used by itself is the name of the ceremony that is celebrated once every eight years in honor of the Qaalluu. The Muudaa ceremony was important because it was the point at which the Qaalluu institution and the Gada system intersected. It is one of the critical foci of the Oromo polity. (Mohammed, 1990:7)

Qaalluun jaarmiyaa hawaasaa amantiin Waaqa waliin hariiroo qaban argisiisudha. Karaa ittiin wal eebbisaniifi wal oofkalchan, kan Abbaa Muudaatiin geggeeffamuun jaarmiyaa eenyummaa hawaasaa gama amantiin ibsuudha. Sirna kana keessatti wanti raawwatamu muuduudha. Kanaaf, Muudaan sirna ayyaaneffannaa waggoota saddeet saddeetiin Qaalluu bira deemuun raawwatamuudha. Kun immoo, bulchiinsa gadaafi gahee qaalluun qabu kan walitti fidu sirna hawaasaa guddaadha. Abbaan Gadaa waggaa saddeet erga geggeessee gadaa dabarsee kennuun baallii buqqifatee oofkala. Qaalluu bira dhufuun muuddatee ofkaluun gadaa hulluuqa. Inni waggoota saddeettan itti aananiif geggeessuuf deemuus Qaalluu bira dhaquun qumbiifi waan aadaa ciniinee dhimma hawaasaa hawaasaaf hojjechuuf kakata. Eebbifamee, oofkaltii fudhatee Gadaa qabata. Kanaaf, eenyummaa Oromoo ibsuuf iddoo olaanaa kan qabuudha. Kanatu, Oromoota caffee adda addaa jiraataniif giddugala Tuulamaa kanatti ardaa Muudaa guddaa ta'ee beekamaa ture jechuudha. Kanaaf, Oromoon Booranaa "Muudaan keenya Finfinneedha" jedha. Innis, giddugala qaalluu isaanii ta'uu mul'isa. Gama biraatiin maqaan Finfinnee jedhu maqaa

Oromoo kan eenyummaa duudhaafi sirnoota isaa waliin walqabachuun ka'uun eenyummaa isaa ibsu ta'uutu irraa hubatama.

Haaluma walfakkaatuun, Asafaan (2013) *Kelly (1992)* wabeeffachuun, Qaalluun Jaarmiya hawaasa tokkoo akka ta'e yemmuu ibsu akka itti aanu kana jedhe.

> The Qaalluu institution has been committed to social justice, the laws of God, the rule of law and fair deliberation; the qaallu "residence was considered politically neutral ground, suitable for debating controversial issues and for adjudicating highly charged disputes, although he himself might not take a prominent role in proceedings" (Kelly, 1992:166). The qaallu institution has played an important role in protecting original Oromo culture, religion, worldview and identity (Asafa, 2013:285).

Qaalluun jaarmiya hawaasaa haqa hawaasaa tiksu, seera Waaqaati. Akka seeraafi duudhaa waaqni namarraa barbaadutti namni akka jiraatu kan godhuudha. Jaarmiyaan kun aadaa Oromoo ganamaa, amantii isaafi akkaataa inni addunyaa itti ilaaluufi eenyummaa isaa tiksuuf/eeguuf gahee olaanaa kan qabuudha. Dhufteen maqaa Finfinnee duudhaa hawaasaa, aadaafi eenyummaa isaa waliin walqabatan kanaan akka hariiroo qabu hubachuun nidanda'ama. Sababnisaa, Oromoon maqaa yemmuu baasu/ moggaasu aadaafi duudhaa isaan wal qabsiisuun eenyummaa isaa ittiin agarsiisa.

Gama biraatin, maqaan kun maqaa horaati. Horri sirnoota garagaraa keessatti yemmuu dhimma itti bahamu nimul'ata. Ayyaanni irreechaa amma malkaa hintaanetti horawwaniin walqabata. Akkasumas, namoonni yemmuu sirna gumaatiin araaraman horaan harka waldhiqachiisu. Horri hormaataafi diinagdee Oromoo keessatti iddoo olaanaa qaba. Oromoon loon horsiisuun beekamaadha. Horsiisa horii isaa kanaaf Dawaa loon isaafi hormaata horii isaati. Kana bira darbuunis hiika bal'aa kan qabuudha.

> More interestingly, though, Borana consciously play with the similarities between words like these, creating and recreating associative links both in oratory and ritual life. The most important word coupled with horraa is horrii, meaning "animal wealth". These two words further connect with horaachaa,

> reproduction of capital and wealth, horata, prosperity and reproduction of family wealth, horomo, a variant of Oromo which means "he who is fertile", horomsu, a ritual to give alien people Oromo-identity, and horroro, the elder's marriage stick" (Dahl and Gemetchu, 1990a:3)

Horri maqaan jedhu loon horuu, diinagdee loon qabaachuun walqabatutti hiikama. Hormaata waan ta'eef sirna diinagdeefi duudhaa hawaasaan hidhata qaba. Hora Finfinnee kanaan maqaan Finfinnee jedhu maqaa bakkaa naannaa sanaa ta'uun akka beekamu ta'e. Kanaaf, maqaa eenyummaa hawaasaa agarsiisudha.

Finfinneen yeroon booda maqaa Afaan Amaaraan baasameef kan 'Addis Ababaa' jedhutti jijjiirame malee sana dura maqaa Afaan Oromoon akka aadaa hawaasaatti kennameedha. Bu'uurri maqaa kanaa sirna hawaasaa ardaa muudaan walqabatus ta'ee sirna hora obaafannaafi irreeffannaa isaanii irraa dhufe yoo ta'e lachuu sirnuma hawaasichaati. Kanaaf, maqaa eenyummaa Oromoo Tuulamaa ibsuudha. Maqaan amma 'Addis Ababaa' kan jedhutti jijjiirame kun dura maqaa sirnaafi eenyummaa Oromoo Tuulamaan walqabatu Finfinnee jedhamee akka waamamu Hiruy ibsee jira. "ዛሬ አዲስ አበባ ተብሎ የኢትዮጵያ ዋና ከተማ የሆነዉ አገር በዚያ ዘመን ፊንፊኔ ይባል ነበርና ንጉሥ ሣህለ ሥላሴ አገሩን ሲያቀኑ አሁን ዛሬ ቤተመንግሥቱ በተሠራበት ሥፍራ ላይ ድንኳናቸዉን ተክለዉ በዚህ ሥፍራ ላይ የልጅ ልጄ ከተማ ይሰራበታል ብለዉ እንደትንቢት ተናግረዉ ነበር ይባላል" (ህሩይ 1999፡67). Akka ibsa kanaatti, Saayilasillaaseen bara (1804-1838) keessa yeroo Dabrabiraan turetti gara Finfinnee dhufee naannaa hora Finfinnee buufatee bishaan hoo'aa hora Finfinnee dhiqatee ture. Maqaan bakka kanaa jijjiiramuun dura Finfinnee jedhamee akka waamamaa ture kanarraa hubachuun nidanda'ama.

Warra Gullallee keessaa ilmi angafti yeroo bosona saaqee Hora Finfinnee argatu eebba Aabbu isa eebbise:

> Finfinne Meedhacha kee yaa ta'u
> Namaafi sa'a itti hori
> Kan dhaloonni kee itti horu siif yaa ta'u
> Gostiifi hambi yaa dhugu!
> Loon itti yaa horan
> Qorsa yaa ta'u
> Namni itti yaa fayyu

Loon itti yaa gabbatan

Kan dhukkubsate itti yaa fayyu! (Alamaayyoo, 2016:367) jedhee eebbise.

Maqaan Finfinnee jedhu maqaa Hora Finfinnee kanarraa dhufe waan ta'eef, amma kana eenyummaa hawaasaan kan walqabatuudha. Ogafaan kanaan eenyummaa isaafi maqaa bakkaa ibsate. Eebbi kun kan yeroo dhihoo keessaa osoo hintaane yemmuu bosona saaquun horicha argatan waan ta'eef maqaa ture kan eenyummaa hawaasaa yeroo dheeraaf agarsiisaa tureedha. “Horri siif Finiine…” - Hora Finfinnee – Finfinnee maqaaleen jedhan eenyummaa bakkaa kanaan walqabatu. Oromoo biratti horri hormaataan walqabata. Hormaata namaafi horiin beekama. Loon ittiin fayyu; ittiin gabbatu. Namni ittiin fayya. Kanaaf, dhugaatiif oola. Hora- hori-horuun walqabata. Garee hawaasa sirna bulchiinsaatiin dhufanii naannaa kana qubatan garuu maqaa isaa ‘Filwuha'tti jijjiiruun dhiqannaa qaamaaf oolchan. Kun garaagarummaa aadaafi agarsiiftuuwwan eenyummaa qabaachuurraa kan dhufeedha. “Hora is the mineral spring. It is the custom of the Oromo people to take their cattle to the mineral springs at least once a year. Hora Finfinee is the present 'Filwiha' in Addis Ababa. Before the foundation of the city in 1887, it was used by the surrounding Gullallee, Eekkaa, Meettaa, Sululta and Galaan Oromos as "hora" ( Tamene, 1983:318). Oromoon horaafi horii walqabsiisa. Sirna obaafannaa, hormaataa, fayyummaaf gabbina horii isaati. Maqaan har'a magaalaa guddittiin Oromiyaa, akkasumas, Itoophiyaa ittiin waamamtu Finfinneen sirna kanarraa kan moggaasameedha. Kun agarsiiftuu eenyummaa hawaasichaati.

Gama biraatiin, horri Finfinnee bakka eenyummaa hawaasaan walqabatuudha. Sababnisaa, bakkeewwan sirnaa hawaasa waliin hidhata qabu. Kanaaf, eenyummaan bakkeewwanii eenyummaa garee hawaasa achi jiraatuun hidhata qabaata. Akka Assefa (2021:221) Basso (1996:72) wabeeffachuun ibsetti, “When these attachments to places are threatened we may feel threatened as well. . . Places are as much part of us as we are part of them” jedha. Nutiif bakki nuti irra jiraannu hariiroo walqabataa wal keessa ibsamaniifi wal ibsan qabna. Bakkiifi gareen hawaasaa achi jiraatu hariiroo waan qabaniif eenyummaan isaaniis wal ibsa. Horri Finfinnee eenyummaa maqaa bakkaan yemmuu kaafamu sirna bakkichatti raawwatuun walqabata. Sirnicha kan raawwatu immoo garee hawaasaa yookiin hawaasa

tokko kan akka garee(folk) tokkotti fudhatamuutu waliin ka'a. Kun eenyumma hora Finfinnee eenyummaa Oromoon walitti hidhuun kan agarsiisu ta'a.

Gareen hawaasa dura achi jiraachaa tureefi bakkicharraa hidhata hariiroo cimaa qabaachuun beekamu dhiibamuun eenyummaan haaraan ijaaramee jira. Yeroo amma kana gareewwan garagaraa afaan, aadaafi eenyummaa gareen murna bulchiinsaan dhufee jijjiire qabachuun gaaga'ama eenyummaa garagaraaf saaxilamanii dhimma itti bahaa jiru. Eenyummaan bakkichaas ta'ee sirnaa, akkasumas, garee hawaasaa baduun eenyummaa garee hawaasaan walhinqabanne ta'ee argama. Kun kan ta'eef, gareen hawaasaa dhufee bakkicha weerare eenyummaa bakkichaa jijjiiree kan ture dhabamsiisuun eenyummaa ofii isaatiin walqabsiisee bakka sana kan ofii godhachuudha. Akka afeen ogafaanii agarsisutti kun dhuunfachuu barbaaduu irraa kan dhufeedha.

(13)

Araddaa Tufaa Munaa hunduu si gulummeeffachuuf foolataa
Atillee na gorfadhu wallaalaa beekaadhumatu gorfataa ( Afgaaffii H-018)

Afeen kun afwalaloo weedduun dhihaatudha. Caasaan isaas unkaa walaloon ittiin beekamuun qindaa'e. Amaloota walaloon ittiin ibsamu qaba. Ergaan walaloon dhihaatu bo'oo xiyyeeffatu waan qabuuf akka galumsa keessatti dhihaatuufi nama dhimma itti ba'eetti xiyyeeffatama. Waalleen bo'oowwan walaloo kanaa lamaan keessa dhihaatus akka xiyyeeffannaa dubbataan/ weellisaan dhimma itti bahe laatuutti hubatama. Yoo xiyyeeffannaan bo'oo jalqabaarra ta'e dhimmi ijoo waallee afee kanaa waa'ee 'Araddaa Tufaa Munaa' ta'a. Araddaa Tufaa Munaa kan jedhame kun immoo Finfinnee jechuun barbaadameeti. Finfinnee kana immoo hunduu 'gulummeeffachuuf foolata. Jechi gulummeeffachuu jedhu kan gulummaa isaa, kan ofii isaa godhachuu, kan dhuunfaa isaa jechuudha. Finfinnee kana mootonni dhufanii darbanis ta'ee sabaafi sablammiin dahoo godhatee keessa jiraatu hunduu abbaa itti ta'uu barbaada. Xiyyeeffannaan waallee bo'oo jalqabaarra jiru dhimmoota waa'ee Finfinneen walqabatan kan ibsu yemmuu ta'u xiyyeeffannaan waallee bo'oo lammaffaa immoo 'wal gorfachuu' danda'uufi qabaachuu namotaa yookiin hawaasaa agarsiisa.

Akka galumsa kanaatti, xiyyeeffannaan waallee walaloo kanaa bo'oo jalqabaati. Bo'oon kun waa'ee qe'ee Oromoota Finfinnee maqaa geggeessaa Oromoota Tuulamaa warra

Gumbichuu kan ture Tufaa Munaatiin bakka buusee dhiheesse. Bakka bu'ammaan 'Araddaa Tufaa Munaa' Finfinneedha. Kunis, akkaataa fayyadama afaanii dhimma itti bahamerraa hubatama. Namoonni hedduun geggeessaan Oromoo Finfinnee bara Minilik dhufee sirna gadaan akka hinbulle eenyummaa isaanii jijjiire keessa Finfinnee Tufaa Munaatu bulchaa ture jedhanii fudhatu. Kanarraa kan ka'e, Finfinnee biyya Tufaa Munaa yemmuu jedhamu nidhaga'ama. Haata'u malee yeroo sanatti Oromoonni Finfinnee akka gosa gosa isaaniitti waan walgeggeessaa turaniif geggeessitoonni biroon kanneen akka Duulaa Arra'ee warra Gullallee, Tufaa Araddoo warra Eekkaa, Sarawwaa Lummee warra Galaan akka turan ibsame. Ta'ulleen Tufaa Munaa Warra Gumbichuu geeggeessaa waan tureefi maqaan isaa ogbarruufi miidiyaaleen waan beekamuuf Finfinnee biyya Tufaa Munaa jechuun dimshaashessanii namoonni waaman jiru. Afeen afwalaloo kunis, haala kanaan Finfinneedhaan 'Araddaa Tufaa Munaa' jedhuun dhihaate. Xiyyeeffannaan isaas waldhaansoo Finfinnee kan ofii godhachuun eenyummaa jijjiiruuf jiru ibsuudha.

Akka afee kanarraa hubatamutti, yeroo sanatti murnoonni naannaa kana weeraraan buufatan naannaan kun waan hundumaaf mijattuu ta'uu ishee waan hubataniif akkaataa itti guutummaatti kan ofii godhatan barbaadu. Kan dhufee darbu hunduu kan dhuunfaa isaa godhachuu fedha. Akka ibsa ogafaan kanaatti. *"... hunduu si gulummeeffachuuf foolataa"* kan jedhu xiyyeeffannaa naannaa kana kan ofii godhachuuf godhamaa ture agarsiisa. Haala kanaan xiyyeeffannaa murna bulchiinsaaf achi qubateen laatamaa deemeen kan ofii godhachuuf jijjiirama eenyummaa bakkaafi hawaasaa taasisan. Oromoon Tuulamaa naannaa sana jiraatu weeddu kana kan weeddise Araddaa isaanii fudhachuun kan ofii godhachuuf qaamni garee hawaasaa biraa akka ture ibsuufidha. Mootonni dhufanii darban hawaasa qe'ee sana irra jiraatu irraa dhiibuun kan ofii isaanii godhachuuf waan garagaraa gochuun maqaa garagaraa baasafii turaniiru. Minilik yeroo jalqaba naannaa kana buufate maqaa haati manaa isaa Abaaboo argitee "Addis Ababaa' jettee moggaafteen waamuun iddoo buufata isaa dhaabbataa taasifachuun qe'ee duudhaa hawaasaan ala dhufee qubate irratti maasaraa ijaarratee taa'e. Akka Aadaa Oromootti qubannaan akka qaba. Abbaa qe'eetu nama qubachiisa. "The gebi or Imperial palace was the center of the imperial Ethiopian political and administrative system and far more complex than can be revealed here. …The original Oromo land owners farmers were kicked out to give place to their conquerors" (Philips, 1974:116 & 105). Inni bakkicha gulummeeffachuuf foolachuu malee aadaa hawaasaa kana

hinbeekne; hineegnes. Ijaarsa hawwa ofii guuttachuuf taasifame bu'uura rakkoo qabuudha. Weeraraan bakkicha kan ofii godhachuun yaalame. Araddaan kun bakka irra qubatamte ta'uun maqaan 'safar' jedhamu bakkaa bakkatti kennamuun gara magaalaatti jijjiiramaa deemte.

Akkasumas, akka hirmaattonni qorannoo kanaa ibsanitti, Birbirsa Gooroo kan jedhamu lafa ol ka'aa mukti Birbirsaa baay'inaan itti argamu, kan namoonni yaa'ii jalatti bahaniidha. Akkuma maqaa Oromoon baasef kanarraa hubatamu, Birbirsi muka guddaa gaaddisaafi qabbana qabuudha. Gaaddisa waan qabuuf yeroo karaa deemanilleen xiyyoo daandii jira taanaan jalatti boqotanii haara galfachuuf tajaajiluun beekama. Caasaa fayyadama jechootaa maqaan 'Birbirsa Gooroo' jedhu ittiin baasame keessatti birbirsa yaa'iin jalatti taasifamu ta'uu agarsiisa.

Namoonni bakka itti walitti yaa'anii dhimmoota hawaasaa mariyyatan ture. Akkasumas, akka namoonni kun ibsanitti, warri hora obaafachuuf Ada'aa, Mugar, Hoolota, naannaa Tulluu Furiitii dhufan loon isaanii lafa burqaa horaa jiidhina qabuu irraa gooroo sanatti ol yaasuun jala boqotu; jala bulus jedhan. Akkasumas, Odaan yaa'ii Gullallee akka achi ture Alamaayyoofi kuuwwan (2012) ibsanii jiru.

Bakki birbirsa gooroo bal'aa bakka yaa'iin itti taasifamu ta'uutu ibsame. Akkuma ibsa hirmaattota qorannoo kanaa, bakka namoonni loon isaanii laga horaatii yeroo ol dachaasan itti boqotaniifi loon isaanii ciciisan ta'uuf akka ooluu danda'u waallee fakkii kana irraa nihubatama.Gama biraatiin ijaarsa amma bataskaana Giyoorgisii jedhamuun beekamu agarsiisa.

Xaaliyaaniin bara 1936-1941A.L.Atti yemmuu Magaalaa kana keessa turtetti bakkeewwan hawaasni jiraatu tokko tokko afaan isheetiin maqaa baasuu eegaltee turte. Kan Oromoon Birbirsa Gooroo jechuun waamaa ture Afaan Xaaliyaanitiin 'Piazza' jechuun maqaa baastee turte. Kun har'alleen kan ittiin waamamuudha. Hiikni isaa lafa bal'aa manneen magaalaa gidduutti argamu kan namoonni itti walitti yaa'an jechuudha (Italian-English Collins Dictionary, LANGMaster.com.link.) Maqaan Afaan Xaaliyaanitiin baasame kun kan bakka yaa'ii jechuun jalqaba hawaasni baaseen waan walitti dhiheenya qabuudha. Kun immoo, waan hawaasni naannichaatti godhu irratti kan hundaa'e ta'uu isaati.

Haaluma walfakkaatun, akka hirmaattonni ibsanitti, Dhagaa Araaraa kan jedhu, bakka araarri itti bu'uudha. Tumaa tumameef kan qabu, bakka Ayyaantuun namaafi nama, namootaafi namoota, gosaafi gosa itti araarsu ture. Dhagaa Araaraa kan jedhames kanarraa ka'eet jedhu. Dhakaan Araaraa bakka ulfoo sirna eenyummaa Oromoo Tuulamaa Finfinnee agarsiisuudha. Oromoon Sirnoota isaatin eenyummaan isaa ibsama. "Oromo used to assemble at Dhakaa Araaraa of this rocky hilltop to deliberate on matters of public concern including peace, rituals, and prayers. Until recently, there was a restaurant and bar known as Dhakaa Araaraa owned by the sub-city at Fit Barr near the imperial palace" (Asafa 2021:228). Dhakaan Araaraa bakka amma masaraan mootummaa jiru kana yemmuu ta'u, Oromoon dhimma isaa achitti akka hiikkachaa turetu ibsame.

Caffee Tumaa kan jedhu immoo, bakka itti tumaa tumataniidha. Doloolloo biddeenaa kan jedhame, warri loon hora fidan bakka itti taa'anii gala biddeena qabatanii dhufan nyaataniidha. Kanarraa kan ka'e Doloolloo buddeenaa jedhamu jechuun hirmaattonni afgaaffiin ragaa kennan ibsaniiru. Maqaaleen bakkeewwanii Finfinnee keessa bakkeewwan sirni hawaasaa itti raawwataman agarsiisan garagaraatu jiru. Bakkeewwan kunneen sirnoota duudhaa hawaasaa waliin walqabatu. Maqaafi tajaajila bakkeewwan kanaa jijjiirunis duudhaa hawaasaa akka sona aadaatti jiru jijjiiruudha.

Walumaa galatti, qorannoon kun maqaan Finfinnee jedhuufi maqaaleen magaalaa Finfinnee keessaa Afaan Oromoon baasaman eenyummaa bakkaafi eenyummaa hawaasaa kan agarsiisan ta'uun hubatamee jira. Maqaaleen wantoota akka xiinqooqaa, xiinhiikaa, falaasamaa, hiika mallattoo, seenaa, xiinsammuu, hawaasaa … of keessaa qabaachuun dirreewwan qorannoo hedduu keessatti bakka bu'ama (Willems, 2000). Maqaan dirreewwan qorannoo garagaraa keessatti yemmuu qoratamu dhimmoota hawaasaa kanneen agarsiisuun eenyumma hawaasichaa ibsa. Maqaaleen bakkaa hambaa aadaa yeroo baasamee tursiisuun eenyummaa ibsu (Ghani, 2012). Maqaaleen bakkeewwanii magaalaa Finfinnee keessaa Afaan Oromoon baasaman eenyummaa bakka sanaafi hawaasa bakka sanaan hidhata aadaa qabu ibsu. Finfinneef Oromoon hidhata eenyummaa kana qabaniidha. Maqaaleen bakkeewwaniif baasaman eenyummaa bakkeewwan sanaafi hawaasa achii sirna moggaasaafi dalagaa hawaasaa qabuun walqabatu. "Toponyms are essential building blocks of communities and identity"(Alasli, 2019). Maqaaleen bakkeewwanii hawaasaafi

eenyummaa isaa ijaaruu keessatti iddoo olaanaa qaba. Hariiroon maqaafi eenyummaa kun eenyummaa bakkichaafi hidhata hawaasni bakkicha waliin qabuun walqabata.

Akkasumas, akka ragaa qorannoo kanaa xiinxalametti, maqaaleen bakkeewwan sirnaa garagaraa duudhaa hawaasa maqicha baaseen waan walqabataniif eenyummaa sirna hawaasichi achii qabuu agarsiisu. “The Tulama Oromo recount the toponyms, eponyms, ethnonyms, and genealogical memories of those dominant spaces that have significance to them and recur in their folklore tradition and folklife” Asafa (2021:226). Finfinnee keessa maqaaleen bakkeewwanii/araddaa, maqaaleen sirnaa, maqaaleen gosaa, akkasumas, achii asdhufa hidda seenaa isaanii agarsiisan fookloorii hawaasichaa keessatti kan beekamaniidha.

Walumaa galatti, ragaa dhihaaterraa, maqaaleen bakkeewwanii magaalaa Finfinnee keessaaa yeroo garagaraatti baasamaafi kan dura baasame jijjiiramaa deemuu hubanna. Ammuma sirnoonni dhufanii darbaniifi babal’inni magaalaa dabalamaa deeme maqaaleen baasaman kan dura araddaalee jiraniif baasamanirraa jijjiiramuun maqaan haaraan bahaa ture. Akkuma ragaa xiinxalame irraa hubatamu, haalli naannaa kanaa 1880moota keessa bulchiinsa sirna gadaa irraa gara bulchiinsa moototaatti jijjiirame. Kun yemmuu mootii Minilik giddugala Oromiyaa kana buufachuun sirni bulchiinsa haaraafi afaan haaraa dhufe maqaaleen bakka amma Finfinnee jedhamuun beekamu keessa Afaan Oromoon jiran jijjiiramuu eegalan. Sirna bulchiinsa moototaa keessa maqaaleen bakkeewwanii/ iddoowwanii, maqaaleen gosaafi araddaalee, maqaaleen sirnootaafi bakkeewwan ulfoo jijjiiramuu hubanna.

Haaluma Walfakkaatuun, ammuma magaalaan babal’achaa deemtu maqaa iddoo eenyummaa iddoo sanaan hawaasni achi ture walqabsiifatee beeku jijjiiruun maqaan maqaan haaraan baasamuufiin kan amma jiran kun dhufan. Kun immoo waan hawaasni maqaa jalqaba baase sana keessaa qabu dhabsiise. Maqaan baasamu waan namni yookiin gareen hawaasaa baase dabarfachuu barbaade kan akka aadaa isaatti bakka bu’uuf, dhimmoota akka abdiifi mul’ata gara fuulduraatti qaama sanaaf qabu, waan qaamni biraa maqaa sana keessa akka hubatuuf yaadame kanneen akka gosaa, amantii, aadaafi eenyummaa kan ibsuudha (Cila, 2018; Zittoun, 2004).

# BOQONNAA SHAN: JIJJIIRAMAA LUFUU AGARSIISTUUWWAAN EENYUMMAA

## 5.1. Seensa

Jijjiiramaa lufuun dhimmoota hawaasaa irratti mul'achuu danda'a. Keessaayyuu ogafaan hawaasaa jjjiirama garagaraatiif saaxilamoodha. Boqonnaa kana jalatti, jijjiiramaa lufuu agarsiiftuuwwan eenyumma Oromoo Tuulamaa Finfinnee jiraatanii xiinxalamuun dhihaatee jira. Agarsiiftuuwwan eenyummaa garee hawaasaa kan akka afaanii, maqaalee afaan sanaan baasamanii, bakkeewwan ulfoofi sirnaa, faajjiifi garee hawaasaa sirnoota dhufanii darbaniin dhiibbaa irra gaheen jijjiiramaa lufaa kan turaniidha.

Sirna bulchiinsa mootota Minilikiifi Hayilasillaasee keessatti fayyadamni afaan Oromoofi sirnoonni Oromoo akka agarsiiftuu eenyummaatti tajaajilan jijjiirama guddaaf saaxilaman. Bara bulchiinsa itti aananiifis kun bu'uura ta'uun jijjiiramaa lufuun kun bara Xaaliyaaniin biyya kana turte, bara buchiinsa mootummaa Dargii bara bulchiinsa ADWUI fi yeroo ammaa kana jijjiiramaa lufuun nimul'ata. Boqonnaa kana keessatti jijjiiramaa lufuun baroota buchiinsota adda addaa kun qoqqoodamuun dhihaatanii jiru.

## 5.2. Jijjiirama Maqaalee

### 5.2.1. Jijjiirama Maqaalee bara moototaa

Finfinnee keessatti jijjiiramni maqaalee bakkeewwanii akka ture ragaan afeewwan irraa xiinxalame ni agarsiisa. Afeen itti aanu kun ragaa afgaaffiin hirmaattota qorannoo kanaarraa fudhatameedha.

(14)

> Naannaa kanatti eenyummaan Oromoo bakkeewwan jila isaafi sirna isaa waliin jijjiirame. Finfinneen ardaa muudaa jilaa turte. Hawaasni akka aadaa, duudhaafi amantaa isaatti malkaafi tulluutti bahuun irreeffataa ture. Eenyummaa isaa karaa aadaafi afaan isaa ibsata; himata ture. Gaafa kun jijjiiramu eenyummaan isaa dhiibbaa jalatti kufe. Sirnoota isaa, amantiin isaa, afaan isaa, maqaaleen isaa, araddaalee isaa jijjiiruun eenyummaa isaa jijjiiruu

> yaalame. Maqaan namaafi lafaa nijijjiirame. Namoota akka: Abeebee Tufaa, Galatee Sarrawwaa, Tulluu Joorroo, kiristinnaa kaasuun maqaa biraa baasaniif. Akka kanaan geggeessitoota yeroo sanaatiin maqaa keechaniin bataskaana isinii ijaarree taabota isiniif kennina jedhanii bataskaana iddoo garagaraatti dhaabuun achi akka deeman godhan. Tufaa Munaaf Wasarbii Goorgisii siif ijaarre jechuun Sulultatti, Guddaa Duulaas akkuma kana Meettaatti geessanii hojii, aadaafi duudhaa hawaasaa jijjiiran. Malkaan horriifi irreecha isaa qe'ee xurii itti dhiqitan, Tulluun irreechaafi Odaawwan yaa'ii isaa bataskaana, amantaafi afaan hordofamuu qabu kan garee weeraraaf dhufee, maqaan lafaafi namaa kan murna kanaan baasamu ta'e. (Afgaaffii hirmaataa qorannoo kanaa H-001 waliin taasifamerraa kan fudhatame)

Afeen kun hirmaattota qorannoo kanaarraa afgaaffiin kan fudhatameedha. Afee afseenaa hawaasa keessa jiru ibsuudha. Caasaa afseenessaatiin kan dhihaatedha. Hawaasni muuxannoofi mudannoo isaa akka seenaatti kuufatee qabu ogafaan ittiin ibseedha. Afseenaan afee seenaa muuxannoo hawaasaa ibsuu keessatti iddoo olaanaa qaba. Fayyadamni afaanii afee afseenaa keessatti hawaasni dhimma itti bahu miira isaanii karaa ifa ta'een yookiin bifa dhoksaafi qola itti gochuun ta'uu danda'a. Afee kana keessatti fayyadamni afaanii ifaan taatee jiru kan seenesseedha. Dhimmoota hawaasaa dhiibbaan irra gahe, tooftaalee eenyummaa garee kanaa jijjiiruuf gareen biraa fayyadame maal akka ta'an, sirnoota hawaasaa jijjiiruun eenyummaa jijjiiruuf akka gargaaraman kan ibseedha.Seenaan afseenaa kana keessa dhihaates akkaataa itti eenyummaan hawaasa Oromoo Finfinnee itti jijjiirameefi agarsiiftuuwwan eenyummaa garee kanaarra dhiibbaa gahaa ture ibse.

Akka ibsa afee kanaarraa hubatamutti, eenyummaan garee hawaasa Oromoo Finfinnee jiraatuu adeemsa itti jijjiiramaa ture qaba. Adeemsi kun maal irraa akka eegaleefi tooftaa akkamiin eenyummaa garee kanaa kan garee biraatiin bakka buusuun akka yaalame mul'isa. Akka afeen kun ibsetti garee hawaasaa eenyummaa mataa isaa qabuufi agarsiiftuuwwan eenyummaa isaa xiyyeeffatee jiraatufi ibsatu jalaa agarsiiftuuwwan eenyummaa isaa jijjiiruutu yaalame. Eenyummaa bakkeewwan jila itti bahaaniifi sirnoota itti raawwatan jijjiiruu irraa eegalame. Bakkeewwan gareen hawaasaa kun sirna garagaraaf oolfatu gara

sirna isa gareen biraa hordofuutti jijjiiruun eenyummaan garee hawaasa tokkoo kan garee hawaasa biraan akka bakka bu'u taasifame. Bakkeewwan sirnaaf maqaa biraa baasufiin tajaajila sirnichaa dhiisanii tajaajila biroof akka oolan taasifaman. Kana jechuun maqaan bakkeewwan sirnaafi tajaajilli isaanii jijjiiramuun eenyummaan bakkaa jijjiirame. Kana qofa osoo hintaane, akka afee kanaatti, namoonni sirna mataa isaanitiin bulan fedhaan osoo hintaane gowwoomsaa dirqisiisuu of keessaa qabuun amantii garee biraa fudhachuun maqaan isaanii jijjiirame. Amantiifi maqaa jijjiiruun dalaga eenyummaa isaanii ibsu keessaa bahuun dalagaa garee hawaasa maqaa haaraa baasufiin gara ofiitti jijjiiree akka dalagan taasifaman.

Geggeessitoonni garee hawaasa Oromoo naannaa sanaa yeroo laafinsi sirna gadaa dhufu turan, bataskaana maqaa keessaniin isiniif ijaarra jechuun eenyummaa duudhaafi hojii isaanii jijjiiran. Bulchiisa sirna gadaa isaanii dhiisanii bulchiisa garee itti dhufee jala galuun bakkaafi hojii isaanii gadhiisisan. Kun adeemsa ittiin eenyummaan namoota dhuunfaa jijjiiramuun bulchiinsi sirna gadaa laafe agarsiisa. Akka afee kanaatti, wantoonni amantiifi afaan hawaasa Oromoon wal qabatan gara kan Amaaraatti akka jijjiiraman taasifaman. Bakkeewwan sirnaa kan akka hora Finfinnee iddoo dhiqannaa qaamaa ta'e. Lafa olka'aafi tulluuwwan Oromoon bakkeewwan ulfoon beeku irratti 'bataskaana'/ mana amantii ijaaraa turan. Amantii namootaa gara kan ofiitti jijjiiran. Maqaa bakkeewwanii Afaan in baafaman gara afaan Amaaraatti jijjiiran. Jijjiirama kanneen keessa eenyummaan garee hawaasichaa akka jijjiirame ragaa afee kanaa irraa hubachuun danda'ame.

Afee kanarraa hariiroo garee hawaasaa lama gidduu ture garaagarummaa eenyummaa garee lamaaniifi dhiibbaa eenyummaa garee tokkoo irra gahe hubanna. Oromoon Finfinnee eenyummaa ittiin beekamu qabu dhiibbaa garee biraatiin akkaataa itti jijjiirame ibsa. Hawaasni afee kanaan eenyummaa isaa tureefi jiru, jijjiirama irratti dhufeefi akkaataa itti jijjiirama kanaaf saaxilame ibsu eenyummaa isaaf xiyyeeffannaa kennuu barbaada. Agarsiiftuuwwan eenyummaa isaa kanneen akka maqaa bakkaa, maqaa namaa, bakkeewwan sirnaafi iddoowwan ulfoo isaa jijjiiraman seenessuun yaadata. Akkasumas, akka xiyyeeffannaan itti kennamuufi eenyummaan isaanii deebi'ee ijaaramuu qabu ibsa. Afseenaa kana seenessuu keessa eenyummaa garee isaanii sona hawaasaa waliin hidhata qabu ibsuun dhaloonni eenyummaa isaa isa sirrii akka ijaarrachuun barsiisu xiyyeeffatu.

Finfinnee keessa maqaaleen Afaan in Oromoon bakkeewwan adda addaaf baasuun waamaa turetu jiru. Maqaaleen kunneen dhimmoota garagaraa kanneen akka seenaa, aadaa, hawaasa, teessuma lafaa, xiinqooqa ... bakka bu'uu danda'u. Oromoon Finfinnee jiraachaa ture maqaalee afaan isaaniitiin moggaasaniin aadaafi eenyummaa isaanii calaqqiisiifatu. Haata'u malee, maqaan Oromoon laatamaa turan yeroon booda dhiibbaa irra gahe kanaan jijjiirama guddaa agarsiisaniiru. Maqaaleen bakkeewwan ulfoon ittiin beekaman, araddaaleen irra jiraatan maqaa jijjiiruu irraa kan ka'e akka dagataman taasifamaniiru. *"Place name plays a major role in the creation of a positive or negative 'sense of place'. Names change because society changes"(Guyot & Seethal, 2007:3).*Akka ibsa kanaatti, jijjiirraan maqaa bakkaa, miira bakkichaaf qabaniin kan walqabatuudha. Maqaa bakkaa jijjiiruun akkaataa itti bakkicha ilaalaniifi dhimmoota hawaasaa maqaa sanaan hawaasni walqabsiifate jijjiiruudha. Kun hawaasa jijjiiruu irraa dhufa. Akka ragaa hirmaattota qorannoo kanaa irraa argameetti, maqaaleen bakkeewwan Magaalaa Finfinnee keessatti Afaan Oromoon turan gara maqaa Afaanota birootti jijjiiramanii argamu. Maqaa jijjiiruun, hawaasni sun jijjiiramuu agarsiisa.

Bara 1886 kaasee Finfinneedhaaf maqaan 'Addis Ababaa' jedhamu baafamuun eenyummaan bakkaa garee biraatin ilaalamu itti laatame. Har'alleen maqaan kun gareewwan hawaasaa hedduufi akka idil-addunyaattuu beekamaa ta'eera. Kana jechuun, gareen hedduun eenyummaa isa maqaa abaaboo haaraa 'Addisa Ababaa' jedhu kanaan bakkicha ibsa. Yemmuu kana, bakkichi eenyummaa abaaboo haaraa qabaachuun beekamaa jira malee isa jalqabaa kan biyya shaggaafi beekaan irra bulu jedhu sana jijjiirrateera. Kun kan agarsiisu, maqaan bakkaa Finfinnee jedhu eenyummaa mataa isaa kan qabu yemmuu ta'u, 'Addis Ababaa' kan jedhu immoo eenyummaa biraati. "Taytu had named Finfinnee 'Addis Ababa', which means 'new flower" (Tamene 1983:322). Eenyummaa haala kanaan ijaarametu yeroo ammaa kana caalmaa argatee jira.

Eenyummaan bakkeewwan sirnaa haalotaafi yeroo garagaraa keessa dhiibbaa irra gahaa tureen jijjiiramaafi saaxilamee jira. Hanga jijjiiramaa lufuu dadhabutti qoqqobbiin irra bu'uun agarsiiftuun eenyummaa ukkaamfamanii turaniiru. "By 1900 Menilek had even banned the famous Oromo pilgrimage to the land of Abba Muudaa" (Mohaammed, 1994:85). Qoqqobbii irra kaa'ame kanaan sirni raawwii abbaa muudaa dhorkame. Kana qofa osoo hintaane, gareen hawaasa achi jiraachuun eenyummaa bakkichaa waliin hidhata qabus

jijjiirama kanaaf saaxilamuun jijjiramni eenyummaa garee hawaasaa akka dhufu taasifamee jira.

Akka ragaa qorannoo kanaa xiinxalametti, maqaaleen Afaan in Oromoon Tuulamaa Finfinnee baase gara Afaan Amaaraatti jijjiiramanii mul’atu. Maqaan wanta baasameef sana kan biraarraa adda baasuuf kan oolu fakkoommii eenyummaati. Nama maqaa isaatiin eenyummaan isaa ibsama (Aksholakova, 2014). Maqaaleen bakkeewwanii bakka sana bakka biraarraa maqaa sanaan adda baasanii ibsuuf oolu. Akka ragaa xiinxalame irraa hubatametti maqaaleen magaalaa Finfinnee keessaa Afaan in baasaman bara bulchiinsa moototaa keessa gara Afaan Amaaraatti jijjiiramanii argamu. Finfinnee – Addis Ababaa, Hora Finfinnee–Filwuha, Caffee Araaraa–Sidist Kiiloo, Caffee Muudaa– Lidataa, Caffee Tumaa– Shiroo Meedaa, Dhagaa Booraa–Haayaa hulet Maazooriyaa, Dhagaa Araaraa–Taallaaquu Beeta Mangisti innaa akkabaabiwu … jedhamuun jijjiiramanii jiru. Barbaachisummaan maqaa jijjiiruu yookiin maqaa bakkaa irra deebi’anii baasuun eenyummaa haaraa gama garee hawaasaan, hawaas-dinagdeen, ilaanyaan ijaaruudha (Caiazzo and Nick, 2020). Gama biraatiin, maqaa jijjiiruun eenyummaa haaraa barbaaduudha (Penick, 2019). Akka ibsa kanaatti, namni yemmuu eenyummaa haaraa barbaadu maqaa jijjiira. Kanaaf, maqaalee Finfinnee keessaa gara Afaan Amaaraatti jijjiiruun eenyummaa bakkichaafi hawaas-diinagdee bakkichaa jijjiiruudha.

Akka biyya keenyatti, maqaa namaas ta’ee bakkaa jijjiiruun baay’ee beekamaadha. “Oromoon maqaa biyya isaaf moggaase, fakkeenyaaf, Magaalaa Finfinnee–Addis Ababaa, Bishooftuu-Debrezayit, Walisoo-Giyoon, Hoolotaa-Gennet, Ciroo-Assaba Tafarii, Adaamaa–Naazireet jedhaniiru” (Isaayyaas, 2001:116). Kunis, eenyummaa haaraa ijaaruuf moggaasa maqaa bakkaa ture gara moggaasa biraatti jijjiiruudha. Sababnisaa eenyummaa haaraa barbaaduuf kan raawwatame jechuudha. Akkasumas, akka Qazimi (2014) ibsetti, maqaa jijjiiruun, hidhata bakki eenyummaa waliin qabu jijjiira. Eenyummaan bakkaafi hawaasa bakkichaan hidhata qabu waliin jijjiiramaa deemu.

Maqaa jijjiiruun eenyummaa jijjiiruudha. Akka “The practice of renaming places has helped reshape the sociocultural, ethnic, and ideological identity in another geopolitical environment” (Caiazzo and Nick 2020:4) jedhan, maqaa jijjiiruun dhimmoota hawaasaa

birootin walqabata. Maqaa jijjiiruun dhimmoota hawaasaa kanneen akka aadaa hawaasaa, gosa, eenyummaa, ilaanyaa, haala siyaasa naannichaa jijjiiruudha. Akkasumas, adeemsi maqaa bakkaa jijjiiruu akka addunyaatti mul'atu jijjiirama siyaasaa waliin hidhata addaan bahuu hindandeenye qaba (Guyot and Cecil, 2007). Akkuma kana maqaa bakkaa haaraa baasuun mul'atan, kan hawaasni jalqaba achi ture baase yeroo afaan biraatiin irra deebiin baasan kan dhufeedha.

Akkuma Guyot and Seethal (2007:2) "The process of renaming places is inextricably linked to political changes in different parts of the world." jedhan jijjiiramni siiyaasaa jijjiirama maqaatiif qooda olaanaa qaba. Akka hirmaattonni qorannoo kanaa ibsanitti, jijjiiramni siyaasaa yeroo sanaa jijjiirama aadaa, afaanii, amantii, dinagdeefi hawaasummaa fide. Maqaa qofa osoo hintaane dhimmoonni hawaasa naannichaa kamuu akka jijjiiraman taasifaman. Afaan tokko, aadaa garee tokkoo, amantii tokko, biyya tokkoofi tokko kan jedhu kan gareewwan kaanii liqimse. Namoonni jijjiirama eenyummaa sanatti waliigaluu didan bakkicha gadhiisanii akka godaanan taasifame. Jijjiiramni maqaalee bakkeewwanii taasifaman kun adeemsaafi duudhaa moggaasa maqaafi afaan garee hawaasa tureetiin osoo hintaane kan garee haaraa adeemsa siyaasaatiin achi buufatee kan hordofeedha. Kanarraa kan ka'e maqaa bakkichaa jijjiiruun maqaa biraa baasufii qofa osoo hintaane tajaajila bakkichaas dhimma garee hawaasa biraatti kan jijjiire ta'e.

Dabalataan, maqaalee mukkeen naannaa sanaa irratti hundaa'uun baasaman kanneen akka: Adaamii (Rufaa'eel), Bakkanniisa (Makkanniisa), Dhummuugaa (Ginfillee), Garbii (Sangaa Taraa), Harbuu (Shoolaafi Magganaanyaa), Laaftoo, Waddeessa (Atikilti Taraafi Xaaliyaan Safar) baasanii turan. Akkasumas, daggala naannaa sanatti biqulu kan akka: Doobbii (Qacanee), Muujjaa (Amerikaan Imbaasii), Sokorruu (Massaalamiyaa)… baasuun araddaa naannaa sanaa waamaa turani. Maqaalee jechoota lamarraa walitti fiduun bakkicha ittiin waaman immoo,Arbuu Irreechaa (Raas Hayiluu Safar), Baddaa Ejersaa (Raas Kaasaa Safar), Harbuu hurufaa (Abinnatiifi Geejjaa Safar), Raas Birruu Safar), Hurufa Raaree (Atobis taraa, Dajjaazmaach Ganamee Safar), Tulluu Dheertuu (Goofaa Safar), Baaboo Kormaa (Saarbeetiifi Qeeraa hanga tokko), Baaroo Kormaa (Xuqur Ambassaa), Dachee Golbaa (Wandimaamaachooch), Labuu Xarroo (Lukaandaafi Asiraa Simminti Maazooraa), Qarsaa Jabbii (Sabaattanyaafi naannoo ishee), Tulluu Ejersaa (Haannaa Maariyaam) Xiixaa

Haarawaa (Qaaccaa Faabrikaafi Imbaasii Hoolaandi), Burqaa Ejersaa (Faransaay Imbaasii) (Alamaayyoofi kuuwwan, 2012:258)

Maqaaleen kunneen jijjiiramanii kan argaman ta'ulleen Oromoon Tuulamaa Finfinnee maqaalee eenyummaa isaanii ibsan baasanii turan. Maqaalee bakkeewwan kanneenii, maqaa mukkeen naannaa sanatti baay'inaan argamanii irratti hundaa'uun warri achi jiraatan kan baasan ture. Kun immoo, hawaasni Afaan in maqaalee kanneen baasuun naannaa sana beeku akkaataa itti eenyummaa bakkichaa ibse agarsiisa. Gareen hawaasaa biraa weeraraan dhufee bakkicha buufachuun olaantummaa caalmaa sirna bulchiinsaan argate maqaalee kanneen jijjiiruun maqaalee fuulduratti haammattuu keessatti barreeffaman baasef. Maqaaleen kunneen jijjiramanii jiru. "Names change because society changes" (Guyot and Seethal, 2007:2). Eenyummaa hawaasichaa gara kan hawaasa biraatti jijjiiruuf maqaalee kanneen jijjiirani.

### 5.2.2. Jijjiirama Garee Hawaasaa

Dirreen qorannoo fookloorii jalqabbiifi moggaasa isaarraa kaasee garee hawaasaafi beekumsa garee hawaasa sanaaf xiyyeeffannaa kennuun qorata. "Folklore is a discipline which bloomed in Europe during the 19th century, an era when interpretation of the past assumed political ramifications for the formation of nations. Collecting, preserving, and analyzing the past played an important role in creating the emerging identity of nations and in rejecting foreign rule" (Silverman, 1989:2) jechuun ibse. Beekumsaafi kalaqa garee hawaasa tokkoo ture, funaanuu, ofeeggannoo gochuufin tursiisuufi xiinxaluun seerota garee biraatin itti baafaman hambisuufi eenyummaa ijaaruuf iddoo olaanaa qaba. Eenyummaan garee hawaasaa beekumsa gareen sun ijaaruufi itti jiraatuun bakka bu'ama. Ergaan afeewwan ogafaan hawaasaa, agarsiiftuuwwan eenyummaa garee sanaa xiyyeeffatee ibsa.

(15)

*Bara giddugalli Shawaa kun geggeessitoota isaatin bulaa turetti ilmaan Tuulamaatu akka gosa gosa isaanitti beekamu ture. Kan akka Gullallee, Galaan, Eekkaa, Gumbichuutu akka gosa gosa isaanitti wal geggeechaa turan. Abbaa waraanaa isaan dura bu'us qabu. Yeroon booda naannaan kun Minilikiin warra dhufee qubateen erga qabamee Oromoon qe'ee isaarratti*

*waan baay'ee ta'e. Bulchiinsi Gadaa hawaasni beekee ofiin itti bulu hafeetu 'Indaraasii, raasii, fiitawuraarii, Qanyaazmaach, Dajjaazmaach jedhamuun qaama bulchuun qe'ee isaarratti gidiraa arge. Kan nama garba godhachuu hinbeeknetu warra qe'ee isaarra dhufanii buufataniif akka garbaatti akka hojjetu godhame. Waan isaa wallaalanii, "Yaa Ituu Badhaanee niitiin niitii fuutee, Shab gootee na hinhiituu hidda fiitii fuutee" jedhanii weeddisan. Mana tokko keessa giiftiifi garbittiitu jira. Kana jibbee kan lolatee dadhabnaan qe'ee isaarraa gadhiisee godaane hedduudha.Kaan nidhume; kaan gabbarree bulla jedhee. Har'alleen tooftaalee adda addaan qonnaan bulaan naannaa kanaa buqqa'uun lafti qonnaa gara magaalaatti jijjiiramaa deemuun hindhaabanne. Mootummaan 'invastimantiif' jedhee lafa qonnaa bal'aa fudhata. Beenyaan inni kaffalus baay'ee xiqqaafi hinjiru jechuun kan danda'amuudha. Sababa kanaa lafti keessan magaalaa jala gala yemmuu jedhame qonnaan bulaan lafa isaa gurguree harka duwwaatti hafa. Qe'ee irraa buqqa'uun kun ammas jira (Afgaaffii hirmaataa qorannoo kanaa, H-002 waliin taasifame irraa kan fudhatame).*

Afeen kun himinsa afaaniin namoonni afgaaffiin ragaa kennan kan himaniidha. Ragaa ogafaan hawaasaa keessa hawaasni walitti lufsiisee himaa tureedha. Afee ogafaanii taatee yeroo wayii hawaasa keessatti ta'e, kan hawaasni akka seenaatti afee barreeffamaatti hinjijjiirranne kan himinsaan jiruudha. Innis, bara sirni gadaa giddugala kanaa laafee sirni biraa bakka bu'u waan naannaa kanatti ta'eefi har'alleen ta'aa jiru kan namoonni afgaaffiin ragaa kennan ittiin ibsaniidha. Caasaan afee kanaa seenessa taatee tureefi jiruu ibsaan kan dhiheessedha.

Akka ragaa afee kanarraa hubatamutti, giddugala Oromiyaa bakka Finfinnee jedhamu kanarra gosoota Oromoo Tuulamaatu jiraachaafi bulchaa ture. Isaanis, geggeessitoota ofii isaanitiin akka sirna bulchiinsa hawaasaa qabanitti wal geggeessaa turan. Yeroo sana sirni Gadaa kan ittiin walbulchaniifi ittiin bulan akka ta'e afee kanarraa nihubatama. Akkasumas, seeraafi sirna hawaasaa tiksuuf abbaa waraanaa mataa isaan akka durfamu hubanna. Akka ragaa afee kanaatti, hawaasni bakkicha jiraachaa ture eenyummaa ofii isaan kan beekamuufi ibsamuudha.

Haata'u malee, yeroon booda garee hawaasa biraatiin eenyummaa isaa kanarra dhiibbaan akka ga'e ibsame. Akka afee kanaatti, garee hawaasaa lama gidduu eenyummaa adda addaatu ture. Hawaasni Oromoo achi jiraatu eenyummaa mataa isaa kan qabuufi agarsiiftuuwwan eenyummaa isaa hunda tikfachuuf sirnaafi caaasa hawaasaa kan qabuudha. Sirna Gadaatiin geggeessaa isaa filatee sirna isaatti bula. Duulee diina qolachuun qe'eefi eenyummaa isaa tikfataa ture. Gareen dhufe, qe'ee isaatti sirna isaa kana jalaa cabsuun eenyummaas sirna isaarraa kaasee jalaa jijjiire. Bulchiinsi sanaan boodaa 'Indaraasi', Raas, Fitaawuraarii, Qanyaazmaach, Dajjaazmaach maqaa caasaa bulchiinsa bara sanaatti jijjiirame. Inni kan garee hawaasaa dura tureen Abbaa Gadaa, Abbaa Duulaa, Abbaa Malkaa, … jedhu kan gareen hawaasa turee ittiin beekamu ni jijjiirame. Jijjiiramni kun eenyummaa garee hawaasa lamaa gidduutti kan isa tokkoo kan biraatiin bakka bu'uu agarsiisa. Gareewwan hawaasaa kunneen eenyummaa mataa mataa isaanii kan qaban turan. Gareen hawaasaa achi tures ta'ee gareen hawaasaa weeraraaf itti dhufe addaa addummaa eenyummaa qabu.

Akka afee kanarra hubatamu, eenyummaa garee hawaasaa addaddummaa qabu lamatu hubatama. Eenyummaa garee hawaasa achi turee Oromoo Finfinneefi kan murna weeraraaf dhufeeti. Akka bulchiinsa warra weeraraaf dhufeetti nama garba godhatu. Gooftaafi garba, giiftiifi garbittii qabu. Afee ogafaanii kana keessa "Yaa Ituu Badhaanee niitiin niitii fuutee, Shab gootee na hinhiituu hidda fiitii fuutee" kan jedhu argina. Hawaasni afee ogafaanii kanaan yaada isaa ibsate, niitiin niitii fuudhuu hinbeeku. Waan haaraa itti ta'e. Niitiin niitii fuute jechuun mana tokko keessa giiftiifi garbittii ta'uun dubartoonni lama waliin jiraatu jechuudha. Tokko giiftii, tokko garbittii jedhamuun waliin jiraatu. Kun eenyummaa Oromoo Finfinnee keessatti waan hinbeekamneef eenyummaa haaraa itti ta'e. Kanarraa kan ka'e, gidiraa gamanaan jiru obsuu dadhabee 'Shab gootee na hinhiituu hidda fiitii fuutee' jedhe. Hiddi fiitii hidda waa ittiin hidhamuudha. Hiddi kun nama guba. Hidda fiitii fuutee na hinhiituu jechuun dhiphina keessa jiru ibsata. Oromoon garba hinqabu; namaan garba jedhee eenyummaa isaa hinjijjiiru. Ofiif qe'ee isaarratti eenyummaa isaa sarbamuun akka garbaatti akka hojjetuuf yemmuu dirqisiifamu gidiraa isaa hidda fiitiin hidhamuun ibsate.Kun eenyummaa isaa jijjiiruun eenyummaa biraatti akka jiraatu yemmuu dirqamu gidiraa jiru kan ibsuudha.

Oromoon akka hawaasaattis ta'ee caasaa gosaa qabuun sirna guddaa eenyummaa isaa bakka bu'u, sirna gadaa qaba. Bara bulchiinsi Minilik gara isaa dhufus gadaan bulaafi walbulchaa ture. Akka Afee kanarraa hubatamu, Oromoonni Tuulamaa Finfinnee jiraachaa turanis akka gosa gosa isaaniitti Gadaan walgeggeessaa turan. Yeroon booda garuu, garee biraatin eenyummaan isaanii sirna bulchiinsa isaanii keessa agarsiifamu jijjiiramuun caalmaa bulchiinsa sirna biraan dhuunfatame. Ammasitti, Oromoon Tuulamaa Finfinnee jiraachaa turan sirna isaaniitiin walgeggeessaa turan. Erga sirni biraa dhufee garuu bulchiinsi sirna gadaa isaanii sarbamee sirna mootii yeroo sanaan bakka bu'ame. Caasaan sirna bulchiinsa weerartoota yeroo sanaa maqaa yeroo ammaa kana fayyadama afaanii keessatti dhimma itti hinbahamne kanneen akka 'Indaraasii, raasii, fiitawuraarii, Qanyaazmaach, Dajjaazmaach jedhaniidha. Maqaaleen kunneen caasaa qondaaltota bulchiinsa Minilik kan ibsaniidha. Kun kallattii garagaraan sirna bulchiinsa gadaa irraan dhiibbaa geessisuun caalmaa irratti argataa deeme.

Gama biraatiin, hirmaattonni qorannoo kanaa ragaa kennaniin akka ibsanitti, akkuma Oromoon Finfinnee eenyummaa garee isaa ijaaruuf dalagaalee hawaasaa garagaraa raawwatu gareen hawaasaa dhufee Finfinnee buufates tooftaalee adda addaan eenyummaa bakkeewwan Finfinneefi hawaasa achi jiraatuu jijjiire.

(16)

*Warri nafxanyaan yogguu dhufanii as qabatan tooftaa ittiin nama qe'ee isaarraa ariyyatan yookiin qabanii qe'ee isaa itti saaman qabu turan. Mala kanaan maqaa nama balleessu. Nama lafa isaa irraa fudhachuu barbaadan ittiin adamsu. Malli kun mala ittiin hattuu adda baafnu jechuun 'Leebaa shaay'(ሌባ ሻይ) jedhanii waamu. Naannaa goorgisii (Birbirsa Gooroo) kanaafi Janmeedaatii (Hurufa Boombii) qonnaan bulaa heddurraa tooftaa kanaan lafa fudhatan. Shaayii danfisanii nama isaanii tokko obaasu; leebaa shaayii jedhama. Namichi isa dhugee deemee namicha miidhuu barbaadan sanatti diddika. Leebaa shaayiin hattuu irratti malee hindiddiku waan ta'eef namichi kun hattuudha jedhuun. Namni kun hariyyatamee biyyaa baha; isaan lafa isaa waliif kennu. Oromoon yogguu qofaa jiraatu hattuufi kadhattuu hinqabu. Isaan tooftaa kanaan itti dhufanii ati hattuudha jechuuniin qabanii*

*reebu; hidhu; qe'ee irraa ariyyatu. Kan fincile bahee isaaniin lola; isaan 'shiftaa' jedhuun. Kanaa achi hattuu hinqabu. Jarri garuu tooftaa kanaan lafa fudhachuu barbaadanirraa nama ariyyachaa turan.*

*( Afgaaffii hirmaataa qorannoo kanaa H-010 waliin guraandhala, 2014 taasifame irraa kan fudhatame)*

Afeen kun afseenaa hirmaattota ragaa qorannoo kanaa irraa afgaaffiin argameedha. Afee kana keessatti yaadni ibsame fayyadama afaanii adda ta'etti kan dhimma bahame osoo hintaane ta'iinsa eenyummaa irraan dhiibbaa geggeessuuf raawwatame jechootuma guyyuun kan seenesseedha. Hiikni jechaa dhokataafi dubbii qolaan golgamee dhihaate hinjiru. Ergaan afee kanaa waa'ee garee hawaasa lamaa isa qe'ee isaarraa ariyyatamee lafti irraa fudhatameefi isa tooftaa kanaan qe'ee namaa fudhatuu ibsa. Kun eenyummaan garee lamaa maal akka tureefi jijjiiramaafi itti fufiinsa ture agarsiisa. Waalleen afee ogafaan gabaabaa kanaa eenyummaa garee hawaasaa agarsiisa.

Akka ragaa kanarraa hubachuun danda'amutti, garee hawaasaa Oromoo Finfinneetti gareen biraa dhufee dabalame. Garee kanaan nafxanyaa jedhanii ibsani. Nafxanyaa jechuun kan qawwee qabatee dhufe jechuudha. Gareen qawwee qabatee dhufe kun biyya itti dhufe kana tiksuufi birmadummaa ishee eeguuf osoo hintaane eenyummaa ishee sarbee kan ofii godhachuuf kan dhufeedha. Akka afee kanarraa hubatamu, garee achi ture ariyyachuun qe'ee isaanii irratti abbaa qe'ee itti ta'uuf tooftaa addaa fayyadamaa ture. Garee hawaasaa tureefi garee hawaasaa qawwee qabatee dhufe kana gidduutti haala raawwatamaa ture afeen ogafaanii kun dhiheesseera. Afee kanarraa kan hubatamu, gareewwan hawaasaa dhihaatan lamaan gidduu hariiroon jiru lakkuu faallaawwaniiti. Tokko ariyyatamaa tokko ariyyataadha. Tokko seeratti bulaa tokko seeran bulchaadha. Tooftaan ittiin kun raawwatamu garuu rakkoo mataa isaa qaba.

Tooftaan 'leebaa shaay' jechuun fayyadamanii Oromoo Finfinnee qe'ee isaarraa buqqisan tooftaa lafa barbaadan ittiin qabachuuf abbaa qe'ee ittiin ariyyatan ta'uun afee kanaan ibsamee jira. Kun immoo, tooftaa akka barbaadanitti abbaa barbaadan ittiin miidhan akka ta'e ibsame. Tooftaan kun maqa balleessiin qoorqalbii namaa cabsanii baqataa taasisuuf dhimma itti bahamuu hubachuun nidanda'ama. Gareen hawaasaa aadaafi sirna hedateefi

hooddatee itti bulu qabu haala kanaan hattuu yemmuu taasifamu itti dhaga'ama. Afee kana keessatti Oromoon kadhattuufi hattuu akka hinqabne ibsamee jira. Kanaaf, gareen hawaasaa eenyummaa isaa keessaa hannaafi kadhannaa hinqabne kun ati hattuudha yemmuu jedhamu qoorqalbii cabuu malee akkaataa itti kadhatee ofirraa dhoowwulleen hinqabu; kadhannaa sanas hinbeeku. Yemmuu kana, qe'ee isaa gadhiisee falmataa jalaa siquu filate. Haala kanaan, gareen qawween dhufee tooftaa kanatti gargaaramuun lafa namoota barbaadee akka fudhate ragaan dhihaate kun ibseera.

Haala dhiibbaan tooftaa 'leebaa shaayii' itti geggeeffame keessatti, Oromoon hawaasa seeraan walbulchu osoo hintaane sirna isaatti amaneefi jaalatee itti bulu ture. Sirna Gadaan waan buluuf sirna isaa kana keessaa seera hawaasaa qaba. Sirnichaan dhugaafi haqatti bula. Oromoon ofiif sirna tumatetti bula malee seeraan wal bulcha miti. Gareen qawwee qabatee dhufe (Nafxanyaan) seera ittiin bulchuuf diriirfate keessa tooftaalee maqa balleessiifi caalmaa argatee fayyadamuun eenyummaa jijjiiraa ture. "The Oromo seem not to have engaged in the institutions of 'Mahbar' or 'Edder' but did suffer from adverse discrimination when the Amhara institution of lebashay was administered in their areas (Phillips 1974:191). Tooftaa leebaa shay kana akka jaarmiyaatti hundeeffachuun Oromoo eenyummaa isaaf jecha amma kana dararan. Maqaa baalleessuun eenyummaa isaa gadiqabanii hariiroo hawaasaa afooshattilleen akka hinhirmaanne qoodan. Kun kan ta'e akkuma ragaan afeen dhihaates ta'ee Phillips qorannoo isaan ibsetti Oromoo Finfinnee irratti. Sababnisaa eenyummaa bakka dhufanii qubatan kanaafi eenyummaa garee hawaasaa jijjiiruu yaaluudha.

Oromoon Finfinnee eenyummaa isaaf haala kanaan dararamaa ture yeroon booda naannicha irraa godaane. Kan hafe immoo agarsiiftuwwan eenyummaa garee qawwee qabatee dhufe kanaa kanneen akka amantii, afaaniifi aadaa isaaniitti madaquu yaale. "The Oromo who remained in the immediate Addis Ababa area seem to have been one of the Ethiopian population groups most swiftly and effectively assimilated into shawa[6] culture (Achuma). Jijjiiramni eenyummaa garee hawaasaa mul'ate caalmaa gareen tokko garee biraa irratti qabaateen malee fedhaafi

[6]Shawaa inni jedhu kun shawaa isa yeroo ammaa kana osoo hintaane isa dur bakka bulchiinsi Amantii kiristaanaafi Isilaamaa irratti wal lolaa turan bakka yeroon booda mootonni Amaaraa kan akka Saayila Sillaasee bulchaa turaniidha( Kitaaba seenaa Oromoo Warjii)

jaalalaan miti. Kun yeroo sana kan jalqabe ta'ulleen dhiibbaa eenyummaa gareewwan hawaasaa gidduutti yeroodhaa yerootti tooftaa jijjiirrachuun mul'atuudha. Akkuma ragaa afee kanarraa hubatamu galumsa haala jireenya gareewwan hawaasaa magaalaa Finfinnee keessa yeroo ammaa kana jiraataniin tooftaan caalmaa eenyummaa ofiif malee kan garee biraaf dhimma hinqabne nimul'ata. Eenyummaan bakkeewwanii maqaa isaan baasaniin akka beekamuufi tajaajila isaan barbaadanitti akka jijjiiramu barbaadu. Hawaasni eenyummaa mataa isaa qabu kan ofii dhiisee kan isaanitti akka jijjiirratuufi isaan fakkaatee akka jiraatu gareen barbaadu yeroo yerootti tooftaafi qeeqa garaagaraa qabatee yemmuu wacu nidhaga'ama. Caalmaa gama bulchiisaan al tokko argameen eenyummaa garee kamiituu gara kan ofiitti fiduuf afaan tokko, aadaa tokko, amantii tokko, biyya tokko, tokko jedhamaa tureera.

Waan kana ta'eef, tooftaalee 'leebaa shaay' kanaan eenyummaan garee hawaasa achi turee akka diigame ragaa dhihaate irraa hubatamee jira. Akkuma ragaan dhihaate ibse, tooftaan kun akkaataa itti jalqabbeefi miidhaa tooftaan gowwoomsaan kun geessise *(ደስታ 1935)* akka itti aanutti ibsee jira. Akka ibsa isaa kanaatti tooftaan kun jireenya nama dhuunfaafis ta'ee garee hawaasaaf tooftaa hamaa ture.

> *በንጉሥ ሣህለ ሥላሴ ጊዜ ሽፍታ እጅግ በዝቶ ነበር፡፡ ከሽፍቶቹም አንዱ ዋነኛዉ ንግዴ ይባላል፡፡ ሣህለ ሥላሴም የንግዴ ነገር ስላስፈራቸዉ አትርሱኝ ሲሉ ወደ ገዳማቱ ኹሉ ገንዘብ ላኩ፡፡ ከመነኮሳቱም አንዱ መነኩሴ ሲያሳርጉ ንግዴም ዳር ዳሩን ያነጥንጥ፤ ሣህለ ሥላሴም ከሊጋዉ አይናወጥ ብለዉ አሳረጉ፡፡ ይህንንም ያሉበት ምክንያት ንግዴም በበኩሉ እየዘረፈ የሚሰጣቸዉ ስለ ኾነ ነዉ፡፡ ንጉሡም የሽፍታና የሌባ ነገር ቢያስቸግራቸዉ ከባለማሎቻቸዉ ጋራ መክረዉ የሌባሻይን ብልኀት አወጡ፤ ብልኀቱም እንዲኽ ነዉ፡፡ ባለገር፣ ኹሉ በያገሩና በየመልከኛዉ፣ በየባላባቱና በየገጠሩ አገር የሚያዉልና የሚጠብቅ ስሙን የጎልማሳ ጌታ እያለ አንድአንድ ሰዉ ይሾም ነበር፡፡ ሽማግሎችና አማካሪዎች መርማሪዎችም ይመረጣሉ፡፡ እነዚኽም ኹሉ ሌባዉንና ቀጣፊዉን ሽፍታዉንና ወንበዴዉን በዉነት መርምረዉ ይይዙና ለጎልማሳ ጌታ ይሰጣሉ፡፡ (ወዮ ይኽቾ ብልኀት ምንኛ ድንቅ ናት! አባት ልጁን አይምርምና)፡፡ ነገር ግን አንድ አንድ ሌቦችና ቀጣፎች ካንዱ አገር ወዳንዱ አገር እየተዘዋወሩ ቀን ሲሄዱ ይዉሉና ማታ መሽቶ ጨለምለም ሲል ሰርቀዉ ቀምተዉ ሌሊቱን ገሥግሠዉ ጧት በቤታቸዉ ይገኛሉ፡፡ሌብነታቸዉ እየታወቃ ሲይዟቸዉ ዐሰት አልሰረቅንም ርቱን እያሉ ያስቸግሩ ነበርና የጎልማሳ ጌታ ከሽማግሎቹና ከማካሪዎቹ ከመርማሪዎቹም ጋር ኹኖ ለሌባሻዩ ሌባዉን ይጠቁመዋል፤ ሌባዉ የተያዘ እንደ ኾነ የተሰረቀዉ ዕቃ ይገኛል፡፡ እሱም ሌብነቱን*

*ያምናል፡፡ ስለዚ ኸሌባሻይ ለጊዜዉ እዉነተኛ መሰለ ስሙም የንጉሥ ቁና ተባለ፡፡ በኋለኛዉ ዘመን የነበረዉ ሌባሻይ ኹሉ ግን ገንዘቡ የጠፈበትን ሰዉ ጠላትኽ ማነዉ የምትጠረጥረዉስ ማነዉ እያለ ባልሰረቀዉ ሰዉ ቤት እያስተኛና ያልሰረቀዉን እየያዘ ሰዉን የሚጉዳና የሚያታልል መኾኑን ስላወቁ የኢትዮጵያ መንግስት ዐልጋ ወራሽ ልዑል ተፈሪ መኮንን በንግሥተ ነገሥታት ዘዉዲቱ ጊዜ ይቅር ብለዉ አስቀሩት፡፡ አገራችንም ከታላቅ ኢደጋ ዳነች፡፡ በሌባሻይ ምክንያት ቤታቸዉን የተወረሱና ትዳራቸዉን ያጡ ብዙ ናቸዉ፡፡ ሌባሻይ ምንም ቢኾን ከፈረንጅ ቤት አይገባም ነበር፡፡ ኹሉ ጊዜም በዉሃ ይታጠባል፤ ይኸም ዋና ማታለያዉ ነዉ፡፡(ደስታ 1935፡51)*

Tooftaan ‘leebaa shaayii’ kun bara Saahila Sillaasee keessa jalqabee bara Hayila Sillaasee keessaa kan dhaabate akka ta’e ibse. Haalli jalqabbii tooftichaas nama sodaatan ittiin to’achuuf kan wixineeffameedha. Tooftaa sobaan ittiin walmiidhan waan ta’eef Hayila Sillaasseen akka tooftaan kun hafu godhe. Kun tooftaa Oromoo Finfinnee qe’ee isaa irraa ittiin buqqisan keessaa isa tokko ta’uu hubanna. Oromoo lafa irraa fudhachuu barbaadan hedduu tooftaa kanaan akka qe’ee isaarraa buqqisan ragaan xiinxalame agarsiisee jira.

Tooftaan biraan gareen caalmaa argatan ittiin Oromoo qe’ee isaarraa buqqisanii lafa isaa dhaalan gibira humnaa olii itti murtessuun akka ture ragaan hirmaattota qorannoo kanaa ibsanii jiru.

(17)

*Minilik giddugala Oromiyaa buufachuun Finfinneefi Ejereetti iddoo buufataa ijaarrachuun Oromoota qe’ee isaaniirraa buqqise. Isaaniis gara Baaleefi Arisiitti, akkasumas, Shawaadhuma kana keessa Finfinneerraa siquun faca’an. Warri hinlolle immoo qe’ee keenyarraa hinbuqqaanu, loon keenya eessa tikfanna, qe’ee keenya akkamitti gadhiifna gabbarree teenya jedhan. Isaan kanaaf maqaa‘gabbaar’ jedhamu kennuufiin tooftaa garagaraatiin rakkisaa turan. Baalaabbaatota isaanii malkanyaa jechuuniin akka isaan rakkatanii qe’ee isaanii gadhiisanii deemaniif gibira humna isaaniin olii itti murteessan.Warra akka baalabbaatota Oromootti fudhatanitti gibira daakuu daawullaa afurtama, damma gamboo afurtama, faradoo afurtama, gaangolii afurtama, harroota afurtama, sangoota afurtama…waggaatti akka gibira baasan itti murtaa’e. Bara itti aanutti hunduma irratti lama lama dabaluun afurtamii lama taasisanii akka gibira*

> *fidan itti himame. Isaan garuu afaanicha waan hinbeekneef waggaa lammaffaattis waan hundaa afurtama afurtama gochuun geessan. Yemmuu kana warri gibira fuudhan taa'anii mariyyachuun namni 'qaalaaxee[7]' hir'ise qaamni isaa irraa haa hir'atu jechuun murteessan. Waan Atseen jedhanirraa hir'isuun qaama nama hir'isiisa jedhan. Kan isaan gibiraaf fidan fudhachuun waan hir'ateef baalaabbaatota sana irraa harka muran. Yemmuus: እሚዬ ምኒልክ እጅግ ደግ ነቸዉ (Immiyyee Minilik ijjig daggi naachawu) የኦሮሞን በላባት እጅ እጅ ነሷቸዉ (Ya Oromoon Baalaabbaat ijji ijji nasuwaachawu) jedhame. Oromoon immoo warra harkaan kennuun harka isaanii dhaban ittiin jedhe. Haala kanaan gibiraan dhiibbaa guddaa irraan gahuun gabbaruu dadhabanii akka isaan lafa isaanii dhiisaniifii deeman gochaa turan. Lafa fudhatan maqaa garagaraa itti baasuun jalaa qoqqoodanii itti dhiphisan. Sisoo mareet (ሲሶ መሬት), samoonanyaa mareet (ሰሞነኛ መሬት) ykn betakinat mareet (ቤተክህነት መሬት), Dabtaraa mareet (ደብተራ መሬት ), malkanyaa mareet (መልከኛ መሬት), gindabal mareet (ግንደበል መሬት), nafxanyaa mareet (ነፍጠኛ መሬት) maqaalee jedhan itti baasuun Oromoo Finfinnee irraa buqqisuun qoqqooddatan. Kanaan eenyummaan Oromoo acuucamaa ture (Afgaaffii H-007 waliin taasifame irraa).*

Afseenessoon unkaa seenawaa bifa hololootiin seeneffamuudha. Kuusaa muuxannoo hawaasaati. Afeen olitti dhihaate kun caasaa seeneffamaan kan dhihaatedha. Seenaa Oromoon dhiibbaa eenyummaa isaarra gahe ittiin ibsateedha.Akka afee kanarraa hubatamutti, Oromoon Finfinnee sababa eenyummaa isaan akka hinturre barbaadameef akka garee biraan dhiibbaan guddaan irra gahaa ture. Eenyummaan inni qabate turuun qe'ee isaarratti ittiin beekamu eenyummaa garee biraatti akka jijjiiramuufi bakki inni jiratu kan isaa akka ta'u gareen barbaadu waan jiruuf dhiibbaan ragaa dhihaate kana keessatti ibsame irra gahuu danda'eera. Dhiibbaan ture yeroof Oromoo Finfinnee garee lamatti qoode. Garee lolee achumaan qe'ee isaatti osoo hindeebi'in hafeefi garee gabbarree jiraanna jedhee yeroof garee dhufee qubateen waliigaluu yaaledha. Haata'u malee, warri lolee dhiisee deemes ta'ee gabbaree taa'uu yaale garee dhufee lafa isaaniirra qubateen dhiibamuun

[7] *Qaalaaxee jechuun kan 'Qaala Atsee'/ ya Aatsee qaal' (ቃለ አፄ/የአፄ ቃል) jedhan Oromoon Qaalaaxee jedha.*

godaanuun hinhafne. Ammasittuu dararaan guddaan akka irra gahe afee kanarraa hubachuun nidanda'ama.

Warra qe'ee keenya gadhiifnee deemurra gabbarree jiraachuu wayya jedhanii akka filannootti fudhatanitti rakkoon irra caala cime. Gibirri itti murtaa'ee humna isaanitii oliidha. Kan gibira kana kaffaluu hindandeenye lafa isaa gadhiisa. Akka afee kanarraa hubatamutti, waan qaban irraa afurtama afurtama lakkaa'anii gabbaru. Nama waggaatti farda afurtama, sangaa afurtama … gibira gabbaruuf waggoota lamaa sadii booda maaltu mooraatti hafaaf? Innuu Oromoo durii isa dachee isaa bal'aarra horii hedduu horsiisu waan ta'eefidha. Kan gibiricha gabbaruu hindandeenye waan dhaanamuufi waan dhaalamuuf roorroo jibbee jalaa siqa. Haala kanaan saamichi geggeeffamu eenyummaa hawaasaafi lafa Finfinnee jijjiiruu kan xiyyeeffateedha. Akka afee kanarraa hubatamu, afurtamarraa waggaa itti aanutti afurtamii lamatti ol guddisan. Namoonni sababa afaan jaraa hinbeekneef lakkoofsicha wallaalanii afurtamuma dura qabatan yemmuu geessan 'jecha/ murtoo atsee' irraa waan hir'iftaniif jedhanii qaama irraa hir'isan. Harka irraa muruun akkam gaariidha jechuu afee kanarraa hubanna. Kun eenyummaan Oromoo finfinnee akkam akka ta'aa ibsa. Dhiibbaan geggeeffamu kunis gareen dhufee qubate laficha fudhatee garee isaa irra qubachiisuun eenyummaa biraa ijaaruu waan barbaadeef kan raawwatameedha. Finfinnee irratti eenyummaan garee hawaasa dura turee akkamitti akka diigameefi eenyummaan garee hawaasa dhufee qubatee akkamitti akka ijaarame ragaan kun ibsee jira.

Haaluma walfakkaatun, Phillips akka barreessetti bakka bu'ummaa Oromoo Finfinneefi baalaabbatota Oromoorra dhiibbaa gahe ibsee jira. Innis, "In the beginning when the city was first founded Shawa ruled the local Oromo balabbat through malkagna or representatives of the centeral shawa monarchy. As the city grew more and more shawa and other Ethiopian nobles were given land by Menilek, the local Oromo land holders were dispossessed "jedhe (Phillips, 1974:103). Jalqaba yeroo magaalaan Finfinnee hundooftu batota Oromoo akka malkanyaatti ilaaluun gibira gabbarsiisaa ture. Yeroon booda, dararaa akka harka muraa kana irratti geggeessuun lafa isaanii gadhiisisuun garee maatii isaafi bulchiinsa isaatiif qooduun eenyummaa hawaasaafi bakkichaa jijjiirame.

Gama biraatiin, lafa bal'aa isaan loon keenya tikfanna jedhanii yaadan jalaa qooddachuun itti dhiphisan. Akka afeen kun ibsutti lafa maqaa garagaraa itti baasuun qoqqoodanii fixuun eenyummaa bakkaatuu jijjiiran.Yemmuu kana isaaniis qotachuufi tifkachuu waan hindandeenyeef dirqamaan dhiibamuun akka godaanan ta'e. Qoodinsaafi jijjiirraa maqaa lafaa geggeeffamuun lafti qooddatame. Lafa qonnaan bulaa harka sadii keessaa tokko qofa hambisuufiin harka lama irraa fudhatu. Kan hafuuf kun sisoo jedhama. Lafti sisoon fudhatame hindeebi'u. Inni biraan 'samoonanyaa mareet' jedhama. Gama biraatiin 'betakinat mareet' jedhama. Kun immoo, lafa bataskaanaati. Abban lafichaa bataskaanichaaf tajaajila kenna. Qoodinsi biraan ture 'gindabal mareet' jedhama. Kun bakka duwwaatti dhiifamee loltoonni irratti walga'an yookiin dhimma hawaasni irratti walitti yaa'uuf ooludha. 'Dabtaraa mareet' kan jedhamu immoo, lafa namoota bataskaana keessaa hojjetaniif gibiraan ala kennameedha. Kan biraan 'nafxanyaa mareet' jedhama. Kan namoota qawween lolan ykn loltoota yeroo sanaaf 'safar' jechuun qoqqoodameedha. Kan kanarraa hafte 'malkanyaa mareet'/ gabbaar mareet' jedhamuun qonnaan bulaan eenyummaan isaa acuucame gibira itti gabbaruun yeroof irra jiraata ture (Kane, 1990:186).

Isumayyuun yeroon booda buqqisuun bakka biraatti godaansisu. "There are two major local Oromo clans in the Addis Ababa area, the Gullale and the Galan. The Gullale received lands in the province of Arusi in areas called Boru and perhaps Chelalo. The Galan received no compensation" (Phillips, 1974:140). Eenyummaa isaafi qe'ee isaa gadhiisee buqqa'e. Iddoo biraa deemee akka qubatu godhame. Qe'ee isaa irraa kaasanii iddoo biraatii lafuma Oromoo obboleessa isaa kennuuf. Sababnisaa bakka isa irraa kaasan Finfinnee kana ofiif barbaadanii jiru. Eenyummaa achi ture jijjiiruun eenyummaa ofii isaanii itti ijaarratu turan.

Kan eenyummaa isaaf jedhee kana didu irratti tarkaanfii harkaafi miila muruu fudhatan. "Ate Menilek described Ras Gobana as an Endarase and ordered him to keep the country and the town, order his soldiers and settle them nearby and to cutoff the arms and legs of those whom he found misbehaving and betraying Menilek" (Phillips, 1974:69). Bulchiinsa isaanii jijjiiruun iddoo ofii hinjirretti nama akka isaanitti eenyummaa isaan barbaadan isaaniif ijaaru indaraasee jechuun bakka buufachuun eenyummaan Oromoo Tuulamaa Finfinnee akka hinibsamne godhame. Kun haala yeroo garagaraa keessatti Finfinneerraa eenyummaa Oromoo dhiibuun eenyummaa garee hawaasa haaraa dhufee qubatee ijaaruufi

guddisuuf dhama'amuuf bu'uura ta'uu hubachuun nidanda'ama. Seenaan ijaarsaafi ibsa eenyummaa Finfinneefi gareewwan hawaasaa Finfinnee irraa turaniifi jiranii bu'uura kanaan achii asdhufuun har'alleen dhiibbaa caalmaafi irraa jalummaa kana jalaa bahuu dadhabe.

Haaluma walfakkaatuun, dhiibbaan gibiraa Oromoo Finfinneefi naannawa ishee jiratanitti babal'achuun dhiibbaa akka irraan gahaa ture afeen armaan gadii kun ni-ibsa.

(18)

*Fiffidaa jetti warrii*
*Maalitti beekti jarri*

*Akka qoraaan baatan*

*Akka qoraan kaatan*

*Akka Aqaaqii bulan*

*Akka Akaayiin bulan*

*Akka Hoolota bulan*

*Akka hoollataa bulan*

*Shaggaritti marmaaruu*

*Callaa namaa hammaaruu*

*Calleessaan namaaf hiruu ( Tamene 1983:322)*

Afeen kun afwalaloo hawaasaa keessa Taammanaan funaanee galmeesserraa kan fudhatameedha. Innis afee ogafaan hawaasaa keessaa fudhatame akka ta'e ibsuun dhimma itti bahe. Caasaan afee kanaa afwalaloodha. Qindaa'inni isaa amala walaloo safaraafi nuuressoo qabaachuun dhikkisa uuma. Kanaaf, weeduu galumsa miidhaafi dhiibbaa gibiraan walqabatee irra gahe ibsachuu keessa weeddifameedha.

Qindaa'inni yaada afee kanaa bo'oowwan irraa kan ijaaramuudha. Xiyyeeffannaan bo'oo tokkoffaa dirqama gibira fiduuf irra jiru ibsa. "Fiffidaa jetti warri"—gibira yeroo yerootti fidaa waan isaaniin jedhaniif garee gibira irraa fuudhun 'warri' jedhu. "Warri" kan jedhu garee sirna bulchiinsaan caalmaa argatee gibira fudhatu agarsiisuuf kan dhimma itti

bahameedha. Bo’oon lammaffaan immoo, rakkoofi gidiraa isaan keessa darbanii fidan qaamni gibira irraa fudhu akka hinbeekne ibse. Bo’oowwan sadaffaa hanga saddeettaffaatti jiran immoo, bakka garagaraatti rakkoo isaan mudatu ittiin ibsatan. Akkasumas, bo’oowwan dhumaa sadan ($9^{ffaa}$-$11^{ffaa}$tti) kan jiran bakka itti gibira callaa oomisha isaanii irraa itti gabbaran agarsiisa.

Akka afee kanarraa hubatamutti, Oromoon Tuulamaa naannawa Finfinnee jiraatu gibira isaa gara Finfinneetti fiduun mootii bara sanaaf gabbaaraa ture. Dirqamaan ajajamanii gibira akka gabbaran taasifamaa turani. Gibirri isaan kaffalan kan haala humna isaanii giddugaleessa hingodhanneefi Finfinnee qofaa osoo hintaane naannaa Finfinnee fageenyarraa fidu. “Fiffidaa jetti warrii, Maalitti beekti jarri” kan jedhu akka gibira fidan ajajuu malee rakkoo isaanii akka hinbeekne ibsu.

Akka afeen kun ibsutti, Oromoon Tuulamaa Finfinneefi naannawa ishee jiraatan dhiibbaa jijjiirama sirna bulchiinsaaf saaxilamuun lafa isaarratti kan garee biraatif gabbaru ta’e. Waallee afee kanaa keessa dhiibbaa gareen tokko garee biraarraan gahetu hubatama. Dhiibbaa kanaan eenyummaan ijaaramuufi ibsamus jijjiiramaaf saaxilame. Akka afee kanarraa hubatamu garee hawaasaa lamatu mul’ata. Kan gibira fiduufi kan gibira fudhatu. Eenyummaa garee kanaa agarsiisuuf “warri, jarri” jechuun waaman. Isaan akkas jedhanii afee ogafaanii kanaan yaada isaanii ibsatan garee hawaasaa tokko yemmuu ta’an kan isaan “warri, jarri” jedhaniin immoo garee hawaasaa biroodha. Kan gibira baasuufi kan gibira fudhatuudha. Galumsi isaan keessatti kana ibsatan gareen gibira baasu garee gibira fudhatuun dhiibbaan irra gahuu agarsiisa. Eenyummaan gareessuun mul’atu kun dhiibbaa gidduu isaanii jiruun kan uumameedha. Gareen ogafaan kanatti dhimma bahee miira isaa ibsatu rakkoo gibiraan walqabatee isarra gahe addeesse.

Haaluma walfakkaatun, Phillips (1974) Eenyummaa gareewwan kanneen lamaanii adda baasuun kaffaltiin gibiraa akkaataa itti isaan gidduutti jalqabe ibsee jira. Akka Phillips ibsetti, loltoonni yeroo sana Gondarii dhufuun Oromiyaa keessa naannaa gaara diilallaa (Inxooxxoo) qubatan bara 1870-1880tti Oromoon naannaa sanaa akka isaan gargaaree nyaachisuuf mana Oromootaatti qoodamanii jiraachaa turan. Haata’u malee, kun baroota itti aananitti beelli dhufnaan yaaddoo itti ta’ee seera gibiraa baasan.

*Certain sections of Menilek's army often referred to as the Gondare, had in the 1870 and 1880s been settled in the Oromo areas around Addis Ababa and Entotto, each Oromo household having to support acertain number of the troops. During the famine this became an impossible burden for them and so Menilek was forced to initiate a regular tax based on the number of oxen a man possessed and the revenue from this and other taxes was used to support the troops (Phillips, 1974:18).*

Kanaaf, dhiibbaa gibiraa gareen hawaasa Oromoo Tuulamaa ogafaan kanaan ibsatuu kan yeroo sana loltuuf gareen hawaasaa weeraraan dhufee caalmaa irratti argate baaseedha. Seerri gibiraa kun kan biyya ittiin guddisan osoo hintaane loltuu weeraraaf deemu nyaachisaniidha. Bara 1890 beela ture irraa kan ka'e Minilik loltoota isaafi namoota gargaarsaaf gara isaa dhufan nyaachisuu waan hindandeenyeef Oromoo lafa jiidhaa irra jiraachuun rakkoo beelaa hinqabne saamuufi seera gibiraa itti baase. "Many people came to the King and then Emperor's Entotto and Addis Ababa residence looking for food, some from as far away as Gojam. In order to feed this growing urban population Menilek had to raid neighbouring Oromo lands which rich in crops and herds"( Phillips, 1974:330). Dhiibbaa gibirri beela ooluuf haala kanaan jalqabee itti fufeetu afee kanaan ibsame. Kanarraa kan ka'e fayyadama ogafaanii kanaan garee kana maqaa dhahuu dhiisuun " warri, jarri" "fiffidaa jetti; maalitti beekti" jechuun daangaa eenyummaa garee ibsan.

(19)

*Biyya taa'uuf Zagiitu[8] hammaatee*

*Laga Gibee busaatu hammaatee*

*Biyya Kafaa karaatu fagaatee*

*Kan hiyeessaa rakkoodhuma taate ( Afgaaffii H-007waliin taasifame irraa)*

Afeen ogafaanii kun erga bakki kun akka magaalaatti hundooftee Oromoon Tuulamaa qe'ee isaarraa dirqamaan akka buqqa'u godhamee gara itti deemulleen wallaaluu isaa kan ittiin

[8] Zagii= Abbaa lafaa jala deemuun akka waardiyyaatti kan hojjetan; gibira kan namarraa guuraniidha.

ibsateedha. Ergaan toora tokkoo tokkoo bo’oo walaloo kanaarraa mul’atu bal’aadha. Bo’oo tokkooffaa “*Biyya taa’uuf Zagiitu hammaatee*” jedhu irraa akka hubatamutti, biyya taa’uuf waanti isaanitti hammaate jira. Waan isaanitti hammaatee akka isaan gara bakka biraatti godaanan isaan dirqisiisu akka jiru ibsatu. Kanaaf, ergaa bo’oo walaloo kanarraa hubatamu kan isaan ogafaan kanaan dabrfatan zagiin gibira humna isaaniin olta’e irraa guuruun akka gidirsan hubatama. Warra gibira itti murame kaffaluu hindandeenye waan dhaananiifi qe’ee isaaniirraa akka buqqa’an dirqisiisaniif dhiibbaan itti hammaate. Hojiin zagii gibira guuruu waan ta’eef “biyya taa’uuf zagiitu hammaate” kan jedhu gibirri akka isaanitti hamaachuun humna isaaniin olta’ee biyyaa ba’uuf/ qe’ee isaanii gadhiisanii godaanuuf isaan dirqisiise ta’uu afee kanarraa hubachuun nidanda’ama.

Akka ragaan afeewwan oliifi ibsa hirmaattota qorannoo kanaa irraa hubatametti, gibirri tooftaa Oromoo Finfinnee qe’ee isaanirraa ittiin buqqisan keessaa isa tokko ture. Afee walaloo kanaa irraas kan hubatamu kanuma yemmuu ta’u, akkaataa qe’eefi eenyummaa isaanii irraa ittiin dhiibaman ibsachuuf kan dhihateedha. Akka maanguddoonni hirmaattota qorannoo kanaa ta’uun ragaa kennan jedhanitti, gibirri akka kaffalaniif itti murtaa’aa ture baay’ee guddaafi humna isaanittii ol ture. Kan kaffaluu hindandeenye lafa isaa gadhiisuuf dirqama.

Akkasumas, ergaan bo’oowwan walaloo kanaa lammaffaafi sadaffaa keessa jiru biyyi itti baqachuun danda’amulleen dhukkubaafi fageenya qabaachuun kan isaa yaaddesse ta’uu mul’isa. Gara laga Gibeetti gad bu’anii Oromoo Maccaa warra Jimmaa waliin akka hinjiraanne dhibee busaati jira. Inni immoo, baddaa kanarraa gara lafa gammoojjii laga Gibeetti bu’uuf sodaachisaa itti ta’e. Gara biyya Kafaa akka hindeemneef immoo karaan itti fagaatee jira. Akka namoonni ragaa kennan ibsanitti lafa isaanii gadhiisanii as ta’uu yookiin jiraachuun illee rakkoo ture jedhu. Oromoon araddaa bal’aatti loon isaa bobbaafataafi qotataa jiraata. Sababa kanaa amma lafa itti dhiphisan jalaa siqaa deema. Akka hirmaattota ragaa qorannoo kanaa keessaa obbo Alamuu Hordofaa ibsanitti, warra kan ofii dhiisanii kan garee gibira gabbarsiisutti jiraachuu barbaadan, midhaan daaksisu( Ficii[9] daakuu jedhama).

---

[9] Ficii daaku - yeroo sana baaburri midhaan daaku akka ammaa kana waan hinjirreef ፍጪ /daaki jedhaniit midhaan itti kennu; warri itti kenname isa daakaa oolu. Kanarraa kan

Jireenya kan mataa ofii dhiisanii garee biraa sanaaf midhaan daakaa oolu. Gama biraatiin warri kaan gudaada[10] qotanii waltaraa[11] eegu. Kun dirqama gareen biraa garee hawaasa Oromoo Tuulamaa Finfinnee jiraatu irraatti raawwataa tureedha. Akkasumas, farda mudhii isaa safaranii tiksi jedhanii itti kennu. Yoo fardi sun huuqqate nama itti kennan sana ciibsanii dhaanu. Kanaaf, gama hundaan haalli itti hammaachuu isaanii ogafaan gabaabaa olitti dhihaate kanaan ergaa dabarfachuun akka ibsatan namoonni ragaa kana kennan ibsanii jiru.

Akka waliigalaatti, qubannaa garee hawaasa biraatiin beekumsiifi dhimmi hawaasa naannaa sanaa kan loorii hawaasichaa ture nijijjiirame. Gareen hawaasaa naannaa sana jiraachuufi maqaa jalqabaa sana baase garee hawaasaa biraatiin yemmuu walitti makamu loorii isaa kanneen akka afaanii, aadaa, duudhaa, amantii, siyaas-dinagdee, hawaasummaa qabatee itti fufuu dadhabuun gareen hawaasaa sun diigamee gareen hawaasaa loorii biraa qabu akka uumamu ta'e. Yemmuu kana looriin garee haaraa ijaaramuun yookiin bakka bu'un akka haaraatti qooddattame. Kana jechuun, jijjiiramni garee hawaasaa jijjiirama loorii isaanii fide. Jijjiiramni loorii isaanii immoo, jijjiirama agarsiiftuuwwan eenyummaa garee sanaati. Kanarraa kan ka'e, jijjiiramni mul'ate jijjiirama eenyummaa garee hawaasa sanaa uume. Kun sababa jijjiirama maqaa bakkaa, akkasumas, hawaasichaa mul'isa.

Jijjiiramni garee hawaasaa kan uumamuu danda'eef, akkuma (Guyot and Seethal, 2007) ibsaniifi seenaafi afoolli biyya keenyaa agarsiisanitti siyaasni iddoo olaanaa qaba. Bulchiinsi sirna Gadaa Oromoo Tuulamaa laafuufi aangoon isaa hafuun bulchiinsa gonfootiin buluun eegalame. Jijjiiramni siyaasaa dhufe kun jijjiiramni garee hawaasaafi loorii hawaasichaa akka dhufu godhe.

---

ka'e maqaa isaas ficii daakuu jedhaniituma fudhataniiru. Erga daakamee safaraniitu harkaa fuudhu; yoo hir'ate ni dhaanu.

[10] Gudaada/kudaada = lafa qotiinsaa bal'aa jechuudha.

[11] waltaraa = dabaree dabareen jechuuf kan Afaan Amaaraa irraa ergifatanii dhamjecha duraa 'wal-' itti maxxansaniidha. Namoonni ragaa himan akkanuma jedhanii waan fayyadamaniif waraabbiin fudhatame.

Eenyummaa garee hawaasaa diiguun garee hawaasa biraa ijaaruuf haala ture ragaan xiinxalame agarsiisee jira. Dhiibbaa caalmaa keessa dhufe kana geggeessuuf immoo, tooftaaleen dhimma itti bahaman adda addaas akka jiran ragaan hirmaattota qorannoo kanaarraa argame ibsee jira. Tooftaalee kanneen keessaa inni jalqabaa garee hawaasaa achi ture qe'ee isaarraa buqqisuun lafa qabatanii haala qubsuma bakkichaa jijjiiruu ture. Kana gochuufis tooftaalee adda addaa kanneen akka maqa balleessii mala 'leebaa Shaay' jedhamuu, Gibira humnaa olii, sirnoota amantii jalaa jijjiiruu, dirqisiisuun eenyummaa isaa dhorkuu akka turan ibsame.

Yeroo ammaa kanas, tooftaaleen ittiin Oromoo Finfinnees ta'ee akka garee hawaasa tokkootti maqaa balleessuun eenyummaa isaa hacuucan hindhabaman. Afaan ofiifi aadaa ofii guddisuufi misoomsuun sanyummaadha 'ዘረኛ' jedhamuun qeeqa maqaballeessiif dhihaatu ta'ee mul'ata. Kun tooftaa yeroo ammaa kana sabboonummaa xiqqeessuun xiyyeeffannaa eenyummaa laaffisuuf dhimma itti bahamuudha. Akkuma tooftaan 'Leebaa shaay' nama filatee geggeeffamu, fayyadamni jecha sanyummaa kunis sabaafi sablammoota biyya Itoophiyaa keessa jiraatan saddeetamaa ol keessaa sabboonummaa garee hawaasa Oromoon mormuu kan xiyyeeffateedha. Kunis eenyummaa tooftaa garagaraan jalaa laaffisan hawaasni kun deebisee akka hinijaarranne gochuuf tooftaa ittiin laaffisaniidha. Hawaasni Oromoo garuu garee hawaasaa tooftaa kanatti dhimma bahu waan hubateef akka tooftaa 'leebaa shaay' sana kan ittiin miidhamu hinta'u.

Kana qofa osoo hintaane, Oromoon Finfinnee eenyummaa isaatiif jecha harka muramuu ragaan dhihaate ibsee jira. Garee hawaasa tokkoo buqqisuun tokko fidanii qubachiisuun eenyummaan garee Oromoo Tuulamaa akka diigamaa tureefi deebisanii ijaarufilleen mormiin akka itti baay'ate hirmaattonni qorannoo kanaa ibsanii jiru. Dhiibbaa hanga harka muruutti irraan gahamaa ture Phillips qorannoo isaa keessatti akka itti aanu kana jechuun ibse. "At`e Menilek ordered Ras Gobana to keep the country and the town, order his soldiers and settle them nearby and to cut off the arms and legs of those whom he found misbehaving and betraying him" (Phillips, 1974:69). Minilik Oromoo Tuulamaa Finfinnee namoota sababa eenyummaafi qe'ee isaaniif jecha isaan morman irraa Goobanaan harkaafi miilla akka muraafi magaalaa eeguuf ajaje. Dabalataan, gibira humnaan olii itti ramaduun yoo

gabbaruu dadhabe nimorme jechuun harka muraa qe’ee isaa sana isaaniif gadhiisee akka godaanu gochaa turan.

Bulchiinsi Shawaa Mootiin Minilik Oromoo Tuulamaa kaaba Finfinneefi naannaa Finfinnee jiraatan weeraree Finfinnee yemmuu buufate Oromoota baalabbaatan bakka buusuun lafa isaanii irratti malkanyaa taasisee bulche. Isaan yemmuu gibira xiqqeessan harka mure. Ragaan Afeen-17 jalatti “እሚዬ ምኒልክ እጅግ ደግ ነቸዉ; የኦሮሞን በላባት እጅ እጅ ነሷቸዉ (Immiyyee Minilik ijjig daggi naachawu; ya Oromoon Baalaabbaat ijji ijji nasuwaachawu) jedhu kana agarsiisa. “In the beginning when Addis Ababa city was first founded, Shawa ruled the local Oromo balabbat through malkagna or representatives of the central shawa monarchy. As the city grew more and more shawa and other Ethiopian nobles were given land by Menilek, the local Oromo land holders were dispossessed” (Phillips, 1974:103). Sana booda Minilik eenyummaa garee hawaasa biraa ijaaruun Oromoo Tuulamaa Finfinnee lafa isaarraa buqqisanii warra kabajamoo, gooftota jedhamaniif (Nobles) lafa hire. Kun dhiibbaa eenyummaa tureedha. Hirmaattonni qorannoo kanaa har’alleen eenyummaa Oromoo Tuulamaa Finfinnee ibsuun seenaa kanaan walqabatee ka’a jedhu. Ammalleen eenyummaan Oromoo Tuulamaa Finfinnee dhiibbaa yeroo dheeraaf haala kanaan ture keessaa bahee hacuuccaa malee ijaaramaa hinjiru jedhu. Kun eenyummaa garee tokkoo diiguun eenyummaa garee biraa ijaaruun dhiibbaa eenyummaa isaarra gahe akkaataa Oromoon seenaa darbeen walqabsiisee ibsatuudha.Eenyummaan isaaniis dhiibbaa bulchiinsaa tureen akkaataa itti jijjiirame ibsate. “Racial identities are unstable and have shifted according to the drifts of political trends” (Hortobágyi, 2009:261). Akkaataa sirna bulchiinsa bara sanaatin eenyummaan garee hawaasaa jijjiirame.

### 5.2.3. Sirnoota Garee Hawaasaa

Kana qofa osoo hintaane bakkeewwan ulfoon Finfinnee keessaa beekaman akka jiran hirmaattonni qorannoo kanaa ibsanii jiru.

(20)

*Dhagaan araaraa bakkeewwan bebbeekkamoo Finfinnee keessa turan keessaa tokkoodha. Bakkeewwan sadan tumaa qaban Dhagaa Andoodee, Tulluu Cuqqaalaafi Dhagaa Araaraati. Dhagaan Araara Bakka Ayyaantuun tumaa itti tumuudha. Bakki kun maqaa (Taallaaquu Beeta Mangisti) jedhutti jijjiiramee jira. (Afgaaffii H-006 waliin taasifame irraa)*

Afeen kun afgaaffiin hirmaattota qorannoo kanaarraa kan fudhatameedha. Innis afseenaa duudhaa hawaasaa ture ibsuun eenyummaa bakkaafi Oromoo Tuulamaa bakkichaan hidhata qabuu kan ibsuudha. Himoota muraasa ibsa afgaaffiin kenname keessaa fudhataman. Haata’u malee, eenyummaa bakkaa tureefi yeroo ammaa maqaa kanatti deebisuun eenyumma garee hawaasaa jijjiirame ijaaruu yaaluu ibsuudha. Akka ibsa afee kanaatti, Dhagaan Araaraa bakkee ulfoo tumaa qabuudha. Dhagaa Araaraa kan jedhu, bakka araarri itti bu’uudha. Tumaa tumameef kan qabu, bakka Ayyaantuun namaafi nama, namootaafi namoota, gosaafi gosa itti araarsu ture. Dhagaa Araaraa kan jedhames kanarraa ka’uunidha.

Gama biraatin Oromoon Tuulama Finfinnee duudhaa hawaasaa ittiin beekamu qabu.

(21)

*Hawaasni Tuulamaa naannaa kanaa akkuma aadaa Oromoo jaarsummaan rakkoo hiikuun araara buusu. Aadaa miidhagoofi bebbeekamoo Tuulamaa keechaa farda leenjisuufi jaarsummaan bal’inaan beekamu. Diinnis gaafa dhufu sirnuma isaa jaarsummaa kanaan itti seene. Minilik dhufee giddugala kana yeroo qabate geggeessaan warra Eekkaa Tufaa Araddoo ture. Tufaa Araddoo qomoo Oromoo Tuulamaa keechaa warra Eekkaa bulchaa kan tureedha.Yemmuu kana Minilik jaarsummaadhaan akka aadaa Oromootti Tufaan akka ilma isaa Abeebee kennuuf gaafate. Tufaanis, kaayyoo shira isaa hubachuu dhabuun haa ta’u tuffachuun jaarsummaa aadaa isaa kabajee ilma isaa kana kenneef. Minilik Abeebee fudhatee kiristinnaa kaasuun akka ilmaatti guddifate. Abeebeenis guddatee goota, abbaa waraanaa maqaa*

*Fitaawuraarii jedhamu argachuun beekame. Aduwaa irrattis gahee guddaa nama taphateedha. Erga Minilik du'ee, garee Iyyaasuu mormanii Tafarii moosisuu barbaadan waliin mormii cimaa keessa seenee Horro Guduruu, Arbaaguuguufi Kafaatti oliifi gad darbatamaa erga turee summiin ajjeefame.(Ragaa Afgaaffiin H-002 waliin bara 2014 fudhatame irraa kan fudhatame)*

Afeen kun afseenaa Oromoo Tuulamaa Finfinnee yeroo bulchiinsa ofii isaa qabuu kan ibsuudha. Akka afee kanaatti Oromoon Tuulamaa geggeessitoota gosaa isaatiin yeroo bulaa ture sirnoota eenyummaan isaa ittiin ibsamu qaba. Gareen hawaasaa kun sirna eenyummaa isaa ittiin ibsatu garagaraa qaba. Isaan keessaa dhimmoota hawaasaa jaarsummaan ilaaluufi rakkoo jiru jaarsummaan hiikee furmaata kennuun isa tokko. Jaarsummaan aadaa Oromoo keessatti iddoo olaanaa kan qabuufi duudhaa nagaa buusuu hawaasa. Minilik sirna eenyummaa hawaasa Oromoo ta'e kanatti dhimma bahuun naannaa qubatetti nagaa buusee olaantummaa qabaatee taa'uu barbaade. Kanaaf, jaarsummaan firoomee deebi'ee gamnoome.

Akka ibsa afee kanaatti, sirna jaarsummaa kanaan geggeessitoonni gosaafi Minilik walitti firooman. Akka ilmaatti guddifachuuf kiristinaa kaasuun waliigalame. Sana booda eenyummaa bakkaafi garee hawaasaa jijjiire. Akka ragaa kanarraa hubatamutti, Minilik erga jaarsummaanfiroomee naannaa sana tasgabbiin buufachuun eenyummaa naannichaa akka barbaadetti jijjiire. Akka aadaa Oromootti jaarsummaan rakkoo hiikuun firummaafi amanamummaa uumuuf malee gamnummaafi gowwoomsaaf dhimma itti hinbahamu. Jaarsummaan dhugaa baasuun nagaa buusuudha. Sababnisaa nagaan dhugaa keessa jira.

Walumaa galatti, duudhaan hawaasaa agarsiiftuu eenyummaa hawaasa sanaati. Hawaasni duudhaa itti jiraatuun eenyummaan isaa beekama. "Tradition is something that creates and confirms identity" (Sims and Stephens, 2005:65). Akka ibsa kanaatti, duudhaan hawaasaa miira eenyummaa uumuufi dhugoomsuuf gargaara. Akka ragaa xiinxalameetti, duudhaan hawaasaa Oromoo Tuulamaa Finfinnee agarsiiftuu eenyummaa isaaniti.

Akka xiinxala ragaa dhihaatetti, bakki amma maqaa 'Filwuhaa' jedhamuun waamamu, iddoo Hora Finfinnee jedhamuun beekamu ture. Maqaa bakka sirnaafi duudhaan hawaasaa itti raawwatu agarsiisudha. Horri kun horawwan iddoo biroorraa kan adda ta'eedha.

Sababnisaa akka hirmaattonni ibsanitti, loon hora kana dhugan garaan isaanii dhukkubarraa qulqullaa'ee fayyuu qofa osoo hintaane hormaataaf kan isaan gargaarudha. Namoonni ragaa kana kennan hora hormaataati jechuun ibsanii jiru. Oromoon hora kana loon isaa obaafachaafi itti irreeffachaa ture. Yeroo ammaa kana garuu loon obaasuuf osoo hintaane namni ittiin qaama dhiqachuuf tajaajilaa jira. Kana jechuun maqaa qofa osoo hintaane tajaajilli isaas jijjiiramee jira jechuudha. Kun akka miira garee hawaasaatti fayyadama garee hawaasaa sana waliin deemu irratti hundaa'uun raawwatama. Gareen hawaasaa tokko loon isaa obaafachuun fayyummaa loon isaa kan ittiin eeggatuufi duudhaa hormaata loon isaaf kan dhimma itti bahu yemmuu ta'u, gareen hawaasaa biraan immoo qaama ittiin dhiqachuun tajaajila fayyummaa nyaataa (ookisisaa) qaama isaaf oolfata. Miirriifi aadaan gareewwan hawaasaa addaddummaa qabu kanaan gama caalmaa uumetti jijjiirama. Kun jijjiirama bakkeewwan sirnaafi duudhaa Oromoo Tuulamaa Finfinnee agarsiisa. "Traditions may perhaps even be invented within a group as a way to convey and express beliefs to other members of the group or other groups" ( Sims and Stephens 2005:64). Barsiifanni garee hawaasaa amantii garee sanaa ibsa.

Waliigalatti, maqaan Finfinnee jedhu qofti kan jijjiirame osoo hintaane, agarsiiftuuwwan eenyummaa Oromoo Finfinnee keessaa akka jijjiiraman taasifaman. Garee biraa dhufee achi buufateen Horri Finfinnee gara 'Filwuha'tti erga jijjiiramee eenyummaa bakkaa akka dhabuufi agarsiiftuu eenyummaa hawaasaa ta'uu akka dhiisu taasifame. Kun kan bara Xaayituun maqaa bakkaafi tajaajila hawaasni bakkicharraa akka sirna isaatti argatu jijjiirtee bakkichaan 'Addis Ababa' hora tureen immoo 'Filwuha' jettee eenyummaan ture jijjiirtee kaasee kan itti fufeedha.

Kanaaf, tajaajilli horaa obaafannaa horii irraa gara dhiqannaa xurii qaama namaa ittiin dhiqachuutti jijjiirame. Murni bulchitoota yeroo sanaa horawwan Oromoon horii isaa obaafatu hoo'ina waan ofkeessaa qabaniif nyaataa qaamaaf iddoo itti dhiqatan godhachaa akka turan namoonni ragaa kennan ibsanii jiru. Hora Finfinnee qofa osoo hintaane bakkeewwan biroo kanneen akka Ejeree, Amboo, Walisoo, Bishooftuu … keessa gara bishaan qaama ittiin dhiqataniitti jijjiiramanii kaasuun ibsanii jiru. Kanaaf, tajaajilli Hora Finfinnee obaafannaafi Irreeffannaa irraa gara bishaan yoo qaama ittiin dhiqatan nyaataaf qoricha ta'eetti fudhatamuun jijjiirame. Tajaajila hormaataafi fayyummaa horiif kennu irraa

gara tajaajila fayyummaa namaaf kennuutti jijjiiramee jira. Kanaaf, hanga har'aatti 'Filwuha' jedhamuun namoonni qarshii kaffalanii tajaajila fayyummaa isaaniif akka oolfataniifi dhiqatan taasifamee jira. Akka ragaan agarsiisetti kun jalqabarra Saayila Sillaaseen dhukkuba isaaf abbootii gadaa yeroo sanaa heeyyamsiifatee akka dhiqate afee-03 fi Hiruy (1999:67) irraa hubachuun danda'amee jira. Maqaan bakkichaa jijjiiramuu, akkasumas, tajaajilli bakkichi kennaa ture hafuun dhimma biraaf ooluun eenyummaa bakkichaafi sirna hawaasni achii qabu jijjiirame. Kun jijjiirama eenyummaa bakkaafi sirna hawaasaa ta'e.

## 5.3. Bara Xaaliyaanii

Xaaliyaaniin bara 1928-1933A.L.I/ 1936-1941 biyya Itoophiyaa keessa yeroo turtetti maqaa bakkeewwanii gara Afaan isheetti jijjiiruun eenyummaa bakkeewwanii Afaan Xaaliyaaniin ibsuu yaaltee jirti. Xaliyaaniin bara biyya kana keessa turtetti gochaa hamaa moototaa xiqqeessuu yaaltee turte. Weerara lafa Oromoo irratti geggeeffamuufi qe'ee irraa buqaasuu ture akka laafuu ta'e. "The Italian conquest of 1936 gave the Oromo some respite from the excesses of the gabbar system and naftanya exploitation.The Italians restored land to its rightful Oromo owners. But it was a short-lived respite. The oppressive system was re-imposed on the Oromo with the restoration of Haile Selassie's government in 1941" ( Mekuria, 1993:7). Yeroo gabaabduuf sirnoota nafxanyoonni diriirsan laaffiste. Kanaaf, hawaasni Afee 34 "Yaa haddaattuu shaashirra gaabii wayya, Yaa hammaattuu Xaaliyaanii wayya" jedhee weeddise. Hambaa hammina qabdu taatulleen sirna mootota nafxanyaarra Xaaliyaanii akka wayyeef ibsuu isaaniti.

Haata'u malee, yeroo gabaabduuf waan ta'eef sirni bulchiinsaa ture iddootti deebi'ee sirna isaa itti fufe. Ammasumattuu Xaaliyaaniin maqaa bakkeewwanii afaan isheetti jijjiiruun akka ibsite mul'ata.

(22 )

*Birbirsa Gooroo – Piyaassaa (Piazza)*

*Sulula Garbii – Markaattoo*

*Caffee Aannanii–Meeksiikoo*

*Qarsaa – Kaazaanchis*

*(LANGMaster.com.link, Alamaayyoofi kuuwwan, 2012)*

Akkuma afee kana irraa hubatamu maqaaleen bakkeewwanii Afaan in baasaman Afaan Xaaliyaaniitti jijjiiramanii jiru. Kunis jijjiirama maqaa bakkaa yeroo gabaabduu turte keessatti isheen taasifteedha.

Elleni qorannoo ishee keessatti fakkeenya fudhattee yemmuu ibsitu akka itti aanu kana jettee jirti.

> *The official name of this street is King George-IV Avenue. But there have been other names. For instance, during the Italion Occupation it was called Via Principessa di Piemento. And before that it must have been something else, but in this city it is hard to track down the history of street names. The current demotic name for this street is Sidist Kilo(Elleni, 2010:119).*

Akka yaada Elleni irraa hubatamu kanaatti, Xaaliyaaniin bara biyya kana keessa turtetti maqaalee yeroo ammaa beekaman qofa osoo hintaane maqaaleen biroolleen akka turan fakkeenya kennitee jirti.

## 5.4. Bara Bulchiinsa ADWUI

Finfinneen bara mootonni sirni gadaa giddugala kanaa hambisan irraa kaastee bakka buufata moototaa taate. Hanga ammaattis giddugala teessuma bulchiinsa mootummaafi magaalaa guddittii ta'uun beekamti. Bara buchiinsa mootummaa ADWUI bakka teessuma mootummaa federaalaa taatee itti fufte. Bara 1991/1983 mootummaan dargii kufnaan Oromoon Finfinnee irratti walitti qabamuun dhimma isaa xiyyeeffachuu yaale. Garuu akkuma sirnoota darbanii Finfinnee qe'ee warra Tuulamaa wiirtuu Oromootaa kanatti afaaniifi aadaa Oromoo dagaagsuun hindanda'amne.

(23)

<u>Sirba Nuhoo Goobanaa</u>

Gullalleen Lafa Seenaadhaa (X2)
Baay'eedha kan si yaadatu

Oromoon si hinhirraanfatu

1. Bara dhibbaan dura kan wal wallaachisan
   Sagaltamii tokkoo achitti wal argan

Gullalleen Lafa Seenaadhaa (X2)

Baay'eedha kan si yaadatu

Oromoon si hinhirraanfatu

2. Ilmaan Oromoodhaa kan waliin dheebotan
   Kutaa Mara keessaa bakka itti walargan
   Dhugaafi onneedhaan eega walitti jigan
   Yaada walii hinbaanee gargar faca'an
   Ibidda yeroo san Oromoon qabsiisan
   Wayyaaneen hanga ha'aatti dhamsuudha dadhaban

Gullalleen Lafa Seenaadhaa (X2)

Baay'eedha kan si yaadatu

Oromoon si hinhirraanfatu

3 Hora Gullalleedhaa kan walitti diigan
  Akkanaan hinhaftuu uma dhufa guyyaan

Afeen kun, weedduu sirbaa irraa dhimma hawaasaa ibsuuf namni kun dhimma itti baheedha. Haalli dhihaannaa caasaa isaa amala hojii artii dabalachuun ofwalaloo weedduuti. Caasaa gaggabaabaa dhikkisa yeedaloo uumuu danda'uun waan dhihaateef weedduu yeedaloo qabu ta'e. Ergaan weedduu kanaa hariiroo Oromoofi Finfinnee eeruudha. Akkuma bara bulchiinsa mootota darbanii, bara bulchiinsa ADWUI keessaas Finfinneen keessaattu qe'een warra Gullallee Oromoof lafa seenaa akka taate ibsa. "Gullalleen lafa seenaadha" jedha. Gullalleen maqaa gosaa kan maqaa bakkaa ibsuudha. Eenyummaan lama- eenyummaa gosaafi eenyummaa bakkaa irraa hubachuun kan danda'amuudha. Akka afee kanaatti eenyummaa bakkaa agarsiisuuf kan dhimma itti bahame yemmuu ta'u, seenaa bakki kun qabu Oromoon kan hirraanfachuu hindandeenyedha jechuun ibsa. Gullalleen mootota darbaniin yemmuu qabamtu Oromoon Tuulamaa Gosa Gullallee achi jiraatan dhumaatiifi godaansa hamaaf saaxilaman (Phillips, 1974). Akkuma kana, afeen kun kan ibsu Oromoon Finfinneetti bara moototaa waggoota dhibbaa oliif agarsiiftuuwwan eenyummaa isaa dhabee

ture. Kana deebifachuuf "Sagaltamii tokkoo achitti wal argan" jedha. Akka bo'oo walaloo weedduu kanaarraa hubatamutti, sagaltamii tokko kan jedhu galumsa fayyadama afaanii waallee afee kanaa keessatti bara 1991 kan jedhu ibsa. Barri 1991 yemmuu bulchiinsi mootummaan Dargee kufee biyyi kun bulchiinsa mootummaa ce'umsaa jala galteedha. Yeroo sanatti Oromoon Finfinnee keessaa bakka Gullallee jedhamutti walitti yaa'uun walargani.

Haata'u malee, akkuma bara bulchiinsa moototaa siyaasa tureen dhimmi eenyummaa garee hawaasaa Finfinnee keessatti xiyyeeffatamuu hindandeenye. Bara sanas akkuma ogafaan Afee-13 jalatti "*Araddaa Tufaa Munaa hunduu si gulummeeffachuuf foolataa"* jedhu, sababa murni aangoo argate gulummeeffachuu barbaadeef dhimmi Oromoo bakka dhabe. Afeen kun *"Yaada walii hinbaanee gargar faca'an"* jedha. Finfinneen sababa xiyyeeffannaa moototaa taateef yaadni hiree Oromoo biraa qabdu osoo hinmilkaa'in hafee gargar faca'ame jechuudha.

Haala kanaan, akka bara Hayila Sillaasee imaamanni Afaanii jiraachuu baatus, akka heera biyyattiitti Afaan hojii mootummaa Federaalaa Afaan Amaaraati. Finfinneen handhuura Oromiyaa taate immoo bakka teessuma mootummaa Federaalaati. Kanaaf, biiroowwan mootummaa Federaalaa, akkasumas, bulchiinsa magaalaa Finfinnee Afaan Oromoo turjumaanan malee hinkeessummeessamu. Akkuma bara sanaa, dubbattoota Afaan Oromoo lama gidduuttilleen turjumaanaan Afaan Amaaraatti hiikuutu barbaadama. Kanaaf, Finfinnee keessatti agarsiiftuu eenyummaa hawaasa Oromoo kan ta'e Afaan Oromoo tajaajilaan of ibsuuf daanga'ee akka jiru hubatame. Afaan Daangessuun ibsa eenyummaa daangessuudha. Eenyummaan loorii hawaasaan agarsiifamuun, tokko kan biraa irraa adda baasu kun haalaafi dalagaa irratti hundaa'uun gaaga'amuu danda'a. Gaaga'ama booda eenyummaan, gareefi fooklooriin hawaasa sanaa irradeebiin ibsamuu barbaada (Zhang, 2020). Eenyummaan Oromoo Afaan in Magaalaa Finfinnee keessatti daangeffame jechuudha.

Afee kana irraa kan hubatamu, bara 1991 yeroo sirni bulchiinsa jijjiiramu dhimmi Oromoo magaalaa Finfinnees waliin waan jijjiiramu fakkaatee ture. Garuu, akka qabiyyee afee weedduu kanaatti osoo hinta'in akka hafe hubatama. Agarsiiftuuwwan eenyummaa Oromoo

Finfinnee keessatti akka weeraramanitti hafa jechuudha. "The cumulative effect of the conquest is much observed in the suppression of Oromo language, alteration or diminishing of shared customs and practice, and above all in the dispossession and displacement that the Oromo continued to face in Finfinnee" (Bekele, 2024). Egaa Finfinneetti afaaniifi duudhaan hawaasaa akka kanatti acuuccaa jalatti kufuu hubanna.

Gama biraatiin, weerarri lafa Finfinneefi naannawa ishee bal'atee afaan, aadaafi hawaasa naannaa sana jiraatu buqqisuuf bara bulchiinsa ADWUI keessa karoorfame. Kunis akkuma bara mootota darbanii aadaa, afaan, eenyummaa, qe'ee Oromoo Tuulamaa Finfinnee kana kan weeraruudha.

(24)

Seenaa guddaa hindaganne sirraa qabna Finfinnee
Kanaaf garaan keenya yoomuu kan si hindaganne
Dachee seena qabeettii yaa haadha gootota kumaa
Qe'een Abeebee Tufaa, kan Guddataa Araddoo
Maaf diinaan dhuunfatamaa
Qe'ee Guutoo Wasarbiifi qe'ee Qajeelaa Dooyyoo
Badhoo Dachaas faat turee kan gadi hinjeenye roorroof
Finfinnee dubbadhu mee kan nyaatte Soraa Loomee
Gootni Guraaraa lataa sirratti Fannifamee
Bara Waaree Golalalee Keenya turte Gullalleen
Bara Daalacha Waamii biyyi yoom gurgurame (Weedduu Caalaa Bultumee – 2015 GC )

Afeen kun weedduu sirbaa fayyadama afaanii bifa aartiin dhimma bahuun dhihaatedha. Qabiyyeen isaa saamicha lafaafi godaansa aadaafi hawaasaa uumamu kan qeequudha. Akkuma bara moototaa hawaasa Oromoo Tuulamaa qe'ee isaarraa buqqisuun ofii itti darbanii jiraachuu, eenyummaa bakkaa mancaasuu, duudhaa uumama naannoo isaa waliin qabu jijjiiruuf yaadame. Afeen kun kana seenaa darbe waliin walqabsiisuun kan ibseedha. Akkuma afee -24 irratti Gullalleen lafa seenaa kan Oromoon hinhirraanfanne qabdu ta'uun dhihaate, afee kana keessattis Finfinnee irraa seenaa guddaa hindagatamne irraa qabaachuu Oromoo ibse. Seenaa kun kan yoomiyyuu hindagatamne akka ta'e xiyyeeffate. Akkasumas,

yeroo geggeessitoota gootota mataa ofiitiin bulaa turan dirqamaan malee fedhaan wanti irratti raawwate akka hinturre agarsiisa. Finfinneen gootota hedduu akka qabdu ibse. Akkuma afeen kun gootota Oromoo Finfinneefi naannawa ishee tarreessuun ibse, Birraatuufi Tasammaa, 2024 yemmuu ibsan:

(25)

*Har'alleen tooftaalee adda addaan qonnaan bulaan naannaa kanaa buqqa'uun lafti qonnaa magaalaatti jijjiiramaa deemuun hindhaabanne. Mootummaan 'invastimantii' jedhee lafa qonnaa bal'aa fudhata. Beenyaan inni kaffalus baay'ee xiqqaafi hinjiru jechuun kan danda'amuudha. Sababa kanaa lafti keessan magaalaa jala gala yemmuu jedhame qonnaan bulaan lafa isaa gurguree harka duwwaatti hafa. Qe'ee irraa buqqa'uun kun ammas jira (Afgaaffii H-002 waliin taasifame irraa kan fudhatame.)*

Akka afee kanaatti, har'alleen dhiibbaan qe'ee ofiirraa buqqa'uufi eenyummaa bakkaafi garee hawaasaa jijjiiruun akka jiru waallee afee kanaarraa hubachuun nidanda'ama. Afee ogafaanii kanaan akka ibsametti, maqaa invastimantiifi ijaarsa adda addaatiin qonnaan bulaan Finfinneefi naannawa ishee lafa isaanii dhabaa akka jirantu ibsame. Akka ragaa afgaaffiin argame afee olitti dhihaatetti lafaafi qe'ee ofiirraa buqqa'uun kun jiraatus beenyaan bakka buusuuf kennamu gahaa waan hintaaneef yeroo ammaa kanalleen rakkoon ture ittifufuun jiraachuu ibsu. Gareen hawaasaa tokko qe'ee isaarraa yemmuu godaanu aadaan, duudhaan, hariiroon hawaasummaa garee sanaa sababa miseensi garee waliin ture diigamuuf waliin diigamu/ nimanca'u. Kun jijjiirama eenyummaa fida.

Akkasumas, akka Raadik-Cottrell namni jedhamu, morkannaa garee hawaasaa giddu jiru ibsetti, Finfinnee irratti morkannaa gareewwan hawaasaa gidduu jiruun jijjiiramni eenyummaa bakkeewwanii taasifame.

> Place identities are frequently contested as meanings of place vary across different groups and are about the battle over the material future of the place based on rival interpretations of the past. These battles most often occur in context and between unequal forces either due to social, economic,cultural, environmental or political unevenness (Raadik-Cottrell, 2010:33).

Eenyummaan maqaa bakkaa kun walmorkannaa caalmaan dhufe kanaan akka uumame hubatama. Akka walmorkannaa walcaalmaa kanaan dhufeetti, har’allee eenyummaa maqaa bakka Finfinnee jedhuufi ‘Addis Ababaa’ jedhu gidduu jiru dhugaarraa dabuun kan mul’atuudha. Akka aadaa Oromootti qaamni tokko yemmuu dhufee isa bira jiraachuu barbaade akkaataa itti moggaasee qubsiisu qaba. Gareen hawaasaa dhufe kan murteeffatu osoo hintaane garee itti dhufametu murteessee moggaasa namaaf kenna. Akka maqaa bakkaa Finfinnee/ ‘Addis Ababaa’ jedhuutti garuu eenyumma morkannaafi caalmaan ijaarame ta’uutu hubatama. Maqaa jalqabaa jijjiiruuf tarkaanfii fudhatame ta’uu malee duudhaa garee hawaasaa giddugaleeffate hinqabu. Kanaaf, Oromoon Tuulamaa Finfinnee jiraatan har’allee eenyummaa bakkaa kana ibsuufi deebisanii ijaaruuf Finfinnee kan jedhutti dhimma bahu. Kun jijjiiramaa lufuu eenyummaa agarsiisa.

Oromoon eenyummaa jijjiirame kana deebisee ijaaruufi ibsachuu yaalaa tureera. Haata’u malee, yeroo sanaa kaasee amma yeroo kanaatti gareen eenyummaan kun akka hinibsamne barbaaduufi eenyummaa Oromoo kanaan mormu dhiibbaa garagaraa geessisaa tureera. Maqaa Finfinnee jedhu fayyadamuun hinbarbaachisu jechuun falmii ragaa sirrii hinqabne dhiheessu. Qorannoon (አምባ 2017) barreesse maqaan Finfinnee jedhu seenaa Oromoo keessattis ta’ee Itoophiyaa keessatti hinbeekamu; jechichi jecha Afaan Oromoo osoo hintaane jecha Afaan Amaaraati jedha. Kun ragaa sirriin deeggarame kan dhiihate osoo hintaane jibbiinsa eenyummaa maqaa bakkaafi hawaasa ittiin ibsamuu qabaachuudha. Ragaadhuma Afaan Amaaraatiin jirullee dubbisuun seenaa dhugaa irratti hinhundoofne. “ዛሬ አዲስ አበባ ተብሎ የኢትዮጵያ ዋና ከተማ የሆነዉ አገር በንጉሥ ሣህለ ሥላሴ ዘመን ፊንፊኔ ይባል ነበር”(ህሩይ, 1999፡67):: ህሩይ/Hiruuy yemmuu ibsu, magaalaan har’a ‘Addis Ababaa’ jedhamte magaalaa guddittii biyya Itoophiyaa taate bara Saayila Sillaaasee Finfinnee jedhamuun beekamti jedhe. Kun seenaa Finfinneen osoo gara magaalaatti hinjijjjiiramin hora Finfinneetin beekamtuufi maqaa bakkichaa jalqabaati. Eenyummaan maqaa bakkaa osoo hinjijjiiramin Oromoo ibsu kan dhufaatii Minilik dura ture kanaadha. Akkasumas, Harris akkaataa Minilik lafa Oromoo itti weerare yemmuu ibsetti maqaan Finfinnee jedhu akka jiru ‘Finfinni’ jedhee barreessee jira. “*A rapid detour thence to the west ward in an hour disclosed the beautifully secluded valley of Finfinni, which, in addition to the artificial advantage of high cultivation, and snug hamlets, boasted a large share of natural beauty…*(Harris, 1844:192). Kun maqaan Finfinnee jedhu moggaasa Afaan Oromoo agarsiiftuu eenyummaa Oromoo ta’uu

agarsiisa.Qorannoon (አምባ, 2017) barreeffame ragaalee akkanaa kanneen irraa goruun Finfinneen maqaa Afaan Amaaraati malee Afaan Oromoo miti jedhe. Dogoggora akkanaatin Finfinneen maqaa Finfinnee jedhu osoo hintaane 'Barara' jedhamuun waamamuu qabdi jedhu. Kun ijaarsaafi ibsa eenyummaa Oromoo mormuun kan ofiitti jijjiiruuf yaaluu agarsiisa.

Kana jechuun, maqaa Finfinnee jedhu fayyadamuu gareen hawaasaa jibbu, eenyummaan kun gara itti daberraa deebi'ee akka hinijaaramneefi hinibsamne barbaaduun eenyummaa amaaressuun argateen akka hafu barbaaduudha."The Amhara organizations are too many in number. Although these organizations are politically fragmented, the contents of their political programs are more or less the same. The maintenance of "Ethiopian unity and territorial integrity," which is an euphemism for centralism and Amhara domination, is the main project on their political agenda" (Mekuria, 1993:2). Warri eenyummaa maqaa bakkaa Finfinneefi hariiroo Oromoon bakkicha waliin qabu morman jaarmiyaalee kanneenidha. (አምባ)n jaarmiyaalee kanneen keessaa isa tokkoodha. Akkuma ibsa Mekuria, kaayyoon barreeffama qorannoo isaaniis Itoophiyaa olaantummaa eenyummaa Amaaraatiin ijaaramte giddugala Oromiyaa kanatti ijaarudha. Rakkoon ijaarsa biyya kanaa inni guddaan rakkoo ijaarsa eenyummaa kanaadha. Eenyummaa dhugaa diiguun eenyummaa sobaa ijaaruun beekumsa garee hawaasaa keessatti waldiddaa uumuun gara rincicuutti geessa. Kun immoo hariiroo gareewwan hawaasaa laaffisa.

Oromoon akka duudhaa isaatti dhugaatti amana. Dhugaan ilmoo Waaqaati jedha. Dhugaan yeroof mormamtus golgamtus gaafa tokko akka ifa baatu nibeeka. Kanarraa ka'uun "Dhugaan niqal'atti malee hincittu" jedha. Kunuu akkaataa itti eenyummaa isaa ibsatuudha. Maqaan Finfinnee jedhu Afaan Oromoo miti; bakki kun maqaa kanaan beekamuufi waamamuu hinqabu jedhamuun mormii jirus Oromoon baay'ee wacee falmachuu baatulleen dhugaa jiru beeka. Dhugaan immoo, guyyaa tokko nimul'atti jedhee obsaan eeguu filata. Mormiin eenyummaa maqaa bakkaafi hawaasa bakkichaan hariiroo qabu irratti geggeeffamu dhiibbaa tureefi jiru agarsiisa.

Dhiibbaan jiru kun caalmaa bulchiinsa sirnootaan Afaan Amaaraatiin Afaan Oromoo irratti uumame irraa kan dhufe yemmuu ta'u ammalleen caalmaan kun itti fufuun eenyummaan

tokko qofti olaantummaan isaan kaan akka dhuunfatu barbaadama. Namoonniifi gareewwan jecha Finfinnee jedhuun eenyummaan akka hinibsamne morman kan isaanii qofti olaantummaa qabaachuun kan biraa akka kan isaanitiin bakka bu'u barbaadu. Biyya Aad-heddummaafi Afheddummaan beekamtu keessatti akkuma dhimmoonni tokkummaan qooddataman jiran dhimmoonni addaddummaan gareewwan hawaasaa beekumsa xabboo isaaniin horatanii ittiin jiraatan, beekamaniifi ibsaman garagaraa jiru. Agarsiiftuuwwan eenyummaa kanneen akka aadaa, afaan, seenaa, ilaalcha, falaasamaa, amantii, … adda adda. Tokkummaan waliin jiraachuu jechuunis tokko ta'uu jechuu miti. Nama hunda haala tokkoon keessummeessuu jechuun namni hundi haala gaariin keessummeeffame jechuu miti. Sababnisaa, namoota hunda haala tokkoon keessummeessuu jechuun namoonni hundi fedhii tokko qabu jechuudha. Biyya Aad-heddummaafi Afheddummaan beekamtu keessatti kanatti amanuu dhabuun yookiin hubachuu dadhabuun uuroo baqiinsaa (Melting pot) fayyadamuutti nama geessa. Dhimmoota garee hawaasa biroo gara kan garee tokkootti akka dhufu gochuuf baqsuudha (Richeson & Nussbaum, 2004; Alba, 1997; Rumbaut, 1997 fi Massey, 1995). Kun galumsa Aad-heddummaafi Afheddummaa Itoophiyaa keessatti aadaafi afaanota hedduu gara kan Amaaraatti baqsuun Aadaa tokko, Afaan tokko, amantii tokko, biyya tokko, tokko jedhamee isaan kaan ukkaamsaman (Mohammed, 1996 fi Mekuria 1993)

> Ethiopia is the sum total of all its districts and people,while for our rulers Ethiopia means only the ruling class [i.e. the Amhara]. What is presented in the name of Ethiopian culture is the culture of the same ruling class [Amhara]. Whenever the issue of religion is raised Ethiopia is presented as the land of only one religion [i.e. Orthodox Christianity]. Whenever the issue of language is raised, the existence of various Ethiopian languages is denied [Amharic is recognized as the only language in the country]. In the present condition of Ethiopia, the cultures, religions and languages of our people are to be destroyed and replaced by the culture, religion, and language of the ruling class [i.e. Amhara] (Mohammed, 1996:206 ).

Sirnoota bulchiinsa Itoophiyaa darban keessatti dhimmoonni eenyummaa gareewwan hawaasaa haala kanaan uuroo baqiinsaatti naqamuun baqanii akka kan Amaaraatti

jijjiiraman ibsa Afaan Ingiliziin dhihaate kanarraa hubachuun nidanda'ama. Har'alleen Finfinnee keessatti ijaarsaafi ibsa eenyummaa Oromoo irratti mormiin ka'u hacuuccaa kana jalaa bahuu hinqabu jechuudha. Akka heera bulchiinsa Itoophiyaa yeroo ammaatti garuu yaaxxinni uuroo baqiinsaa (Melting Pot theory) kun hindeeggaramu. Akka Heera Itoophiyaa bara 1987 qophaa'e keeyyata 5 buufata 1 irratti ibsametti Afaanonni Itoophiyaa kamiyyuu walqixatti beekamtii mootummaa qabaatu. Haata'u malee, buufanni-2[ffaa]n Afaan Amaaraa afaan hojii mootummaa federaalaa ta'a waan jedhameefi Finfinneen magaalaa biiroleen mootummaa Federaalaa keessatti argaman waan taateef kana daheeffachuun Oromoon magaalaa Finfinnee keessa jiraatu qe'uma isaatti Afaan Oromoon akka dhimma hinbaane mormu. Maqaan eenyummaa Oromoo ibsu kamuu dhaga'amuun hinbarbaadamu. Sirna federaalizimii biyyattiin ittiin bultu kan walqixxummaa sabaafi sablamootaatti amanuun aadaa isaanii akka kununsaniifi dagaagfatan, afaan isaaniin akka barataniifi guddifatan taasisuun faallaa deemama.Heerri biyyattiin hanga mormootti hacuuccaa caalmaan ture itti fufsiisuun yaalama. Jijjiirama xiyyeeffannaa afaaniifi aadaaf kennamuun yaaxxina uuroo baqiinsaa jalaa baasu bulchiinsi federaalizimii jibbamee jira. Kun jijjiiramaafi itti fufiinsa caalmaafi acuucaa eenyummaan walqabatuudha.

Yeroo ammaa kana jijjiiramaa lufuun eenyummaan maqaa bakkeewwaniifi sirnootaa Finfinneefi naannawa ishee akka moggaasa Oromootti ijaaramaa jiru. Finfinnee maqaa magaalaa guddittii Oromiyaa taasifachuun Magaalalee naannawa ishee jiran walitti qindeessuun magaalaa biraa hundeessuun "Shaggar" jechuun moggaafamee jira. Kun eenyummaa maqaa bakkaa ganamaa Oromoon giddugala Oromiyaa kana ittiin beeku waan ta'eef xiyyeeffatamee argama. Kun ijaarsa eenyummaati.

Gareen hawaasaa aadaa walfakkaatatti jiraatu sirnoota garagaraa waliin qooddatu qaba. Oromoon Tuulamaa Finfinnee jiraatus sirna aadaa isaa ittiin mul'isu qaba. Sirnoonni isaanii kunneen agarsiiftuu eenyummaa isaaaniti. Bakkeewwan sirnaa Finfinnee keessaa eenyummaa garee hawaasaafi eenyummaa bakkichaa ibsu. Ragaan afgaaffiin argame afee itti aanu kanaan dhihaatee jira.

(26)

*Irreechi Oromoo kun bara durii sirna gadaa ijaarame keecha akka jaarmiyaa tokkootti kan tureedha. Haata'u malee, haala bulchiinsota biyya kanaatiin yeroo garagaraatti hacuuccaafi dhiibbaa guddaan irra gahaa ture. Bara Hayilasillaasee keecha akkan beekutti dhoksaadhumaan malkaa buunee sirbaa oollee galla. Yeroo sana laftis bosona, namnis akka ammaa kana waan hinturreef namni nama argu hinjiru. Kanaaf, hawaasni iddoo tokko tokkotti dhoksaatti sirna isaa kana raawwataa ture. Harsadiittis dhoksaadhan kabajamaa tureera. Bara dargiis akkasuma ifatti bahanii irreeffachuu, galateeffachuufi wal eebbisuun hinturre. Bara sana ilaanyaan koomunistii waan hordofamuuf Irreecha qofa osoo hintaane amantaaleen biroos dhorkamaafi sarbamaa turan. Dhuma bulchiinsa Dargiitiin booda Federaalizimiidhaan aadaa kee guddifachuufi eenyummaa kee ibsachuu dandeessa erga jedhamee kaasee Oromoon waltajjii tokkotti bahee Irreeffachuu danda'e. Kun Harsadii irratti akka jabaatu Waldaan Maccaafi Tuulamaa gahee guddaa taphatee jira. Sochii waldaa kanaan Irreecha Hora Harsadiitti Oromoon Eenyummaa isaa deebisee cimsachuufi ibsachuun sirnoota laafan deebisee haareffachuu jalqabe. Haata'u malee, Irreechi Hora Finfinnee hanga bara 2012tti deebi'ee hundeeffamuu hindandeenye. Hawaasni garuu dhimmoota eenyummaa isaa Finfinneen walqabatan deebifachuu yaaduufi gaafachuu dhiisee hinbeeku. Sababnisaa eenyummaan Oromoon Finfinnee waliin qabu yeroo dheeraaf ukkaamsamuun eenyummaa biraatti jijjiiruun dhiibbaa guddaa jala ture. Ammayyuu Ardaan jilaa kun deebi'ee hundeeffamuu kan hinjaalanneefi mormu hedduudha. Kun dhiibbaa eenyummaa garee hawaasaa jijjiiruurra jiruudha. Ta'ulleen gochaa hawaasni eenyummaa isaa ijaarrachuuf godhuun caalmaa argataa kan deeme ta'e. (Afgaaffii H-008 waliin tasifamerraa)*

Kun afee afseenaa taateen yookiin ta'iinsi hawaasaa ittiin ibsame. Caasaan afee kanaa seeneffama afseenaa himinsaan dhihaatedha. Akka ibsa ragaa kanarraa hubatamutti, Irreechi sirna hawaasni Oromoo akka sirna gadaa isaatti ijaarrattee eenyummaan isaa ittiin ibsamuudha. Sirna durii kaasee itti jiraataa tureedha. Yeroon booda garuu gita bulchiinsa

gareewwan garagaraan beekaman kanneen akka Minilik, Hayilasillaaseefi Dargii keessa sirna akka eenyummaa Oromoo hinibsinetti dhorkamaa tureedha. Ta'ulleen, hawaasni sirna kana guutumaa guutuutti eenyummaa isaa keessaa baasee kan dagate osoo hintaane iddoo haalli mijatuufitti dhoksaadhan  geggeessaa turuu hubanna. Sirni acuuccaa garee hawaasaa biraatiin laafaa deeme kun yeroo dhihoo keessa deebi'ee hundeeffamuu danda'eera.

Hawaasni Oromoo eenyummaa gaaga'ame kana dhalootatti ibsachuufi dhaloonnis eenyummaa isaa isa sirrii ijaarrachaa deemuu yaaluu hindhiifne. Kanarraa kan ka'e, yeroo garagaraatti dalagaaleen waallaawaan nigeggeeffamu. Haasgochi hawaasaas nimul'ata. Kun yeroon booda eenyummaan Irreecha Hora Finfinnee deebi'ee akka ijaaramu taasisee jira. Akka ragaa Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatii argametti, bara 2011 A.L.I. eenyummaan bakkaa Hora Finfinnee deebi'ee ijaaramee jira. Eenyummaan bakkaa eenyummaa hawaasa bakkichatti dhimma bahuuti. Eenyummaan bakkaa Hora Finfinnee immoo, sirna hawaasaa guddaa Irreecha isaatiin kan walqabatuudha. Akka namoonni ragaa qorannoo kanaaf kennan ibsanitti, Irreechi Hora Finfinnee wiirtuu Oromootati. Baroota hedduuf garuu eenyummaan bakkichaa sarbamee, seenaan isaa dagatamee, sirnichi mancaafamee akka turu taasifame. Haata'u malee, hawaasni yeroo hunda sirnootaafi eenyummaa sirnoota isaa keessaa qabu deebisee ijaarrachuuf carraaqaa waan tureef  hagayya 2011 A.L.I.tti koreen Abbootii Gadaafi Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatiin hundaa'ee bakka Irrecha Hora Finfinnee duraanii qorachuun akka deebi'u ta'eera jechuun ibsanii jiru..

Akka namoonni ragaa qorannoo kanaa kennan ibsanitti koreen hundeeffame bakka kana adda baasuun murteesse. Suurri kunis barreeffama koree sanaan qophaa'e irraa fudhatame. Kanaaf, bakki amma Irreechi hora Finfinnee itti geggeeffamu kun bakka Irreecha Hora Finfinnee duraanii ta'ee sirni irreechaa akka irratti raawwatamu kan fudhatameedha. Irreechi Hora Finfinnee, eenyummaa bakkaafi garee hawaasa bakkichaan hidhata qabuutti deebisuuf yemmuu bakka adda baasan agarsiisa. Eenyummaa bakkaa ture deebisanii ijaaruuf Irreechi Hora Finfinnee bakka kanatti deebi'ee hundeeffamuu agarsiisa. Akka namoonni ragaa qorannoo kanaa himan ibsanitti, harri Hora Finfinnee Oromoo ganamaa naannaa kana ture.

Bakki Irrecha Hora Finfinnee turtii yeroo dheeraa keessa jijjiiramee lafa ijaarsaan uwwifame ta'e. Ta'ulleen, hawaasni kun eenyummaa bakkaafi sirnaa kana deebisee ijaarrachuuf wanta

gochaa tureen yeroo dheeraan booda deebi’ee ijaaramuu danda’ee jira. Suurri kun eenyummaa bakkaa turtii yeroo keessa jijjiiramaa deemeedha.

Xiyyeeffannaa haala kanaan hawaasni agarsiiftuwwan eenyummaa isaa deebisee ijaaruuf godheen Irreechi Hora Finfinnee Fulbaana bara 2012 A.L.I-itti akka sirna hawaasaatti raawwatamuu danda’ee jira. Akka namoonni ragaa qorannoo kanaa kennan ibsanitti, Irreechi Hora Finfinnee sirna agarsiiftuu eenyummaa Oromoo ture kan yeroo dheeraaf manca’etu deebi’ee hundeeffame. Kana gochuuf dhamaatiifi bu’aa ba’iin baay’een tureera. Haata’u malee, sirna ayyaana Irreechaa kana deebisanii Finfinnee keessatti kabajuun eenyummaa hawaasichaa bade deebisanii ijaaruudha jedhu.

Irreecchi Hora Finfinnee bara 2012 A.L.I deebi’ee hundeeffamuun irreeffatamaa jira. Kun eenyummaa bakkaa jijjiirame deebisee ijaaruufi ibsuu hawaasichaa agarsiisa. Sirna hawaasaa eenyummaan hawaasichaa ittiin ibsamuudha. Finfinneen wiirtuu Oromootaa waan taateefi irreecha hora Finfinnee kana bara 2012 deebisanii hundeessuun Oromoon marti waliin bahee eenyummaa isaa yemmuu ibsatu agarsiisa. Giddugala Oromiyaafi wiirtuu Oromootaa Finfinnee irraa sirni kun badee eenyummaan garee hawaasa kanaan beekamuu waggoota baay’eef erga dhokatee haala kanaan deebi’ee ijaarame.

Afaan agarsiiftuuwwan eenyummaa keessaa isa tokkoodha. “A language is a powerful symbol of national and ethnic identity” (Spolsky, 1999:181). Afaan Eenyummaa sabaas ta’ee gosa afaan sana dubbatuu ibsuuf iddoo olaanaa qaba. Namoonni afaaniin hariiroo hawaasummaa uumu; qunnamteenis afaaniin uumama. “As people interact with one another, they mark their identity through language. Language changes our identities and the different forms of language we use shape our identities” (Gervasio, 2019:43). Afaaniifi eenyummaan hidhata guddaa qabu. Eenyummaan afaaniin ibsama; afaan eenyummaa agarsiisa.

(27)

*Finfinnee kana keechatti kanaan dura mitii yeroo ammaa kanayyuu afaan Oromoo akka hindubbatamne qaamni barbaadu baay’eedha. Kanaan dura Finfinnee keechaa maqaa Afaan Oromoon jiran gara Afaan Amaaraatti jijjiiru. Sirnoota Oromoo gara bataskaanaatti jijjiiru. Nama maqaa Afaan Oromoon waamamuuf bakki hinkennamu. Manneen barnoota Finfinnee*

*keecha turanitti barachuuf maqaa Afaan Oromoo gara Afaan Amaaraatti jijjiirrachuun yeroo itti ture jira. Sana booda namni maqaa afaan isaatin baafachuu dhiisuun maqaa hiika isaa hinbeekne namarraa dhaga'uun Afaan Amaaraatiin baafachuu eegale. Afaan Oromoo Finfinnee keechaa akka badu godhamee Afaan Amaaraatiin dhuunfatame. Afaan Oromoos akkuma Oromoon Finfinnee keechaa akka bahu godhame bakka dhoowwatame (Afgaaffii H-004 irraa kan fudhatame).*

Afeen kun ragaa afgaaffiin hirmaattota qorannoo kanaarraa fudhatameedha. Innis, afseenaa fayyadama Afaan Oromoo Magaalaa Finfinnee keessatti maal akka tureefi akka ta'e ibsa. Akkaataan qindaa'inaafi ibsa dhihaatee caasaa afseenessoon waan dhihaatef ijaarama gurmuu himootaati. Yaada isaanii fayyadama afaanii guyyuun kan ittiin ibsaniidha.

Akka ibsa afee kanarraa hubatamutti, Finfinnee keessatti Oromoon, Afaan Oromoo akka agarsiistuu eenyummaa isaatti akka dhimma itti hinbaane mormamaa ture. Yeroo ammaa kanayyuu akka dhimma itti hinbahamne qaamni barbaadu hedduun akka jiru ibse. Oromoon afaan isaa kanaan eenyummaa isaa ibsachuu barbaadulleen gareen hawaasaa eenyummaa kanaan mormu jiraachuu agarsiisa. Kanaan dura maqaa Afaan Oromoo dhimma bahuun jibbamuun jijjiirama akka ture agarsiisa.

Yaadrimee afaanii keessatti bakka bu'ummaan iddoo olaanaa qaba. Bakka bu'ummaan hiikaafi afaan aadaan walqabsiisa. Haata'u malee bakka bu'ummaa kana namoonni kallattii sadiin ilaalu. Warri bakka bu'ummaa akka calaqqisiisaatti (reflective) ilaalan afaan hiika waantota addunyaa kana keessaafi taateewwan calaqqisiisa jedhu. Warri bakka bu'ummaa akka waan yaadaniitti (Intentional) ilaalan immoo, afaan wanta dubbataan, barreessaan yookiin namni fakkii kaasuufi halluu dibu jechuu barbaade, yaada isaa/ ishee qofa kan ibsuudha jedhu. Gama biraatiin warri yaaxxina ijaarsaa hordofan hiikni afaan keessaa, afaan keessa ijaarama jedhu (Hall, 2013; Du Gay et al., 1997). Yeroo ammaa kana bakka bu'ummaan afaan keessa hiika uumuufi oomishuu waan ta'eef isatu xiyyeeffatama. Qorannoo kana keessattis afaan eenyummaa waliin kan walqabate waan ta'eef hiika hawaasni ijaarutu qoratame. Akkuma afee-23[ffaa] kana irraa hubatamu, Finfinnee keessatti

Afaan Oromoorra dhiibbaatu jira. Maqaaleen bakkeewwanii Afaan in baasaman gara Afaan Amaaraatti jijjiiramanii akka haaraatti eenyummaan biraa kennameefii jira. Afaan Oromoo barbaaduu dhabuun gara afaan ofiitti jijjiiruun maqaan haaraa baasuun waan afaan keessa ijaaramuufi aadaan walqabatu hunda jijjiiruun haaraa uumuudha. Kun immoo, eenyummaa jiru diiganii eenyummaa biraa ijaaruu ta'a. Afaan Oromoo akka agarsiistuu eenyummaa Oromootti ilaalamu jijjiiruun Finfinnee keessa Afaan Oromoo godaansisuun eenyummaan hawaasni karaa afaan isaa ibsatu acuucame.

Gama biraatiin, Finfinnee keessatti jibbiinsa Afaan Oromoo irra jiru hirmaattonni qorannoo kanaa ibsanii jiru.

(28)

*Afaan Oromoo Finfinnee keechatti akka hindubbatamne barbaadama. Manneen barnootaa Magaalaa Finfinnee keechatti Afaan Oromoo akka gosa barnoota tokkootti akka baratamu godhamee jira. Kanaan walqabatee, alaabaan Oromiyaa manneen barnootaa keechatti akka bahuufi faaruun taasifamee ture. Haata'u malee, gareen jibbiinsa Afaan Oromoo qabu wal gurmeessuun faaruun Oromiyaa akka hinfaarfatamneefi alaabaan Oromiyaa manneen barnootaa keechatti hinfannifamne/hinbaane dhorkan. Poolisiifi humni waraanaa manneen barnootaa keechaa waan alaabaan Oromiyaa irratti fannifamu buqqisaafi sibiila irraa kan dhaabate muraa turan. Jibbiinsa Afaan Oromoof gareen wayii qabuun faaruun alaabaa Oromiyaa yeroo ammaa kana Finfinnee keechatti akka hinfaarfatamne godhamee jira. Afaan Oromoo sirnoota bulchiinsa biyya kanaatu acuucuun karaa itti baasee har'alleen irraa dhaabbachuu dide. Finfinneetti Afaan Amaaraa malee Afaan Oromoo akka hinguddanne waan seerri bahee jiru fakkaata. (Afgaaffii H-027 waliin taasifamerraa kan fudhatame)*

Afeen kun hirmaattota qorannoo kanaa manneen barnootaan hariiroo qabaniin kan ibsameedha. Afee taatee Afaan Oromoon ilaalchisee magaalaa Finfinnee keessatti bara 2015 ta'e kan himuudha. Seenaa afaaniin ibsameedha. Qindaa'inni caasaa afee kanaa fayyadama

afaanii adda ta’e kan qabu miti. Jechootuma guyyuun kan dhihaatedha, Gochaa raawwate kallattiin kan seenesseedha.

Akka ibsa afee kanaatti, Finfinneen yeroo ammaa bakka sabaafi sablammiin itti walitti qabame waan taateef gareen Afaan Oromootti akka dhimma hinbahamne barbaadu dhiibbaa geessisaa jira. Finfinneen wiirtuu walarga Oromootaa, handhuura Oromiyaati. Kanaaf, kan Oromoo ta’uufi qaama Oromiyaa ta’uu haaluun hindanda’amu. Garuu Afaan, eenyummaan, aadaan Oromoo Finfinnee keessatti akka dagaagu gareen hawaasaa hinbarbaadne akka jiru afeen kun nama hubachiisa. Akka ibsa afee kanaatti, Manneen barnootaa mootummaa magaalaa Finfinnee keessa jiran keessatti ijoolleen akka fedhiiisaanitti Afaan Oromoo yoo barachuu barbaadan akka barataniif carraan banameefii jira. Maatiin ijjoolleen isaanii Afaan Oromoo akka barataniif barbaadanis galmeessisuun bara 2015 A.L.I eegalee barachuun jalqabamee jira.

Kanaan walqabatee, ijoolleen Afaan isaanii baratan kunneen Oromiyaa baasuun faaruun Oromiyaa akka faarfatamu taasifame. Akka ragaan afee kanaan dhihaate ibsutti, faaruun Oromiyaa Afaan in Finfinnee keessatti faarfatamuun garee hawaasaa tokko dallansiise. Gareen kun Afaan Oromoo Finfinnee keessatti babal’achuu mitii namoota dhuunfaan dubbatamuuyyuu kan jibbu fakkaata. Gareen hawaasaa tokko kan koo malee jechuun agarsiiftuuwwan eenyummaa garee hawaasa biraa jibbuun acuuccaa geessisuudha. Faaruun Oromiyaas jibbiinsa Afaan Oromoo irraa kan ka’e manneen barnootaa Finfinnee keessatti akka hinfaarfatamne ukkaamfame.

(29)

***Faaruu Oromiyaa*** – Alaabaa baasuufi Buusuun

*Oromiyaa Oromiyaa*

*Haadha seenaa guddaa*

*Handhuura Oromoota*

*Galma sirna Gadaa*

*Dachee heeraafi seeraa*

*Haadha caffee Odaa*



*Badhaatuus gabbattuus*

*Magarsituu hundaa*

*Xurii bara dhibbaa*

*Dhiigaan sirraa dhiqnee*

*Wareegama qaaliin*

*kee ol qabnee*

*Gammannee gammadii*



*Bokkuu deebifannee*

*Nagaafi dimokraasii*

*Tabaroo namummaa*

*Misooma amansiisaa*

*Guddina hatattamaa*

*Uummatoota wajjiniis*



*Jaalalaa fi tokkummaa*

*Wabii jireenyaatiif*

*Goone kaayyoo cimaa*

*Irree gamteeffannee*

*Kaanee nu abdadhu*

*Oromiyaa laliisii*

*Dagaagii jiraadhu!*

*Maddi: Sagalee  mana barumsaatti faarfatamurraa barreeffame*

Manneen barnootaa keessatti alaabaan biyyattiifi bulchiinsa naannoo sanaa fannifamuun beekamaadha. Sababnisaa alaabaan faajjii mallattummaa hawaasaati. Agarsiiftuu eenyummaa hawaasa hiikni mallattichaa bakka bu’uuti. Finfinneen argama teessumaanis ta’ee qe’ee Oromoo Oromiyaa irraa adda bahuu hindandeenyedha. Kanaaf, manneen

barnootaa keessatti akkuma manneen barnootaa Oromiyaa keessaa kamiiyyuu keessatti ta’u, alaabaan Oromiyaa baafamuufi faarfatamuu yaalame.

Akka afee faaruu armaan olii irraa hubachuun danda’amu, alaabaan yemmuu baafamu faaruun Oromiyaa manneen barnootaa keessatti barattootaan faarfatama. Qabiyyeen faaruu kanaa akkuma afee-29 kana irraa hubatamu dhimmoota hawaasaa garagaraa ibsa. Oromiyaan seenaa bal’aa qabaachuu “Haadha seenaa guddaa jechuun” ibsuun jalqaba. Bo’oowwan walaloo hedduunis kanaan walqabatu. Qe’eefi wiirtuu Oromootaa ta’uu ishee ijoolleen akka beekan godha. Seenaa galma sirna gadaa ta’uu, kan warra heeraafi seera mataa isaanii qabani ta’uu, caffee odaa Oromootaa ta’uu, lafa magariisa qilleensa mijattuu qabdu akka taate barattoota hubachiisa. Gama biraatiin waggoota dhibbaa oliif acuuccaa jala waan turteef dhimmiifi sirni ishee manca’uu ibsa. Dhimmoonni manca’an kunneen immoo, deebisanii ijaaruuf qabsoo cimaa akka barbaade ergaan qabiyyee faaruu kanaa nihubachiisa. Kana hubachiisaa alaabaan baasaa jiran faajjii bakka bu’aa dhimmoota hawaasaa akka ta’e faaruu kanaan barsiisu. Alaaban mallattoo agarsiiftuu eenyummaa keessaa tokko ta’ee mallattoo bakka bu’ummaa saba tokkoometi. Akka bakka bu’ummaa qabatamaa birmadummaatti lakkaawama. Miira cimaa akka gootummaa ibsa (Leone, 2021). Faaruunis kana ibsuuf faarfatama. Ergaan faaruu  keessa ijoolleen baratanis kana hubachuuf dhimma itti bahama.

Manneen barnootaa keessatti alaabaan bahuufi faarfatamuun ijoolleen naannoo isaanii beekuu, jaalalaafi kabaja sabaafi biyyaatti guddachuuf isaan gargaara. Akkasumas, bakka bu’ummaa ilaanyaa hawaasaa hubachiisa. Lammii sabaafi biyya isaa hubate taasisa. Ijoolleen Oromoo faaruu Oromiyaa manneen barnootaa Finfinnee keessatti faarfachuun agarsiiftuu eenyummaa isaanii mul’isuun eenyummaa isaanii ijaarrachuudha. “Flag is a symbol of communal identity” (Khayambashi, 2019:8). Kana gochuun dhaloonni eenyummaa isaa irratti hubannoo barbaachisaa akka hinqabaanne gochuudha. Eenyummaa ofii akka hinmul’ifne dhorkuudha.

Akkuma afee kanarraa hubachuun danda’amu, eenyummaa hawaasaa faaruu kanaan ibsamu garee hawaasaa biraatiin mormamee dhiibbaan irra gahee jira. Sababni isaa immoo jibbiinsa Afaan Oromoof qaamni mormu kun qabuudha. Bara maqaan Finfinnee gara ‘Addis

Ababaatti’ jijjiiramee kaasee Finfinneefi Afaan Oromoo dhiibbaa gareen caalmaa siyaas-diinagdee argate irraan gahu jala galanii jiru. Maqaalee bakkeewwanii magaalaa Finfinnee keessaa gara Afaan Amaaraatti jijjiiruufi kan biroo baasuun Afaan Oromoo Finfinnee keessaa dhabamsiisuu yaaluu ture. Afaan Oromoo guddachuun eenyummaan Oromoo afaan keessa mul’atu dagaaguufi ibsamuu waan ta’eef kun yaaddoo uume. Akka waan Afaan Oromoo guddachuun Afaan Amaaraa balleessuu ta’eetti fudhachuun kan koo malee kee hinbarbaachisu jedhame; har’as dhiibbaa walfakkaataatu garee faaruu  Oromiyaa mormu kanarraa mul’ate.

Akkuma afeewwan kanneen irraa hubatamu, sirnoota bulchiinsaa darban keessatti dhiibbaa garee hawaasaa caalmaa argateen irraa jalummaan uumamee ture. Dhiibbaan kun Finfinnee keessaa eegalee akka waliigalaatti Afaan Oromoo acuucaa ture. Xilahuun haala ture kana yemmuu ibsu akka itti aanu kana jedha.

> Until 1974 when the Mengistu regime came to power, writing Afaan Oromoo in any script had been officially banned. Although Mengistu's regime lifted the ban and reluctantly allowed the use of the Sabean script, it continued to pay only lip service to the development of the Oromo Laguage. For instance, the regime made the teaching of Afaan Oromoo illegal at any level in its school system (Xilahuun, 1983:36).

Afaan Oromoo sirnoota bulchiinsota darbanii keessa qoqqobbii jala ture. Ittiin barreessuun akka hindanda’amne labsiin dhorkame. Looriin hawaasaa agarsiiftuu eenyummaa garee sanaa ta’e afaan irratti dhiibbaan godhamaa ture guddaadha. Afaan Oromoo eessattiyyuu barsiisuun seeran ala akka sirna barnootaatiin dhorkame. Har’as mormiin faaruu Oromiyaa manneen barnootaa magaalaa Finfinnee keessatti uumame jibbiinsuma akkanaa akka ta’e afee afgaaffiin dhihaate kanarraa nihubatama.

Faaruun alaabaa Oromiyaa manneen barnootaa magaalaa Finfinnee keessatti faarfatamuun, ijoolleen Oromoo carraa eenyummaa isaanii ibsachuufi guddifachuu dhabanii jiraan akka eenyummaa isaanii ijaarratan gochuudha. Kanaaf, yaaliin akka eenyummaa isaanii ibsatan godhame eenyummaa ijaaruufi ibsuu keessatti gahee olaanaa qaba. Haata’u malee, qaamni dhaabsise dhiibbaa sirnoonni kanaan duraa raawwachaa turanirra deebi’e. Acuuccaa

eenyummaa garee hawaasa tokkooti. “The purpose of Amharization was to create a homogeneous Ethiopian society and identity through the medium of Amharic, the language of a dominant minority Amharic was to be spread among the non-Amhara majority, through the school system, the Church and administrative institutions” ( Mekuria 1994:91). Ijaarsaafi ibsa eenyummaa Oromoon Finfinnee yeroo yerootti taasisan kan mormu fedhii kana akka ta’e afeen dhihaate ibsee jira.

Haaluma walfakkaatuun, mormiin afaanii gama garagaraatiin mul’ata. Embaasiin Ameerikaa Finfinnee jiru maqaa Finfinnee jedhu fayyadamee barreessinaan mormiin jarmiyaaleefi namoonni dhuunfaa hedduun kaasanii barreessaa turan kana dhugoomsa.Afeen itti aanu kun kana agarsiisa.

(30)



Afeen kun Finfinneen maqaa “Addis Ababaa” jedhamu malee akkamitti maqaa Afaan n baasameefiin waamama jechuun mormii jijjiirama fayyadama afaanii dhuferratti mul’ateedha. Finfinnee maqaan jedhu Afaan Oromoon waan baasameef magaalaa guddittiin

Finfinneen maqaa isa Afaan Amaaraan baasameef ‘Addis Ababaa’ kan jedhu malee Afaan biraan waamamuu hinqabdu kan jedhuudha. Akka wixinee labsii heera mootummaa Itoophiyaa Keeyyata 49 (5) irratti hundaa’uun bara 2009 “የኦሮሚያ ክልል በአዲስ አበባ ከተማ ላይ ያለዉን ልዩ ጥቅም ለመወሰን የወጣ አዋጅ” jechuun qophaa’e akka keeyyata 55(1)tti aangoofi hojii mana maree bakka bu’oota uummataatin mirkanaa’ee miidiyaa biyyattii (EBC)n uummata Itoophiyaaf ibsamee turetti maqaan Finfinnee jedhuufi ‘Addis Ababaa’ jedhu seera duratti beekamtii walqixa qabu. Fayyadamni maqaalee kanneenii dambiidhaan murtaa’a jedha. Aangoon bakka bu’oota uummataa kun kabajamuun hojiirra ooluu qaba ture. Haa ta’u malee, ilaanyaa sirnoota darbaniin caalmaa afaanii tureen maqaan Afaan Oromoon Finfinnee jedhamee baasameefi Afaan Amaaraatti ‘Addis Ababaa’ jedhamuun jijjiirame walqixa hinilaalaman. Mormiin garagaraa kan Afaan Oromoon Finfinnee jedhamee baasametti amanuu dhabuun ka’u nimul’ata. Kun immoo, eenyummaa maqaa bakkichaafi garee hawaasa maqicha baasee dhimma itti bahuu irratti dhiibbaa geessisuudha.

Hacuuccaan agarsiiftuuwwan eenyummaa akka afaaniifi maqaalee afaan sanaan baasaman jijjiiruun eenyummaa godaansisuu waan ta’eef gareen hawaasaa eenyummaan isaa sarbame gaaffii kaasa. Finfinnee ilaalchisee Oromoon eenyummaa sarbame deebisee ijaaruuf karaa garagaraatiin yaala. Gareen hawaasaa hacuuccaa geessise immoo deebi’ee ijaaramuu eenyummaa Oromoo kana nimorma. Kanaaf, nagaa barbaachisu fiduu irratti rakkoo qaba. Akka Mekuria (1993) rakkoo dhiibbaa eenyummaa garee hawaasaa gidduu jiru ibsetti, gareen murna bulchiinsa qabatee fedhii sablammootaa hinkabajne. Amma kun hintaanetti immoo, nagaa biyya sanaa buusuun rakkisaadha. “Peace in Ethiopia will remain elusive until the dominant Amhara-Tigre groups learn to respect the wishes of other nationalities whose concernfor the future remains theirs alone to determine (Mekuria, 1993:4). Kun dhiibbaan eenyummaa geggeeffamu nagaa akka goolu agarsiisa.

Yeroo garagaraatti Oromoon Finfinnee dhimmoota eenyummaa isaaniin walqabatan yemmuu kaasan mormiin kallattii garagaraan irratti ka’u xiyyeeffannaa achii as dhufe kana

kan bu’uureffatuudha. Oromoon Finfinnee yeroo adda addaatti eenyummaa isaan of ibsuufi agarsiiftuuwwan eenyummaa isaa jijjiiraman deebisee ijaarrachuu yemmuu barbaade akka yakkaatti ilaalamuun qeeqaafi arrabsoodhaan itti wacama. Caalmaan bulchiinsa sirnoota darbaniin mul’ate ilaanyaa irraa jalummaa afaan, aadaa eenyummaa gareewwan hawaasaa biroo uume.

> The Amharization programme applied not only to the conquered Oromo society; it was also extended to its place names and its geography. What is interesting to note is that, in the drive to blur the boundaries of the Oromo territory and thereby obliterate the Oromo ethnic identity, it was not only Amharic names that were substituted for Ommo place names (Mekuria 1994:102).

Waggoota hedduun dura sirna bulchiinsota darbanii keessatti sagantaa kanaan aadaan, duudhaan, seenaan, eenyummaan garee tokkoo garee biraatiin caalame. Oromoon eenyummaa isaa ijaarrachuufi ibsachuuf caalmaa kanaan danqamaa ture. Maqaa bakkeewwanii jijjiiruun eenyummaan garee hawaasaa jijjiirame. Yaaduma kana itti fufuun yeroo ammaas eenyummaa Finfinneefi gareen hawaasaa abbummaa Finfinneen beekamu mormuuf sagantaa itti fufe ta’uun maqaan Finfiinnee jedhu Bararaa ta’uu qaba jedhu.“ፊንፊኔ የሚባል ከተማ በኢትዮጵያም ሆነ በኦሮሞ ታሪክ አይታወቅም፤ እንዲያውም ቃሉ ከኦሮምኛነት ይልቅ አማርኛነው (አምባ 2017፡3):: Maqaa Finfinnee jedhu bakkichaaf Amaaratu baase malee Oromoon kan walqabatuufi hariiroo qabu miti jedhu. Yaada kanaan kan wal faallessu immoo, “ዛሬ አዲስ አበባ ተብሎ የኢትዮጵያ ዋና ከተማ የሆነዉ አገር በንጉሥ ኃህለ ሥላሴ ዘመን ፊንፊኔ ይባል ነበር”(ህሩይ, 1999፡67):: jechuun seenaan barreeffame jira.

Gama biraatiin, Ergamaa warra Biritiish (Missioner of British) kan bara Saayila Sillaasee Shawaa inni bulchu keessa ture- Harris namni jedhamu kitaaba isaa bara 1844 maxxansiise keessatti Finfinnee barreessera. Miidhagina naannaa sanaafi oomisha araddaa naannaa sanarra ture ibsee jira. Kanarraa kan ka’e hawwi weerartootaa dabalee duguuggaa hamaa ajjeechaafi qe’ee gubuun geggeessaa naannicha akka qabatan addeesse. Warabbiin yaada isaa akka itti aanu kanatti jira.

> A rapid detour thence to the westward in an hour disclosed the beautifully secluded valley of Finfinni, which, in addition to the artificial advantage of high cultivation, and snug hamlets, boasted a large share of natural beauty. Meadows of the richest green turf, sparkling clear rivulets leaping down in sequestered cascades, with shady groves of the most magnificent juniper lining the slopes, and waving their moss-grown branches above cheerful groups of circular wigwams, sur-rounded by implements of agriculture, proclaimed a district which had long escaped the hand of wrath. This had been selected as the spot for the royal plunder and spoliation, and the troops, animated by the presence of the monarch, now performed their bloody work with a sharp and unsparing knife —firing village after village until the air was dark with their smoke mingled with the dust raised by the impetuous rush of man and horse (Harris vol.2, 1844:192)

Kanaaf, Finfinneen maqaa hora giddugala Oromiyaa yeroo ammaa kana Magaalaa guddittii biyyatti bakka bu'ee jiru kan eenyummaa bakkaati.Yaaliin warri miti jedhanii morman qaban kun sagantaa eenyummaafi seenaa amaaressuun/kan Amaaraatti jijjiiruun kan Oromoo hatuu irratti durii kaasee tureedha. Ka'umsi falmii isaaniis akkuma Harris ibse kana duula bakkicha eenyummaa jijjiiruun kan ofii godhachuu barbaaduuti. Akka ibsa Harris kana Irraa jalummaafi caalmaa bulchiinsaa duguggaafi hojii dhiigaan dhufe leellisuun eenyummaa garee hawaasa Oromoo dhiibuudha. Qe'ee weeraraan sirni wayii dhufee buufate gareen hawaasaa har'a jiru carra sirni sun nuuf uume dhiifnee walqixxummaa eenyummaa gareewwaniitti hinamannu jechuudha. Kun Finfinneen dhugaa irratti akka hinhundeeffamne taasisa. Oromiyaan Finfinnee irraa faayidaa addaa argachuun waan qe'ee isaarraa isaaf malu waan ta'eef garee hawaasaa kana falmuun eessan walqabata. Rakkoon jiru Ilaanyaa, irraa jalummaafi caalmaa eenyummaa garee hawaasa Oromoo Tuulamaa diiguun gareen biraa ijaarratetu dhiibbaa geessise.

Eenyummaan Oromoon Tuulamaa Finfinnee kan ittiin ibsaman agarsiiftuun eenyummaa isaanii keessaa tokko afaan isaaniti. Sababnisaa, afaan eenyummaa hawaasaa agarsiisuu keessatti iddoo olaanaa qaba. "A language is a powerful symbol of national and ethnic

identity” Spolsky (1999:181). Haata’u malee, bulchiinsi sirnoota darbanii wiirtuu Oromiyaa kana giddugala siyaas-diinagdee erga godhatanii kaasanii tajaajila Afaan Oromoo kennu daangessuun Afaan Amaaraan akka dhuunfatamu taasisan. Kanarraa kan ka’e maanguddoonni Oromoo Tuulamaa Finfinnee afgaaffiif bira gahame tokko tokko Afaan Oromoo dubbachuu akka hindandeenye hubatame. Kun kan ta’eef, giddugala kanaa eegaluun seera duratti Afaan Oromoo turjumaanaan malee akka dhimma itti hinbahamne dhorkamuu irraa dhufe. Qorattoonni dhiibbaa Afaan Oromoorra ture yemmuu ibsan:

> The implementation of Haile Selassie's post-war language policy created many preposterous situations and proved harmful in many ways. Such absurd situations were witnessed in the government offices and court-rooms. As has been observed by other writers an Oromo had to speak Amharic or use an interpreter in court or before an official. Even a case between two Oromos before an Oromo speaking magistrate had to be heard in Amharic. In 1969, the Law Faculty of the Haile Selassie-I University conducted a study of languages used in court and found out that in nearly all of the courts located in the south, the Judges used only Amharic although in most of these courts one or several of the judges spoke the indigenous language( Mekuria,1994:101)

Imaammanni Afaanii Hayila Sillaaseen erga Xaaliyaaniin Itoophiyaadhaa baatee iddoo itti baqatee deebi’ee baase kallattii garagaraatiin Afaan Oromoo irraan dhiibbaa guddaa geessise. Dhiibbaan irraan gahe kun biiroowwaniifi manneen murtii keessatti Afaan n dhimma ofii ibsachuu dhorke. Akka ibsa kanarraa hubatamutti, namoota Afaan Oromoo dubbatan gidduuttilleen turjumaanan malee yaada ofii waliif qooduun dhorkaa ture. Manni murtii Afaan Amaaraa qofa fayyadama. Kun dhiibbaa agarsiiftuu eenyummaa Oromoo Afaan Oromoo balleessuuf geggeeffamaa tureedha. Dhiibbaan agarsiiftuu eenyummaa afaan irratti geggeeffamu yeroo sirna bulchiinsota darbanii keessa haala kanaan haa eegaluyyuu malee har’alleen Finfinnee keessatti akkasumatti jira. Akka Mekuria (1994) rakkoo Afaan Oromoo irra ture ibsetti, hanga bara 1970tti ijoollen Oromoo Afaan Amaaraa jecha tokkolleen hinbeekne guyyuma jalqaba mana barumsaa dhaqan Afaan Amaaraatiin akka dubbatantu irraa barbaadama. Daree barnootaa keessatti qofa osoo hintaane mana barumsaa

keessatti Afaan Amaaraa dubbachuuf dirqamu. Dirqisiisuu kana keessa ijoolleen afaan dhalootaa isaanii afaan barnootaafi qaroominaa akka hintaanetti akka tuffataa deeman taasisa. Qorqalbii isaanii irraan dhiibbaa gahuun afaan ..dhalootaa isaanii akka afaan gadaanaafi bu'aa hinqabneetti akka fudhatan gochaa ture. "Oromo child was made to feel that his or her mother tongue was inferior and too "uncultivated" to be used in a civilized environment such as the school" (Mekuria, 1994:103). Haala kanaan, Afaan Amaaraaf xiyyeeffannaa guddaan kennamee yeroo gabaabaa keessatti akka baratamu yaalamaa ture.

Har'as manneen barnootaa Finfinnee keessatti Afaan Oromoo akka hinbaratamne tuffachuufi tuffachiisuu yaaluun akka jiru xiinxala ragaan hubatamee jira. Akka xiinxala ragaatiin hubatame, fi faaruu Afaan Oromoon manneen barnootaa mootummaa Finfinnee keessatti ijoolleen Oromoo akka faarfataniif jalqabame irratti mormiin ka'ee faarfachuun akka hafu taasifameef bu'uura sirnoota darbanii kanakan hordofeedha.n hiika hawaasaaf akka aadaa isaatti ijaaramu bakka bu'uun kan qindaa'udha. Kanaaf, hawaasa halluun hiika ijaarrate sana bakka bu'a."Flag conveys a socially and culturally codified meaning" (Leone, 2021:56). Alaabaan hiika akka hawaasaafi aadaa hawaasichaatti ibsu danda'uu giddugaleessa godhatee waan argamuuf eenyummaa hawaasa dhimma itti bahuu agarsiisa. Kanaaf, alaabaan eenyummaa waan agarsiisuf eenyummaa sanaan yoo walii hingalle falmamuun balaaleffatama. Manneen barnootaa mootummaa magaalaa Finfinnee keessatti argaman keessatti balaaleffannaan geggeeffame kan eenyummaan walqabatuudha.

# BOQONNAA JAHA:TARSIIMOO WAALLAAWAAFI HIDHATA ILAANYAAN AFEEWWAN WALIIN QABU

## 6.1. Seensa

Oromoon Tuulamaa Finfinnee, haalota adda addaa keessatti ogafaan gargaaramuun miira isaa ibsataa ture; ibsataas jira. Haalli isaan keessatti yaada isaanii ibsatan kunneen fayyadama afaaniifi waallee akka gocha hawaasaatti dhimma itti bahuun kan walqabatuudha. Boqonnaa kana keessatti tarsimoolee waallaawaa dhihaatan keessaa tokko garee hawaasaa filachuun eenyummaa adda baasuu ture. Gareen hawaasaa walfakkeenyaafi addaaddumaa qabaachuu isaa waallee afeewwan dhihaatanii irraa hubatamuun ibsamee jira. Gama biraatiin Oromoon Tuulamaa qorannoon kun giddugaleessa gdhate yeroo garagaraatti acuuccaan qe'ee isaarraa buqqa'aa waan tureef afeewwaan fayyadamee quuqqaa isaa kana ibsachuu afeewwan garagaraatin ibsame. Akkasumas, dhiibbaa irra gahe mormachuuf afeewwanitti dhimmaa bahaa ture.

Waan kana ta'eef, boqonnaa kana keessatti, afeewwan hawaasni dhimma bahuun miira isaa ibsate tarsiimoo waallaawaan afee sana keessa ibsame xiinxalame jira. Kanaaf, xiinxala waallee liixxaan ragaan ilaalame tarsiimoo waallaawaa hawaasni dhimma itti bahee yaada dhokataafi ifaa, miira aangoo qabaachuufi dhabuu, dhiibbaa aangoon geessisuufi qaama aangoo qabuun irra gahu akkaataan itti ibsame boqonnaa kana jalatti dhihaatee jira. Akkasumas, akka xiyyeeffannaa maleenya xiinxala waallee liixxaatti afeewwan xiinxalaman irraa ilaanyaa, aangoofi caalmaan mul'atan dhihaatanii jiru. Ilaanyaan caayaa yaadaa, afaanii, yaadrimee, qooddii yaadaafi sirna bakka bu'ummaa qaama hawaasaa garagaraa ibsa. Akka Blackledge (2000) ibsetti, hawaasa afheddeefi garaagarummaa garee hawaasaa qabu keessatti, ilaanyaan afaanii hariiroo waallaawaa keessa gulantaalee gooroofi gooreetti ijaaramuufi irradeebiin ijaaramuun nimul'ata. Gareewwan hawaasaa keessaa immoo, irra caalatti hawaasni naannoo akka yaadaatti afaan tokko, gosa tokko, amantaa tokko ilaanyaa tokko akka Caatootti/moodelaatti ilaalu. Kun immoo, ilaanyicha keessa eenyutu jiraafi

eenyutu hinjiru gaaffii jedhu kaasa. Akkasumas, hawaasa afheddee keessatti, caalmaan ilaanyaa aftokkummaa, gaaffii haqa hawaasaa kan akka humna ilaanyaa isaan kaan fedhii aftokkummaa dhabuun yookiin ta'uu dadhabuun keessaa baafaman yookiin dagatamanii babal'isa (Blackledge, 2000). Akka ragaa afeewwan irraa xiinxalameen hubatametti, Oromoon Tuulamaa Finfinnee ilaanyaa caalmaa sirna bulchinsaatiin yeroodhaa yerootti wal jijjiiraa ture garagaraaf saaxilamaa turan. Kun diigamsaafi irradeebiin ijaaramaa diigamaa deemuu enyummaa gareewwan hawaasaa uumuun beekumsa garee hawaasaa dabe sirreessuuf gaaffii dhimma hawaasaa ta'aa ture; ammas ta'ee jira.

## 6.2.Tarsiimoo Waallaawaa Afeewwanii

Afeewwan galumsa addaa addaa keessatti dhihaatan tarsiimoo waallaawaa agarsiisan qabu.

### 6.2.1. Garee Filachuu

Gareen hawaasaa (folk group) dhimma isaanii tarsiimoo waallaawaa kanaan garee ofiifi garee biraa gidduu hariiroo jiru ibsatu. Kun haasaa yookiin afeewwan ogafaanii keessa warra garee sana keessa jiraniifi hinjirre adda baasuudha. Akka afeewwan ogafaan Oromoo Tuulamaa Finfinnee jiraataniitti garee eenyummaa waliin qooddataniifi eenyummaa biraa qabatee gara isaanii dhufe moggaasuun adda baasuun nimul'ata.

(32)

Inxooxxoo dhaabatanii
Caffee gallaaluun hafee
Finfinnee loon geessanii
Hora obaasuun hafee
Tulluu Daalattii irratti
Yaa'iin Gullallee hafee
Gafarsatti darbanii
Qoraan cabsuunis hafee
Hurufa Boombiirratti
Jabbilee Yaasuun hafee
Bara jarri dhufanii
Loon teenyas in dhumanii

Idda Mashashaan Dhufee

Birmadummaanis hafee (Tamene1983:318)

Afeen kun Afee ogafaan hawaasaa keessaa fudhatamuun barreeffameedha. Taammanaan afee kana maanguddoota irraa akka argate ibsee jira. Afeen afwalaloo kun caasaa walalootiin kan dhihaate weedduu hawaasaati.Qindaa'inni yaada dhihaate amala walaloo yaada bal'aa dimshaashessuun gaaleewwan gaggabaaboon dhiheessuu kan hordofeedha. Akkinni amala walaloo yaa'a yaadaa isaarraa sirriitti mul'ata. Akkasumas, dhukni (sub-stanza) dhayinoolee cimnaan ergaa isaa kan xiyyeeffateedha. Dhayina jalqabaa irratti hundaa'uun dhayinni itti aanu yaada marmaartuu (refrain) jecha "hafe" jedhuun dhiheessaa hanga dhumaatti deeme. Xiyyeeffannaa ergaa isaanii jecha marmaartuu kanaan balballoomsan. Kun wantoota jijjiirama dhufeen hafe ibsuun garee jalaa hafeefi jalaa hambise ibse.

Yoomessi afeen kun keessatti dhihaate, bara Minilik loltoota isaa waliin dhufee Finfinneerra buufate kan ibsuudha. Yemmuu Minilikiifi loltoonni isaa akka gareetti Oromoo Tuulamaa achi jiraachaa turanitti dabalaman miidhaa irraan gahan ibsachuuf kan weeddifamee maanguddoonni ibsaniidha. Kun immoo, gareen tokko garee biraa irraan dhiibbaa geessise ibsuuf ogafaan hawaasaa dhihaatedha.

Akka afee kanarraa hubachuun danda'amutti, garee lamatti gareessuun hariiroo gareewwan lamaan gidduu jiru ibsani. Gareewwan lamaan jaraafi nuyi kan jedhaniidha. Jarri garee hawaasaa tokko; nuyi immoo garee hawaasaa biraati. Afee kanaan garee ofiifi kan faallaa garee isaanii ta'e ibsanii jiru. "Bara jarri dhufan" garee tokko— Jara/isaan agarsiisa. Garee miseensa garee afee ogafaanii kana fayyadamu hintaane akka garee tokkootti agarsiisa. Isaanis, jara/ jarri jedhamuun garee looriifi eenyummaa ittiin ibsamu qabu tokkootti qoodamanii ibsamanii jiru. Gareen kun garee itti dhufan kan looriifi eenyummaa mataa isaa qaburraan dhiibbaa geessisuus ibsa. Gareen itti dhufame kun immoo, garee tokko ta'uu — teenya/keenya/ nuyi— kan jedhuun ibsame. Nuyi kan jedhu garee dubbatu agarsiisa. Gareen dubbatu kun kan ofiifi kan garee biraa ibsa. "The discursive strategies are involved in the notion of positive self-presentation and negative other-presentation based on the construction of Us and Them" (Wodak, 2005:23). Akkuma kana afee ogafaanii kana keessatti garee nuyiifi isaan jedhan lama argina.

Hariiroon gareewwan kanneen lamaan gidduu jiru gareen tokko garee isa biraarraan dhiibbaa geessisuu agarsiisa. Gareen sun nama isaan oogganuufi geggeessu akka qabu maqaa ‘Mashashaa’ jedhuun ibsamee jira. Gareen jara/ jarri jedhamuun waamaman yemmuu dhufan garee nuyi jedhee dubbaturraan miidhaa guddaa geessisan. Loon garee nuyi jedhanii nidhuman. Akkasumas, birmadummaan garee sanaa nihafe. Tarsiimoon waallaawaan ogafaan kanaa garee hawaasa Oromoo Tuulamaa Finfinnee jiraataniifi garee weerartoota bulchiinsa moototaan dhufanii kan ibsuudha. Bara warri weeraraaf dhufan giddugala Oromiyaa Finfinnee qubatan Oromoo Tuulamaa Finfinnee jiraatan jalaa loon isaanii nidhuman. Oromoon akka aadaa isaatti loon waliin hariiroo cimaa qaba. Loon eenyummaa hawaasa Oromoo ibsuu keessatti hidhata cimaa qabaachuun beekamu. Oromoon loon jaalata; baay’inaan horsiisee bobbaasa. Garaacha uffatee kila lixa. Kun Oromoo Tuulamaa Finfinnee biratti yeroo gareen jara jedhamuun ibsame dhufee kaasee nihafe. Bakki loon isaanii dheechifatan hurufniifi dirreen itti bobbaafatan waan jalaa fudhatameef akkaafi bakka itti horsiisan dhaban. Kanaaf, *“Loon teenyas nidhumani”* jechuun ibsatan.

Gareen hawaasa Oromoo Tuulamaa Finfinnee bara gareen biraa dhufee qe’ee isaanii weeraree kaasuun wantoota jalaa hafan garagaraa akka jiran afee kanaan ibsamanii jiru. Caffeen looniifi fardeen itti bobba’anii dheedan akka manaan jalaa qabamee ilaalufuu dhaban ibsa. Loon lafa bal’aatti bobba’anii dheedaa olanii akka galan caffeetti gad yaafachaa turan. Yeroon booda garuu irraa fudhatamuun ijaarsa itti geggeeffameen kun nihafe. Kana qofa osoo hintaane, taarsimoo waallaawaa afee kanaa keessaa moggaasa garee mul’atuun dhimmoonni garee tokkoo hedduun hafuu yookiin baduun ibsamee jira. Hawaasni dura Hora Finfinnee loon geessee obaafatu erga gareen hawaasaa (Folk) biraan dhufee gareen dura achi ture sun loon isaa hora geessee obaasuun nihafe. Haaluma walfakkaatuun, Caffeen bal’aan naannaa hora Finfinnee loon ilmaan Tuulamaa kallattii garagaraan hora dhuguuf dhufan dheedan arganii ijaan ilaalunuu nihafe. Kana jechuun garee biraatiin manni irratti ijaaramee tajaajilli isaa jijjjiirame jechuudha.

Gama biraatiin, afee kana bo’oo 5ffaa fi 6ffaa irratti dhimmiifi sirni hawaasaa biraan akka hafe ibsamee jira. Bakki yaa’ii Gullallee garee biraatiin qabamee ykn fudhatamee Yaa’iin Gullallee sana booda nihafe. Jireenya hawaasa loorii isaatiin buluu keessatti sirniifi dhimmi hawaasaa kamuu beekumsa hawaasichaan tumama. Isumaan qajeelfama; to’atamas. Kun

immoo, yaa'ii hawaasaatiin tumamee lallabama. Yaa'iin wiirtuu qaba. Kan Oromoo Gullallee Tulluu Daalattii ture.Tulluun kun garee biraatin erga weeraramee tajaajilliifi sirni achitti raawwatu akka hafe afeen kun ibsee jira. Akkasumas, Gafarsi bosona qaba ture. Namoonni achii qoraan cabsatanii gargaaramu turan. Erga gareen biraa kun bosonicha ciree mancaasee achii qoraan cabsachuunis ni hafe.

Gama biraatin, hurufa boombii irratti jabbilee yaasuun nihafe. Hurufni boombii bakka amma "Jan meedaa"/ ጃኖህ ሜዳ"jedhamee maqaa jijjiirameen beekamuudha. Akka ragaan afee kanaa ibsutti, bakki kun kan warri Gullallee naannaa sana jiraatan jabbilee itti bobbaafatan ture. Akka bobbaasa horii Oromootti, haala si'anaa kanaan qe'ee keessatti hidhanii kan oolchan osoo hintaane, saawwaniifi jabbilee kallattii garagaraatti bobbaasanii tiksu. Sababnisaa baay'ina waan qabaniifi lafti itti bobbaasan bal'aan waan jiruuf hidhanii oolchuun akka yeroo ammaa kun hinturre. Akka jabbileefi saawwan wal arganii jabbiin alatti hinhoone dirree garagaraatti bobbaasu. Ijoollenis akka umurii gadaa isaanitti jabbilee yookiin saawwan bobbaasanii tiksu. Dirree bal'aa sanarra tapha ijoolleefi sirba tikseetiin bohaaraa oolu. Kun jireenya hawaasichaa keessatti beekamaadha. Hurufni boonbis warra Gullalleef tajaajila kana kennaa kan tureedha. Jabbilee isaanii itti bobbaafatanii kan tikfatan yookiin dheechifatan ture. Akkasumas, hurufni boombii tajaajila dabalataa akka qabu hubatama. Hurufni lafa diriiraa bal'aa jechuudha. Lafa diriiraa bal'aa hurufa jedhamu kana immoo farda irratti leenjisu. Akkasumas, gugsii irratti taphatu. Kanaaf bakki kun dhimmoota hawaasaa kanneenif oolaa ture. Haata'u malee, erga gareen biraa dhufee naannaa kana buufatee kun hundi ni hafe.

Ka'umsi maqaa baasuu inni bu'uuraa akka dhuunfaattis ta'ee akka gareetti eenyummaa adda baasuudha (Aldrin, 2011). Maqaa baafachuun kan biraarraa adda of baasuun of ibsuudha. Akkuma afee olitti dhihaate kanarraa hubatame, Oromoon Tuulamaa Finfinnee eenyummaa garee isaaniifi garee biraa adda baasuun ibsanii jiru. Gareen nuy-isaan/keenya-kan isaanii jedhu garaagarummaa eenyummaa kan agarsiiftuuwwan enyummaa kanneen akka gosaa, aadaa, afaan… irraa mul'atuudha. "The groups form along observable preexisting differences in physical (e.g., race) or cultural (e.g., language) characteristics. However, such observable differences often emerge as a result of people living in distinct

groups" (Gray and et al., 2014:982). Garee addaddummaa keenya-kan isaanii, nuyi-isaan jechuun ibsamu eenyummaa garee agarsiisa.

Akka ragaa xiinxalame irraa hubatametti, Oromoon Tuulamaa Finfinnee garee isaafi garee hawaasaa sirna bulchiinsaan dhufee achi buufate ibsuun adda addummaa eenyummaa agarsiise. "Bara jarri dhufan loon teenyas in dhuman" jechuun garee hawaasaan eenyummaa jiru agarsiisan. "Jarri" dhufan jedhame kun garee hawaasaa tokko kan eenyu jechuun eenyummaa isaanii ibsuun danda'amuudha. Isaanis sirno bulchiinsa yeroo sanaan garee hawaasaa gara isaanii dhufeedha. Gareen dhufe kun garee waraana Minilikiin ijaaramee dhufe kan saba Amaaraa ta'ee Afaan Amaaraa dubbatu, qawwee baatu jechuun eenyummaa isaanii agrarsiiftuuwwan eenyummaa isaan qabaniin ibsuun danda'amuudha. "Loon teenya" keenya – nuyi immoo garee biraati. Gareen kun loon teenyas in dhuman jechuun garee isaafi qabeenyaa garee isaa, hojii isaa waan garee dhufe sanaan adda isa taasisu ibse. Garee loon isaa horsiifatu, qe'ee isaa jiraatu, kan qe'ee namaa hindhaqne qe'ee isaatti itti dhufan ta'uu ibsate. Eenyummaa garee agarsiiftuwwan eenyummaan akka hubatamu ibsanii jiru."Identity is an individual's sense of who they are in relation to others around them" (Howarth, 2011:2).

Nuyi–jara/ keenya– kan isaanii kan jedhu kana gara agarsiifuu eenyummaa maqaatti fiduun "Idda Mashashaan dhufee, Birmadummaanis hafee" jechuun ibsan. Mashashaa – maqaa agarsiiftuu eenyummaati. Mashashaan nama waraana dhufe sana dursaa ture, kan garee hawaasa achi turetti dhufee birmadummaa isaanii sarbeedha. Kana immoo qofaa isaa osoo hintaane garee isaa waliin waan raawwateef garee dhufe sana bakka bu'ee maqaadhaan ibsame. Akkatti garee adda baasuun waan qabaniifi waan dhaban, akkaataa itti dhaban, waan jalaa hafe tarreessuun jecha "hafe" jechuun ibsatan. Dalagaa hawaasaa kanneen akka: hora obaasuu, Yaa'ii Gullallee bahuu, loon horsiisuu, Jabbilee yaasuu, birmadummaan jirachuun sarbamuun jalaa hafuu ibsan. Kun agarsiiftuu eenyummaa isaanii yeroo wayii keessa sarbamee deebisanii ijaaruuf carraaqan agarsiisa. "The concept of folklore has been used to frame lore as identity markers of certain groups, and to draw boundaries separating *us* from *them"*Zhang (2020:126). Gareen kun dalagaa hawaasaa waliin qooddatan (loorii) kanneen qabaachuun daangaa garee isaaniifi garee itti dhufee addaan baasun ibsanii jiru.Sababnisaa

eenyummaan garee tokko garee biraaf kan ibsu yookiin gareenis ta'ee qaamni tokko kan ittiin ibsamuudha (Burke,2005).

Sirni eenyummaa hawaasaa bakkeewwan afee kanaan ibsamaniin walqabatan marti yeroo sana akka hafan waallee afee kanaan ibsame. Walumaagalatti, afeen kun Oromoon Tuulamaa eenyummaa ofiifi eenyummaa garee isaan mormuu adda baasee ibsuun eenyummaa isa kan ofii dhaloonni akka beekuufi itti jiraatu beekumsa ijaaraa ture.

Haaluma walfakkaatun, afeen ogafaanii eenyummaa garee hawaasaa ibsuuf Oromoon daangaa qorannoo kanaa dhimma itti bahuun garee moggaasu akka itti aanu kana jedha.

(33)

Xaaliyaaniin nu hinfurre
Nuti bowwaadha turre
Raas Hayiluu gonfite
Xaaliyaaniin sokkite
Jarri gaaraa gad yaa'ee
Dhufee nurra qubatee
Xaaliyaanota sana buuphaa dhumaan gabbarree
Nafxanyootuma kana tumaalessaan gabbarree
Yaa Oromoo bakkuma keenya barree (Afgaaffii H-019 waliin taasifame irraa)

Hawaasni ogafaan kanaan akkaataa itti eenyummaan isaa jijjiiramee dhimmoota isaa gareewwan moggaase kanneenin dhabe ibsatee jira. Waan dhabeefi akkaataa itti dhabe ibsuun dhaloonni enyuummaa isaa akkaataa itti hubatuufi ijaarutti waldammaqsa. Dhimmoonni gareewwan hawaasaa kunneen irratti waljijjiiraniifi kan ofiitti jijjiiruf yaalan kan isaa akka ta'e ibsate. Innis qe'ee garee tokkootti gareewwan biroo olaantummaa qabaachuun waan gareen sun dhabe ergaa ogafaan keessa ibsame irraa hubatama. Akka ragaa afee ogafaan kanaatti, hawaasni dhimma itti bahe garee hawaasaa kanneen gartuu sadiitti qoodee moggaasee jira. Isaanis, Xaaliyaanii, Nafxanyaafi Oromoo kan jedhan afee kana keessatti moggaafamanii jiru.

Bo'oo 1[ffaa] afee kanaa irratti "Xaaliyaanin nu hinfurre" jedha. Kana jechuun bara 1928-1933A.L.I yookiin 1936-1941 A.L.Atti Xaaliyaanin biyya kana qabattee bulchuu yaalaa turte. Yeroo sanaan booda hawaasni ogafaan kanatti dhimma bahe ― Oromoon rakkoo akka furamuuf barbaadu qabaachuu agarsiisa. Dhimmoota isaa dhabe deebifachuu barbaada. Dhufaatii Xaaliyaanitiin dura gareen Nafxanyaa jedhamee ogafaan kana keessatti ibsame dhufuun Oromoo jalaa qe'ee, qabeenyaa, seenaa, aadaa, afaan, sirna, … waan eenyummaa Oromoo ibsan sarbee ture.Yeroo Xaaliyaaniin dhuftetti rakkoo kanarraa akka isa furtu yaadee turulleen akka isheen furuu hindandeenye ogafaan isaa kana keessa ibsatee jira.

Gama biraatiin,gareewwan bulchiinsaan giddugala kana dhufuun eenyummaa isaanii irraan dhiibbaa geessisan ibsachuuf afee armaan gadii weedduu isaanii keessaa akka qaban ibsanii jiru.

(34)

Yaa haddaattuu shaashirra gaabii wayya
Yaa hammaattuu Xaaliyaanii wayya.
(Afgaaffii H-018 waliin taasifame irraa)

Afeen kun afwalaloo weedduuti. Walaloo weedduu keessaa hawaasni qabu kan gareewwan ibsa eenyummaa isaanii irraan dhiibbaa gahuu ibsaniidha.Qindaa'inni yaadaa wantoota lama waliin morkisiisuufi dorgomsiisuun kan dhihaatedha. Shaashiirra gaabii wayya. Shaashiin gaabii caala haddaatti garuu isuma hinaddaanne gaabii wayya. Hamtuu taatulleen qaama ishee dura bulchaa turerra bulchiinsa Xaaliyaanii wayya. Fagoo irraa biyya hambaatii dhuftulleen, bulchiinsa warra dura turanirra ishuma wayya jechuudha. Waldorgomsiisuufi morkisiisuu kanaan haa dhiyaatuyyuu malee, ergaan afee kanaa eenyummaa Oromoo Tuulamaa ijaaruufi ibsuu keessatti, akkasumas, dhiibbaa irraan gahaniin qaamota turan gareessuuf bo'oo lammaaffaa irratti kan xiyyeeffatee ibsameedha.

Akka ibsa afee kanarraa hubatamuutti, gareewwan sadiitu jira. Isaanis, Oromoon Tuulamaa Finfinnee eenyummaa isaa ijaarrachuufi ibsachuu keessatti dhiibban irra gahuu afee kanaan ibsate garee tokkoodha. Gareen biraa sirna bulchiinsaa naannaa sanaa yeroo Xaaliyaaniin dhufuun dura turan bulchiinsa Minilikifi Hayilasillaaseeti. Inni sadaffaan turtii bara Xaaliyaaniin Finfinnee keessa turteeti. Gareen afee kanatti dhimma bahe Oromoon

Tuulamaa Finfinnee Gareewwan bulchiinsaa sirna gita bittaafi weerara Xaaliyaanii kana walmorkisiisuufi dorgomsiisuun ibse. Akka bo'oo seensa ergaa afee afwalaloo kanaatti Shaashiin gaabii caala addaatti. Haata'u malee addeenya ishee kanaan gaabii caala wayyiti jedhamtee hinfudhatamne. Akkuma kana bulchiinsi gita bittootaa turan weerara geggeessaniin Xaaliyaaniirra kan wayyan miti. Eenyummaa garee hawaasaa gara kan ofiitti jijjiiruun eenyummaa waan balleessaniif Xaaliyaanin hamtuu taatulleen gama kanaan isaan caaltee argamti. Kanaaf, hawaasni "Xaaliyaanii wayya" jedhe.

Akka afee kanarraa hubatamutti, eenyummaa Oromoo Tuulamaa ijaaruufi diiguu, ibsuufi dhoksuu keessatti gareewwan turan addaaddummaa qabu. Addaddummaa isaanii kanaan kanarra kana wayya jechuun afee dhihaatedha. Bulchiinsi sirnoota darbanii giddugala kanatti wal jijjiiraa turan agarsiiftuuwwan eenyummaa Oromoo Tuulamaa Finfinnee mancaasaa waan turaniif Xaaliyaaniin yemmuu dhuftetti yoo xiqqaate agarsiiftuuwwan eenyummaa keessaa Afaan if bakka laachuun Finfinnee keessatti akka xiyyeeffatamu goote. "In Addis Ababa schools, Afaan Oromoo and Amharic were used"( Mekuria, 1994:98). Xaaliyaanin biyya kana yemmuu turtetti Finfinnee keessaa eenyummaa garee hawaasaa diigame hawaasni deebisee akka ijaarratu taasifte. Manneen barnootaa Finfinnee keessa turan keessatti Afaan Oromootti akka dhimma bahamuta'e. Sana dura garuu bulchiinsi Minilik himaamata afaanii qabaachuu baatulleen manni amantaa bulchiinsa isaa keessaatti iddoo olaanaa qabu 'Coptic church' bara sana ture amantii geggeessu keessa amaaressuu waan hojjetuuf Afaan Oromoo nibalaaleffata. Finfinnee taa'anii kan Hiikaa Awwaajii ( Onesmos Nasib) Najjootti Afaan Oromoo barsiisu mormuun hadheessu (Mekuria, 1994). Amantiifi Amaaressuu babal'isuuf Afaan Oromootti akka dhimma hinbahamne gad xiqqeessu. Amantii isaan fidan keessatti qooda akka hinqabneetti tuffatanii akka tuffatamu godhanii godaansisaa turan. Gareen kun eenyummaa isaanii ijaarrachuufi ibsachuu waan isaan dhorkeef Xaaliyaanii wayya jedhanii afee kanaan ibsatan.

Kun Oromoon Tuulamaa Finfinnee eenyummaa isaa ijaarrachuufi ibsachuuf carraaqqii godhu garagaraa qabaatulleen sirnoonni bulchiinsaa dhiibbaa akka irratti qaban agarsiisa. Eenyummaan garee kanaa garee biraatiin mormammuufi ijaarrachuufi ibsachuu keessatti rakkoo caalmaa cimaa jalatti kufuu hubachiisa.

## 6.2.2. Qe'ee irraa buqqa'uu ibsuu

Gama biraatiin gareen hawaasaa kun yeroo qe'ee isaanii irraa dhiibbaan buqqa'an ogafaan ittii dhiibbaa eenyummaa isaaniirra gahe ibsatan qabu. Qe'een irra jiraatan agarsiiftuu eenyummaa warra abbaa qe'ee sanaati. Hariiroo lafaafi garee hawaasa irra jiraatuu agarsiisa.

(35)

Asumaa gasaggasee
Baaleefi Arsii buusa ya karaa
Sabbataan si dadhabee sansalatan siif bita yaa garaa.
(Afgaaffii H-020 waliin taasifame irraa)

Kun weedduu ogafaan hawaasaa keessaa fudhachuun weeddifameedha. Afwalaloon dhayinoolee/bo'oowwan sadiin dhihaate kun ergaa gaaleewwan walaloo dabarsuu danda'an dimshashessee qabatee argama. Ergaan dhihaate eessaa ka'amee eessa akka gahame ibse. Tarsimoo waallaawaa kanaan waan ta'aniifi ofii waan godhan bo'oowwan walaloo muraasa kanneenin ibsatanii jiru.

Akka afee kana irraa hubatamutti, "Asumaa gasaggasee" jechuun iddoo ka'umsa isaanii ibsu. Qe'ee isaanii Finfinneedhaa ka'anii deemuu agarsiisa. Finfinnee irraa yemmuu buqqa'anii gara Arsiifi Baaleetti godaanan ka'umsa isaanii asuma jedhanii ibsan. Kun Finfinneedhaa kaasee hanga Arsiifi Baaleetti godaananii qubachuu isaanii agarsiisa. Oromoon Tuulamaa Finfinneedhaa sababa eenyummaa isaanii buqqa'anii godaanan obboloota isaanii Oromoo Arsiifi Baalee bira qubatan. " During the foundation of Addis Ababa Menilek expelled hundreds of Gullallee from the Finfinnee villages. Thus some of them were forced to go to Arsii and settled around Asalla" (Tamene, 1983:318). Yeroo Magaalaan Finfinnee hundeeffamtu hawaasni Oromoo Tuulamaa achi jiraachaa ture keessaayyuu warri Gullallee qe'ee isaanii irraa buqqa'uuf dirqaman. Yemmuu sana afee ogafaanii olitti dhihaate kanaan miira isaanii ibsatan. Isaan keessaa ammi tokko gara Arsiifi Baaleetti godaanuu agarsiisa. Kun eenyummaa Oromoo Gullallee yoomessa sana keessatti dhiibbaa garee biraan ta'ee ibsa. Waalleen afee kana garee dhiibbaa geessiseen Oromoon Tuulamaa Finfinnee eenyummaa isaaniif yeroo sana maal akka ta'an dhiheesse.

(36)

Bishaan Addis Ababaa saayinaa uree lafa seenuufii
Nagaatti yaa hiriyyaa dirqamni dhufee an adeemuufii.
(Afgaaffii H-018 waliin taasifame irraa)

Afeen afwalaloo kun weedduu hirmaattonni qorannoo kanaa Oromoon Tuulamaa rakkoo, roorroofi dhiibbaa alagaan irra gahaa ture ittiin ibsataa ture jechuun dhiheessaniidha. Afwalaloo bo'oo lamaan dhihaatee dhiibbaan ture dirqama ta'uu ittiin ibsataniidha. Bo'oon jalqabaa seensaaf dhimma kan itti bahame yemmuu ta'u jechoota nuuressoof oolan irraa qindaa'e.

Afeen kun dhiibbaa Minilikiin Oromoo Tuulamaarra gahe agarsiisa. Humna fayyadamuun dirqamaan qe'ee isaanii irraa waan buqqifamaniif "dirqamni dhufee an adeemufii" jedhanii ogafaaniin miira isaanii ibsatan. "During the foundation of Addis Ababa Menilek expelled hundreds of Gullallee from the Finfinnee village" (Tamene 1983:318). Yemmuu dirqamni dhufee wal biraa adeeman gareen hawaasaa ijaaramee jiru nidiigama. Akka fooklooriitti garee hawaasaa jechuun namootasababoota gara garaatiin walitti dhufuun wanta wal isaanfakkeessu tokkoofi isaa ol waliin qabaataniifi qooddatan jechuudha.Wantoota gareen kun waliin qooddachuu danda'ankeessaa: sanyii, gosa, gahee hojii, ogummaa, amantii, Koorniya, umrii, falaasama, ilaalcha, aadaa, Afaan … ta'uu danda'a. Yemmuu gareen sun diigamu wanti waliin qooddatan (looriin) isaanii kunneen hawaasummaa diigamu keessa hafu. Kanarraa kan ka'e, diigumsa kana hubatanii "Nagaatti yaa hiriyyaa …" jechuun nagaa waliif dhaamu. Eenyummaan akkaataa itti namni tokko gareetti of dabalu, akkaataa itti gareen tokko waliin hariiroo uuman waan ta'eef kun garee sana jalaa diigamuun eenyummaan isaanii jijjiiramuudha.

Oromoon Tuulamaa Finfinnee, ogafaan kana fayyadamuun ergaa bo'oo walaloo lammaffaa keessa jiru kanaan dhimma eenyummaa isaaniin ibsatan. Dirqamaan eenyummaan garee isaanii diigamuu kan agarsiisedha.

(37)

Qonneet lafa bahe Yaa Tasammaa Maasaanii
Garaat nama hinsarmu waan darbe yoo kaasani.

(Afgaaffii H-016 waliin taasifame irraa)

Kunis afee ogafaan hawaasaa keessaa dhihaatudha. Afwalaloo amala walaloon bo’oowwan lamaan dhihaatedha. Bo’oowwan lachuu ergaa bal’aa yoomessa sana keessatti miira isaanii ittiin ibsatan kan haammataniidha. Yoomessi keessatti weeddifame, erga Oromoo qe’ee isaanii irraa buqqisnaan Arsiifi Baalee hawaasa isaanii bira qubatanii nama hojjechiifatan barbaacha Tasammaan[12] deemee koottaa deebi’aa isiniin jedhe Nugusti yeroo jedhuun kan weeddifame akka ta’e hirmaattonni qorannoo ibsanii jiru. Weedduu sirba aadaa waan ta’eef namoonni yoomessa garagaraa keessatti jechoota qabiyyee isaa keessa jijjiiruun yemmuu dhimma itti bahanis nidhaga’ama. Fakkeenyaaf, Weellisaa Taaddalaa Gammachuu, “Qonneet lafa bahe yaa damma too maasanii …” jechuun yoomessa sirba jaalalaa keessatti dhimma itti bahee jira. Akka fayyadama isaatti yoomessa miira jaalalaa ibsaachuu keessatti dhihaata. Haata’u malee, akka hirmaattonni qorannoo kanaa ibsanitti “yaa damma too” osoo hintaane “yaa Tasammaa” jechuun kan dhihaatuufi yoomessa seenaa darbe yaadachuu keessatti kan dhihaatudha jedhu.

Akka afee kanarraa hubatamutti, gareen hawaasaa ogafaan kanaan yaada isaa ibsate rakkoo yeroo wayii keessa isa mudate ittiin agarsiise. “Qonneet lafa bahe” jechuun miidhaa isaanirra gahe ibsatan. Oromoon lafa isaa mijataa kana qotee midhaan garagaraa oomisha. Lafa qonnaafi dheedichaa adda baasee dhimma itti baha. Loon isaa lafa dheedichaa irratti horsiisaa lafa qonnaaf filate immoo midhaan irra qotee gumbii dhaabee dilbii kuusa. Hammaaree walii laata; waliinnyaata. Kun eenyummaa hawaasichaati. Jiruu jireenya – aadaadha. Bara weeraraman keessa garuu kun Oromoo Tuulamaa Finfinnee biratti rakkoo godhate. Lafa qotaniin osoo sanyii hinbaasiin- midhaan hinfacaasin irraa ariyyataman. Akkuma qotanitti osoo hinfacaafatin irraa buqqa’an. Nuti qotannee facaafachuu hindandeenye eenyummaa keenyaaf qe’ee keenya irratti sarbamne jedhan.

Akka ragaa afee xiinxalameetti Oromoon Tuulamaa Finfinnee sababa dhiibbaa garagaraa irra gahaa tureen agarsiiftuuwwan eenyummaa isaa sarbamee bakka garagaraatti godaanaa

[12] Tasammaa = Tasammaa Naadoo, abbaa waraanaa loltoota nafxanyaa kan Oromoo Gumaa, Iluu, Leeqaafi naannaa Gudar lolaa tureedh. “The position of Tasamma, who had remained at the Gudar to prevent an [Oromo] invasion of Shoa was precarious. He took refuge on the Amba Gudar, near the river. ( Cerulli 1922:170)

turee jira. Yemmuu dararaan itti cimu maal jechaa maal akka gochaa ture afeewwan dhihaatan irraa hubatamee jira. “Sii bahe biyyaa sii bahe …” jedhee qe’ee isaa dhiisee bakka biraatti godaanaa ture.

Lafa isaa erga sarbamee gibira humnaan olii itti ramaduun akka inni dadhabee godaanu taasisan. “The peasants had to surrender a portion of the produce of the land to the landlords andto the government as 'gibr' (tribute), as 'asrat' (a tenth) and as land taxes, which amountedto 70 % of the produce” (Tamene, 1983:322).

### 6.2.3. Dhiibbaa Mormachuufi Qolachuu

Hawaasni dhiibba gama garagaraatiin irra gahe qolachuun eenyummaa jijjiirame deebisanii ijaaruuf afeewwan ogafaanitiin yaada isaanii ibsataa turanii jira.

(38)

Hinteenyu maalumatti teenya
Alam Mangistaatii bira deemna
Waan gubaa’een jedhu dhageenya
(Afgaaffii H-005 waliin taasifame irraa)

Hirmaattonni qorannoo kanaa afee kun walaloo weedduu akka ta’e ibsanii jiru. Afee kanaan miirri hawaasaa ibsame.Afwalaloon kun qindaa’ina yaadaa jechoota afaanota lamaa walitti makuun dhiheesse. Kun yoomessa eenyummaan afaanotaa walkeessa deeme yookiin walmake agarsiisa. Yeroo afeen kun itti dhihaatetti fayyadamni jechoota siyaasaa Afaan Amaaraatiin kan akka jechoota kanneenii ta’uu mul’isa. “Alam mangistaatii, gubaa’ee” kan jedhan jechoota Afaan Amaaraa keessaa fudhataman. Ergaan ijoon afee kanaa bo’oo jalqabaa keessatti xiyyeeffatame.

Bo’oon jalqabaa afee kanaa “Hinteenyu maalumatti teenya” jedha. Hawaasni afee kanatti dhimma bahe miidhaa eenyummaa isaarra gaherraa kan ka’e yoomessa fala barbaaduuf murteeffachuu keessatti ta’a. Eenyummaafi dhimmoonni garee hawaasaa kanaa baay’ee waan miidhameef qaama biraa bira deemuun waa’ee isaa murteen maalii akka kennamu dhaga’uu barbaadu. Kanaaf, “Alam Mangistaatii bira deemna” jedhu. Mootummoota gamtooman, kan addunyaarraa walitti dhufanii waa’ee biyyaa mariyyatan bira dhimma

isaanii geeffachuudha.Kun immoo, mootummaan biyya bulchu furmaata isaaniif kennuu diduu agarsiisa.

(39)

Ajjeeruudha ykn ajjeersisuudha malee
Akka citaan manatti hin haphanne
Ajjeesuudha ykn ajjeesisuudha malee
Akka gadheen namatti hin taphanne
Akka gadheen biyyatti hin taphanne.
(Afgaaffii H-007, waliin taasifame irraa)

Afwalaloon kun weedduu ogafaan hawaasaati. Amala yeedaloo weedduun akka dhihaatu hirmaattonni qorannoo ragaa kana himan sagaleessanii jiru. Qindaa'inni yaadaa isaa ergaa iddoo lamatti qoodaman haammata. Bo'oowwan jalqabaa lamaan akka seensa ergaa afee ogafaan kanaatti kan dhihaatedha. "Ajjeeruu yookiin ajjeersisuu, akka citaan manatti hinhaphanne" jechuun seensa xiyyeeffannaa ergaa ofii taasifatan. Citaan manatti haphannaan manni ni dhimmisa. Mana dhimmisukeessa jiraachuun nicima. Hinmijatu waan ta'eef hawaasni citaan akka manatti haphatu hinbarbaadu jechuudha. Citaan haphannaan waan dhimmisuuf ni-ajjeeru yookiin namaan ajjeesisu. Kun jireenya hawaasaa keessatti waan beekamuuf, bo'oon lamaan ofwalaloo kanaa akka qaama seensaatti beekumsa hawaasaa keessaa fudhatamuun dhihaatan.

Itti aansuun, bo'oowwan walaloo dhihaatan sadanyoomessa keessatti dhihaatuniin ergaa afee kana keessatti xiyyeeffatamuun barbaadameedha. Yoomessi keessatti afee kana kalaqan citaan manatti haphatee manni dhimmisuun rakkoo qabu ibsachuu barbaaduun miti. Yeroo weeraramanii qe'een irraa fudhatamuun namoonni dararaman keessa roorroo qolachuuf "Ajjeesuudha ykn ajjeesisuudha akka gadheen namatti hintaphanne biyyatti hintaphanne" jedhan. Akka afee kanarraa hubatamutti, Oromoon Tuulamaa dhiibbaan alagaa eenyummaa isaarra yemmuu gahu miira roorroo diduu ibsachuuf kan dhimma itti baheedha. Yeroo qe'ee isaa irratti roorriffame xiiqii keessa galuun "ajjeesuu yookiin ajjeessisuu" jechuun tarkaanfii eenyummaa qe'ee isaaf jecha fudhatamuu qabu ibse. Akka hirmaattonni qorannoo kanaa ragaa kennan ibsanitti yeroo ogafaan kanatti dhimma bahanitti dhiibbaan

inni dhumaa itti dhufuun gara Mogoriifi gara Hawaas deemuuf yemmuu ka'an miiraafi yaada isaanii ittiin ibsatan.

Gama biraatin eenyummaan maqaa bakkeewwan Finfinneefi Oromoo Tuulama Finfinnee jiraatanii yeroodhaa yerootti dhiibbaa garagaraaf saaxilamaa ture. Yemmuu kana Oromoon Tuulamaa eenyummaa jalaa diigamu, agarsiiftuuwwan eenyummaa jalaa manca'an, seenaa jalaa dhokatu, aadaa jalaa jijjiiramu callisanii kan itti waliigalan osoo hintaane gama garagaraatin kan ofii isaanii ibsatu. Dhiibbaa eenyummaa jiru qolachuun eenyummaa isaaniifi dhalootatti dabarsu. Gama garagaraatiin eenyummaa hawaasaa agarsiisuuf weellistoonni Finfinnee xiyyeeffatanii bakka bu'ummaa Oromoof qabu ibsu. "A recurrent sense of loss in Oromo folksongs shows that the songs lead back into one another, creating a never-ending chain representing historical grief dueto dislocation, a chronic situation of loss that colors almost all Oromo songs to date" (Asafa 2021:229). Akka ibsa kanaatti, weellistoonni dhimma hawaasaa weellisan yeroo adda addaatti Finfinneefi hidhata hawaasni Oromoo Finfinnee waliin qabu ibsanii jiru. Akka dirree qorannoo 'muuziqaa' sanyaabsaatti (Ethenomusicology) weedduun (muuziqaan) agarsiiftuu eenyummaati. "Music can function as an identity marker. Music can be a sign of specific identities. In particular, this holds for collective group identities"(Volgsten, 2014:117).Weedduun dhimmoota hawaasaa giddugaleessa godhachuun weeddifaman garagaraa agarsiiftuu eenyummaa hawaasa sanaati.

( 40)

Wal ga'a Oromootaa wiirtuu Maccaafi Tuulamaa
Finfinneen biyyi Tufaa akkamiin gurgurama
Didi maaliif godaantaa Godaanis yoo jedhanii
Ajjeesii irratti du'i lafa kee hinlakkisinii
Finfinnee haadha seenaa ati nuuf qaroo keenyaa
Lafa aadaafi seenaa Galma keenya ganamaa
Gaaddisa tumaa seeraafi heera caffee Tuulamaa
Dhiigumaan si tiksinaa nutis kaanee Tokkummaan (Caalaa Bultumee, 2015G C)

Afeen kun weedduu dhimmaa garee hawaasaa ibsu (Folksong) ta'ee dhimma itti bahameedha. Yoomessi keessatti dhihaate, yemmuu lafa magaalaa Finfinneefi naannaa ishee kallattii hundaan gara magaalaatti jijjiiruuf wixineen karooraa qophaa'e ture. Karoorri qindaa'aan magaalaa Finfinnee bara 2017-2027tti hojiirra oolu yaadamuun yemmuu dhihaate dhiibbaa eenyummaa geessisu mormuuf kan dhihaatedha. Karoorri qindaa'aan kun magaalaa Finfinneefi naannawa ishee bal'inaan kan haammatuudha. "Integrated Master plan (land use, transport, housing, social service, economic, political strategy, urban governance and finance" (Esayas 2022:4). Akka ibsa kanaatti, karoorri qindaa'aan kun dhimmoota akka fayyadama lafaa, geejiba, ijaarsa manneenii, tajaajila hawaasaa, diinagdee, tarsiimoo siyaasaa, ogganso magaalaafi maallaqaa kan haammatudha. Kun karoora misoomaa ta'ulleen, gama biraatiin dhiibbaa garee hawaasa Oromoo irratti fiduun aadaafi eenyummaa godaansisu, akkasumas, weeraraafi saamicha lafaa uumun miidhaa qabaachuu mormuuf weedduu weeddifameedha.

Akka Aberra (2019:36) karoora qindaa'aa kana ibsetti, "The 'Addis Ababa Integrated Master Plan' aims at integrating the city with the surrounding Oroma towns such as Burayu, Bishoftu, Galan, Sabbata, Sandaafa, Sululta, Laga-Xaafo, Laga-Dhadhi and other semi-urban areas and farmlands" jedhe. Kun immoo, lafa baadiyyaa bal'aa gara magaalaatti jijjiiruun eenyummaa naannichaa, eenyummaa bakkeewwaniifi eenyummaa hawaasa qe'ee isaarra jiraatuu jijjiira. Kanarraa kan ka'e, weedduu miira dhimma kana mormuu ibsuuf dhihaatedha. Abarraan dhiibbaa inni qabu warrumti kooricha qopheessanuu akka hubatan yemmuu ibse "The designers of the Master Plan are aware of the possible negative consequences for the Oromo living in these areas if the Plan is implemented" (Aberra, 2019:36). Afeen weedduu kun yoomessa akkanaa keessatti kan dhihaate yemmuu ta'u, ergaa bal'aa bo'oowwan walaloo keessaa qindaa'e qaba. Eenyummaa bakkichaafi hawaasaa walitti hidhuun ibse.

Akka afee kanarraa hubatamutti, bo'oon walaloo jalqabaa, "Wal ga'a Oromootaa wiirtuu Maccaafi Tuulamaa" jedhu eenyummaa Finfinnee yaadrimee bal'aan kan ibseedha. Finfinneen walga'a Oromootaati. Giddugala Oromiyaa, bakka Oromoon kallattii garagaraan jiru itti wal ga'u ta'uu ibse. Finfinneen eenyumma Oromoo hunda bakka bu'uu qabaachuu agarsiise. Sababnisaa Finfinneen giddugala Oromootaa ta'uun seenaa Oromoo keessatti

iddoo guddaa qabdi. “Walga’a Oromootaa” bakka itti Oromoon walgahan, lafa eenyummaa hawaasichaan hidhata qabuudha. Gama biraatiin, Maccaafi Tuulamni giddu gala kanaa wiirtuu taasifachuun bakka dhimma obbolummaa itti oolan ta’uu ibse. Bo’oo lammaffaan lafti seena qabeessiifi eenyummaa Oromoon walqabatuun kun maaliif akka gurguramu komate. Akkamiin gurgurama jechuun qaama karoora qindaa’aa kanatti waliigalutti komiifi qeeqa dhiheesse. Akkamiin gurgurama jechuun gurguramuu hinqabu jechuudha. Sababnisaa wanti gurgurame abbaa bitate malee abbaa gurgurate harkaa baheera waan ta’eef sana booda isa gurgurate osoo hintaane isa bitate tajaajila. Isa bitatetu akka barbaadetti, waan barbaadef dhimma itti baha; mirgas irratti qabaata. Ogafaan kunis kana ibsuuf, “Finfinneen biyyi Tufaa akkamiin gurgurama” jedhe. Finfinneen qe’ee Oromootaa, geggeessitoota isaanii akka Tufaa Munaatin beekamu, kan eenyummaan Oromoon walqabatu gurguramuu hinqabu jechuun jijjiirama eenyummaa hambisuuf dhihaate.

Bo’oo sadaffaan “Didi maaliif godaantaa Godaanis yoo jedhani” jedha. Lafti qonnaa gara magaalaatti yemmuu jijjiiramu namni irra qotee jiraatu sun laficha nigadhiisa. Isa itti ijaarratuuf qoodama. Jireenyi nama lafti qonnaa irraa fudhatamee akka biyya kanaatti beenyaan gahaan waan hinkaffalamneef iddoo biraatti godaanuun jiraachuu yaaluu ta’a. Akka hirmaataan Qorannoo kanaa obbo Zawuduu Maammoo Abeebee Tufaa ragaa afgaaffiin kennaniin ibsanitti maatiin isaanii bakka amma CCD itti ijaarame kanarraa yemmuu buqqa’an beenyaan karee meetira tokkotti kaffalameef saantima afurtamaadha. Namoonni beenyaa xiqqaa kanaan lafa isaanii dhaban yeroo ammaa kana gara biraatti godaananii yookiin hojii guyyaa barbaaddachaa baareellaa baatu jedhu. Kun rakkoo lafa ofii gadhiisuun isaan mudate akka ta’es ibse. Afeen weedduu kanaa bo’oon sadaffaan godaani yoo jedhan didi malee godaantee rakkoo kanaaf hinsaaxilamin jedha. Sababnisaa godaansi sirna bulchiinsota kanaan duraa turaniin Oromoo Finfinneerra gahaa ture mudannoo yaadatamuudha (Makuria, 1996; Tamene, 1983; Phillips, 1974). Kanaaf, bo’oo kanaan ergaan xiyyeeffatame ammas maqaa karoora qindaa’aan lafa keerraa akka si hingodaansifne didi kan jedhu yemmuu ta’u jijjiirraa eenyummaa godaansi kun qabu mormachuuf ture.

Kanarraa kan ka’e, dalagaan hawaasaa fincila mormii karoora kanaa agarsiisu Oromiyaa guutuu keessatti ta’aa ture. Hawaasni dhiibbaa eenyummaa jiru kana hubachuun lafa isaarraa godaanuu diduun qolate. “The Master Plan was designed to move arable Oromo

farm land from the jurisdiction of the National Regional State of Oromia to the control of the federal government" ( Holcomb and Klemm, 2018:64). Lafa oomisha midhaanii gara bulchiinsa magaalaatti jijjiiruun eenyummaa hawaasaafi bakkaa dhabamsiisuun nimormame. Mormiin kun iddoo garagaraatti babal'achuun dhageettii argate. Bo'oon arfaffaan "Ajjeesii irratti du'i lafa kee hinlakkisinii" jechuun dalagaa hawaasaa sana booda raawwateef kaka'umsa uume. Walaloo kana keessa ergaan jiru dalaga waallaawaa jijjiiramaafi diigumsa eenyummaa isaanii mormuun akka qolatamu taasise.

Bo'oowwanwalaloo shanaffaan,jahaffaafi torbaffaan"Finfinnee haadha seenaa ati nuuf qaroo keenyaa", "Lafa aadaafi seenaa Galma keenya ganamaa","Gaaddisa tumaa seeraafi heera caffee Tuulamaa" kan jedhan hariiroo Oromoon Finfinnee waliin qabu agarsiisu. Afeen kun hidhata eenyummaa hawaasaafi bakkaa ibse.

Walumaagalatti, akka namoonni ragaa qorannoo kanaa kennan ibsanitti, hawaasni Oromoo Finfinnee ture yemmuu Minilikiifi loltoonni isaa dhufanii naannaa kana buufatanii kaasee hanga har'aatti dhimmoota eenyummaa isaa tikfachuu dhiisee hinbeeku. Yeroon irra dheerachuufi qaamni eenyummaa isaa jijjiiruu barbaadu tumsa gama garagaraan argatuun caalmaa qabaatulleen Oromoon Tuulamaa yeroo yerootti enyuummaa isaa deebisee ijaaruuf dhiibbaa jiru irraa damdamachuuf yaalii guddaa godhaa ture; ammas gochaa jira. Akka ibsa namoota kanaatti, wantonni humna hawaasa kanaatin olta'an isa mudatanilleen dafeetuma qe'eefi dhimmoota isaa kan gadhiise hinturre.

Akka waliigalaatti, xiinxala ragaalee kanneenii irraa Oromoon Tuulamaa Finfinnee ibsaafi ijaarsa eenyummaa agarsiisuuf afeewwan ogafaanii garagaraatti dhimma bahanii jiru. Xiinxala Afeewwan kanneenii keessa eenyummaa isaaniifi dhiibbaa eenyummaa isaaniirra gahaa ture hubatamee jira. Akka ragaalee xiinxalaman kanneenitti, maqaaleen Finfinnee keessaa Afaan Oromoon baasaman agarsiiftuu eenyummaa Oromoo Tuulamaa Finfinnee maqicha baaseefi eenyummaa bakkichaa agarsiisu. Maqaaleen isaan jalqabarra Afaan in baasan maqaalee bakkeewwaniifi (Toponyms) maqaaleegosaa( Ethnonyms) bakka bu'u. Maqaalee bakkeewwanii Oromoon Tuulamaa Finfinnee baasan gama lamaan ilaalamu. Isaanis, maqaalee araddaaleefi bakkeewwan sirnaa/ ulfooti. Maqaaleen araddaalee baasaman araddaa yeroo sanatti tajaajila kennaniin beekaman, mukkeen naannaa sanatti

argaman, daggala naannaa sanatti biqiluun mul’atu… irratti hundaa’un galumsa yeroo sanaa keessatti kan baasaniidha. Jechoonni dhimma itti bahaman afaan isaanitiin akka aadaa isaanitti hiika ijaaramu qabaachun hawaasicha eenyummaa hawaasa baasee agarsiisu.Gama biraatin, maqaaleen biroon magaalaa Finfinnee keessaa bakkeewwan ittiin waamaman maqaa gosa Oromoo Tuulamaa bakkicha jiraatuti.

Maqaaleen bakkeewwanii magaalaa Finfinnee keessaa eenyummaa bakkichaafi Oromoo Tuulamaa Finfinnee maqicha baasee ibsu. Kanaaf, Oromoon enyummaa maqaalee kanneen keessa akka hambaa duudhaa isaatti ture waan qabuuf maqaaleen kanneenin eenyummaa ture deebbisee ijaaruuf maqaalee bakkeewwanii maqaa ganamaatti deebisuu yaala. Maqaan qaama ykn yaada baasameef sana bakka bu’uu bira darbee, aadaa, afaan, seenaa, hawwii, miira hawaasa baase ibsa. Maqaan bakkaa moggaasa iddoo sanaa bakka bu’u qofa osoo hintaane eenyummaafi ilaalcha hawaasaa waliin hidhata guddaa qaba (Penick, 2019; Alasli, 2019).

## 6.3. Ilaanyaafi Afeewwan

### 6.3.1. Ilaanyaa

Qorannoo kana keessatti ilaanyaa bara bulchiinsa Minilikiifi Hayila Sillaasee keessa, Oromoon Tuulamaa sirna Gadaatiin buluun hafuun jijjiirraan bulchiinsaa ture. Bulchiinsota kanneen keessa dhimmoonni Oromoo Tuulamaa Finfinnee jiraatanii garaagarummaa ilaanyaawwan garee hawaasaa sirna Gadaan buluufi garee hawaasaa mootiin buluutti saaxilaman. Oromoon Tuulamaa Finfinnee jiraatan akkuma afeewwan 01, 02, 04 fi 07 irraa hubatame, garee hawaasaa sirna bulchiinsa Gadaatin bulu turan. Amma gareen biraa dhufuun qubatanii ilaanyaa bulchiinsa sirna gadaa, ilaanyaa afaanii, sirnootaafi diinagdee Oromoo achi turanii jijjiiranitti kan mataa isaanii qabu turan. Akka Abnet and etal ( 2017) ibsanitti, magaalaan Finfinnee bara 1886 erga Minilikiin gara biyya Oromoo weeraraaf dhufeen maqaa “Addis Ababaa” jedhuun kan hundeeffamteedha. Sana dura biyya Oromoo sirna gadaan irra jiraataniidha. Ilaanyaa caalmaa garee biraa of keessaa hinqabneen sirna hawaasaa isaanitti bulaa turan.

Akka afeewwan boqonnaalee darban keessatti xiinxalaman irraa hubatametti, Oromoon Tuulamaa Finfinnee weerara bulchiinsa moototaatin dura ilaanyaa dhimma isaa ittiin geggeessaa ture sirna gadaa jalatti qindeeffachuufi ijaarachuun dhimmoota hawaasaa geggeessaafi tiksaa ture. Afaan isaatin gargaaramee ofis ta'ee qe'eefi naannaa isaa ibsaa ture. Afaan Oromoo agarsiiftuu eenyummaa isaanii godhatanii ittiin beekamu turan. Abere (2008:64) "Language is considered an essential mark of identity and a resource" jedhe. Afaan akka agarsiistuu eenyummaa isa guddaafi qabeenya hawaasaati. Afaan eenyummaa agarsiisuu keessatti isa ijoofi guddaa ta'uu isaa ibsa. Oromoon Tuulamaa Finfinnee osoo gita bittaa moototaatin hinjijjiiramin Afaan Oromoo bakka amma magaalaa Finfinnee jedhamu kanatti agarsiistuu eenyummaa isaanii ture. Akkasumas, aadaan isaanii bal'aafi dhiibbaa caalmaa aadaa garee biraa jala hingalle gama garagaraan dagaagee kan beekamu ture. Akka ragaa afeewwan 02, 07, 12 fi 14 irraa hubatametti, Oromoon Tuulamaa Finfinnee aadaa sirnoota adda addaan bal'inaan beekamu, aadaa oomishannaafi horsiifannaa boonsaan ibsamaa ture. Sirnoota inni ittiin beekamu kanneen moototaan jalaa jijjiiraman keessaa sirnoonni akka ayyaana irreechaa, muudannaafi irreeffannaa, malkaa, bobbaafannaafi obaafannaa, tumaalee, bakkeewwan araaraa, odaa-bakka yaa'ii qaba ture.

Jijjiirama ilaanyaa caalmaa bulchiinsa moototaatiin dhufe dura bakki abaaboo haaraa itti arguun "Addis Ababaa" jechuun moggaasan naannaa jiidha hora Finiinuu/ hora Finfinnee ture. Bakki kun Oromoof bakka sirnaafi bakka ulfoodha. Sababnisaa, hora sanatti irreeffata; achitti uumaa galateeffata. Bahee itti wal iyyaafata; irbuu itti walitti laata. Kabaja ayyaanaa geggeeffata. Horri hawaasa biratti kabaja qaba. Ittiin xuurii baafatu; barshii qulqulleeffatu. Dhiiga ofirraa dhiqatu; gumaa ittiin baafatu. Kana qofa osoo hintaane, Oromoon obaafatee hormaata isaa baay'ifata; diinagdee isaa guddifata. Horri Finfinnee horawwan jiran biroo keessaa hormaata horiif akka adda ta'e hirmaattonni qorannoo kanaa ibsanii jiru. Ilaanyaan dhimma hawaasummaa kunis ta'ee, ilaanyaan misooma diinagdee isaanii kun amma hawaasni sirna isaatti bulutti hojiirra kan ooleefi duroomanii akka jiraatan bu'aa guddaa kan buusefiidha. Garaagarummaa ilaanyaa dhufe kanarraa kan ka'ee caalmaa uumameen horri xuurii ittiin baafatan, kan xurii ittiin dhiqatan ta'e.

Akkasumas, aadaan oomishannaafi horsiifannaa hawaasa kanaa ilaanyaa mataa isaanitiin kan geggeeffamaa ture ta'uu hubanna. Lafti amma ijaarsa manneen magaalaatiin qabame

lafa qonnaafi tikfannaa waan tureef eenyummaa bakkeewwanii/ iddoo ittiin ibsamu qaba ture. Ragaan afeewwanii xiinxalames ta'ee ogbarruun mul'atu lafa qonnaafi horsiifannaa mijataa akka ta'e ibsee jira. Akkasumas, Harris horiifi bushaayee Oromoo obaaf lagattii yaa'an yemmuu ibsu akka itti aanu kana jedha.

> *As the day broke, flocks and herds were observed advancing from every quarter towards a common focus, and on gaining the brow of the last hill overhanging the halting-ground, a confused lowing of beeves and bleating of sheep arose from the deep ravine below, whilst the mountain sides were streaked with numberless white lines of cattle and goats descending towards the water (Harris 1844i:215).*

Kun horsiifannaa hawaasichaa ibsa. Aadaa horsiifannaa sirnaan geggeeffamu kan akkaataa yaaduu hawaasichaatin raawwatu ture. Oromoon Tuulamaa Finfinnee hormaata horii isaatiif sirna kan qabu ture. Malkaan obaafannaaf oolus ta'ee horri isaan loon isaanii ittiin wal'aanan sirna kanaan kan walqabataniidha. Akkuma horii horsiisan farda leenjisuun aadaa hawaasichaa isa beekamaadha. Fardi Oromoo Tuulamaa biratti kabajaafi jaalala olaanaan sooramee kununfama. Weeraramee irraa fudhatamuun dura akkam akka turan Harris yemmuu ibsu, akka itti aanu kana jedhee jira. "These 'Oromo' tribes dwell with their horses in boundless prairies, engaged, some in the cultivation of the fruitful soil, and others in the pasturage of their numerous flocks, but all are ever ready on the moment to mount for the battle or the foray (Harris 1844ii:122). Eenyummaa hawaasaa, farda isaafi lafa isaa akka kanatti addeessee jira. Oromoon yemmuu eenyummaa aadaafi diinagdee kanaan beekamu ilaanyaan bulchiinsa sirna gadaa isaa kan walqixxummaa sirna garee hawaasaafi qaama hawaasaa eeguun jiraatamaa ture. Sirni gadaa kun kan hawaasni dirqisiisee ittiin wal bulchu osoo hintaane kan jaalatanii itti bulan waan tureef ilaanyaa caalmaan dhiibbaa hingeessifneefi aangoon miidhaa hinqabne walquxxummaa bu'uureffata.

Erga bittaa bulchiinsa moototaatti jijjiiramee, sirni isaa kun bakka dhabuun olaantummaafi caalmaa ilaanyaa bulchiinsa moototaa kanatti jijjiirame. Dhiibbaa ilaanyaa kanaan kan garee hawaasa Oromoo Tuulamaa Finfinnee turee jijjiiramuun kan garee biraatti dirqamaan akka bulu taasifame. Caalmaan ilaanyaa sababa aangoo bittaa moototaan dhufe

walqixxummaa balleesse. Gareen tokko kan garee isa kaanitti akka bulu taasifamuun ilaanyaan haaraan dhufe dhuunfate. Akka Phillips ibsetti, “The Oromo who remained in the immediate Addis Ababa area seem to have been one of the Ethiopian population groups most swiftly and effectively assimilated into Shawa culture” (Phillips 1974:121). Akkuma dhufanii naannicha buufataniin battalatti ilaanyaa isaanii garee hawaasaa achi turetti diriirsuun caalmaan aangoo uumame. Kan ofii cimsanii kan Oromoo Tuulamaa Finfinnee balleessuuf jaarmiya isaan qaban diiganii qoqqobbii irra buusan. Akka isaan jaarmiyaalee hawaasaa kamittuu hinhirmaanneefi wal hingurmeessine gochuun eenyummaa isaanii mulqan. Tooftaa ittiin eenyummaa ture diigan hundeessan. “The Oromo seem not to have engaged in the institutions of Mahbar or Edder but did suffer from adverse discrimination when the Amhara institution of lebashay was administered in their areas. For they had their own institution of afersata which they considered to be less corrupt and more democratic” (Phillips 1974:121). Tooftaan kun ilaanyaa ittiin garee hawaasaa tokko miidhan isa cimaa ture. Kan Oromoo afarsataa isa sirriifi dhugaa, karaa dhugaan haqa baasuu kan loogii xiqqeessuun baay’ee dimokratawaa ta’e dhorkuun “Leebaa shay” jedhanii ilaanyaa ofii diriirsan.

Tooftaan “Leebaa shay” kun kan ittiin Oromoo Tuulamaa Finfinnee lafa isaarraa buqqisan ilaanyaa qoorqalbii cabsuufi qabeenyaa saamuuf dhimma itti bahameedha. “ባልሰረቀዉ ሰዉ ቤት እያስተኛና ያልሰረቀዉን እየያዘ ሰዉን የሚጎዳና የሚያታልል መኾኑን ስላወቁ የኢትዮጵያ መንግስት ዐልጋ ወራሽ ልዑል ተፈሪ መኮንን በንግሥተ ነገሥታት ዘዉዲቱ ጊዜ ይቅር ብለዉ አስቀሩት፡፡ አገራችንም ከታላቅ አደጋ ዳነች፡፡ በሌባሻይ ምክንያት ቤታቸዉን የተወረሱና ትዳራቸዉን ያጡ ብዙ ናቸዉ (ደስታ 1935፡51)፡፡ Mana nama hinhannee ciisuun nama hinhanne hattuudha jedhanii qabanii miidhuun lafaafi qabeenyaa isaa fudhachuu barbaadan tooftaa ittiin fudhan kan hawaasa miidhaa tureedha. Tooftaan kun ilaanyaa warra dhimma itti bahuu waan ta’eef, isa kaanitti dhugaa kan fakkaatu tooftaa gowwoomsaadha. Hayilasillaaseen ilaanyaa gowwoomsaafi fakkeessaa Minilik dhimma itti bahaa ture kana akka jirutti fudhatee itti fufsiisuu waan hinbarbaadnef ilaanyaa mataa ofii hordofuuf kana akka dhaabsise yaada Dastaa kanarraa hubanna. Qaabeenyaa saamuun dhaabachuu baatuus, ilaanyaan saamicha qabeenyaa, tooftaa “Leebaa shay” jedhuun diriirfame kun dhaabsifamuun biyyattiin balaa hamaa jalaa akka oolte ibsame. Sababnisaa tooftaa kanaan manni isaanii kan saamame, bultoo isaanii kan dhaban baay’ee akka ta’aniifi dararaa inni geessisaa ture keessaa isaan akka fakkeenyaatti ibsamaniidha.

Tooftaan “Leebaashaay” kun kan mootiin caalmaa aangootiin bakkicha buufate moggaasa maqaa itti kennee eenyummaa garee hawaasa achi tureefi eenyummaa bakkichaa ittiin kan ofiitti jijjiiruuf dhimma itti bahaa tureedha. Jalqabbiin isaa lafa Finfinnee keessaa akka ta’eef sana booda gara ilaanyaan sirna gita bittaa sun gama Minilik barbaadetti akka babal’ate Phillips ibsee jira.

> The Lebashay was a Shawan form of an investigative procedure for discovering robbers and thieves. The inistitution was centred on Addis Ababa and directed from there and spread throughout many provinces. Claim were periodically made that the institution had been extinguished but Amharas had a ford regard for it and believed that it was fully effective. It doesnot seem to have been suppressed in Addis Ababa until the Italian occupation. But minority groups were offen victimized or taken advantage of lebashay, especially the Gurage, Oromo and Catholics . Appointiments of the lebashay alaqa who administered this system of “thief catching” throughout the various provinces mentioned above were made from the capital by a man directly under Menilek (Phillips, 1974:127).

Akkuma ibsa afee kanaarraa hubatamu, jaarimiyaan maqaa “leebaashaay” jedhuun ijaarame kun jalqabbiin isaa Finfinnee keessa. Sana booda gara koonyaalee birootti babal’achuun dhimma itti bahame. Kun immoo, ilaanyaa bulchiinsa gita bittaa sana waan galmaan ga’eef malee waan hawaasa fayyadeef miti. Hawaasni akka isaan hinfayyadneefi miidhaa irraan gahaa jiru beekanii mormanilleen gareen illaanyichatti dhimma bahu bu’a qabeessa itti ta’uu isaa waan amaneef didee itti fufee ture. Kanaan gareewwan addatti miidhaman keessaa Oromoon isa tokko akka ta’e hubatama. Oromoo keessaa, Oromoon Tuulamaa Finfinnee ilaanyaa murna aangoon isaan caalee weeraruun tooftaa leebaashaay jedhu kana diriirseen qe’eefi sirna isaa hanga dhabutti eenyummaan isaa mulqame. Kana gochuuf malli/ tooftaan “leebaashaay” jedhu bal’inaan dhimma itti bahameera. Akka Phillips ibsetti tooftaan kun unkaa bilchiinsa moototа Shawaa jedhamuun fudhatama. Finfinneetti eegaluun gara Ankoobar, walloo, lixa Finfinnee, Goojjam, Wallaga, Sidaamaa, Harargeetti babal’achuun dhimma itti bahame. Haalli hooggansa isaa garuu aangoo mootii Minilikiin giddugala irraa

ilaanyaa diriiree to'atamuudha. Kun lafa Oromoo Tuulamaa Finfinnee saamuuf baay'ee akka tajaajile ibsame.

Ilaanyaan kun hawaasa miidhaa akka  ture namoota ibsan keessaa Naty akka itti aanu kana jechuun ibsee jira. "The institution of thief-searching known as 'leba shay' was used in southern Ethiopia to take Aari women and children as slaves. The practice was subject to abuse and displayed bias against non-Christian ethnic groups, such as the Aari. A considerable number of Aari women and children were also taken as slaves through a practice known as the leba shay" (Naty, 1994:1). Jaarmiyaan kun, tooftaa ittiin hattuu barbaadan osoo hintaane ilaanyaa ittiin waan yaadan raawwataniidha. Hattuu barbaadanii baasuun  adeemsa dhimma hawaasaa tiksuu gareen hawaasaa kamuu  barbaadudha. Oromoon aadaa isaa keessaa karaa ittiin kana raawwatu "Afarsataa" sirna jedhamu qaba. Kun karaa haqa qabeessaan iyyaafatanii qoratanii dhugummaa yakka hannaa sana bira gahuun waan bade deebisisuun gorsanii adabanii sirreessu. Yoo yakkich dhokateefi haalame akka amantii isaanitti uumaa duratti dhiheessuun kaksiisun dhiisu. Kana keessa qabeenyaa saamuufi garba godhachuun hinjiru. Kun ilaanyaaa hawaasichaas miti. Akka tooftaa "Leebaa Shaayitti" garuu haqa barbaaduu osoo hintaane akka (ደስታ, 1935 fi Phillips, 1974) ibsan kan ittin qabeenya namaa saamaniifi qe'ee irraa buqqisan yookiin akka Naty,1994 ibse ittiin garee hawaasaa tokko koloneeffatan ilaanyaa moototaa hamaa ture.

Bara moototaa kan jedhame kana keessatti, tooftaan "leebaa shay" jedhu kun giddugala Oromiyaa Finfinneetti cimee babal'achuun Oromoo Tuulamaa Finfinnee kan ittiin qe'ee irraa buqqisan ta'uu hubanna. Tooftaan kun ilaanyaa bara sana qoorqalbii ittiin cabsan, aangoo ittiin fedha isaanii galmaan ga'atan  taasisuun xiyyeeffatamee ture.

Kun immoo, yeroo gabaabduuf kan ture osoo hintaane, bara Iyyaasuulleen ilaanyaa haqa dabaafi walqixxummaa hinbeekne ta'ee akka itti fufe ibsama. "Lij Iyasu was also the first in standing against injustice, inequality, and inequitable traditional statusquo. In his state building, he made progressive measures. He institutionalized a police force, ended 'quragna' system and the abuses of the leba shay" (Bahru, 2002). Tooftaa haqni ittiin  jallatee gareen tokko garee biraa irratti olaantummaa  akka qabaatu taasisu, kan ittiin waan ofii fedhan kan ofii taasifachuuf ittiin nama miidhan, saamaniifi eenyummaa jijjiiraniidha.

Erga Minilik dhufee ilaanyaan garee hawaasaa dhimmoota adda addaa irratti ture jijjiiramuun jijjiiramni ilaanyaa afaanii, maqaalee bakkeewwanii, sirnoota hawaasaafi garee hawaasa bakkicha jiraatuu dhufaa deeme. Xaayituun bakkichaaf maqaa baasuun bakkicha kan ofii taasifachuun eegalame. Maqaan isheen baastef akka agarsiisutti Xaayituun sana dura bakkicha abaaboo haaraa itti ta'e sana hinbeektu. Waan baay'ee itti bareedeefi haaraa itti ta'eef abaaboo haaraa jettee maqaa baste. Yaadni ishee kun ilaanyaa Saayilasillaaseen qabaachaa ture sana, kan ilmi ilma koo bakka kanatti magaalaa ijaara jedhee raawwachuudha. Qubsumni maqaa magaalaa "Addis Ababaa" jedhuun hundeeffamuun manneen jireenya bakkaa bakkatti bakka qubannaa/'Safar" jedhamuun ijaaramuu eegalan. Qaama meeshaa waraanaa hidhatee jiru yookiin loltoota isaaniifi hojjettoota isaanii bakkaa bakkatti qubachiisuun ijaarsi jalqabamee bakka buufataa/qubannaa/'safar' jechuun jijjiiramni eegale. "The emper Menelik alloted each occupational group an area known as a "sefer". Thus, there was the carpenter's "sefer" or the guard's "sefer" Horvath (1968:44).

Finfinnee akkuma wiirtuu Oromoota taate, wiirtuu siyaas-diinagdee biyya kanaati. Dawoo sabaafi sablammii hedduu taatee jirti. Bakka teessoo mootummoota garagaraati. Mootummaa naannoo Oromiyaa, mootummaa Federaalaa, Gamtaa mootummoota Afrikaa … taatee tajaajilti. Kanaaf, bakka xiyyeeffannaa siyaas diinagdeeti. Dhimmoonni hawaasaas kanaan qajeelfamu. Kun ilaanyaa dhimmoota hawaasa murteessu fida. Ilaanyaa fayyada afaanii biyya kanaa dhiibbaa ilaanyaa mootota dhufanii darbanii kanaan ibsama.

Afaan agarsiistuu eenyummaa hawaasa dhimma itti bahuuti. Fayyadama afaanichaa keessa miirri hawaasichaa jira. Afaan Oromoo aadaafi yaada Oromoo calaqqisiisa. Oromoon Afaan Oromoo yeroo garagaraatti ilaanyaa gita bittootaan kallattii garagaraatiin hacuucamaa turulleen ilaanyaa hawaasni Oromoo tursiifachuufi guddifachuuf qaburraa kan ka'e hunda damdamataa afaan tureedha. Finfinnee keessatti yeroo ammaa kana manneen barnootaa keessatti Afaan Oromoo akka gosa barnoota tokkootti baratamaa jira. Ijoolleen Afaan Oromoo barachuuf carraa argatanii jiru. Magaalaa Finfinnee keessatti yeroo dheeraaf erguma afaan dhalootaan barachuun mirga ta'eelleen Oromoon Finfinnee jiraatan Afaan Oromoo barachuu hindandeenye ture. Haa ta'u malee, carraan kun yemmuu argamus Afaan Oromoo baratamuu jibbuun ilaanyaan mormu dhihaachaa ture. Kanarraa kan ka'e, ilaanyaan afaanii lama akka mul'atan hubatamee jira. lnnl tokko illanyaa Afaan Oromoo magaalaa

Fnfinnee keessatti barsiisuun akka barbaachisu deeggaru yemmuu ta.u. inni lammataa baratamuu akka hinqabne kan mormuudha. Afaan Oromoo magaalaa Finfinnee keessaa yeroo dheeraaf godaansifamee caalmaa Afaan Amaaraatin bakka buufameen Oromoota afaan isaanii dagachiifaman gara Afaan isaanitti deebisuudha. Ijoollee isaanii Afaan Oromoo agarsiistuu eenyummaa isaanii ta'e barachuun akka ittiin beekaman taasisuuf ilaanyaa afaanii jiruudha. Kun caalmaa afaaniifi aadaa aangoo tureen dhufe sirreessuufi ilaanyaa afaanii tokkoodha. Biyyoonni Afrikaa koloniin booda ilaanyaa afaaniifi aadaa isaanii deebisuun misoomsuun dhimmoota hawaasaa kolonii jalaa baasuun biyya isaanii ijaaruu xiyyeeffatan (Wolff, 2017). Itoophiyaa keessatti dhiibbaan kolonii biyya biraarraa itti dhufe waan hinjirreef xiyyeeffannaan koloniin booda jechuun afaaniifi aadaa dabeefi bade deebisanii damdamachiisuu hinturre. Dhiibbaan sirna gitoota bittaan afaaniifi aadaa kuuwwan balleessuun afaaniifi aadaa tokkoon biyya ijaaruu jechuun afheddummaafi aad-heddummaa irraan miidhaan geessise garuu kolonii biyya hambaatii dhufuu gadi miti. Kun ilaanyaa afaanii yeroo dheeraaf biyya keenya keessa ture waan ta'eef, walqixxummaa dhabuu hawaasaa uumee ture. Kanaaf, kana fooyyessuun dhaloota of hubatee biyya isaa hubachuun ijaaru uumuuf ilaanyaan dhiibbaa aangoo tureen walqixxummaa dhabuu kana uume fooyya'uu barbaachisaadha.

Ilaanyaan afaanii Finfinnee keessatti hawaasni Oromoo Afaan Oromoo akka baratu taasisuu kun caalmaa afaanii dhiibbaan jiru hambisuun hawaasa afhedduummaa hubate uumuudha. Hawaasa tokkoon afaan kee baradhu jechuun carraa uumuufiin afaanicha guddisuufi misoomsuun walqixxummaa eenyummaa hawaasaaf xiyyeeffannaa laachuudha. Kanarraa kan ka'e, Oromoon Finfinnee Afaan Oromoo akka baratan manneen barnootaa keessatti heeyyamame. Ilaanyaan bu'uura amantii hawaasaa kan hawaasa bakka bu'u beekumsaafi ilaalcha gareeti (Shahmirzadi, 2018). Kanaaf, Afaan Oromoo manneen barnootaa magaalaa Finfinnee keessatti akka baratamu kan taasifame gaaffii Oromoo, Oromoof Oromoon deebisuudha. Kanaan ala ilaanyaa garee hawaasaafi afaan biroo irraan dhiibbaa geessisu miti. Ilaanyaan afaanii kun dogoggora seeraafi seenaa hawaasa Oromoo Magaalaa Finfinneefi afaan isaarra ture hambisa.

Ijoolleen afaan isaanii baratan kunneen Oromiyaa baasuun faaruun Oromiyaa akka faarfatamu taasifame. Haata'u malee, akka ragaan afee kanaan dhihaate ibsutti, faaruun

Oromiyaa Afaan Oromootiin Finfinnee keessatti faarfatamuun garee hawaasaa tokko dallansiise. Gareen kun Afaan Oromoo Finfinnee keessatti babal'achuu mitii namoota dhuunfaan dubbatamuuyyuu kan jibbu fakkaata. Gareen hawaasaa tokko kan koo malee jechuun agarsiistuuwwan eenyummaa garee hawaasa biraa jibbuun acuuccaa geessisuudha. Faaruun  Oromiyaas jibbiinsa Afaan Oromoo irraa kan ka'e manneen barnootaa Finfinnee keessatti akka hinfaarfatamne ukkaamfame.

Manneen barnootaa keessatti alaabaan fannifamuun beekamaadha. Sababnisaa alaabaan faajjii mallattummaa hawaasaati. Agarsiistuu eenyummaa hawaasa hiikni mallattichaa bakka bu'uuti. Finfinneen argama teessumaanis ta'ee qe'ee Oromoo Oromiyaa irraa adda bahuu hindandeenyedha. Kanaaf, manneen barnootaa keessatti akkuma manneen barnootaa Oromiyaa keessaa kamiittuu alaabaan Oromiyaa yoo baafameefi ijoollee Oromootiin faarfatame waan garee hawaasaa biraarraan dhiibbaa geessisu hinta'u. Waan kana ta'eef, ilaanyaan afaanii kun mul'ate.

Gama biraatiin, ilaanyaan afaanii inni lammataa, faallaa isa kanaa Afaan Oromoo magaalaa Finfinnee keessatti Oromoodhaan baratamuun hinbarbaachisu kan jedhuudha. Ilaanyaan afaanii kun Afaan Oromoo hawaasa Oromoo Magaalaa Finfinnee jiraataniin baratamuun Afaan Amaaraa fayyadamuu isaanii xiqqeessa jechuun yaaduu irraa kan madde yookiin xiyyeeffannaa olaantummaa afaan tokko qofaa leellisuudha. Afaan Oromoo baratamuun durii kaasee garee hawaasa biraatin sodaatamaa ture. Oromoon hawaasni bal'aan kun carraa barnootaa argatee yoo barate qaama aangoorra jiru miidha jedhanii yaada turan. Afaan Oromoo afaan mana amantaa, afaan barnootaa, afaan miidiyaafi afaan ogbarruu ta'uun guddachuun garee hawaasaa yeroo sana aangoorra ture akka waan miidhuutti fudhatame (Okbazghi, 2001:35 fi Mekuria 1994:101). Kun ilaanyaa afaanii tureedha. Yeroo sanatti gareen sun afaan tokko, alaabaa tokko, amantaa tokko, biyya tokko ilaanyaa jedhu waan qabuuf afaan biraa balaaleffatamaa ture. Ilaanyaan afaanii kun aangoon deeggaramee yeroo dheeraaf caalmaa waan argateef sirnoota dhufanii darban keessatti olaantummaa qabatee ture. Ammalleen magaalaa Finfinnee keessatti Afaan Oromootti akka dhimma hinbahamne gareen hawaasaa jibbu jiraachuu numul'ata. Innis ilaanyaa Afaan Oromootiif qaban irraa kan dhufeedha.

## 6.4. Aangoo

Akka Afeen-01 agarsiisutti, Oromoon Tuulamaa bakka amma Finfinnee jedhamuufi naannawa ishee jiraachaa turan garee hawaasaa aangoo hawaasaa hariiroo isaanii agarsiisu qabu turan. Ibsi afee-01 keessatti "… geggeessaa isaaniin durfamanii hora Finfinnee kana argatan" jedhu hariiroo hawaasaa kana agarsiisa. Kun geggeessaa ofii isaanii qabaachuu mul'isa. Gareen hawaasaa hariiroo uumuun caasaa hawaasaa miseensa garee sanaa itti haammatu qaba. Kun amala hariiroo hawaasaa gareewwan gidduu, qaama hawaasaa gidduu, yookiin namoota akka miseensa hawaasaatti hariiroo uuman kan Van Dijk (2006) aangoo hawaasaa jechuun ibsudha. Geggeessaan garee sanaa dhimma isaanii to'achuufi murteessudhaan dura bu'a. Kun aangoo garee hawaasa sanaa kan waallee afee-01 keessatti mul'atuudha.

Haaluma walfakkaatun afee-03 Oromoonni Tuulamaa Finfinneefi naannawa ishee jiraachaa turan abbootii gadaatiin bulaa turan. Akka afeen kun ibsetti akaakayyuun Minilik abbootii gadaa Oromoota Tuulamaa yeroo sana hawaasa isaanii geggeessan heeyyamsiisuun dhufanii hora Finfinnee dhiqatanii turan. Waalleen afee kanaa abbootii gadaatin bulaa turuu garee hawaasa kanaa agarsiisa. Akka Asmaroom (1973) ibsetti sirni gadaa jaarmiya Oromoo isa wiirtuudha. Caasaan isaas jijjiiramummaaf banaa miti. Abbootiin gadaas caasaa hawaasaa kana keessaan hariiroo hawaasaa tiksuuf aangoo hariiroo isaanii agarsiisu qabu.

Finfinneen akkuma wiirtuu Oromootaa taate, wiirtuu siyaas-diinagdee biyya kanaati. Dawoo sabaafi sablammii hedduu taatee jirti. Bakka teessoo mootummoota garagaraati. Mootummaa naannoo Oromiyaa, mootummaa Federaalaa, Gamtaa mootummoota Afrikaa … taatee tajaajilti. Kanaaf, bakka xiyyeeffannaa siyaas-diinagdeeti. Dhimmoonni hawaasaas kanaan qajeelfamu. Kun ilaanyaa dhimmoota hawaasa murteessu fida. Ilaanyaa fayyada afaanii biyya kanaa dhiibbaa ilaanyaa mootota dhufanii darbanii kanaan ibsama.
Afaan agarsiistuu eenyummaa hawaasa dhimma itti bahuuti. Fayyadama afaanichaa keessa miirri hawaasichaa jira. Afaan Oromoo aadaafi yaada Oromoo calaqqisiisa. Oromoon Afaan Oromoo yeroo garagaraatti ilaanyaa gita bittootaan kallattii garagaraatiin hacuucamaa turulleen ilaanyaa hawaasni Oromoo tursiifachuufi guddifachuuf qaburraa kan ka'e hunda damdamataa afaan tureedha. Finfinnee keessatti yeroo ammaa kana manneen barnootaa

keessatti Afaan Oromoo akka gosa barnoota tokkootti baratamaa jira. Ijoolleen Afaan Oromoo barachuuf carraa argatanii jiru. Magaalaa Finfinnee keessatti yeroo dheeraaf erguma afaan dhalootaan barachuun mirga ta'eelleen Oromoon Finfinnee jiraatan Afaan Oromoo barachuu hindandeenye ture. Haa ta'u malee, carraan kun yemmuu argamus Afaan Oromoo baratamuu jibbuun ilaanyaan mormu dhihaachaa ture. Kanarraa kan ka'e, ilaanyaan afaanii lama akka mul'atan hubatamee jira. lnnl tokko illanyaa Afaan Oromoo magaalaa Fnfinnee keessatti barsiisuun akka barbaachisu deeggaru yemmuu ta.u. inni lammataa baratamuu akka hinqabne kan mormuudha. Afaan Oromoo magaalaa Finfinnee keessaa yeroo dheeraaf godaansifamee caalmaa Afaan Amaaraatin bakka buufameen Oromoota afaan isaanii dagachiifaman gara Afaan isaanitti deebisuudha. Ijoollee isaanii Afaan Oromoo agarsiistuu eenyummaa isaanii ta'e barachuun akka ittiin beekaman taasisuuf ilaanyaa afaanii jiruudha. Kun caalmaa afaaniifi aadaa aangoo tureen dhufe sirreessuufi ilaanyaa afaanii tokkoodha. Biyyoonni Afrikaa koloniin booda ilaanyaa afaaniifi aadaa isaanii deebisuun misoomsuun dhimmoota hawaasaa kolonii jalaa baasuun biyya isaanii ijaaruu xiyyeeffatan (Wolff, 2017). Itoophiyaa keessatti dhiibbaan kolonii biyya biraarraa itti dhufe waan hinjirreef xiyyeeffannaan koloniin booda jechuun afaaniifi aadaa dabeefi bade deebisanii damdamachiisuu hinturre. Dhiibbaan sirna gitoota bittaan afaaniifi aadaa kuuwwan balleessuun afaaniifi aadaa tokkoon biyya ijaaruu jechuun afheddummaafi aad-heddummaa irraan miidhaan geessise garuu kolonii biyya hambaatii dhufuu gadi miti. Kun ilaanyaa afaanii yeroo dheeraaf biyya keenya keessa ture waan ta'eef, walqixxummaa dhabuu hawaasaa uumee ture. Kanaaf, kana fooyyessuun dhaloota ofhubatee biyya isaa hubachuun ijaaru uumuuf ilaanyaan dhiibbaa aangoo tureen walqixxummaa dhabuu kana uume jijjiiruun barbaachisaadha.

Ilaanyaan afaanii Finfinnee keessatti hawaasni Oromoo Afaan Oromoo akka baratu taasisuu kun caalmaa afaanii dhiibbaan jiru hambisuun hawaasa afhedduummaa hubate uumuudha. Hawaasa tokkoon afaan kee baradhu jechuun carraa uumuufiin afaanicha guddisuufi misoomsuun walqixxummaa eenyummaa hawaasaaf xiyyeeffannaa laachuudha. Kanarraa kan ka'e, Oromoon Finfinnee Afaan Oromoo akka baratan manneen barnootaa mootummaa keessatti heeyyamame. Ilaanyaan bu'uura amantii hawaasaa kan hawaasa bakka bu'u beekumsaafi ilaalcha gareeti (Shahmirzadi, 2018). Kanaaf, Afaan Oromoo manneen barnootaa mootummaa magaalaa Finfinnee keessatti akka baratamu kan taasifame gaaffii

Oromoo, Oromoof Oromoon deebisuudha. Kanaan ala ilaanyaa garee hawaasaafi afaan biroo irraan dhiibbaa geessisu miti. Ilaanyaan afaanii kun dogoggora seeraafi seenaa hawaasa Oromoo Magaalaa Finfinneefi afaan isaarra ture hambisa. Waan kana ta'eef, ilaanyaan afaanii kun mul'ate.

Gama biraatiin, ilaanyaan afaanii inni lammataa, faallaa isa kanaa Afaan Oromoo magaalaa Finfinnee keessatti Oromoodhaan baratamuun hinbarbaachisu kan jedhuudha. Ilaanyaan afaanii kun Afaan Oromoo hawaasa Oromoo Magaalaa Finfinnee jiraataniin baratamuun Afaan Amaaraa fayyadamuu isaanii xiqqeessa jechuun yaaduu irraa kan madde yookiin xiyyeeffannaa olaantummaa afaan tokko qofaa leellisuudha. Afaan Oromoo baratamuun durii kaasee garee hawaasa biraatin sodaatamaa ture. Akka qorattoonni ibsanitti sodaa kanaan dhiibbaan irra gahaa ture.

Kun Afaan Oromoo afaan mana amantaa, afaan barnootaa, afaan miidiyaafi afaan ogbarruu ta'uun guddachuun garee hawaasaa yeroo sana aangoorra ture akka waan miidhuutti fudhatame. Kun ilaanyaa afaanii tureedha. Yeroo sanatti gareen sun afaan tokko, alaabaa tokko, amantaa tokko, biyya tokko ilaanyaa jedhu waan qabuuf afaan biraa balaaleffatamaa ture. Ilaanyaan afaanii kun aangoon deeggaramee yeroo dheeraaf caalmaa waan argateef sirnoota dhufanii darban keessatti olaantummaa qabatee ture.

Walumaagalatti, ilaanyaan gareewwan hawaasaa gidduutti mul'ataa ture bara bulchiinsa mootota irraa eegaluun amma yeroo kanaatti addaaddummaa kan uumuudha. Ilaanyaa afaanii tureefi jiru dhimmoota gareewwan hawaasaa gidduutti addaaddummaa mul'ateedha. Itoophiyaan biyya afheddummaafi aad-heddummaan beekamtuudha. Sababa addaaddummaan afaanii jiruufi jijjiiramummaa seenaa aangoo irraa kan ka'e fayyadamni afaanii xiyyeeffannaa afheddummaa barbaada. Itoophiyaan biyya afheddeefi aad-heddee taatee osoo jirtuu imaammata fayyadama afaanii dhabuun rakkoo guddaa qabdi ( Getachew and Derib, 2006). Fayyadamni afaanii immoo, ilaanyaa afaaniitiin murtaa'a. Ilaanyaan afaanii caasaa aangoo qajeelchuu, fayyadama afaanii barnootaa, bulchiinsaafi hariiroo qunnamtii hawaasaa keessatti akkaataa dhimma itti bahamu murteessa.Ilaanyaan afaanii addunyaa hawaasummaa keessatti bakka bu'ummaa amala, caasaafi fayyadama afaaniiti(Gal, 2023). Kun ilaanyaa jaarmiya hawaasaafi sirna bulchiinsaan murtaa'a. Akka

xiinxala ragaa qorannoo kanaa irraa hubatametti bara bulchiinsa sirnoota garagaraa ilaanyaan afaanii Afaan Oromoo irratti Finfinnee keessatti kallattii garagaraatiin mul’achaa ture. Bara bulchiinsa Minilik ilaanyaa afaanii afaan tokkoon biyya tokko ijaaruu jedhutu ture (Mekuria, 1994). Kanaraa kan ka’e jalqaba, maqaa Finfinnee jijjiiruu irraa kaasuun Finfinnee keessaa Afaan Oromoo godaansifame. Kun ilaanyaa afaanii afaan tokko guddisuufis ta’ee acuucuuf aangoon tumsameedha. Afaan aangoo waliin hidhata. “Language reflects power structures — and language has an impact on power structures. Language is an input as well as an out-put factor of political systems: It influences politics — and is influenced by politics” (Wodak, 2007:1).

Haaluma walfakkaatuun, bara Hayilasillaasees, ilaanyaa afaanii aftokkee xiyyeeffatutu ture. Waan kana ta’eef, fayyadama Afaan Oromoo labsiin daangessuun ture (Tilahun,1993). Bara Dargiis gochaa raawwatamuun kan bara moototaatiin garaagarummaa hinqabu. Bara bulchiinsa ADWUI afaanota akka Afaan Oromoof carraa barnootaafi Afaan hojii naannoo ta’uu uume. Afaan hojii mootummaas naannoofi federaalatti addaan baasuun filataman. Afaan Oromoo afaan hojii mootummaa naannoo Oromiyaa ta’uun akka tajaajilu ta’e. Afaan hojii mootummaa Federaalaa Afaan Amaaraa akka ta’u murtaa’e. Kunis ilaanyaa afaan karoorsuufi filachuuti. Akkasumas, bakka qorannoo kanaa Finfinnee Bulchiinsa Magaalaa addaa taasisuun afaan hojiif Afaan Amaaraa akka ta’u ta’e. Yemmuu kana Afaan Oromoo magaalaa Finfinnee keessaatti akkuma duraa tajaajila irraa daangeffame. Yeroo ammaa kana itti fayyadamni Afaan Oromoo magaalaa Finfinnee keessatti akka fooyya’u barbaadama. Kanarraa kan ka’e, maqaaleen ganamaa finfinnee keessaa godaanan akka dhimma itti bahaman, sirnonni akka irreechaa, shinooyyee, goobee … akka deebi’an, Afaan Oromoo manneen barnootaa keessatti akka baratamu, faaruun alaabaa Oromiyaa akka faarfatamu gochuun yaalame. Ilaanyaan kun afheddummaaf xiyyeeffannaa kennuu yemmuu ta’u, qaamni aftokkummaa filatuun addaaddummaa uuma. Waan kana ta’eef, Finfinnee keessatti Afaan Oromoo irratti ilaanyaa afaanii wal mormu lamatu mul’ata.

# BOQONNAA TORBA: CUUNFAA, GOOLABAAFI YABOO

## 7.1. Cuunfaa

Hawaasni kamiyyuu dhimmoota hawaasummaa isaa ibsachuun dhaloota hubachiisaa deema. Gareen hawaasa sun eenyu akka ta'eef maaliin akka beekamu gama garagaraan of ibsa. Kana keessa eenyummaan hawaasichaa adda baha. Qorannoon kun kana qorachuuf mataduree "Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo Magaalaa Finfinnee kaleessaafi har'aa; xiinxala waallee liixxaatiin afeewwan irraa" jechuun geggeeffame. Xiyyeeffannaan isaa afeewwan ogafaaniifi barruu dhimma qoratamuun walqabatan adda addaa funaanuun ibsuu-hiikuu- balballoomsuu ture. Kun immoo, dhimma hawaasaa agarsiistuuwwan eenyummaa hawaasichaa ta'an baasuuf oola.

Waan kana ta'eef, qorannoon kun adeemsa saayinsawaafi sirnaawaa qorannoorraa eegamu hordofuun boqonnaalee torbaan dhihaate. Boqonnaa tokkoffaa keessatti seensa jedhamuun matadurreewwan adda addaa xiyyeeffatee jira. Inni jalqabaa seenduubee qorannichaa yemmuu ta'u, dhimmoonni xiyyeeffannaa qorannoo kanaa akka hubatamaniif yaada bal'aa akka addunyaatti jiru irraa ka'uun gara galumsa qoranichi keessatti geggeeffamuutti fiduun ibsamee jira. Keessaayyuu eenyummaan akkamitti akka ilaalamuufi ibsamu giddugaleessa godhatamuun dhihaate. Itti aansuun, ka'umsi qorannoo kanaaf sababa kan ta'an qabxiileen ijoon sadii dhihaatanii jiru. Isaanis, sababa ka'umsa qorannoo kanaa ta'uun qorataa kan kakaasaniidha. Inni jalqabaa, muuxannoo qorataati. Qorataan dhimma qoratame kanaafi naannaa qorannoo kanaa (Finfinneen) walqabatee dhihaatu qorannoon balballoomuu akka qaban qorataa kakaasani. Muuxannoon qorataa kaka'umsa qabatamaa (practical initiation) qorannoo kanaati.

Inni biraan, koorsiiwwan barataman muuxannoo qorataa kanaa tumsuun dhimmi eenyummaa Oromoo Finfinnee hubannoo koorsii barataman kanneeniin gabbate. Koorsiiwwan barataman kunneen beekumsa hawaasaafi akkaataa hawaasni beekumsa kana itti qooddatu, hariiroo koorsiiwwan afaaniifi hawaasaa irratti waan xiyyeeffataniif adeemsa qorataan hordofe irratti hubannoo bal'aa uuman. Kun ammoo, qorataan mataduree kanaa

fedhiifi kaka'umsaan akka xiyyeeffatu taasisan. Inni sadaffaan ogbarruufi qorannoowwan geggeeffaman qaawwa agarsiisaniidha. Kanarraa ka'uun, ka'umsi qorannoo kanaa xiyyeeffatamuun qorannoon kun geggeeffame.

Qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa gurguddoo afuriif deebii barbaade. Kana jechuun, kaayyoowwan gooree afur irratti hundaa'uun kan geggeeffameedha jechuudha. Akkuma kana, boqonnaa tokko kana keessatti barbaachisummaan qorannoo kanaa gama yaaxxinaan, gama maleenyaan, gama haala qabatamaa dhimma hawaasaan (eenyummaa Oromoo Tuulamaa Finfinnee) hubannoo dabalu ni qabaata. Namootaafi jaarmiyaalee hawaasaa qorannoo kanatti dhimma bahaniif hubannoo qooduufi galtee dabalu waan qabuuf gumaacha qaba. Akkasumas, daangaan qorannoo kanaa ibsamee jira. Dabalataan qorannoon kun galmoo afeewwan keessaatti oomishamanii dhihaatan hubachuuf ibsi qorannichaa bal'inaan dhihaatee jira.

Boqonnaa lama keessatti barruun garagaraa yaadrimeewwan barbaadaman irratti sakatta'amuun ibsamanii jiru. Xiyyeeffannaan boqonnaa kanaa qabiyyeewwan ijoo qorannoo kanaa kan ta'an qoqqooduun hubannoo yaadrimee isaanii uumuudha. Kanaaf, yaadrimeewwan gurguddoon bal'inaan ibsamuun dhihaatanii jiru. Isaanis, caayaa yaadrimee jalatti yaadrimee eenyummaa, akaakuuwwan eenyummaa, ijaarsaafi diigumsa eenyummaa, yaadrimee waallee, waalleefi afee, eenyummaa, aangoo ilaanyaafi waallee ibsamanii jiru. Akkasumas, caayaa yaaxxinaatiin yaaxxinoonni qorannoo kana keessatti dhimma itti bahaman; yaaxxina dalagaa, yaaxxina seenawaa, yaaxxina eenyummaa hawaasummaa dhihaachuun ibsamaniiru. Xiyyeeffannaan yaaxxinoota kanneeniifi hariiroo isaan kaayyoo qorannichaa waliin qaban ibsamanii jiru. Dabalataan qorannoowwan aantee qorannoo kanaa kan ta'an sakatta'amaniiru.

Boqonnaan sadaffaan immoo, mala qorannooti. Qorannoon kun beedduuba qorannoo hordofe, akkaataa itti dhugaa qabatamaan ilaalamu, akkaataa itti beekumsi horatamu, xiimmalaafi mala qorannoo kana keessatti xiyyeeffatame ibsamee jira. Akkasumas, saxaxni qorannoo kanaa, maddi ragaa, iddattoofi malli iddatteessuu, malli xiinxala ragaa, sakkoon qorannoo hordofame ibsamee jira. Kana irratti hundaa'uun, ragaan funaaname xiinxalame.

Boqonnaa afur jalatti kaayyoon qoranichaa tokkoffaan ragaan ibsamee jira. Afeewwan eenyummaa Oromoo Tuulamaa Finfinnee agarsiisan as jalatti ilaalamanii jiru. Eenyummaa agarsiistuuwwan kunneen afee keessa ibsamu. Sababni isaa afeen waa hunda of keessaa qaba. Agarsiistuuwwan eenyummaa afee keessa dhihaatu. Maqaa baasuun sirna hawaasaa akka beekumsa, aadaafi duudhaa hawaasichaa raawwatamuudha. Boqonnaa kana keessatti maqaalee Oromoon Tuulamaa Finfinnee bakkeewwaniif baasuun eenyummaan bakkeewwanii ittiin beekamu, Eenyummaan bakkeewwanii waallee afeewwanii keessaa xiinxalame.

Akkasumas, maqaaleen bakkeewwanii maqaalee gosaafi sirnoota hawaasaan akka walqabatu ragaa funaaname irraa xiinxalamee hubatameera. Maqaan gosaa adeemsa keessa maqaa bakka gosti sun jiraatu ta'uun eenyummaa maqaa bakkaa bakka bu'uu danda'a. Boqonnaa kana jalatti kun bal'inaan dhihaatee jira. Walumaagalatti, afeewwan agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo Tuulamaa Finfinnee ibsan xiinxalamuun moggaasa Afaan Oromoon turan ibsamanii dhihaatanii jiru.

Boqonnaa shan jalatti kaleessaafi har'a keessa jijjiiramaa lufuu agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo bakka qorannoo kanaatu dhihaate. Eenyummaan kaleessa ijaarame maaliin akka ibsamaa tureefi har'a immoo maalitti jijjiiramee akka ibsamu ragaa irraa xiinxalamee jira. Eenyummaan garee hawaasaa ijaarame tokko yeroo keessa jijjiirama agarsiisaa deemuu danda'a. Haalota dhiibbaa irraan gahan adda addaatiin jijjiiramaa lufuun kaayyoo tokko ta'uun qoratame. Bu'aan xiinxala ragaa irraa argames jijjiirama jiru mul'ise. Keessaayyuu sirnoonni yeroo yeroon dhufanii darban dhiibbaa geessisaniifi tumsa godhaniin jijjiiramni akka mul'atu taasisuu danda'a. Kun boqonnaa kana jalatti qoratamee dhihaate.

Boqonnaa jahaffaa keessatti tarsiimoon waallawaan afeewwaniin xiinxalamaniifi hariiroon ilaanyaafi hafeewwanii dhihaatanii jiru. Waalleen hawaasni afeewwan keessaa qabu miira hawaasaa ibsuuf waan dhihaatuuf tarsiimoo gareen hawaasaa sun yaada isaa ittiin ibsachuuf dhimma itti bahe qaba. Yaada ifa gochuufi dhoksaan dhuka itti godhanii dubbachuu, garee uumuufi adda baasuu(moggaasuu), waa ittiin raaguu, falmuu, ilaalcha qaban, yaada cimsuufi kkf giddugaleessa godhachuun afeen dhihaata. Afeen dhihaatu tarsiimoo waallawaa hordofu qaba. kun boqonnaa kana jalatti ragaa afeewwan funaanamaniirraa xiinxalamee jira.

Akkasumas, hidhanni afaan, aangoo, ilaanyaafi afeewwan qaban dhihaatee jira. Akka xiyyeeffannaa maleenya xiinxala ragaa qorannoo kanaa xiinxala waallee liixxaatti dalagaa waallawaan iddoo olaanaa qaba. Dalagaa waallawaa keessatti dhiibbaa waalleen afee oomishamee hawaasa irraan gahetu xiyyeeffatame. Dhiibbaa gama kamiinuu geggeeffamu ilaala. Dhiibbaan kan geggeeffamu walitti rigara aangoo, caalmaa, walqixxummaa dhabuu, irraajalummaanfi ilaanyaa jiruunidha. Boqonnaa kana keessatti kun bal'inaan ibsamee jira. Walumaa galatti, qorannoon kun boqonnaalee olitti dhihaataniifi boqonnaa cuunfaa, goolabaafi yaboo kana waliin waliigalatti boqonnaalee torbaan dhihaatee jira.

## 7.2. Goolaba

Qorannoon kun hariiroo dirreewwan qorannoo Fooklooriifi xiinqooqa hawaasaatin dhimmoota hawaasaa keessaa eenyummaan akkaataa itti ijaaramuufi ibsamu xiinxaluu kan xiyyeeffateedha. Eenyummaan agarsiiftuuwwan qabuun garee hawaasa ittiin beekamu ibsa. Oromoon yeroo dheeraaf sirna bulchiinsota garagaraa jalatti hacuucamaa waan tureef eenyummaa isaa ibsachuuf haalli dhorkaa ture ogafaanitti isa daangessee ture. Yeroo ammaa, ogafaan keessa beekumsa hawaasaa xiinxaluun xiyyeeffannaa qorannoo olaanaa waan ta'eef ogafaan Oromoo Tuulamaa Finfinnee keessa eenyumma isaanii akkaataa itti ijaaraniifi ibsatan kan qoratameedha. Oromoon Tuulamaa Finfinnee Oromoo jalqabarra dhiibbaa garee biraa jala galuun eenyummaan isaa sarbamee kan garee biraatti akka jijjiiramu taasifame waan ta'eef akkaataan itti eenyummaa isaa ijaarratuufi ibsatu qoratamuun barbaachisummaa qaba.

Qorannoon kun ijaarsaafi ibsa eenyummaa Oromoo Tuulamaa Finfinnee qorachuun qaawwa qorannoo namoonni kallattii garagaraan qoratan hambisan guutuufi beekumsa garee hawaasaa gama kanaan hinibsamne ibsuun beekumsa hawaasaa baasee addeessuuf akeekee qoratame.Afeewwan ogafaanii keessa eenyummaa isaanii haala itti ijaaraniifi ibsan waallee xiinxaluun qorannoo geggeeffameedha. Qorannoo hawaasaafi dhimma hawaasaa xiyyeeffate waan ta'eef, maleenya akkamtaatin ibsa yaada hawaasaa xiinxala waallee liixxaatin qorate.

Akka xiinxala geggeeffameetti Oromoon Tuulamaa Finfinnee eenyummaa isaanii kallattii garagaraatin sarbame gaaga'ama olchuuf afeewwan ogafaanii adda addaatti dhimma bahuun ibsachuun hubatamee jira. Oromoon Tuulamaa Finfinnee bakka amma magaalaa

dawoo saboota biyyattiifi addunyaa taate kana jiraachaa turan agarsiiftuwwan eenyummaa ittiin ibsaman qabu. Agarsiiftuuwwan eenyummaa kanneen keessa eenyummaan hawaasichaa ibsamaa ture. Moggaasa maqaalee turaniin eenyummaa bakkaafi hawaasaa ibsaa turaniiru. "Finfinnee" kan jedhu irraa kaasee maqaaleen bakkeewwan adda addaa magaalaa kana keessaa Afaan in baasaman maqaa araddaalee dheedichaafi qonnaa kan agarsiisan, maqaalee bakkeewwan sirnaafi ulfoo sirnoota itti raawwataniifi maqaa gosa Oromoo Tuulamaa bakkicha jiraatu agarsiisuufi ibsuu danda'aniidha. Hawaasni maqaalee bakkeewwanii araddaa lafa isaanitiif baasan kanneenin hidhanni qaban eenyummaa isaaniiti. Galumsa yeroo maqaaleen kunneen baasamanii keessatti maqaa baasuun sirna hawaasaa qaba. Oromoon Tuulamaa Finfinnees sirna kanaan maqaalee kanneen baase.Maqaa hawaasa dhimma itti bahutu akka aadaafi afaan isaatti galumsa wayii irratti hundaa'uun baasa.Maqaa filachuunis murtee aadaati (Sue & Telles, 2007). Kanaaf, maqaalen kunneen sirna hawaasni giddugaleessa godhate, tajaajila bakkichi kennuuf, gosa bakkicha jiraatu ibsa.

Haata'u malee maqaaleen kunneen yeroon booda garee biraatin jijjiiramanii argamu. Jijjiiramni maqaalee kanneenii jijjiirama afaaniifi hawaasa maqicha baasee fidee jira. Dhimmoota hawaasa sanaas jijjiiree jira. Maqaa Afaan Oromoo gara maqaa Afaan Amaaraatti, Bakkeewwan sirnaafi jilaa gara mana amantiifi dhimma barbaadan biraatti jijjiiran. Maqaa bakkaa irra deebi'anii baasuun eenyummaa haaraa gama garee hawaasaan, hawaas-dinagdeen, ilaanyaan ijaaruudha (Caiazzo and Nick, 2020). Gama biraatiin, maqaa jijjiiruun eenyummaa haaraa barbaaduudha (Penick, 2019). Gareen biraa Finfinnee yemmuu buufate eenyummaa biraa ijaaruuf maqaalee Afaan Oromoon baasaman jijjiiruun eenyummaa haaraa bakkichaafi hawaasa bakkicha buufateef ijaaran. Maqaaleen Finfinnee keessaafi hawaasni achi jiraatu eenyummaa haaraa kanatti akka jijjiiraman dirqaman.

Sirna bulchiinsaan jijjiirama eenyummaafi seenaa dhufeen Oromoon Tuulamaa Finfinnee eenyummaa isaanii sarbaman haala adda addaatin eenyummaa jijjiirame kana deebisanii ijaaruufi ibsuuf ogafaanitti dhimma bahaa turan. Ogafaan isaanitiin jijjiirama eenyummaa dhufe, dhiibbaa jijjiirama eenyummaa fiduu keessatti isaanirra gahe, akkaataa itti sababa eenyummaa isaaniif godaanan, eenyummaa isaanii deebisanii ijaarrachuuf dalaga waallaawaa qaban xiinxala geggeeffame keessa bal'inaan hubachuun danda'amee jira.

Walumaagalatti, xiinxala waallee afeewwan ogafaanii geeggeeffameen akkaataa itti Oromoon Tuulamaa Finfinnee eenyummaa isaanii ibsan hubatamee jira. Eenyummaa isaanii ibsachuufi kan jalaa sarbame deebisanii ijaaruuf maqaaleen jalqaba bakkeewwaniif baasan akka deebi'anii dhimma itti bahaman barbaadu. Maqaalee bakkeewwanii keessa afaaniifi sirni isaanii waan jiruuf maqaalee kanneen deebisuun eenyummaa bakkichaafi garee hawaasaa maqichaan hariiroo qabuu ibsu. Maqaa keessa eenyummaan bakkaa, eenyummaan sirnaa, eenyummaan gosaa deebi'ee akka ijaaramu ibsan. Haaluma walfakkaatun, agarsiiftuwwan eenyummaa jijjiiraman dhimmoota hawaasaa hedduu jijjiiruun hubatamee jira. Gareen hawaasa bakkicha jiraatuu jijjiiramee ture. Sirnoota darban keessa Oromoon Tuulamaa Finfinnee buqqa'uun gareen murna sirna barichaan dhufe qubate. Kanarraa kan ka'e, eenyummaan garee hawaasaa jijjiirame. Waan kana ta'eef, afaaniifi sirnoonni Oromoo Tuulamaa Finfinnee jijjiiramanii argamu. Agarsiiftuuwwan eenyummaa kanneen jijjiiruun eenyummaan Oromoo Tuulamaa Finfinnee akka sarbameefi jijjiirame hubatame. Yeroo ammaa kanalleen agarsiiftuuwwan eenyummaa Oromoo magaalaa Finfinnee keessaa dhiibbaa jala akka jiran ibsame. Eenyummaa kana deebisanii ijaaruufi ibsuun xiyyeeffannaan sirnoota darbanii jalaa baasuuf hojjechuu akka barbaadu xiinxala dhihaaten hubatame.

## 7.3. Yaboo

Eenyummaan garee, hariiroo miseensonni garee sanaa waliin qaban irraa kan ijaaramuudha.Yaada gareen hawaasaa waliin qooddatu ibsa ( Bauman, 1971; Brunvand, 1969; Dundes, 1965). Eenyummaan yemmuu ijaaramu, namni hubannaa eenyummaa sirrii qabu naannoo isaa qixaan hubata; amala addaa tokkoon beekama; ofiifi gareewwan, akkasumas, addunyaa sirriitti hubachuu danda'a (Burt and Halpin,1998). Eenyummaa gareewwan hawaasaa beekumsa garee isaanitiin akka ijaaramuufi ibsamu beekamtii qabaachun tokkummaa gareewwan eenyummaa adda addaan beekamanii wal kabachiisuf oola. Kun immoo, seenaa hariiroo gareewwan hawaasaa eenyummaa garagaraa qabanii karaa sirriin uumuufi ijaaruuf gargaara. Finfinneen yeroo ammaa magaalaa gudditti ifi wiirtuu Oromiyaa, bakka teessuma mootummaa federaalaa, bakka walga'a Afrikaanotaa, magaalaa dippiloomaatota siyaasaa, ta'uun beekamti. Kanaaf, hariiroo saboota keessa

jiraataniifi beekamtii akka addunyaatti qabdu tiksuuf dhimmoota gareewwan hawaasaa qixa sirriin kununsuufi misoomsun murteessadha.

Finfinneen magaalaa wiirtuu Oromiyaa irratti hundeefte waan taatef Oromoota Tuulamaa achi turan kumaatamaan buqqisuufi eenyummaa ture jijjiirun eenyummaan biraa ijaaramee jira. Eenyummaan ijaarame kun kan Oromoo Tuulamaa achi turaniifi jiranii waan hintaanef isaan eenyummaa jalaa sarbameefi jijjiirame deebisanii ijaarrachuufi ibsachuu barbaadu. Waan kana ta'eef, bulchiinsi magaalaa Finfinnee eenyummaa Oromoo Tuulamaa magaalaa Finfinnee irraa buqqa'aniifi buqqa'aa jiranii xiyyeeffannaan sirreessun barbaachisaadha. Akka xiinxala ragaa geggeeffameetti sirna bulchiinsota darbaniin eenyummaan Oromoo Tuulamaa Finfinnee sarbamee ture ammayyuu furmaata waaraa hinarganne. Agarsiiftuuwwan eenyummaa Oromoo achii weeraraman biroo dhiisnan maqaan Finfinnee jedhu hinbarbaachisu; hinjirus jedhamee garee biraatin falmamaa jira. Kana sirreessuuf eenyummaa Oromoo Tuulamaa sirnoota darbaniin jijjiirame sirreessuu barbaachisa.

Akka wixinee labsii Heera mootummaa Itoophiyaa Keeyyata 49 (5) irratti hundaa'uun bara 2009 "የኦሮሚያ ክልል በአዲስ አበባ ከተማ ላይ ያለዉን ልዩ ጥቅም ለመወሰን የወጣ አዋጅ" jechuun qophaa'ee keeyyata 55(1)tti aangoofi hojii mana mare bakka bu'oota uummataatin mirkanaa'ee miidiyaa biyyattii (EBC)n uummata Itoophiyaaf ibsamee turetti Maqaan Finfinnee jedhuufi 'Addis Ababaa' jedhu seera duratti beekamtii walqixa qabu. Fayyadamni maqaalee kanneenii dambiidhaan murtaa'a jedha. Bulchiinsi magaalaa Finfinnee waggoota torban darban keessatti kana dhugoomsuu waan hindandeenyef dhiibbaan eenyummaa garee tokkoon garee biraarra gahaa jiru furmaata waaraa osoo hinargatin jira. Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo akka waan hinbarbaachifneetti mormame. Jecha 'Addis Ababaa' jedhu malee jecha Finfinnee jedhutti maalif dhimma baata jedhamuun komiifi qeeqaan ka'a. Kun kan ta'eef, aangoon bakka bu'oota uummataa kabajamuun Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa giddugala Oromiyaa kanatti beekamtiin walqixaa kennamuufii dhabuunidha. Kanaaf, ijaarsafi guddina magaalaa keessa karaa haqa qabeessan eenyummaa hawaasaaf xiyyeeffannaa laachun sirreessuu gaafata.

Gama biraatin, akka gaaffii Oromootti, Afaan Oromoo afaan hojii mootummaa Federaalaa ta'uu dhabuun agarsiiftuu eenyummaa Oromoo Tuulamaa Finfinnee afaaniifi maqaalee

afaan isaaniin baasaman, akkasumas, aadaafi seenaa afaan isaanitiin ibsachuu irratti dhiibbaa geessisaa jira. Kanaaf, mootummaan federaalaa akkuma yeroo dheeraaf imaamata afaanii qorataa ture Afaan Oromoo afaan hojii mootummaa federaalaa taasisuun agarsiiftuu eenyummaa Oromoon Tuulamaa Finfinnee bara Minilikii kaasee sarbame akka deebisanii ijaarrataniifi ibsatan taasisuun wal qoccolloo gareewwan hawaasaa hambisuun nageenya sabaafi sablammootaa mirkaneessuuf iddoo olaanaa qaba.

Akkasumas, Mootummaan naannoo Oromiyaa giddugala Oromiyaafi magaalaa guddittii Oromiyaa Finfinnee keessaa eenyummaa hawaasaa sarbameefi aadaa hawaasaa godaanef xiyyeeffannaa kennuun deebisanii ijaaruufi akka hawaasicha gitutti ibsachuu akka danda'u gochuun barbaachisaadha. Maqaa jijjiiruun sona aadaa hawaasaafi eenyummaa jijjiiruu waan ta'eef dhimma hawaasni maqaa bakkaa keessaa qabu hambaa aadaafi afaan hawaasichaa wanta biroo kamiinuu bakka bu'uu hindandeenye kana beekuu, kununsuufi karoorsuun barbaachisaadha. Maqaa bakkaa keessa hambaa aadaa, eenyummaa, afaan, seenaa, duudhaa hawaasaa jiru qorannoonis ta'ee gochaan xiyyeeffachuun murteessaadha. Jijjiiramni maqaa bakkaa yeroo ammaa kallattii garagaraan geggeeffamu miidhaa inni beekumsaafi aadaa hawaasaa turee gonaansisuu keessatti qabu hubachuun karaa BATO, BBO, GAO, IQQO fi bulchiinsa magaalaa Finfinnee waliin ta'uun sirreessaa deemuun BMNO irraa eegama.

Gama biraatin miidiyaaleefi ogbarruuwwan Oromoo agarsiiftuuwwan eenyummaa Oromoo Tuulamaa turaniif xiyyeeffannaa kennuun dhiheessuun, hawaasaafi hubannoo uumuun murteessaadha. Dabalataan, Dhaabbanni qorannoo Oromoofi qorattoonni afaaniifi aadaa, akkasumas, barreessitoonni, maqaalee bakkeewwan Finfinnee jijjiiraman kanneen xiyyeeffachuun eenyummaa hawaasa Oromoon walqabatu baasanii mul'isuu danda'uun barbaachisaadha.

Xiinxala kanaan Magaalaa Finfinneetti Afaan Oromoo irratti ilaanyaan afaanii faallaa ta'an garee hawaasa lama gidduu akka jiran hubatameera. Finfinneen yeroo ammaa kana giddugala siyaas-diinagdee biyya kanaati. Akkasumas, akka Afrikaafi addunyaatti beekamuun tajaajilaa kan jirtuudha. Haata'u malee, ilaanyaa afaanii waliif faallaa, hariiroo hawaasaa irratti rakkoo uumu mul'ataa jira. Kanaaf, qaamni murtee siyaasaa kennu murtee

furmaataa kennuun waldhabdee garaagarummaa ilaanyaa afaaniin gareewwan hawaasaa gidduutti uumamu furuun barbaachisaadha. Sababnisaa Gama biraatiin, gareewwan hawaasaa ilaanyaa afaanii garagaraa qabaachuun mormii kaasan bu'uura illaanyaa isaanii beekuufi hubachuun isaanirraa eegama. Akka yaaxxinoota koloniin boodaatti, afaaniifi aadaan hawaasaa kolonii jalaa bahuun yeroo itti karoorfamaniifi guddifataman malee afheddummaa balleessuun aftokkeen hariiroo hawaasaa ijaarun hindanda'amu. Kanaaf, ilaanyaan afaanii Magaalaa Finfinnee keessatti Afaan Oromoo irratti jiru bu'uurarraa sirrachuun gaarii ta'a.

Walumaagalatti,Finfinneen giddugala siyaas-diinagdee waan taateef, dhimmoota Finfinnee keessaaf bakka laachuun maqaalee Afaan Oromoon baasamaniifi tajaajila isaanii ture hubachuun rakkoo maqaaleen bakkeewwanii dhiibbaa siyaasatiin jijjiiraman qaban xiyyeeffachuun kununsaafi misooma eenyummaa maqaa bakkaaf kennamuu qabu kennuun, sona dhimmoota hawaasaa tiksuun barbaachisaadha. Haala kanaan, eenyummaa hawaasaa maqaa bakkaa keessa ibsamuufi agarsiifamu kununsuufi misoomsuuf karoorfatanii hojjechuun gaaga'ama eenyummaa yeroodhaa yerootti bal'achaa deemuun, dhaloota gidduutti qaawwa uumuu, akkasumas, nagaa waaraan akka hinjiraanne taasisu hambisuun murteessaadha.

## Wabiilee


Abbas Haji (1995). *Arsi Oromo Political and Military Resistance Againstthe Shoan Colonial Conquest (1881-6):*TheJournal Of Oromo Studies, Volume II, Number 1&2 Winter, 1995 & Summer 1995

Aberra Dagafa (2008). *Language Choice in Multilingual Societies*: An Appraisal of the Ethiopian Case.The Journal of Oromo Studies, Volume15, Number 2 July, 2008, Page61-95

Aberra Degefa (2019). Addis Ababa master development plan: A program for development or for ethnic cleansing? RUDN Journal of Sociology 2019 Vol. 19 No.1 31—39

Abnet Gezahegn. (2017). City profile: Addis Ababa. Report prepared in the SES (Social Inclusion and Energy Management for Informal Urban Settlements) project, funded by the Erasmus Program of the European Union. http://moodle.donau-uni.ac.at/ses/

Abreham Alemu.(2012). *Narrating Local Identity among the Southwestern Oromo of Ethiopia*: Case of the Jimma and Gera. African Study Monographs, 33 (1): 17-47.

Admasu Shunkuri (1995).*The Influence of Abyssinian (Ethiopian) Political Culture on Oromo Nationalism and Rebellion.*The Journal of Oromo Studies, Volume II, Number 1&2 Winter, 1995 & Summer 1995 Page 65-72

Ainsworth, Susan & Hardy, Cynthia. (2006). *Critical Discourse Analysis and Identity*: Why Bother? Australia: University of Sydney

Aksholakova, Assem (2014). *Proper name as a clue symbol of Identity*: Procedia - Social and Behavioral Sciences 112 ( 2014 ) P. 465 – 471: Published by Elsevier Ltd.

Alamaayyoo H.(2016). *Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaa.Jildii-2:*Giddugala Aadaa Oromootti, Garee Qormaata Seenaatiin: Finfinnee

Alamaayyoo H.fi Miiltowwan isaa (2012). *Seenaa Oromoofi Hundeeffama Magaalaa Finfinnee*. Giddugala Aadaa Oromootti, Garee Qormaata Seenaatiin: Finfinnee

Alba, R., & Nee, V. (1997). Rethinking assimilation theory for a new era of immigration. The International Migration Review, 31(4), 826-874.

Aldrin, Emilia(2011). Choosing a Name = Choosing Identity? Towards a Theoretical Framework. Els noms en la vida quotidiana. Actes del XXIV Congrés Internacional d'ICOS sobre Ciències Onomàstiques. Annex. Secció 4

Asafa Jalata (1993). *The Oromo, Change and Continuity in Ethiopian Colonial Politics.*

Asafa Jalata (2002). The of the Oromo Diaspora in the Oromo National Movement: Lessons from the Agency of the 'Old' African Diaspora in the United States, *Northeast African Studies,* Vol. 9., No. 3: 133-160.

Asafa Jalata (2007). *OROMUMMAA: Oromo Culture, Identity and Nationalism*. Oromia Publishing Company : Atlanta, Georgia, 31146

Asafa Jalata (2009). *Being in anda out of Africa*: The Impact of Duality of Ethiopianism. Jounal of Balck Studies, Nov., 2009, Vol.40, No.2, pp 189- 214/6

Asafa Jalata (2010). Oromo Peoplehood: Historical and Cultural Overview. *Sociology Publications and Other Works.* http://trace.tennessee.edu/utk_socopubs/6

Assefa Tefera (2015). *Ethnography of Resistance Poetics Power and Authority in Salale Oromo Folklore and Resistance Culture*: Ethiopia, Northeast Africa Unpublished PhD Dissertation, in the Department of Folklore and Ethnomusicology Indiana University

_______ .(2021). Ecopoetics of Place: Reclaiming Finfinne, Past and Present. McDowell

Badone, Ellen. (1987). *Ethnicty, Folklore and Local Identity in Rural Brittany*: The Journal of American Folklore, Vol. 100, No.396 (Apr., - Jun., 1987), p.161-190. In American Folklore Society

Blackledge , Adrian (2000). Monolingual ideologies in multilingual states: Language, hegemony and social justice in Western liberal democracies. *Estudios de Sociolingüística 1(2), 2000, pp. 25-45*

Bamberg, Michael. (2010). *Who am I?*Narration and its contribution to self and identity.

Bauman,Richard.(1971).*Differential identity and the social base of folklore*. Journal of American Folklore, Vol.84, No.331 P.31-41.

Baxter, P.T.W. (1978). *Ethiopia's Unacknowledge Problem*: The Oromo. African Affairs, Jul., 1978, Vol. 77, No. 308, pp. 283-296.

Baxter, Paul, (1986). *The Present State of Oromo Studies*: A Resume", Bulletin des Etudes africaines de i'lmlco, vol VI no 11, 1986, p.69

Beharu Zewude (2002). A modern Ethiopian history, 1885-1991 (2nd Ed.). Addis Ababa: Addis Ababa University Press.

Begna F. Dugassa (2006). *Knowledge, Identity and Power*: The Case of Ethiopia and Ethiopianness: The Journal of Oromo Studies, Volume 13, Numbers 1 &2, July 2006

Bichaka Fayissa (1996). Aspects of Oromo Cultural Endowments and Their Implications for Economic Development. The Journal of Oromo Studies: Volume III, Numbers 1&2 Winter/Summer 1996.

Blommaert, J. (2005). *Discourse*. Key concept in sociolinguistics. Cambridge: Cambridge University Press

Bronner, Simon J. (2012) Practice Theory in Folklore and Folklife Studies, Folklore, Routledge, Taylor & Francis Group

Brown, Keith. ( 2009 ). *Concise Encyclopedia of Languages of the World*. University of Cambridge: Elsevier Ltd.

Buckingham, David. (2008). *"Introducing Identity."*Youth, Identity, and Digital Media.Mac Arthur Foundation Series on Digital Media and Learning. Cambridge, MA: The MIT Press

Burt, Janeula M. & Halpin, Glennelle. (1998). *African American Identity Development*: A Review of the Literature. Paper Presented at the Meeting of the Mid-South Educational Research Association. New Orleans, Louisiana

Cerulli, Enrico. (1922). *The Folk-Literature of the [ Oromo] of Southern Abyssinia*. Harvard African Studies, Volume III. Cambridge, Mass.: Harvard University Press.

Creswell, John W. (2013). *Research design*: Qualitative, quantitative and mixed method Approaches. 2nd edition: USA: Sage Publications, Inc.

Creswell, J.W. (2007). *Qualitative inquiry and research design*: Choosing among !ve approaches (2nd ed.). Thousand Oaks, CA: Sage.

Corrado Matta (2022) *Philosophical Paradigms in Qualitative Research Methods Education*: What is their Pedagogical Role?, Scandinavian Journal of Educational. Research, 66:6, 1049-1062, DOI: 10.1080/00313831.2021.1958372

Dahl, Gudrun and Gemetchu Megerssa (1990a). `The Sources of Life: Boran Concepts of Wells and Water´ in G. Palsson (ed.) From Water to World-Making: Anthropological Studies of Arid Lands. Uppsala: Scandinavian Institute of African Studies. Reprinted with the permisson of the Nordic Africa Institute.)

Daldal, Asli (2014). *Power and Ideology in Michel Foucault and Antonio Gramsci*: A Comparative Analysis. American Research Institute for Policy Development: June, 2014, Vol. 2, No. 2, pp. 149-167

Dandena Tufa (2008). *Historical Development of Addis Ababa*: plans and realities. Journal of Ethiopian Studies, June-December 2008, Vol. 41, No. 1/2, Special Thematic Issue on Contemporary Urban Dynamics (June-December 2008), pp. 27-59 Published by: Institute of Ethiopian Studies

Davies, B., & Harre, R. (1990). *Positioning*: The discursive production of selves.Journal of the Theory of Social Behaviour, 20: 43-65.

Deng, Francis M. (1995). *War of Visions*: Conflict of Identities in the Sudan. Washington,

Denscombe,Martyn (2007). *The Good Research Guide for small-scale social research projects*: 3rd Edition : New York, NY : Open University Press McGraw-Hill

Dereje Fufa (2013).Analysis of creativity and creative context in oral poetry. Journal of Language and Culture Vol. 4(1), pp. 1-9, March, 2013

Derry, S. J. (1999). *A Fish called peer learning*: Searching for common themes. In A. M. O'Donnell & A. King (Eds.),

Drid, Thouria. (2010). *Discourse Analysis*: Key Concepts And Perspectives: University of Ouargla

Du Gay, P. (1996). *Consumption and identity at work*. London: Sage.

Dundes, A. (1989). *Folklore matters*. Knoxville: Tennessee University Press.

Elleni Centime Zeleke (2010). Addis Ababa as Modernist Ruin: Callaloo , Spring, 2010, Vol. 33, No. 1, ETHIOPIA: Literature, Art & Culture (Spring, 2010), pp. 117-135: The Johns Hopkins University Press

Emana Beyene (2018). Waaqeffanna Folksongs and Poetic Verse Among Tuulamaa Oromo. The Journal Of Oromo Studies, Volume -25, Number 1-2 -2018

Erikson, Erik H. (1956). *The problem of Ego Identity*. Journal of the American Psychoanalytic Association, 4:56-121

____. (1980). *Identity and the life Cycle*. New York: Norton.

Fairclough, Norman (2003). *Analyzing Discourse*: Textual Analysis for Social Research. London: Routledge.

___.(1995) Critical Discourse Analysis: the Critical Study of Language. London: Longman.

____ (1992). *Discourse and Social Change*. Oxford, UK and Cambridge, MA: Polity Press and Blackwell.

____ (1989). *Language and Power*. London: Longman.

Feda Negesse (2015) *Clasification of Oromo dialects*: A computational Approach. International journal of computational Linguistics (IJCL) volume(6):Issue (1)

Fekadu Adugna, Taddesse Berisso and Teshome Emana (2024). Finfinnee: Dispossession, Displacement and Alienation of the Oromo People. Oromo Research Association, Finfinne.

Fernand, Braudel, The Structures of Everyday Life, Civilization and Capitalism 15th –18th Century (Berkeley: University of California Press, 1992), 29

Feyisa Demie (1996). Historical Challenges in the Development of Oromo Language and Some Agenda for Future Research. The Journal of Oromo Studies: Volume III, Numbers 1&2 Winter/Summer 1996.

Gay, L. R. (1981). Educational Research: Competencies for Analysis and Application. 2nd ed. Columbus, OH: Charles E. Merrill.

Gee, James Paul.(1999). *An introduction to discourse Analysis*. London: Routledge.

______(1999). *An Introduction to Discourse Analysis Theory and Method*: Published in the USA and Canada by Routledge

Gemechu Megersa (1993).*Knowledge, Identity and the Colonizing Structure*: The Case of the Oromo in East and Northeast Africa. Unpublished PhD Dissertation Submitted to the Department of Anthropology, University of London School of Oriental and African Studies.

Gemeda Odo.(2021).Trees symbolism, conservation andthreat in Guji Oromo, Southern Ethiopia, Cogent Social Sciences, 7:1, 1880681, DOI: 10.1080/23311886.2021.1880681

Guyot, Sylvain and Seethal, Cecil (2007). *Identity of Place, Places of Identities, Change of Place Names in Post-Apartheid South Africa.* the South African Geographical Journal, 2007, 89 (1), pp.55-63. hal-00201762.

Hall, Stuart. (1989). *Ethnicity*: Identity and Difference." Radical America 23:9–20.

Hancock, B., Windridge, K., & Ockleford, E. (2007). An introduction to qualitative research. Sage

Handelman, Don. (1977). *The Organization of Ethnicity*. Ethnic groups, I:187-200

Harris, Major Counwallis (1844). *Highlands of Ethiopia*. Volume 3: Longman, Brown, Green, and Longmans, Paternoster-Row. London

help Association, by Olana Zoga. The Journal of Oromo Studies: Volume III, Numbers 1&2 Winter/Summer 1996.

Hogg, Michael A. and Dominic Abrams. (1988). Social Identifications: A Social Psychology of Intergroup Relations and Groucp Processes. London: Routledge.

Hogg, Michael A.(2001). *A Social Identity Theory of Leadership*. Personality and Social Psychology Review Vol. 5, No. 3, 184-200 University of Queensland: Lawrence Erlbaum Associates, Inc.

Holcomb, Bonnie K. And Klemm, Peri M. (2018). The Matter of Land is a Matter of Life "Dubbiin Lafaa, Dubbii Lafeeti": Examining Cultural Messages in an Oromo Protest Song, "Ka'i Qeerroo". The Journal of Oromo Studies: Volume 25, Number 1 &2 ,

Hortobágyi, Ildikó.(2009).*The Role of Identity in Intercultural Communication*.Bulletin of the Transilvania University of Braşov Vol. 2 (51) – 2009 Series IV: Philology and Cultural Studies

Howard Lune and Bruce L. Berg (2017). Qualitative Research Methods for the Social Sciences, 9th edition, published by Pearson Education: United States

Howarth, Caroline (2011) Representations, identity and resistance in communication. In: Hook, Derek and Franks, Bradley and Bauer, Martin W., (eds.)

Huntington, Samuel .(2004). *Who Are We?* The Challenges to America's National Identity. New York: Simon andSchuster.

Isaac, Stephen and William B. Michael (1981). Handbook in Research and Evaluation, 2nd ed. San Diego: CA, Edits Publishers.

Jacob Wiebel (2022) Atrocities in Revolutionary Ethiopia, 1974-79: Towards a Comparative Analysis, Journal of Genocide Research, 24:1, 134-147, DOI: 10.1080/14623528.2021.1992928

Jacobson-Widding, A. (ed.), (1983). *Identity*: personal and Socio-Cultural. Acta University Ups., Uppsala Studies in Cultural Anthropology 5.423pp. Uppsala. ISBN 91-554-1500-8

James D. Fearon (1999). *What is Identity* (As We Now Use The Word)? Stanford University: Stanford, CA 94305

Jaworski, A. & Coupland, N. (1999). *Introduction*: Perspectives on discourse analysis. In A. Jaworski & N. Coupland (Eds.).The discourse reader. London and New York: Routledge. PAGES 1-44.

Jenkins, Richard.(1996).*Social Identity*: London: Routledge.

Kane, Thomas Leiper (1990). Amharic-English Dictionary. Volume-I ሀ-ኘ፡ Otto Harrassowitz, Weisbaden.

Kehily, M. J. (2009). *What is identity?* A sociological perspective. In: ESRC Seminar Series: The educational and social impact of new technologies on young people in Britain, 2 Mar 2009, London School of Economics, UK.

Khayambashi, Shirin (2019). My Flag, My Identity: Fragmented Identities in Iranian diaspora. McMaster University, Ontario (Hamilton)

Kidd, W. (2002). *Culture and identity*. New York: Palgrave.

Kim, Beaumie. (2001). *Social constructivism*. In M. Orey (Ed.), Emerging perspectives on learning, teaching, and technology.

Kochalumchuvattil, Thomas (2010). The Crisis of Identity in Africa: A Call for Subjectivity: Kritike Volume Four Number One (JUNE 2010)

Kopytowska, Monika (2012). Critical Perspectives on Ideology, Identity and Interaction: Ideology, identity and interaction within discourse and society dialectics. University of Łódź

Lambrou, Marina (2005) Story patterns in oral narratives: a variationist critique of Labov andWaletzky's model of narrative schemas. PhD thesis, Middlesex University.

Leone, Massimo (20210. *The semiotics of Flags*. University of Turin, Italy

Lia, (2017). Addis Ababa City Structure Plan: Draft Final Summary Report (2017-2027). Addis Ababa.

Loseke, D. R. (2007). The study of identity as cultural, institutional, organizational, andpersonal narratives: Theoretical and empirical integrations. *The Sociological Quarterly*, 48(4), 661688.

Lynch, Patricia Ann. (2004). *African Mythology A to Z*. 2nd Edition: New York NY 10001 Printed in the United States of America

Mason, J. (2002). Qualitative researching (2nd ed). Sage.

Massey, D. (1995). The new immigration and ethnicity in the United States. Population and Development Review, 21(3), 631-652.

McMahon, M. (1997). *Social Constructivism and the World Wide Web* - A Paradigm for Learning. Paper presented at the ASCILITE conference. Perth, Australia.

Mead, G. H. (1934). *Mind, self, and society*. Chicago, IL: University of Chicago Press.

Meiring B. (1994). *Toponymic innovation and social change*. Nomina Africana,8(1), 65-79.

Mekuria Bulcha (1993). Beyond the Ororno-Ethiopian Conflict. The Journal of Oromo Studies: Volume I, Number I Summer 1993

Mekuria Bulcha (1994). *The Language Policies of Ethiopian Regimes and the History of Written Afaan Oromoo*: 1844-1994. TheJournal Of Oromo Studies : Volume I Number 2 Winter 1994

Mohammed Hassen (1997). *Review Essay*: Gezetena Gezot, Matcha and Tulama Self-Help Association, by Olana Zoga. TheJournal Of Oromo Studies Volume 4, Numbers 1 & 2, July 1997

_____. (1994).*Some Aspects of Oromo History that have been Misunderstood*.The Journal of Oromo Studies Volume I Number 2 Winter 1994

Muqit, Abd (2012). Ideology and Power Relation Reflected in The Use of Pronoun in Osama Bin Laden's Speech Text. *International Journal of Social Science and Humanity, Vol. 2, No. 6, November 2012*

Narzari, Dh. (2018). *Folklore of the Bodo Community*: A Theoretical Perspective on Myths and Legends. Sikkim University: unpublished MA thesis.

Naty, Alexander (1994). The thief-searching (leba shay) institution in Aariland, Southwest Ethiopia, 1890s-1930s. University of Pittsburgh, Department of Anthropology: Ethnology (Vol. 33, Issue 3)

Nigar , Nashid (2020). Hermeneutic Phenomenological Narrative Enquiry: A Qualitative Study Design. Monash University, Australia: Theory and Practice in Language Studies, Vol. 10, No. 1, pp. 10-18, January 2020. DOI: http://dx.doi.org/10.17507/tpls.1001.02

Okbazghi Yohannes (2001). *Understanding Oromo Nationalism*: An Historical Perspective. The Journal of Oromo Studies Volume 8, Numbers 1 & 2, July 2001

Omnia Ali, Yasser Mansour, Abeer Elshater, Ayman Fareed, (2022). "Assessing the Identity of Place through Its Measurable Components to Achieve Sustainable Development," Civil Engineering and Architecture, Vol. 10, No. 5A, pp. 137 - 157, 2022. DOI: 10.13189/cea.2022.101407

Oyserman Daphna, Elmore Kristen and Smith George (2012). *Self, self-concept, and identity*: 2nd Edition. USA: the Guilford Press

Pankhurst Richard, Breternitz Hartwig. Barara, the Royal City of 15th and Early 16th Century (Ethiopia). Medieval and Other Early Settlements Between Wechecha Range and Mt Yerer: Results from a Recent Survey. In: Annales d'Ethiopie. Volume 24, année 2009. pp. 209-249

Patel, S. (2015). The research paradigm – methodology, epistemology and ontology – explained in simple language. Retrieved from http://salmapatel.co.uk/academia/the-research

Pedersen, Ove K. (2009). *Discourse Analysis*. International Center for Business and Politics.

Peek, Philip M. & Yankah, Kwesi (2004). *African Folklore*: An Encyclopedia.New York: Routledge

Perecman, Ellen & Curran, Sara R.(2006). A *Handbook for Social Science field research Essays & Bibliographic Sourceson Research Design &Methods.* London: SAGE Publications, Inc.

Phillips, Peter Garretsor (1974). *A History of Addis Ababa from its Foundation in 1886 to 1910*. Thesis Presented for degree of Doctor of Philosophy in the University of London. Published by ProQuest LLC.

Richeson, J. A., & Nussbaum, R. J. (2004). The impact of multiculturalism vs. color blindness on racial bias. Journal of Experimental Social Psychology, 40, 417-423.

Rosana Dolón and Júlia Todolí (2008).*Analyzing Identities in Discourse*. John Benjamins Publishing Company: Amsterdam / Philadelphia

Rovira, Lourdes C. (2008).*The Relationship between Language and Identity*. The use of the Home Language as a Human Right of the Immigrant Remhu - Revista Interdisciplinar da Mobilidade Humana, vol. 16, núm. 31, 2008, pp. 63-81 Centro Scalabriniano de Estudos Migratórios Brasília, Brasil

Rumbaut, R. G. (1997). Assimilation and its discontents: between rhetoric and reality. The international Migration Review, 31(4), 923-960.

Shahmirzadi, Niloufar (2018). *Discourse*, *Ideology and Power*: From Archeology towards Genealogy Literacy Information and Computer Education Journal (LICEJ), Volume 9, Issue 4, December 2018.

Sims, Martha C. & Stephens, Martine (2005). *Living Folklore:*An Introduction to the Study of Peopleand Their Traditions. Utah State University Press: Logan, Utah 84322-7800

Slembrouck, Stef (2003). *What is meant by Discourse Analysis?*University of Gent: Rozier 44, 9000 Gent

Stets, Jan E. and Burke, Peter J. (2014).*The Development of Identity Theory*. Advances in Group Processes, Volume 31, 57_97: by Emerald Group Publishing Limited

Stets, Jan E. and Serpe, Richard T. (2013). *Identity Theory*. University of California, Riverside

Stone, Kay, (1997). *Social identity in organised storytelling*, Western Folklore, 56, 233–41.

Taaboor Waamii. (2008). *Barreeffama Loogiifi Seenaa Dhugaa*. Finfinnee: Rehobot Printers Plc

Tamene Bitima (1983). *On Some Oromo Historical Poems*. Paideuma: Mitteilungen zur Kulturkunde , Frobenius Institute Stable, pp. 317-325

Thank-God, Ogba Igiri (2017).*Language as a Social Phenomenon*: Its Functions and Social Factors in Language Use. Journal of Teacher Perspective, Volume 12 No. 1, December, 2017, ISSN: 2006 – 0173

Van Dijk, Teuna (2015). *Structures of Discourse and Structures of Power*. University of Amsterdam

______. (2008). *Discourse and context*: A Socio-cognitive approach. New York: Cambridge University Press

Volgsten, Ulrik.)2014). *Music, Culture, Politics*:Communicating Identity, Authenticity and Quality in the 21st Century. Nordisk Kulturpolitisk Tidsskrift, vol. 17, Nr. 1-2014 s. 114–131

Wessling, Uli Tolon (2008). Comparison of Urban Upgrading Projects on Development Cooperation in Ethiopia.

Wetherell, M. (2001). *Minds, selves and sense-making:* Editor's introduction. In M. Wetherell, S. Taylor & S. J. Yates (Eds.).Discourse theory and practice: A reader. London: Sage in association with The Open University. Pages 186-197.

Willems, K. (2000), "Form, Meaning, and Reference in Natural Language: A Phenomenological Account of Proper Names," Onoma 35, 85–119

Wodak, R. (2001a). *What CDA is about* –a summary of its history, important concepts, and its development. In Methods of CDA. (ed.) by R. Wodak and M. Meyers. London: SagePublication, 1-13.

Wodak, Ruth and Meyer, Michael (2001). *Methods of Critical Discourse Analysis*.London : SAGE Publications

Woldayohaannis Warqinaafi Gammachuu Malkaa.( 2009). *Seenicha Sukkanneessaa Barri Dhokse:* Itoophiyaa: Finfinnee

Wondimu Tegegne (2016). *The Development of Written Afan Oromo and the Appropriateness of Qubee, Latin Script, for Afan Oromo Writing.* Wolayita Soddo University, Ethiopia

Woods, Nicola. (2006). *Describing Discourse*: A Practical Guide to Discourse Analysis. USA: Oxford University Press Inc.

Wu, Hongzhi (2010). *A Social Cultural Approach to Discourse Analysis*: Journal of Language Teaching and Research, Vol.1, No.2, pp.130-132, March 2010: Academy Publisher Manufactured in Finland.

Zelalem T. Sirna (2018).*Addis Ababa/Finfinee: A Blueprint towards Twin-city Administration*: *Qabeenyi biyya keenyaa, qabiyyeen qabeenyaa; Yookaan qixxee hintaane, yookaan cittee hin baane, Akkuma isa durii, akkuma isa durii!* ~ Zelalem Abera, 2000. Ethiopian Journal of the Social Sciences and Humanities (EJOSSAH) ISSN (online): 2520-582X ISSN (print): 1810-4487

አምባ የጥናት እና ምርምር ክፍል/Amhara Professional Union (2009). *አዲስ አበባ በረራ ናት፤ በረራም አዲስ አበባ.* Info@ambapu.org. www.ambapu.org

ደስታ ተክለወልድ (1935). *ገበተዋሪያ ንባብ መማሪያ፡* ዐጭር ያማርኛ ግስና ርባታ ከነፈደሎቹ፡፡ ቅዱስ አልዓዛር ማተሚያ ቤት፡ ድሬዳዋ

## Dabalee A:  Afgaaffii

Qajeelcha Afgaaffii

Ani Yuunivarsiitii Finfinneetti, baratаa Fooklooriiti.  Yeroo ammaa kana qorannoo barnoota PhD guuttachuuf barbaachisu hojjechuu irrattin argama. Matadureen qorannoo kootii "Afeewwan Agarsiiftuu Eenyummaa Oromoo Tuulamaa Finfinnee Hundeeffama Magaalaa Irraa Hanga Har'aatti: Xiinxala waallee liixxaa tiin" kan jedhuudha. Kanaafaan isin irraa ragaa qorannoo kanaaf na barbaachisu fudhachuuf gara keessan dhufe. Hunda dura isinis kanaaf heeyyamamoo ta'uu keessaniif guddaan isin galateeffadha; Ulfaadhaa!

Itti aansuun ragaan isin naaf kennetan qorannoo kanaaf gumaacha guddaa qaba. Kanaaf, yaada keessan qusannaa malee akka naaf gumaachitanan isin gaafadha. Ragaan naaf kennitan qorannoo kanaaf qofa kan ooluudha.  Ragaa kana barreessuuf irra deddebi'uun dhaggeeffachuu waan barbaachisuuf sagalee keessan akkan waraabbadhuufi suuraan fudhadhu akka naaf heeyyamtanan isin gaafadha.

Galatoomaa!

❖ Qabxilee Afgaaffii Gamisaan Caaseffamaa

1. Oromoon Finfinnee jiraatan waa'ee eenyummaa isaanii ogafaaniin walitti himuun dhalootaa dhalootaatti dabarfachaa dhufan qabuu?
2. Hawaasni kun yeroo waa hojjetu  ogafaan  dhimma itti bahu akkamii qaba?
   - ⇘ dur yeroo lafa isaa qotatuufi haramatu,
   - ⇘ Yemmuu  jilaan bahee sirna wayii raawwatu
   - ⇘ Yeroo diinni itti dhufu akkaataa itti wal waamee qolatu
   - ⇘ Yeroo garagaraatti akkaataa itti miira isaa ibsata
   - ⇘ Diduu isaa, itti waliigaluu isaa, dirqamuu isaa akkamitti ibsata?
3. Hawaasni kun ofii isaa immoo, maaliin of ibsa; maaltus bakka isa bu'ee isa ibsa?
   - ✍ Ogafaan isaa keessaa waan yaadattan

- Moggaasa tureefi jiru
- Sirnoota isaanii turaniifi jiran
- Bakkeewwan ulfoo

4. Finfinnee keessaa Moggaasni maqaalee Afaan Oromoon walqabatan maal maaltu jiru?
5. Ogafaan qaban keessa eenyummaa isaanii akkamitti ibsatu?
6. Mee Oromoon Tuulamaa Finfinnee jiraatan eenyummaa isaanii akkamitti ijaaru (guddifatu)? Eenyummaan Oromoo Finfinnee keessatti akkamitti ijaaramaafi ibsamaa ture/ jira?
7. Maqaaleen Afaan Oromoon baafaman yoo jiraatan yeroo ammaa beekamoodhaa? Yoo hinbeekamne maaliif?
8. Jijjiiramni maqaa taasifame jiraa? Afaan kamirraa gara afaan kamiitti jijjiirame?
9. Jijjiiramni kun miidhaa maal fiduu danda'e?
10. Hawaasa kana waanti ibsu moggaasni lafaa, tulluuwwanii, iddoo sirna itti raawwatan, malkaawwan … maaltu jiru?
11. Bakkeewwan ulfoon magaalaa Finfinnee keessatti Oromoodhan beekaman jiruu? Mee eessa eessa?
12. Sirnoonni Oromoon Tuulamaa Finfinnee raawwachuun beekaman maal maaltu jiru?
13. Oromoon Tuulamaa Finfinnee durii kaasee dhimma isaa, seenaa isaa, eenyummaa isaa akkamitti ibsataa ture/ Ibsataas jira?
14. Mee wantoonni Oromoon Tuulamaa Finfinnee eenyummaa isaanii ittiin ibsatan maal maali?
15. Waa'ee Finfinnee ogafaan dhihaatan ergaa maal maal qabu?

16. Eenyummaan garee hawaasaa Finfinnee keessatti bal'inaan beekamu kam?
17. Finfinneen yeroo ammaa dawoo sabaafi sablammootaa waan taateef Eenyummaan gareewwan hawaasaa wal caalmaa qabuu? Kamtu olaantummaa qabaachuun caalmaa agarsiisa? Maaliif?
18. Irraa jalummaafi caalmaan eenyummaa gareewwan hawaasaa Finfinnee keessaa maal fakkaata?
19. Dhiibbaan irraa jalummaa eenyummaa gareewwan hawaasaan mul'atu yoo jiraate rakkoo maalii uume?

## Dabalee B: Odeeffannoo Hirmaattita Ragaa Qorannoo Kanaa

i. Odeeffannoo namoota Afgaafiin ragaa kennanii Koodiin

| Lak. | Koodii | Umurii | Koorniya | Guyyaa |
|---|---|---|---|---|
| 1 | H-001 | 52 | dhi | 01/04/2014 |
| 2 | H-002 | 47 | dhi | 08/04/2014 |
| 3 | H-003 | 96 | dhi | 02/04/2014 |
| 4 | H-004 | 63 | dhi | 03/04/2014 |
| 5 | H-005 | 45 | dhi | 06/04/2014 |
| 6 | H-006 | 42 | dhi | 19/04/2014 |
| 7 | H-007 | 36 | dhi | 06/04/2014 |
| 8 | H-008 | 56 | dhi | 11/04/2014 |
| 9 | H-009 | 70 | dhi | 24/04/2014 |
| 10 | H-010 | 87 | dhi | 02/05/2014 |
| 11 | H-011 | 58 | dhi | 03/05/2014 |
| 12 | H-012 | 43 | dhi | 03/05/2014 |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 13 | H-013 | 45 | Dhi | 27/04/2014 |
| 14 | H-014 | 42 | dhi | 04/05/2014 |
| 15 | H-015 | 42 | dha | 06/04/2014 |
| 16 | H-016 | 33 | dha | 06/04/2014 |
| 17 | H-017 | 40 | dhi | 06/04/2014 |
| 18 | H-018 | 36 | dhi | 07/04/2014 |
| 19 | H-019 | 36 | dhi | 08/04/2014 |
| 20 | H-020 | 35 | dhi | 06/04/2014 |
| 21 | H-021 | 58 | dhi | 02/05/2014 |
| 22 | H-022 | 68 | dhi | 02/05/2014 |
| 23 | H-023 | 34 | dhi | 08/01/2016 |
| 24 | H-024 | 42 | dhi | 08/01/2016 |
| 25 | H-025 | 33 | dhi | 08/01/2016 |
| 26 | H-026 | 35 | dhi | 08/01/2016 |
| 27 | H-027 | 34 | dhi | 08/01/2016 |
| 28 | H-028 | 35 | Dub. | 08/01/2016 |
| 29 | H-029 | 33 | dhi | 10/01/2016 |
| 30 | H-030 | 31 | Dhi | 10/01/2016 |
| 31 | H-031 | 32 | Dhi | 10/01/2016 |

ii. Wantoota waraabbamanii jiran kan ragaan irraa fudhatame

| Lak. | Qaama Waraabe | Guyyaa itti waraabame | Qabiyyee waan waraabamee |
|---|---|---|---|
| 1 | Obbo Zawuduu Maammoo<br>Abeebee Tufaa | የካቲት 23, 2000 | የኤካ ዳሌ ቤተሰብ ሐረግ ማህበር |
| 2 | Obbo Zawuduu Maammoo | Caamsaa 18, 2010 | Sirba yeroo gumiin maatii walitti qabaman sirban waraabame |
| 3 | OBS | July 21, 2018 | Mataduree Firoomanii Gamnoomuu jedhuun Seenaa Abeebee Tufaa dhiheesse |
| 4 | OMN | 17/8/2016 | Qophii Keessummaa obbo Eda'oo Boruu waliin taasifame |

**iii. Wantoota barreeffamanii jiran kan ragaan irraa fudhatame**

| Lak. | Nama barreesse | Bara itti barreeffame | Mataduree ittiin barreeffame |
|---|---|---|---|
| 1 | Tamene Bitima | 1983 | On Some Oromo Historical Poems |
| 2 | Cerulli, Enrico | 1922 | The Folk-Literature of the (Oromo) of Southern Abyssinia. Harvard African Studies, Volume III |
| 3 | Asafaa Tafarraa | 2021 | Ecopoetics of Place: Reclaiming Finfinne, Past and Present. McDowell |
| 4 | Alamaayyoofi Kuuwwan | 2012 | Seenaa Oromoofi Hundeeffama Magaalaa Finfinnee |

## Dabalee C: Barruu ( Article) 1[ffaa]

# Maqaalee Bakkeewwanii Magaalaa Finfinnee Keessaa akka Agarsiiftuu Eenyummaatti: Maleenyaa Waallee Seenaawaatin

Duulaa Kafanaa[*1], Addunyaa Barkeessaa[2] (PhD), Masfiin Wadaajoo[3] (PhD)

dulakafana@gmail.com

[1] Yuunivarsiitii Finfinnee, Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Gaazexeessummaafi Quunnamtiitti, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklooriitti Kaadhimamaa PhD

[2] Yuunivarsiitii Finfinnee Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Gaazexeessummaafi Quunnamtiitti, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklooriitti Qorataa, Barsiisaafi Gorsaa

[3] Yuunivarsiitii Finfinnee Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Gaazexeessummaafi Quunnamtiitti, Muummee Damee Xiinqooqa Hawaasaatti Qorataa, Barsiisaafi Gorsaa

## AXAREERAA

*Maqaa baasuun akka aadaa hawaasaatti hiika kan kennuudha. Qorannoon kun maqaalee bakkeewwanii Magaalaa Finfinnee keessaa kan eenyummaa bakkaafi garee hawaasaa Oromoo Tuulamaa agarsiisanirratti geggeeffame. Kaayyoowwan qorannichaas bu'uura maqaalee bakkeewwan Afaan Oromootiin baasamanii adda baasuu, jijjiiramaafi itti fufiinsa jiru agarsiisuufi dhiibbaa isaan eenyummaa lafaarratti geessisan ibsuudha. Kaayyoowwan kana galmaan gahuuf mala akkamtaatti dhimma bahamuun akkamtaa ibsaatiin xiinxalamee jira. Ragaan mala funaansa ragaa afgaaffiifi xiinxala barruuwwaniin walitti qabame, maleenya waallee seenawaatiin xiinxalame. Ragaan xiinxalame maqaaleen bakkeewwanii turan dhimmoota hawaasaa waliin hariiroo qabaachuun afaaniifi eenyummaa hawaasichaa kan ibsan ta'uun hubatamee jira. Maqaalee bakkaa Oromoon baasee Magaalaa Finfinnee keessaa osoo hinjijjiiramin jiran muraasni kan maqaa gosaa bakka bu'aniidha. Maqaaleen jalqaba Afaan Oromootiin bakkeewwaniif baasaman maqaalee gosa achi jiraatuu,maqaa mukkeenii, araddaa bal'aafi tajaajila isaaniin ibsamuun,akkasumas, bakkeewwan sirnoonni hawaasaa itti raawwataniin akka walqabatan hubatame. Maqaaleen kunneen gara jechoota Afaan Amaaraa, Afaan Xaaliyaaniifi Afaan Ingiliziitti jijjiiramanii mul'atu. Jijjiiramni maqaalee bakkeewwan kanneenii, afaan, aadaafi eenyummaa hawaasichaa kan jijjiire ta'eera. Jijjiiramni maqaa bakkaa geggeeffame gaaga'ama dhimmoota hawaasaa achi keessa jiran hundaa fida. Babal'inni magaalaa, hawaasa, aadaa, afaaniifi eenyummaa dhiibuun godaansisuu hinqabu. Akka galumsa aadaa hawaasa sanaatti amala magaalummaa galumsa aadaa hawaasa achi jiruu keessatti madaqsuu barbaachisa. Maqaa jijjiiruun eenyummaa jijjiiruudha. Maqaan bakkaa, hambaa aadaa hawaasichaa waan ta'eef, beekuu, kununsuufi karoorsuun hambaa bakka bu'amuu hindandeenye kana misoomsuun barbaachisaadha.*

*Jechoonni ijoon: Agarsiiftuuwwan, Eenyummaa, Jijjiiruu, Maqaa Bakkaa, Maqaa Baasuu*

---

* *Corresponding Author (PhD Candidate)*

## Dabalee D: Barruu (Article) 2ffaa

# Itti Fayyadama Afaan Oromoo Magaalaa Finfinnee Keessatti: Xiinxala Waallee Liixxaatiin

Duulaa Kafanaa*[1], Addunyaa Barkeessaa (PhD), Masfiin Wadaajoo (PhD)
dulakafana@gmail.com
[1] Yuunivarsiitii Finfinnee, Kolleejjii Qo'annoo Barnootaafi Afaanii, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklooriitti Kaadhimamaa PhD
[2] Yuunivarsiitii Finfinnee Kolleejjii Qo'annoo Barnootaafi Afaanii, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklooriitti, Barsiisaa, Qorataafi Gorsaa

**AXEERARA**

*Itti fayyadamni afaanii akkaataa afaan hawaasa keessatti dhimma itti bahamu kan ibsu, yaada akkaataa itti afaanitti dhimma bahamuun afaaniitiin walqabatuudha. Qorannoon kun fayyadama Afaan Oromoo Magaalaa Finfinnee keessatti, xiinxala waallee liixxaatiin kan qorateedha. Kaayyoon isaa fayyadamni Afaan Oromoo Finfinnee keessatti ilaanyaa afaanii akkamiin akka ilaalamu xiinxaluudha. Kanaaf, ilaanyaan afaanii akkamii akka mul'atu, hidhata aangoofi ilaanyaa afaanii gidduu jiruufi ilaanyaa afaanii jiruun gitni gareewwan hawaasaa qaban qoratamee jira. Kana gochuuf, maleenya xiinxala waallee liixxaa gargaaramuun gulantaalee maleenyi kun xiyyeeffatu hordofamee jira. Malleen funaansa ragaa afgaaffiifi xiinxala barruuwwaniiti. Ragaan mala iddatteessuu kaayyeffataan madda ragaa filataman irraa fudhatame, xiyyeeffannaa xiinxala waallee liixxaa dhihaatee jira. Akka ragaan xiinxalame agarsiisetti, Finfinnee keessatti sababa afheddummaatiif fayyadamni afaanii, afaan filachuun walqabata. Yemmuu kana afaan filachuun seenaa, eenyummaa, jijjiiramummaa hawaasaa, hambaa aadaafi sadarkaa hawaasaa calaqqisiisa. Kun immoo ilaanyaa afaaniif saaxilamaa ta'uun isaa qorannoo kanaan hubatameera. Fayyadama Afaan Oromoo Magaalaa Finfinnee keessaa ilaalchisee, ilaanyaa afaanii waliif faallaa ta'an kan gareewwan garagaraa irraa dhihaatan lamatu mul'ate. Ilaanyaan gareewwan garagaraan jiran kunneen lamaan hariiroo hawaasummaa miidhu. Akkasumas, akkuma sirnoota darbanii, xiyyeeffannaan afheddummaa mormamuun ilaanyaa aftokkee humnoomsuufi guddisuuf dhihaatu ta'e. Kanarraa kan ka'e, ilaanyaan afaanii jiru, caalmaa afaaniifi aangoo tureefi jiru mul'isa. Hariiroon hawaasaa gama afaaniitiin jirus ilaanyaa afaanii jiran kanaan murtaa'a. Kun immoo, hariiroo caalmaa, walqixxummaa dhabuu xiyyeeffannaa afaanotaaf kennamuun addaaddummaa uuma. Yemmuu kana hariiroo barbaachisaafi gaarii ta'e uumuurra garaagarummaa ilaanyaa afaanii kana hordofuutu hubatame. Waan kana ta'eef,namni kamuu, ilaanyaan afaanii hariiroo hawaasaa cimaafi gaarii yookiin waliigaltee dhabuu uumuuf gahee qabaachuu hubachuun barbaachisaadha. Bulchiinsi magaalaa Finfinnee sochii Afaan Oromoo guddisuufi eegalee jiru sirnaafi imaammata afaaniin cimsuun gaariidha. Akkasumas, Mootummaan naannoo Oromiyaa Afaan Oromoo Finfinnee keessatti guddisuufi misoomsuun ilaanyaan afaanii gaariin akka jiraatuufi cimee itti fufu taasisuun irraa eegama.Walumaagalatti, Walqixxummaa afheddummaafi gareewwan hawaasaa cimsuuf fayyadama Afaan Oromoo Afaan hojii mootummaa Federaalaa taasisuun xiyyeeffannaa mallattoo hawaasaafi mootummaa kennuun murteessaadha.*

*Jechoota ijoo: Afaan Oromoo, Fayyadama afaanii, Finfinnee, Hawaasaa, Ilaanyaa*